



SEEK WISDOM, ELEVATE YOUR INTELLECT AND SERVE HUMANITY !

Addis Ababa University
አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ



**AGARSIISTUUWWAN EENYUMMAA OROMOO: XIINXALA
WAALLEE LIIXXAA FAYYADAMA AFEWWANIIFI
MALLATTOOLEE GIDDUGALA AADAA OROMOO KAN
XIYYEEFFATE**

FIQAADUU TAAKKALEE DABALII

**GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PHD, ITTI AANAA
PIROOFEESEERAA)**

**GARGAARAA GORSAA: DR. MASFIN WADAAJOO (PHD,
GAR. PROOFEESEERAA)**

SADAASA 2025

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

**AGARSIISTUUWWAN EENYUMMAA OROMOO: XIINXALA
WAALLEE LIIXXAA FAYYADAMA AFEEWWANIIFI
MALLATTOOLEE GIDDUGALA AADAA OROMOO KAN
XIYYEEFFATE**

**WARAQAA QORANNOO SADARKAA ULAAGAA DIGIRII
SADAFFAA (PhD) GUUTTACHUUF QOPHAA'EE
YUUNIVARSIITII FINFINNEE KOLLEEJJII BARNOOTAAFI
QO'ANNOO AFAANOTAATTI, MUUMMEE AFAAN OROMOO,
OGBARRUUFU FOOKLOORIIF DHIHAATE**

QORATAAN: FIQAADUU TAAKKALEE DABALII

**GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PHD, ITTI AANAA
PIROOFEESEERAA)**

**GARGAARAA GORSAA: DR. MASFIN WADAAJOO (PHD,
GAR. PROOFEESEERAA)**

SADAASA 2025

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

Mirkaneessaafi Mallattoo

Akka miseensa boordii qorannoo waraqaa xumuraa (PhD) Fiqaaduu Taakkalee Dabalii mataduree: **Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo: Xiinxala Waallee Liixxaa Fayyadama Afeewwaniifi Mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo Kan Xiyyeeffate** jedhu irratti dhiheesse, dubbisnee madaaluu keenya ni mirkaneessina. Haaluma kanaan, hojiin kun ittiin guuttannaa (PhD) Afaaniifi Fookiloorii Oromoof ulaagaa guutuu isaan fudhatamee jira.

Dr. Tolamaariyaam Fufaa (PhD, Itti Aanaa Piroofeeseraa) Haala Mijeessaa

Mallattoo	Guyyaa
-----------	--------

Dr. Filee Jaallataa (PhD, Itti Aanaa Piroofeeseraa) Qoraa Keessaa

Mallattoo	Guyyaa
-----------	--------

Dr. Zelleqee Tashoomee (PhD, Itti Aanaa Piroofeeseraa) Qoraa Alaa

Mallattoo	Guyyaa
-----------	--------

Hojii qorannoo gorsaafi qajeelcha keenya jalatti gaggeeffame kana gulaallii xumuraa isaa dubbisnee ulaagaa waraqaa (PhD) guutee kan dhihaate ta'uu mirkaneessinee jirra.

Gorsaa: Dr. Addunyaa Barkeessaa (PhD, Itti Aanaa Piroofeeseraa)

Mallattoo	Guyyaa
-----------	--------

Gargaaraa Gorsaa: Dr. Masfin Wadaajoo (PhD, Gargaaraa Piroofeeseraa)

Mallattoo	Guyyaa
-----------	--------

Hiika jechootaa, Gaaleewwaniifi Gabaajeewwan

Afeewwan

Afeen kan dubbii afaaniifi barreeffamaan mul'atu, qindaa'inaafi walsimannaa yaadaa ofkeessaa qabu. Afeewwan fayyadamuun ilaalchaafi sona jiru, dalagaawwaniifi ta'iiwwan hawaasa bal'aa keessatti mul'atan kan dhiheessan (Adugna, 2016; Mammadov, 2018; Fairclough, 2003) jedhu. Afeewwan gochaalee hawaasa keessaa karaa adda adda mul'atan kan dhiheessan, akkaataa hawaasni itti of ilaaluufi addunyaa keessa jiru hubatu mul'isu.

Agarsiistuuwwan

Agarsiistuuwwan sammuu namaa keessatti mul'achuun dalagaawwaniifi gochaalee hawaasaa ibsuufi bakka bu'uu kan danda'anidha. Karaa ittiin eenyummaan agarsiifamu. Afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa agarsiisan bakka bu'ee jira. Agarsiistuuwwan waan sammuu keessatti karaa afeewwaniifi kanneen biroo uumamuun bakka bu'a. Dabalataan, agarsiistuuwwan karaa dalagaawwaniifi mallattoowwan hiika qaban ittiin mul'ifaman. Aadaa jiru hordofuun hawaasa keessatti mul'atu. Oromoonis eenyummaa isaa ibsuuf agarsiistuuwwan ittiin mul'isu qaba (Asafa, 2007; Hall, 1997; Spencer, 2006) jedha.

Agarsiistuuwwan

Eenyummaa

Agarsiistuuwwan eenyummaa sammuu hawaasa tokkoo keessatti fudhatamuun akkataa hawaasni sun itti of ilaaluufi addunyaa keessa jiru hubatu dhiheessu. Eenyummaa hawaasaa bakka bu'uun mul'atu. Eenyummaa waloo hawaasa tokkoo mul'isuuf humna qabu. Hubannoofi beekumsa hawaasaan walsimani dhihaatu. Agarsiistuuwwan hariiroo namootni hawaasaafi eenyummaa hawaasichaa waliin qabaniin mul'atu. Agarsiistuuwwan hawaasni tokko itti amanuufi yaada isaa keessaatti bakka

	buufate eenyummaa isaa wajjin walitti dhufeenya qabu.
Balballoomsuu ‘explain’	Balballoomsuun ammoo hidhata uumamsi, fayyadamniifi argamni afeewwaniifi mallattoolee aangoofi illaanya waliin qaban haala waliigala jireenyaafi siyaasa hawaasaatiin walqabsiisama. Ragaalee haala hawaasaan walqabsiisuuf sadarkaa itti dhiheessinidha.
Bocawwan	Bocni waan hiika qabeessa tokko kan bakka bu’uufi hawaasni aadaafi eenyummaa walfakkaataa qabu hiika isaarratti karaa ifaan kan waliigudha (Lawley, 1994). Dhalli namaa addunyaa uumamaafi mallattooleen agarsiifamtu keessa jiraata. Bocni kun mallattoo sammuu nama keessatti mul’achuun gara addunyaa qabatamaatti kan dhufedha. Beekumsa aslii hawaasaa dhiheessuuf humna qaba. Eenyummaa hawaasa tokkoo ni dhihheessu. Dhala namaatu bocee waan yaade ittii agarsiifata. Mallattoon bifa hawaasa tokko bakka bu’uu danda’uun kan bocamuufi ergaa qabatamaafi dhokataa ta’e dabarsa.
Eenyummaa	Eenyummaan akkaataa nama dhuunfaas ta’e hawaasni tokko itti of ilaalu, hawaasa biroo itti ilaalu, akkaataa kanneen birootiin itti ilaalamuufi ilaalcha kanneen biroo itti hubatu (Kidd, 2002). Dabalataan, eenyummaan amala hawaasa, garee yookiin namoota tokkoomsaniifi adda baasan yookiin walfakkeessaniifi garagarummaa jiru mul’isan kan qabudha. Beddington (2013: 9) maalummaa eenyummaa yoo ibsu, “Identities refer to the way in which individuals perceive themselves and their place in the world, and how they are categorized by others” jedha. Eenyummaan akkaataa itti hawaasni yookiin namoonni ofiifi naannoo isaanii ilaalan akkasumas, akkamitti akka garee biroon ilaalaman itti hubatani.

Hiikuu ‘interpret’	Hiikuun unka afeewwaniifi mallattoolee addeessuurratti xiyyeeffata. Waan isaan keessatti uumaman, fayyadamamaniifi fudhataman agarsiisa.
Illaanya ‘Ideology’	Akkaataa itti eenyummaan, aadaan, siyaasniifi amantiin hawaasa tokkoo garee biroon ilaalamuufi fudhatamu. Yaadaafi amantaa yaadqalbii namootaa ykn garee tokkoo agarsiisa. Ilaalcha ittiin garee tokko ibsaniifi bakka buusanidha. Karaa ittiin gareen tokko garee biraa dhiheessu.
Kolloo Ruudaa	Kun samiin walqabata. Kana Oromoon waan ittiin ibsu qaba. Akka amantaa waaqaeffannaatti Yayyaba Bishaan Gubbaa kan biiptuu, baatiifi urjii of keessatti qabatedha (BBAW, 2019: 8) jedhu.
Saakkoo	Naamusa qorannoo tokko keessatti mul’achuu qabu agarsiisa. Qorataan safuu hawaasaafi bakka itti qorannoo geggeessee akkamitti akka eegaa ture dhiheessa.
Tarsiimoo waallawaa	Tarsiimoowwan waallawaa dhimmota hawaasa keessatti ijaaramaa deemaniifi ilaalchota jiran, wal caalmaafi dhiibbaawwan mul’atan itti ilaaluuf oolu. Gochaaleen hawaasa keessaa akkaataa itti dhihaataniifi cehan qabu. JaÈger (2001: 48) yoo ibsu, “All events have discursive roots; in other words, they can be traced back to discursive constellations whose materializations they represent.” jedha. Waan addunyaa kana keessa jiru tarsiimoo waallawaa ittiin agarsiifamu qaba. Tarsiimoo agarsiistuuwwan eenyummaa giddugala kana keessatti ittiin dhihaatan ni jira.
Waallawaa	
Xiinxala Waallee	Mala afaaniifi waan afaan haala hawaasa tokko keessatti bakka bu’u ittiin qoratani. Afaan barreeffamaafi dubbii irratti hundaa’uun fayyadama isaanii gama xinqooqaan kan jiru ittiin ilaalu. Mala qabiyyeewwan garaagaraa keessatti hojii irra ooludha. Alsoraihi (2019: 80) akka

ibsutti, “The main theme in discourse analysis is the study of the unique relationship between language and the context in which it is used” Walitti dhufeenya afaaniifi haala inni keessatti fayyadamu ittiin qo’achuuf akka oolu ibsa.

Xiinxala Waallee Liixxaa

Xiinxalli waallee liixxaa ‘critical discourse analysis’ maleenya kalheddee afeewwaniifi haalawwan hawaasa keessaa ittiin qorachuuf oolu. Maleenya ibsa odeeffannoo irraa hamma ragaalee balballoomsuutti deemuun haala hawaasa keessaan wal qabsiisudha. Akkaataa xiinxala ragaalee qorannoo tokkoof kan baay’ee fayyadu. Maleenyi kana Fairclough's (1989, 1995) akka ibsutti, “Why CDA approach is so useful is because it provides multiple points of analytic entry.” jedha. Maleenya kalheddee ta’uu isaa ibsa.

AG

Afgaaffii

BATO

Biroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa

BBAW

Boordii Barroo Amantaa Waaqeffannaa

DhKP

Dhimmoota Kominikeeshiniifi Piroomooshinii

GAO

Giddugala Aadaa Oromoo

JBAH

Jijjiirama Bu’uuraa Adeemsa Hojii

MGX

Marii Garee Xiyyeeffannoo

SD

Sakatta’a Dookumantii

XWL

Xiinxala Waallee Liixxaa

AXEERARA

Qorannoon kun fayyadama afeewwaniifi mallattoolee Giddagala Aadaa Oromoo keessatti eenyummaa Oromoo agarsiisan xiinxala. Kaayyoo kana galmaan gahuuf beedduuda ijaarsaa, saxaxa ibsaa-hiikaa-balballoomsuufi mala akkamtaatu fayyadamame. Ragaaleen qorannoo kanaa madda jalqabaafi lammaffaarraa funaanaman. Maddi jalqabaa daawwannaan, afgaaffiin, marii garee xiyyeeffannoofi sakatta'a dookumantiin hirmaattota xiyyeeffataman, afeewwaniifi mallattoolee giddugalaarraa funaaname. Maddi lammaffaa sakatta'a barruun guurame. Ragaaleen funaanaman kaayyoowwan qorannichaa jalatti qoqqoodamuun xiinxalamanii jiru. Xiinxalli kunis akkayyaa garsadee 'tridimensional model'-ibsaa, hiikaafi balballoomsuufi 'waallee seenaa' faana bu'uun geggeessame. Argannoowwan xiinxala dhihaate kanaan mul'atan: Giddugala keessatti eenyummaan Oromoo karaa afeewwanii, bocawwan sirna Gadaafi odaan walqabataniifi meeshaalee aadaan agarsiifamee jira. Oromoon sirna Gadaan ofbulchuun jireenya waloo eeggata, araddaa Finfinnee agarsiisa; mallattoolee ofiin falaasamaa keessoo isaa akka hubachiisudha. Meeshaalee aadaan hubannoo ofiifi addunyaa kanaaf qabu, olaantummaa agarsiistuuwwan eenyummaafi dhiibbaa turetu saaxilame. Itti aansuun, eenyummaan bu'uura Oromoo afeewwaniifi mallattoolee giddugalachaa keessaan ijaaramaafi tursiifamaa jiraachuutu mul'ate. Isaan, uumaa uumamu; deebisaniis akka ijaarantu argame. Sirni Gadaa karaa irreechaa, sadarkaalee Gadaafi mallattoolee jiranii akka deebifamee gabbatuufi tursamudha. Irreechi sarbama bakkeewwan ulfoo saaxile. Araddaa, malkaafi magaala ofiitti deebi'uu Oromoo agarsiisa. Itti fufuun, tarsiimolee waallawaa eenyummaa Oromoo agarsiisuuf Giddugala Aadaa Oromoo keessatti fayyadamaman tarsiimoo kunuunsuun tursuufi sababeessuu, falmisiisuu, ceesisaa, ijaarsaa, sadarkaa ilaalchaafi agarsiisaati. Walitti dhufeenya afeewwaniifi mallattooleen aangoofi illaanya waliin qaban balballoomsuun: dhiibbaa, sarbama, gadi aantummaa, walqixxummaa dhabinsaafi olaantummaan tureefi jirutu ifeera. Kana agarsiisuuf, GAOfi biiptuu barii, Abbaa Gadaafi Haadha Jilaan', 'caaccuufi kallacha', 'wareegamaafi eenyummaa', 'malkaafi Finfinnee', 'uffata aadaa Oromoofi Finfinnee', fardaafi falmii daangaa kan jedhan dhihaataniiru. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Biiroo Aadaafi Tuuriizimii sadarkaa biyyaafi Naannoo Oromiyaa keessatti bakka argachuu akka qaban ni taasisa.

Galata

Duraan dursee Waaqayyo isa haala hundumaa keessatti na gargaare nan galateeffadha. Itti aansuun, gorsaa koo Dr. Addunyaa Barkeessaa dadhabbii tokko malee kallattii barbaachisu hundumaan na qajeelchuun sadarkaa kana na qaqqabsiisaniif galata guddaan qaba. Dabalataan, maatii koo Barsiistuu Sichaalee Baqqalaa, abbaa koo otoo abdii natti horuu gara iddoo boqonnaa isaa deeme Taakkalaa Dabalii, obboleessa koo Waakjiraa Taakkalaa, Araarsoo Taakkalaa, Geetaachoo Taakkalaa, Firoomsaa Qixxaataafi maatiiwwan koo biroof galanni koo xiqqoo miti. Itti fufuun, Dr. Masfin Wadaajoo gorsa naaf qooddaniif guddaan isin galateeffadha.

Hawaasa Giddugala Aadaa Oromoo keessaafi ogeessota kallattii garaagaraan nuffii tokko malee na deeggaran: obbo Alamaayyoo Hayilee (MA), Xurunaa Rabbumaa (MA), Maammoo Sobbooqaa (MA), Bilisummaa Caalaa (MA), Aliimaa Ida'oo (MA), Caalaa Diroo (MA), Magarsaa Daadhii (MA), Baqqalaa Buukkoo (PhD), Dirribee Qana'aa (Kaadh. PhD), Mitikkee Bitawulliny (PhD), Daani'eel Dheeressaa (PhD)'fi kan hafan maraaf galanni koo guddaadha.

Kana malee, hiriyyoota koo haala hundumaa keessatti na bira dhabbattan: Waasihuun Baahiruu (MA), Dr. Geetahuun Tashoomee, Mireessaa Amanuu (Gargaaraa Piroofeeseraa), Dr. Dirribaa Tafarraa (PhD), Dr. Abdii Guddataa (PhD), Dr. Geediyoon Malaakuu (PhD), Mihiretuu Surraa (MA), Mulugeetaa Tendaa (MA), Qabbannaa Taaddasee (MA)fi Sanyii Kabbadaa (MA) galata guddaa qabdu. Akkasumas, ogeessota dhaabbata OBN ragaalee qorannichaaf galtee ta'u na tumsan: Hundumaa..., Tazarraa Baqalaa, Fisaha...fi Naasir ogeessa kuusaa handaarsaafi harshammeef kabajan qaba.

Baafata

Qabiyyeewwan	Fuula
Mirkaneessa.....	III
Hiika jechootaa, Gaaleewwaniifi Gabaajeewwan.....	IV
Axeerara	VIII
Galata.....,,.....	IX
Baafata.....	X
Fakkiiwwan.....	XV
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	5
1.3. Gaaffilee Qorannichaa.....	11
1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa.....	11
1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa.....	11
1.4.2. Kaayyoo Gooree Qorannichaa.....	11
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa.....	12
1.6. Daangaa Qorannichaa.....	13
1.7. Hanqina Qorannichaa.....	14
1.8. Qindaahina Qorannichaa.....	15
1.9. Galmoo Qorannichaa.....	16
1.9.1. Giddugala Aadaa Oromoo.....	16
1.9.1.1. Akkaataa Hundeeffama Giddugala Aadaa Oromoo.....	18
1.9.1.2. Hojiiwwan Giddugala Aadaa Oromoo Keessatti Hojjetaman.....	20
1.9.1.3. Bakka Argama Giddugala Aadaa Oromoo.....	23
1.9.2. Haala Giddugalli Aadaa Oromoo Keessatti Dhaabbate.....	25
1.9.3. Finfinneefi Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo.....	26
1.9.4. Haala Aadaafi Afaan Oromoo.....	27
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUUWWAN WALFAKKII.....	30
2. Seensa.....	30
2.1. Yaadrimee Eenyummaa.....	30
2.1.1. Maalummaa Eenyummaa.....	31

2.1.2.	Ilaalcha Eenyummaa Irratti Jiru.....	33
2.1.3.	Akaakuuwwan Eenyummaa.....	35
2.1.4.	Eenyummaafi Hawaasa.....	38
2.1.5.	Eenyummaafi Afaan.....	39
2.1.6.	Ijaarsaafi Agarsiisa Eenyummaa.....	40
2.2.	Agarsiistuuwwan Eenyummaa.....	42
2.3.	Faayidaa Afaanii.....	45
2.4.	Fayyadama Afeewwanii.....	47
2.5.	Fayyadama Mallattoolee.....	48
2.6.	Sirna Gadaa Oromoo.....	51
2.7.	Haala Eenyummaan Oromoo Keessa Ture.....	53
2.7.1.	Haala Eenyummaan Oromoo Hamma Jaarraa 18ffaa.....	53
2.7.2.	Dhiibbaa Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Irra Bara 1800 Hamma Kufaatii Mililikitti Ture.....	55
2.7.3.	Haala Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Sirna Mootii Hayilesillaasee Keessaa.....	56
2.7.4.	Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Bara Dargii Keessaafi 1991 Boodaa.....	58
2.8.	Sakatta’a Qorannoo Aantee.....	59
2.9.	Xiinxala Waalleefi Waallee Liixxaa.....	63
2.10.	Tarsiimolee Waallawaa.....	65
2.11.	Yaaxxina Qorannichaa.....	67
2.11.1.	Yaaxxina Eenyummaa Hawaasaa ‘Social Identity Theory’ ‘SIT’.....	67
2.11.2.	Xinqooqa Tajaajilaa Sirnaawaa ‘Systemic Functional Linguistics’ ‘SFL’.....	69
2.11.3.	Yaaxxina Mallattoo.....	71
2.12.	Caayaa Yaadrimee ‘Conceptual Framework’.....	73
	BOQONNAA SADII: BEEDDUUBA, SAXAXAAFI XIIMMALA QORANNICHAA.....	75
3.	Seensa.....	75

3.1. Beedduuba Qorannichaa ‘Research Paradigms’	75
3.2. Saxaxa Qorannichaa	77
3.3. Ximmala Qorannichaa	79
3.4. Madda Ragaalee.....	80
3.5. Iddattoo Bakkaafi Hirmaattotaa.....	81
3.6. Malleen Funaansa Ragaalee.....	83
3.6.1. Daawwannaa.....	84
3.6.2. Afgaaffii	85
3.6.3. Sakatta’a Dookumantii	87
3.6.4. Marii Garee Xiyyeeffannoo	88
3.7. Adeemsa Ragaaleen Ittiin Funaanamaniifi Qindoomina Isaanii.....	89
3.8. Mala Qaaccessa Ragaalee.....	90
3.9. Saakkoo Qorannichaa.....	92
BOQONNAA AFUR: AFEWWANIIFI MALLATTOOLEE EENYUMMAA	
OROMOO AGARSIISAN.....	95
4. Seensa.....	95
4.1. Afeewwaniifi Mallattoolee Eenyummaa Oromoo Agasiisan.....	95
4.1.1. Afeewwan.....	96
4.1.1.1. Jechoota Sirnaawoo ' Systemic Terms'.....	96
4.1.1.2. Gaaleewwanii Sirnaawoo ‘Systemic phrase’.....	102
4.1.1.3. Fayyadama Afeewwanii Giddugala Aadaa Oromoo Akka Agarsiistuu Eenyummaatti Dhiheessan.....	105
4.1.2. Mallattoolee	112
4.1.2.1. Bocawwan Akka Mallattootti.....	113
4.1.2.2. Meeshaalee Aadaa Akka Mallattootti.....	119
4.1.2.2.1. Meeshaalee Buqqee Hadhooftuufi Migira Irraa Hojjetamaniin	120
4.1.2.2.2. Meeshaalee Supheefi Muka Irraa Hojjetamaniin.....	129
4.1.2.2.3. Meeshaalee Waraanaa Oromoo.....	141
BOQONNAA SHAN: DALAGAAWWAN WAALLAWAA SIRNA GADAA:	
EENYUMMAA BU’UURAA OROMOO.....	147

5. Seensa.....	147
5.1. Sirna Gadaa: Eenyummaa Oromoo Isa Bu’uuraa.....	148
5.1.1. Ayyaana Irreechaa.....	149
5.1.2. Sadarkalee Gadaa	158
5.1.3. Halluuwwan Faajjii Abbaa Gadaa	170
5.1.4. Dalagaa Waallawaa Mallattoolee.....	172
BOQONNAA JA’A: TarsiimooLEE WAALLAWAA AFEWWANIIFI MALLATTOOLEE EENYUMMAA OROMOO AGARSIISAN KEESSATTI.....	180
6. Seensa.....	180
6.1. Tarsiimolee Waallawaa Eenyummaa Oromoo Agarsiisuu Keessatti.....	180
6.1.1. Tarsiimoo Kunuunsuun Tursuu.....	181
6.1.2. Falmisiisuu	190
6.1.3. Ceesisaa	193
6.1.4. Tarsiimoo Ijaarsaa ‘Constructive’.....	299
6.1.5. Tarsiimoo Ilaalcha Jiruun ‘Perspectivation’.....	208
6.1.6. Tarsiimoo Agarsiisuu/Mul’isuu ‘Demonstrating/Vidualization’.....	214
6.2. Agarsiisa Eenyummaa Keessatti Walitti Dhufeenya Afeewwaniifi Mallattooleen Aangoofi Illaanya Waliin Qaban.....	216
BOQNNA TORBA: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	223
7. Seensa.....	223
7.1. Cuunfaa.....	223
7.2. Argannoo Qorannichaa.....	224
7.3. Yaboo.....	228
WABIILEE.....	230
MATADUREEWWAN ARTIKILOOTA MAXXANFAMANII.....	245
DABALEEWWAN.....	246
Dabalee 1: Qabxiilee Daawwannaa.....	246
Dabalee 1: Afgaaffii.....	247
Dabalee 3: Marii Garee Xiyyeeffannoo.....	249
Dabalee 4: Hirmaattota Afgaaffii Qorannichaa.....	251
Dabalee 5: Hirmaattota Marii Garee Xiyyeeffannoo.....	252

Dabalee 6: Sakatta’a Dookumantiif Barruulee Fudhataman.....	253
Dabalee 7: Ragaalee Daawwannaan Funaanaman.....	254
Dabalee 8: Ragaalee Afgaaffii Gara Barreeffamaatti Deebi’an.....	285
Dabalee 9: Ragaalee Sakatta’a Dookumantiin Fudhataman.....	299
Dabalee 10: Ragaalee Marii Garee Xiyyeeffannoo Gara Barreeffamaatti Deebi’an.....	302

Fakkiiwwan

Fakkii 1:	113
Fakkii 2:	117
Fakkii 3:	120
Fakkii 4:	125
Fakkii 5:	130
Fakkii 6:	134
Fakkii 7:	138
Fakkii 8:	141
Fakkii 9:	149
Fakkii 10:	159
Fakkii 11:	170
Fakkii 12:	173
Fakkii 13:	175
Fakkii 14:	187
Fakkii 15:	197
Fakkii 16:	201
Fakkii 17:	204
Fakkii 18:	206
Fakkii 19:	212

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Ariirrata Qorannichaa

Dhalli namaa Addunyaa keessa jiraatu keessatti aadaa, seenaa, siyaasa, dinagdeefi eenyummaa isa ibsu ni qabaata. Eenyummaan jiruu dhala namaa keessatti iddoo guddaa qaba. Akka hayyoonni xinsammuu hawaasaa ‘social psychologists’fi hayyoonni xinhawaasaa ‘sociologists’ ibsanitti, eenyummaan akka hawaasni tokko itti of ilaalu, akka inni itti hawaasa biroo ilaalu, akka hawaasni biroo itti isa ilaaluufi ilaalcha hawaasni biroo isaaf qabu akka inni itti ilaalu hammata. Ilaalchi kalhedduun ‘multidirectional’ kun ammoo yeroodhaa yerootti dhalachaa, babal’achaa, badaa, akkasumas, jijjiiramaa waan deemuuf yeroo hedduu akka adeemsaatti ilaalama (Nagel, 1994; Woodward, 1997; Kidd, 2002fi Michael, Leung, Amesfi Lickel, 1999). Hawaasichi afaan isaafi mallattoolee garaagaraatti fayyadamuun adeemsa kana agarsiisa; ibsa; dabarsa (Miller, 2000; De Fina, Schiffrinfi Bamberg, 2006). Kun, eenyummaan hawaasa tokkoon akkamitti akka ibsamuufi agarsiistuuwwan eenyummaa akka jiran mul’isa.

Beddington (2013: 9) eenyummaa yoo ibsu, “Identities refer to the way in which individuals perceive themselves and their place in the world, and how they are categorized by others” jedha. Eenyummaan akkaataa itti hawaasni yookiin namoonni ofiifi naannoo isaanii ilaalan akkasumas, akkamitti akka garee biroon ilaalaman itti hubatani. Eenyummaan maalummaa namootaafi hubannaa addunyaa kanaaf qaban kan ittiin mul’isanidha. Kan biroon, namoonni ofiisaanii kanneen biroorraa ulaagaa ittiin adda ofbaasaniifi hubatani. Kanaaf, agarsiistuuwwan ittiin hawaasa tokko keessatti mul’atu qabaachuu isaa ibsa.

Eenyummaan hawaasa tokkoo karaa afeewwaniifi mallattoolee isaa ni agarsiifama. Afeen kan dubbii afaaniifi barreeffamaan dhihaatu, qindaa’ina qabiyyeefi walsimannaa qabudha. Afeen sona, gochaalee hawaasaafi ilaalcha addunyaan qabdu ni dhiheessa. Bakka dhihaate tokkotti waan agarsiisu qaba. Hiikni keessoo hawaasaa isarraa ni hubatama. Aadaa, eenyummaa, siyaasaafi haala hawaasa tokko bakka ni bu’a

(Fairclough, 2003; Mammadov, 2018: 7). Afeewwan eenyummaa hawaasa tokkoo ni agarsiisu. Hubannoo hawaasni tokko qabuufi illaanyi isaa afeewwan irraa akka hubatamu kaasa. Afeen kallatti baay'een keessoo hawaasaa waan ibsuuf, isa fayyadamuun eenyummaa isaa akkatti agarsiisu qaba.

Mallattoon eenyummaa saba tokkoo addunyaatti mul'isuuf ni gargaara. Qorataan Butz (2007) akka ibsutti, mallattooleen eenyummaa hawaasni tokko waliin qabu ibsuufi agarsiisuu danda'u. Dabalataan, mallattooleen eenyummaa waliinii hawaasa agarsiisuufi walitti fiduuf humna guddaa qabu. Kun kan agarsiisu, mallattooleen eenyummaa hawaasa tokkoo sadarkaa biyyaattis ta'e addunyaatti mul'isuuf akka ooludha. Eenyummaafi mallattooleen walitti dhufeenya akka qabanis ni'agarsiisa. Kana malee, eenyummaan hawaasaa karaa mallattoolee hawaasicha keessatti fudhatama qabanii dhihaachuufi agarsiifamuu akka danda'u dhiheessa.

Afaan bu'uura eenyummaa aadaa, waan keessoo keenyaa dhalootatti kan dabarsu, akkasumas, afaan mallattoofi qabiyyeen eenyummaa keessa keenyaafi alaa kallatti barbaachisuun akka ibsu mul'isa Yaada kana kan ibsu, "Language is a fundamental aspect of cultural identity. It is through language that we transmit and express our culture and its values. Language – both code and content – is a complicated dance between internal and external interpretations of our identity" (Rovira, 2008: 63) jedha.

Oromoon gochaalee jireenya isaa keessatti gabbifateefi ilaalcha addunyaaf qabu afeewwaniifi mallattoolee qabuun ni mul'isa. Afaan bu'uura eenyummaan ittiin dhihaatudha. Mallattooleenis isaan hiika godhatu. "It is through language that we transmit and express our culture and its values. Language – both code and content – is a complicated dance between internal and external interpretations of our identity" (Rovira, 2008: 63) jedha. Afaan bu'uura eenyummaa ta'ee waan keessoo keenyaa dhalootatti kan dabarsudha. Kun, mallattoofi qabiyyee jiru tokko kallatti barbaachisuun akka ibsu mul'isa. Agarsiistuuwwan hawaasa tokko keessatti mul'achuun haala hawaasa sanaa kan ibsaniifi bifa hiika qabeessa ta'een kan dhiheessanidha. "Representation can generally be defined as the creation of a mental image through art, language and other domains. It

involves the signifying practices and symbolic systems through which we produce meaning” (Hall, 1997: 117) jedha. Yaanni kun, agarsiistuun waan sammuu keessatti karaa aartii, afaaniifi kanneen biroo uumamaniin akka ibsamu addeessa. Dabalataan, karaa dalagaawwaniifi mallattoowwan hiika qabanii kan mul’ifamu ta’uus ni ibsa. Kanaaf, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo qabatama keessa jiran keessatti maal akka bakka bu’an ilaaluun murteessaadha.

Itoophiyaan biyya eenyummaa biyyoolessa ishee Afaan Amaaraa irratti hundoofttee gabbisaa turteedha. Agarsiistuuwwan eenyummaa sadarkaa biyyaas kana fuulleffatu. Mootonni Itoophiyaa aadaafi eenyummaa uummattoota walfakkeessuuf dhiibbaa guddaa raawwataa turan. Yaadni gaditti dhihaate kana cimsa.

Uummanni Oromoo humna Impaayer Itoophiyaa keessatti erga galeefi Impaayerri Habashaa ammayyaa ijaaramee booda, sirnoonni walduraan duubaan imaammata walfakkeessuu kan afaan, eenyummaafi aadaa uummata Oromoo balleessuuf yaadame sirnaan qopheessanii hojjiirra oolchaa turan (Wandimmuu, 2023: 20).

Eenyummaafi agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Itoophiyaa keessatti maksamaafi kan biroo bakka buusamaa akka har’a gahe dhiheessa. Dhiibbaan ture kun bifa deeggarsa qabuunidha. Biyya kana keessa walcaalmaan eenyummaa hawaasaa akka ture hubachiisa. Agarsiistuuwwan ukkamsamaa har’a gahan xiyyeeffannoon qoratamuu qabu. Kana yaanni gabbisu, “Uummanni Oromoo ibsituu eenyummaa isaa kan turaniifi naannoolee barreen kumaatamaaf irra jiraachaa ture odoo hin hafiin duulli maqaa haaraa baasuu kan Afaan Oromootiin jiru gara Afaan Amaaraatti jijjiiruun irratti adeemsifamee jira.” (Tabor, 2015: 571). Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo jijjiiramaafi kan garee biroon bakka bu’aa turuudha.

Oromoon eenyummaa ofii isaa qaba. Uummata guddaa Gaanfa Afrikaati (Mohammad, 1996; Asafa, 2012; Wandimmuu, 2023) jedhu. Innis, afeewwaniifi mallattoolee qabuun eenyummaa isaa ijaaraa, agarsiisaafi dabarsa jiraate. Ta’us, agarsiistuuwwan kunneen sadarkaa biyyatti akka hinmal’aanneef gandatti ittifamaafi boodatti hafaa jedhamaa ture

(Bass, 2019). Eenyummaaifi agarsiistuuwwan eenyummaa isaan biyya kana keessatti iddoo akka hin argatiin ture mul'isa. Eenyummaa hawaasaa mootonni biyyaa hin barbaanneefi moggeeffame ture. Yaada kana kan ibsu, "The Oromo have been separated from one another and prevented from exchanging goods and information on national level for more than a century. Their identities have been localized into clan families and colonial regions" (Asafa, 2010: 16) jedha. Kun, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo sadarkaa biyyaattis ta'e naannootti akka mul'ataa hin turre ibsa. Kana malee, eenyummaan Oromoo akka hinmul'anneef Oromoo odeeffannoorraa ittisuufi agarsiistuuwwan eenyummaa isaa boodatti hafaa taasisuun sirnoota darban keessa akka turetu mul'ata. Kun Oromoo dhiibbaa jala turuu dhiheessa. Kan biroon, sabni guddaan kun afaan, seenaafi ilaalcha tokko isa taasisuufi waliin qooddatu qaba. Barreessaafi qorataan Bass (2019: 1) yaada kan akka ibsutti, "The Oromo people of Ethiopia share a common language, worldview, set of sacred meanings, and a historic system of governance" jedha. Oromoon waan waliin qabuun akkamitti akka jiru xiinxalamuu qaba. Haaluma kanaan, afeewwaniifi mallattoolee waliin fayyadamuun eenyummaa isaa akkamitti akka agarsiisutu xiyyeeffatame.

Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo humnoota Impaayera Itoophiyaan giddugaleessa biyyaa irraa dhiibamaa turan. Eenyummaan isaa kun moggeeffamuun aadaafi eenyummaa biroon liqimfamaa as gahe. Wandimmuun (2023: 21) akka ibsutti, "Bulchitoonni Habashaa Finfinnee irraa imaammata aadaa dirqiin walfakkeessuuf aadaa Oromoo ukkaamsuuf seeraafi labsii hedduu baasa; itti fayyadamaaafi guddina Afaan Oromoo daangessuu dabalatee." jedha. Imaammanni aadaa walfakkeessuu Hayilesillaasee (1930-1974) eenyummaa Oromoo balleessuufi kan biroon bakka buusuu yookiin dhaalchisuudha. Eenyummaa hawaasichaa akka boodatti hafaatti ilaaluufi maksuu kan jedhu xiyyaffatee hojjetaa ture (Mohammed, 1996; Asafa, 2012). Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasichaa cunqurfama jala turuu ibsa. Agarsiistuuwwan imaammataafi humnoota Impaayera biyya kanaan bakka maksamaa turuun Giddugala Aada Oromoo keessatti kuufamanii, dhaabbachuun dhihaatanii jiru. Isaanis akkamitti akka eenyummaa hawaasaa dabarsaan, agarsiisaniifi tarsiimoo ittiin dhihaataniin adda bahuu qabu

Oromoon dhiibbaa jaarrotaa booda carraa agarsiistuuwwan eenyummaa isaa gabbifachuu argate. Itoophiyaa keessatti afaan, aadaafi eenyummaan sablammiilee cunqurfama jala ture. Kufaatii Dargii bara 1991 booda akkuma saboota biroo aadaafi afaan ofii guddiifachuuf kan carraa argate tokko saba Oromooti. Itoophiyaan bara 1994 heera haaraa dhimmoota garaagaraafi mirga sabaafi sablammiilee hammatu argatte. Heerri bara 1994, artikilii, 39/2 mirgoota afaanii saboota, sablammiileefi uummaatootaa hammatu akkas jedha: “Every Nation, Nationality and People in Ethiopia has the right to speak, to write, and develop its own language; to express, to develop and to promote its culture; and to preserve its history.” Kun, saboonni, sablammiileefi uummatoonni biyya kanaa mirga afaan ofiitti fayyadamuufi aadaa isaanii guddifachuu akka argatan mul’isa. Haaluma kanaan Giddugalli Aadaa Oromoo Magaalaa Finfinnee keessatti dhaabbate.

Giddugalli Aadaa Oromoo dhiibbaafi cunqursama aadaafi eenyummaa waloomsuu Impaayera Itoophiyaa keessatti raawwatamaa ture booda akka mul’atedha. Innis bakka agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo jaarrotaaf irraa dhiibamaafi dhaalamaa ture irratti mul’ate. Magaalaan Finfinnee bara 1880 oota booda humna garboomfataa Minilikiin dhaalamuun Oromoofi eenyummaa isaa dagatte. Humni gita bittootaa kun eenyummaa sarbuu qofa osoo hintaane, akka hawaasichi ofitti saalfatuufi eenyummaa biroon of agarsiisu taasise (Alamaayyoofi kan biroo, 2012:71; Tabor, 2015). Giddugalli kun bakka agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo kan biroo bakka buusamaafi gadi aantummaan ilaalamaa jiraate keessatti hundeeffame. Oromoon giddugala isaa kanaan eenyummaa isaa sarbame agarsiifachuu, deebisee humneessuufi tarsiiimolee fayyadamuun ceesisuufi ijaaruuf dhimma. Isuma akka agarsiistuu eenyummaa isaatti ilaala. Qorannoon ammaa kun, fayyadamni afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessaa akkamitti akka eenyummaa Oromoo bu’uuraa agarsiisan xiinxala.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Eenyummaan Oromoo akkuma kan sabaafi sablammootaa biyya kanaa akka hin mul’anneef, ukkaamsamaafi dhiibamaa jiraate. Afaan, aadaaniifi eenyummaan sabaafi sablammiilee Itoophiyaa yeroo dheeraaf hacuuccaa adda addaa jala kan turedha. Yaada

kana kan ibsu, “Oromo and the other languages in Ethiopia have been suppressed starting from the time of the peoples’ conquests by the Abyssinian rulers” (Ullendorff, 1960: 154) jedha. Itoophiyaa keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa dhaalamaafi garee olaantummaa qabuun hachuucamaa akka ture ibsa. Eenyummaan biyyattii keessatti ijaaramaafi agarsiifamaa har’a gahe, bifa walqixxummaa qabuun akka hin gabbannedha. Eenyummaan Oromoo bakka isaaf malu hin argatiin ture. Baroota 1974 dura Afaan Amaaraa irraa kan hafe afaaniifi eenyummaan saboota biroo haala walfakkaatuun dhiibbaa jala turan (Teferi, 2015: 147) jedha. Sarbamu agarsiistuuwwan eenyummaa garee tokkoofi olaantummaa gartuu birootu mul’ata. Walqixxummaa dhibansa jirudha. Eenyummaan Oromoo iddoo dhabaa jiraate, agarsiistuuwwan qabuun akkamitti akka agarsiifamaa jiru qorachuu barbaachisa.

Yeroo dheeraadhaaf aadaafi afaan sabichaa kan mallattoolee eenyummaa isaa turan ukkaamamanii turan. Qabsoo sabaafi sablammoonni taasisaniin kufaatii Sirna Dargii booda carraa afaaniifi aadaa ofii guddifachuuf argameen Giddugalli Aadaa Oromoo dhaabbatee jira. Giddugala kana keessatti mallattooleen eenyummaa hawaasa Oromoo agarsiisan garaagaraa dhaabatani, kuufamanii jiru. Kana malees, galmichumti mataan isaa akka sirna Gadaa hawaasichaa agarsiisutti ijaarame. Itti dabalees, qorannoofi qo’annoon aadaas ta’ee afaan hawaasichaa achi keessatti geggeeffamaa jira. Haata’u malee, agarsiistuuwan kunneen (afaanis ta’e mallattooleen aadaa) akkamiin eenyummaa hawaasichaa ibsaa, dabarsaafi ijaaraa akka jiran qorannoo cimaan tokko irratti geggeessamee hinjiru. Kana malee, bakki afeewwaniifi mallattooleen GAO kunneen itti dhihaatan adeemsa aadaa walfakkeessuun dhaalamee waan jiruuf, akkamitti haala kana keessaatti akka agarsiifamaa jiran qorachuuf na kakaase.

Giddigalli Aadaa Oromoo bakka agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo waggoota dheeraaf keessaa dhiibameetti ijaarame. Magaala kana keessatti mallattooleefi afaan isaan qollifatamaa jiraate. Afaan Oromoo dubbachuufi mallattoolee eenyummaa Oromoo agarsiisan qabachuun akka waan boodatti hafummaa ta’eetti hubatama. Faallaa kanaa gareen agarsiistuuwwan eenyummaa isaan olaantummaa qabu jira. Illaanya garee

olaantummaa qabu kanaa faalmuun akkamitti akka eenyummaan Oromoo agarsiifamu, ijaaramu, akkasumas, dalagaawwan jiraniin gabbatu qorachuufan dhimme.

Magaalaa Finfinnee keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo caalaa kan hawaasa birootu gabbatee natti mul'ata. Magaalittiin bifa addaan eenyummaa kan maksitee jirti. Waan Oromoon qabu kan wallaalaa taasisuufi kan garee biroo ammoo agarsiistuu qaroominaa gochuun yeroo fayyadaman ni mul'ata. Afaan Oromoo, sirna Gadaa, aadaa, eenyummaafi amantii Oromoo boodatti hafaa taasisu (Bass, 2019; Wandimmuu, 2023). Haala akkasii kana hubachaan, Giddugala Aadaa Oromoo deddeebi'ee daawwataan ture. Yeroo kana, afeewwaniifi mallattooleen eenyummaa Oromoo agarsiisan kuufamanii, dhaabbatanii akka jiranin hubadhe. Agarsiistuuwwan kunneen eenyummaa Oromoo bakka kanaa makfame, ukkaamfameefi cunqurfamaa ture akkamitti akka deebisanii ijaaran, tarsiimoo ittiin ceesisan qorachuufan xiyyeeffadhe.

Eenyummaafi agarsiistuun eenyummaa Oromoo dhaabbata adda bahe qabaachuun kunuunfamuun sirnaa'ee sadarkaa biyyaatti mul'achuuf carraa bal'aa hin arganne. Hamman hubadheefi namoota adda addaa irraa yaafadhetti inistituutiin agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo qajeelchu karaa heeraafi seeraan deeggaramee dhaabbate hin jiru. Giddugalli kun haala akkasii keessatti mul'ate. Kanaaf, tarsiimolee agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo ittiin agarsiifaman, walitti dhufeenya agarsiistuuwwan eenyummaa illaanyaafi aangoo waliin qaban qoratamuun sirnaawuu qabu. Kun ammoo haala ifaa ta'een xiinxalamuu waan qabuuf kaayyeeffatame.

Qorannoo kana hojjechuuf qorataa qorannichaa kan kakaase inni biroon,, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Itoophiyaa keessatti akka iddoo dhabaafi kan birroon bakka buufamaa ture. “Colonial rulers saw Oromoness as a source of raw material that was ready to be transformed into other identities. In the colonial process, millions of Oromos lost their identities and assimilate to other peoples” (Asafa, 2010: 16) jedha. Eenyummaan Oromoo qaama biroon akka liqimfamaa tureefi aadaa walfakkeessuun akka jijjiirame ibsa. Eenyummaan Oromummaa isaas akka dhaalamaa ture ibsa. Agarsiistuuwwan eenyummaa haala akkasii keessatti dhihaatan akkamitti akka

eenyummaa Oromoo agarsiisan hubatamuu qabu. Kun, eenyummaa Oromoo waggoota dheeraaf biyya kana keessatti iddoo dhabaa ture Giddugala Aadaa Oromoo keessatti bifa kamii akka dhihaate jiru, afeewwaniifi mallattoolee as keessatti mul’ataniin dalagaa waallawaa raawwataa jiru xiinxaluuf na kakaase. Tarsiimolee ittiin eenyummaa hawaasaa agarsiisan adda baasuuf fedhiin keessa kootti uumame. Kan biroon, agarsiistuuwwan kunneen walitti dhufeenyi isaan aangoofi illaanya waliin qaban qoratamuu akka qaban jajjabeessa.

Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo, Oromoo agarsiisuufi fudhatamummaa isaa gabbisuuf humna guddaa qabu. Eenyummaan biyyaafi hawaasa tokko keessatti fudhatama hinqabne tuffatamaa deema. Yaada kana Tajfelifi Turner (1986: 284) akka ibsanitti, eenyummaan hawaasaa haala gaarii ta’een wayita fudhatamaa deemu namoota gidduutti walitti dhufeenya fudhatama qabu uuma. Hawaasa keessattis garaagarummaa jiru haala gaarii ta’een akka hubatamu godha. Yoo eenyummaan hawaasaa kan jibbamu ta’e gareen hawaasicha keessa jiru gara eenyummaa garee birootti akka cehaa deemu godha jedhu. Eenyummaan Oromoo biyya kana keessatti tuffatamaafi bakka dhabaa ture agarsiistuuwwan isaan akkamitti akka dhihaatee jiru ilaaluun murteessaadha. Kanaaf, agarsiistuuwwaan Giddugala Aadaa Oromoo keessaa akkamiitti akka eenyummaa hawaasichaa agarsiisan, dalagaa waallawaa ittiin raawwatamu, tarsiimolee waallawaa dhimma bahame, akkasumas, walitti dhufeenyi afeewwaniifi mallattooleen aangoofi illaanya waliin qaban qorachuuf na kakaase.

Qaawwi waraqaa aantee irraa hubatames ka’umsa biroota. Qorataan Yosef (2016) qorannoo matadureen isaa, “The discursive construction of identity: the case of Oromo in Ethiopia” jedhu keessatti kan xyyeeffate, adeemsa waallawaa akkamiitiin akka eenyummaan Oromoo maxxansaalee OSA keessatti akka ijaaramaa jirudha. Qabsoo Oromoon taasisu keessatti ijaarsi waallawaa eenyumma uwwisa miidiyaa sadarkaa addunyaa keessatti hammam akka iddoo qabu adda baase. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa ijaarsa eenyummaa Oromoo yoo ta’u, maleenya xiinxala waallee liixxaa fayyadamuun hojjetame. Dabalataan, ijaarsa eenyummaa sochii qabsoo Oromoo xiyyeeffachuun argame sakatta’e. Qorannoo dhihaate kun xiyyeeffannoo isaan qorannoo

kana irraa adda. Daangaafi dhimma fuulleffataniin tokko miti. Kunis, mataduree kana irratti akkan hojjedhuuf qaawwa naaf laateera.

Adugna (2016) qorannoo isaa digirii 3ffaa, “The Discursive Construction and Representation of the Waata Identity: A Critical Discourse Analysis of Oral Texts” irratti geggeesse. Qorannoon kun Waata afeewwan hin barreeffamiin kan isaaniifi Arsi’i keessatti akkamitti akka agarsiifaman kan xiinxaledha. Tarsiimoo waallawaa ittiin dhihaate adda baase; akkasumas, hariiroo afaanii, aangoofi illaanyaa waallawaa jiru keessatti ittiin agarsiifame ibsuun dhiheesse. Dhimma ijaarsa eenyummaa hawaasa waataa irratti hubannoo jiru argachuuf, Xiinxala Waallee Liixxaa (XWL) fayyadame. Kanas, afeewwan afaaniin dhihaatan bu’uura godhachuunidha. Argannoowwan qorannichaa keessaa: ibsitoonni adda baafaman hundinuu fakkiiwwan baay’inaan gadhee agarsiisu. Waatni haala amansiisaa hintaaneen ofbakka bu’u. Arsi’iin ibsitoota gaarii fakkaatuun Waata ibsu. Yeroo walfakkaatutti garee sana olaantummaan haala gaarii hin taanee bakka buusu. Tarsiimoleen waallawaa ijaarsaafi agarsiisa eenyummaa waataa keessatti hojiirra oolan: Aangomsuu, seeneffama, sirneessuu, gadi aantummaafi fageessuun mul’ateera. Qorannoon geggeeffama jiru kun xiyyeeffannoo qabuufi daangaa isaan kanarraa adda. Kun, Giddugala Aadaa Oromoo xiyyeeffate. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo daangaa xiyyeeffatame keessatti haala Itoophiyaa keessa tureefi jiruun walqabsiise. Qorannoon duraa garuu, daangaa Arsi’in keessaan ilaalame.

Qorannoon digirii sadaffaa biroon eenyummaa Oromoo irratti hojjetamuun qaawwa dabalataa qorataaf ta’e jira. Alemu (2015) qorannoo isaa digirii sadaffaa, “Ethnicity and Local Identity in the Folklore of the South-western Oromo of Ethiopia: a Comparative Study” jedhu irratti fuulleffate. Qorannoon kun, kaayyoon isaa gareen Oromoo naannoo tokkoo akkamitti, bu’uura kamiin, haalaafi kaayyoo kamiin garee Oromoo bakka bal’aa keessaafi naannoo isaa ala jiruun walbira qabee akka of hubatu xiinxale. Sabummaan asitti bu’uura aadaan hidda dhalootaa yookiin akka garee murtaa’e tokkootti ilaalama. Akka kanaan qorannichi ijaarsaafi ibsa eenyummaa sabaafi garee naannoo tokkoo kan hammate yoo ta’u, addatti waallawaa of ibsuu/agarsiisuu xiinxale. Qorannichi duudhaa qorannoo aadaafi fookloorii keessaa bu’uureffachuun dubbii afaaniifi seeneffama isaa

irratti xiyyeeffate. Dhimmootaafi rakkoo eenyummaa sabaas xiinxaleera. Kanas, hubannoo waloo isaaniifi addunyaa hawaasummaa bal'aafi battalaa keessatti qaban haala mariifi afgaaffiin ibsuun qoratame. Qorannoon dhihaate qaawwa qorataaf agarsiise qaba. Qorannoo amma geggeeffamaa jiru irraa kallattii xiyyeeffannoo isaan addadha. Kun agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessaa yoo xiyyeeffatu, qorannoon aantee kun Oromoo kallatti tokkoo haala Oromoo bakka biroofi naannoo isaa jiraatuun ilaale. Mallattolee hawaasichaas hin xiyyeeffanne. Eenyummaa Oromoo haala Oromoo biroon walbira qabee qorate. Kan amma kun kallatti agarsiistuuwwan waloo hawaasichaan qoratame.

Giddugala aadaa hawaasa tokkoo xiyyeeffachuun qorannoo geggeessuun ni danda'ama. Fortes (2010) mataduree, "Kenya Cultural Center: A proposed architectural design symbolizing national identity" jedhu irratti qorannoo geggeessuun, akkamitti giddugalli qophaa'e hawaasicha akka bakka bu'u, heddummina hawaasicha keessaa otoo hin maksiin akkamitti eenyummaa biyyaalessaa qabata kan jedhu hammata. Giddugalichi aadaafi seenaa isaanii haala barbaachisuun kan agarsiiseefi saboota biyya sanaa kan bakka bu'u ta'uu dhiheesseera. Ijaarsaafi qabiyyee inni hammate eenyummaawwan waliinii akka dhiheesse mul'isa. Haala keessatti dhihaateefi xiyyeeffannoo isaan qorannoo amma geggeeffamee jiru irraa adda. Kun giddugala aadaa hawaasa tokkoo irratti hundaa'uun qorannoo geggeessuun akka danda'amu qaawwa dabalataa mul'isee jira.

Ka'umsiifi qaawwi dhihaatan mataduree, 'Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo: Xiinxala Waallee Liixxaa Fayyadama Afeewwaniifi Mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo Keessaarratti' jedhu irratti qorannoo akkan geggeessuuf ka'umsa naaf ta'aniiru. Haaluma kanaan, fayyadamni afeewwaniifi mallattoolee giddugala kana keessaa akkamiitti akka eenyummaa Oromoo agarsiisan, dalagaawwan waallawaa jiran, tarsiimolee waallawaa ittiin agarsiifaman, akkasumas, walitti dhufeenya isaan aangoofi illaanya waliin qabantu xiyyeeffatame.

1.3. Gaaffilee Bu’uuraa Qorannichaa

Ka’umsa dhihaatan irratti hundaa’uun, gaaffilee bu’uuraa qorannichaa armaan gaditti dhihaatanii jiru. Qorannoo kun gaaffilee bu’uuraa gaditti dhihaatan kanneeniif deebii barbaachisu laateera.

- Fayyadamni afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessaa akkamiin eenyummaa Oromoo agarsiisaa jiru?
- Dalagaawwan waallawaa agarsiisa Sirna Gadaa Giddugala Aadaa Oromoo keessaan akkamitti mul’atu?
- Tarsiimoleen waallawaa fayyadama afeewwaniifi mallattooleetiin eenyummaa Oromoo agarsiisuuf dhimma itti bahaman kanneen akkamiiti?
- Eenyummaa Oromoo agarsiisuurratti fayyadamni afeewwaniifi mallattoolee aangoofi illaanya waliin hariiroo akkamii qabu?

1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo Gooroofi gooree of keessaa qaba. Isaanis, haala armaan gadiin dhihaatanii jiru.

1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa fayyadama afeewwaniifi mallattooleen Giddugala Aadaa Oromoo keessaa akkamiin eenyummaa hawaasichaa akka agarsiisan xiinxaluudha.

1.4.2. Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa

Kaayyoowwan gooree qorannichaa haala itti aanuun dhihaatanii jiru:

- Afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessaa eenyummaa Oromoo agarsiisuuf dhimma itti bahamaa jiran ibsuu.

- Dalagaawwan waallawaa agarsiisa sirna Gadaa Giddugala Aadaa Oromoo keessaa hiikuu.
- Tarsiimolee waallawaa fayyadama afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa Oromoo agarsiisan daheeffatamuun itti fayyadamaman adda baasuu.
- Hariiroo fayyadamni afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa Oromoo agarsiisan aangoofi illaanya waliin qaban balballoomsuu.

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun ilaalchaafi rakkoolee bu'uuraa eenyummaa hawaasaatiin walqabataniis sadarkaa biyyaatti ka'an furuu keessatti galmoo guddaa ta'uun seera baastota jiran ni tajaajila. Dabalataan, haaromsa aadaafi eenyummaa Oromoo sadarkaa biyyaattis ta'e naannoo Oromiyaa keessatti raawwatamuuf galtee gaarii ni ta'a. Kana malee, Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo xiyyeeffachuun akka hojjetan ni jajjabeessa. Kallattii eenyummaan kun ittiin ijaaramuufi tarsiimolee ittiin sadarkaa biyyaatti mul'achuu danda'an akka hubatan ni deeggara.

Labsiiwwan mootummaan dhimmoota hawaasaa xiyyeeffachuun baasu keessatti akka madda ragaatti ni fayyada. Kan biroo, qorattoota afaanii, fookloorii, aadaa, seenaa, siyaasaafi dhimma saba kana ilaallatu irratti hojjetaniif akka aanteetti ni tumsa. Akkasumas, qorannoon kun gama yaaxxinaa, xiimmalaafi dhugaa hawaasa keessaa dhiheessuun gumaacha guddaa qaba. Yaaxxinoonni qorannoo kana keessatti hojii irra oolan gaaffilee bu'uuraa kaayyooowwan qorannichaa hordofuun beekumsa dabalann qabu. Haala yaaxxinoonni kunneen ittiin dhihaataniifi qorannoo kana keessatti fudhataman qorattoota biroof kallattii agarsiistuu ta'uu danda'u. Gama ximmalaan fayyadamni afeewwaniifi mallattooleen akkamiin eenyummaa hawaasa tokkoo akka agarsiisan, dalagaawwan waallawaa jiran, tarsiimolee ittiin dhihaataniifi walitti dhufeenya isaan aangoofi illaanya waliin qaban karaa mala akkamtaa, maleenya xiinxala waallee liixxaafi meeshaalee mala kana hordofaniin qajeelfamuun isaanii qorannoo qabiyyeen isaa kana fakkaatuuf gumaacha guddaa taasisa. Qabiyyeewwan qorannicha

keessatti dhihaatan akkamitti akka yaaxxinoota kana akka hordofan adda bahee waan dhihaateef qorattoota biroof agarsiistuu gaarii ta'uun ni tajaajila.

Qorannoo kana keessatti xiinxala garsadee 'tridimensional model'-ibsa, hiikaafi balballoomsa akkasumas, maleenyi waallee seenawaa bu'uureffate' Discourse-historical' kan xiinxala waallee liixxaatiif qophaa'e hojii irra oolee jira. Kun akkaataa xiinxala waallee liixxaa fayyadama afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa hawaasaa agarsiisan qorachuun akka danda'amuuf qorattoota ni gargaara.

Dhumarratti, hubannoo qorataan eenyummaa ofii isaa, garee keessa jiruufi saba isaa waliin qabu caalaa akka hubatu ni taasisa.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun karaa garaagaraan daangeffamee jira. Daangaan isaa inni tokko qabiyyeedha. Qabiyyee isaa keessaas tokko fayyadama afeewwaniifi mallattooleedha. Afeewwaniifi mallattoolee kanneeniin giddugala kana keessatti maaltu akka raawwatamaa jirutu xiinxalame. Qabiyyeen daangeffame kun xiyyeeffannoo bu'uuraa ta'ee dhihaachuun xiinxalamee jira.

Daangaan qabiyyee qorannichaa inni biraan eenyummaadha. Qorannoo kana keessatti eenyummaan jijjiiramaa dhaabbataa ta'uun dhihaate. Eenyummaan kun hawaasa keessa kan jiru ta'ee galmoo (haala) agarsiistuuwwan xiyyeeffataman keessatti argamaniifi itti fayyadamamanidha. Kun gama qabiyyee isaan akkamitti akka daangeffame mul'ise. Eenyummaan as keessatti xiyyeeffatame eenyummaa bu'uuraati.

Qorannoo kun gama maleenyaa dhimma itti baheenis daangessamee jira. Qorannicha keessatti maleenyi hojii irra oole, xiinxala waallee liixxaati. Xiinxalli liixxaa kun unka xinqooqaafi mallattoo tokkoo akka dalagaa hafeetti 'textual practice', akka dalagaa waallawaatti 'discursive practice' fi akka dalagaa hawaasaatti 'social practice' sadarkaa

sadiitti ilaaluun xiinxale. Daangaan isaa kan biraan ammoo bakkaa fayyadamni afeewwaniifi mallattooleen sun itti argamanidha. Kunis, Giddugala Aadaa Oromoo irratti xiyyeeffachuun hojjetame.

1.7. Hanqina Qorannichaa

Ragaalee qorannichaa hirmaattota qorannoo kanaan wal arguun fudhachuun hanqina qabature. Dhimmoota qorannoofi walgahiin walqabatee bakka qorannoo kanatti carraan argamuu isaanii xiqqaadha. Isaanis, qaama giddugala kana bakka bu'een dirree qorannoof ba'an irraa beellaman argamaa turan. Kun haala walfakkaataan ragaalee qorannichaa fudhachuufi qindeessuurratti hanqina kan uume ture. Ta'us, deddeebii dheeraafi yeroo beellamaa baay'ee booda ragaaleen qorannichaa walitti qabaman. Kana malee, bakki qorannoon kun itti geggeeffame qaama nageenya mootummaan kan eegamuufi to'annoo guddaa jala jirudha. Meeshaalee waraabbii sagaleefi suuraa qorataan dhimma qorannoo kanaaf qofa fayyadamu irra deddeebiin ilaaluufi sakatta'uun tureera. Kun qaama eegumsaa yeroo tokko achi turaniin yoo raawwatames, kan itti aanuun bakka kanatti ramadamanis akkasuma godhu. Qaamni kun dhimma qorannichaa akkaataa barbaachisuun hubachuurratti hir'inatu mul'ata.

Qorannoon agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo xiyyeeffachuun giddugala aadaa irratti hojjetame dhibuun hanqina birooti. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo bu'uura taasifachuu waraqaaan digirii sadaffaa irratti hojjetame xiqqoodha. Isaan jiranis kallattiin xiyyeeffannoo isaanii Giddugala Aadaa Oromoon wal hin qabatu. Qabiyyeen kun hin xiyyeeffatamiin kan turedha. Qorannoowwan eenyummaa Oromoo xiyyeeffachuun hojjetaman hayyoota garaagaraan deeggaramuufi karaa sakatta'aan argaman fayyadamamuun danda'amee jira.

Qabatama jiruufi jireenya amma jiruun hanqinni baajataa qorataa mudatee jira. Qorannichaaf deeggarsi baajataa taasifameefi baasiin jiru walsimuu dhabuu isaati. Magaalaa Finfinnee keessa turuufi deddeebiin bakka kanaa qorataatti kan ulfaate ture.

Kana malee, maxxansa artikilii Afaan Oromoof joornaaliin fudhatamummaan isaa mirkanaa'e xiqqachuun rakkoo xiqqaa hin taanedha.

1.8. Qindaahina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa torba jalatti qindeeffame. Boqonnaa jalqabaa keessatti ariirrata qorannichaa kan yaadrimee, haala qorannoo geggeeffamuufi kaayyoo waliigalaa qorannichaa hammate, ka'umsa qorannichaa kan kaka'umsa, qaawwa jiruufi kallattii gaaffilee bu'uura agarsiisutu dhihaate. Dabalataan, kaayyoo gooroofi gooree, barbaachisumma, daangaa, hanqinaafi qindaahinni qorannichaa asjalatti dhihaatan. Boqonnaa lammaffaa jalatti sakatta'a barruuwwaniitu dhihaate. Yaadrimeewwan qorannichaan walsiman: yaadrimee eenyummaa, maalummaafi akaakuu eenyummaa, eenyummaafi hawaasa, agarsiistuuwwan eenyummaa, fayyadama afaanii, fayyadama afeewwaniifi mallattoo, akkasumas, haala eenyummaan Oromoo keessa ture matadureewwan adda addaa jalatti qoodamuun sakatta'ameera. Kana malee, sakatta'a qorannoo aantee, yaaxxinoota xiyyeeffatamaniifi caayaan qorannichaa dhihaatanii jiru.

Boqonnaa sadaffaa keessatti mala qorannoon kun ittiin geggeeffametu qindate. Boqonnaa kana keessatti kan xiyyeeffataman keessaa beedduubni qorannichaa tokkodha. Beekumsi duubaa qorannoon kun hordofe beedduuba ijaarsa hawaasaa 'constructivist paradigm' kan dhugaan haala hawaasa tokko hordofee mul'ata jedhu duukaa bu'e. Kan birroon, saxaxa, ximmaala, madda odeeffannoo, iddatto bakkaafi hirmaattotaa, malleen funaansa ragaalee, adeemsa odeeffannoo ittiin funaanameefi qindoome, mala qaaccessa ragaaleefi saakkoo qorannichaas walduraa duubaan qabatee jira.

Boqonnaan arfaaffaa kaayyoo jalqabaa qorannichaa xiyyeeffate. Afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa Oromoo agarsiisan kan jedhu jalatti ragaalee kaayyoo kanaa walsimantu ibsame. Boqonnaan shanaffaan dalagaawwan waallawaa eenyummaa Oromoo isa bu'uuraan kan jedhudha. boqonnaan ja'affaan tarsiimoolee waallawaa

eenyummaa Oromoo agarsiisuuf dhimma bahamaniifi walitti dhufeenya afeewwaniifi mallattooleen eenyummaa Oromoo garsiisan aangoofi illaanya waliin qaban xiyyeeffate. Boqonnaan dhumaa cuunfaa, argannoofi yaboo kan dhiheessedha.

1.9. Galmoo Qorannichaa

Galmoo qorannichi keessatti geggeeffamatu as jalatti dhihaate. Kunis, qabiyyeewwan garaagaraa jalatti qoqqoodamuun qindate.

1.9.1. Giddugala Aadaa Oromoo

Giddugalli Aadaa Oromoo handhuura Oromiyaa Magaalaa Finfinnee bakka Dabbassoo jedhamutti argama. Tarree Dirree Masqalaa kallatti gara Laga Haaritti geessuu irratti argama. Giddugalli Aadaa Oromoo bu'aa qabsoofi hojii uummata Oromoo bara dheeraati. Sirnoota darban keessatti uummanni Oromoo uummata seenaa, aadaa, afaaniifi aartii isaa guddifachuuf carraa dhabee turedha (Asafa, 2007: 48). Giddugalli kun bakka eenyummaan hawaasa kanaa keessaa dhiibameefi moggeeffametti ijaaramuun agarsiistuu hawaasa kanaa ta'ee dhihaate. Oromoon dhiibbaafi hacuuccaa dheeraa booda magaalaa ofii isaa keessatti giddugala kana ijaarrate. Eenyummaan Oromoo akkuma kan saboota biyya kanaa gita bittootaan dhiibamaafi akka badu taasifamaa ture. Alamaayyoo (2016) akka ibsutti, “Amaaromsuu keessatti eenyummaa Oromoofi maqaa lafaa jijjiruun ga'ee olaanaa qaba” jedha. Kan biroon, oftuultonna Kaaba biyya kanaa olaantummaa aadaafi eenyummaa isaanii mirkaneessuuf hidhata isaanii Baha Giddugalaafi Awurooppaanota wajjin taasisaa turan (Baxter, 1994: 175). Eenyummaan Oromoo Itoophiyaa keessatti dhiibbaa guddaa jala akka ture mirkaneessa. Oromoon dhiibbaa kana maksuufi eenyummaa isaa falmisiisee deebisuuf Giddugala Aadaa Oromoo dhaabbatee jira.

Oromoon uummata guddaa Afrikaati. Uummanni kun eenyummaa, seenaa, aadaa, afaan, duudhaa, safuufi hambaa mataa isaa qaba. Tasammaa (2021: 13) akka ibsutti, “Oromoon uummaata bal'aa Gaanfa Afrikaa waggoota 4000 dura Bahaafi Kaaba Baha Afrikaa

jiraataa turedha.” jedha. Dabalataan, barreessaafi qorataan Asafa (2007) akka ibsutti, “The Oromos are one of the three largest ethnonational groups in Africa. In the Ethiopian empire alone, they are estimated at 40 million. They call their country Oromia” Sadarkaa Afrikaafi Itoophiyaatti uummata guddaa ta’uu agarsiisa. Oromoon saba guddaa bu’uuraan Afrikaa ta’eefi beekumsa ganamaa Afrikaanotaaf gumaacha guddaa taasisedha. Uummanni kun falaasama ofii ijaarrateen daangaa biyya isaa keessatti akka ijaaramaafi of geggeessaa ture dhiheessa.

Giddungalli kun bakka agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo irraa dhiibamanitti biqile. Eenyummaa hawaasaa dhokfameefi weeraramaa ture deebisuuf mul’ate. Yaada kana kan ibsu, “Mootiin Minilik bara 1865 humnaafi tooftaadhaan lafa Oromoo weeraraa ture.” (Alamaayyoofi kan biroo, 2012: 88) jedhu. Qabeenyaafi araddaan Oromoo gita bittoota kanaan akka samamaa ture ibsa. Eenyummaan hawaasa kanaa giddugaleessa biyya kanaatii dhiibamaafi kan biroon liqimfamaa jiraate. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo ulfinaafi humna dhabaa akka turedha. Giddugalli kun bakka eenyummaan hawaasichaa ukkaamfametti biqile. Dhiibbaa guddaa booda mul’ate. Agarsiistuu jabaa eenyummaa hawaasichaati. Beekumsa aslil hawaasichaa dhiheessuuf cimina qaba. ”Giddugalli Aadaa Oromoo Bulchiinsi Mootummaa Naannoo Oromiyaan Magaalaa Finfinnee, naannoo Istaadiyeemii Biyyaalessaa, kutaa Bulchiinsa Magaalaa Qiiroos jedhamee waamamu keessatti, lafa heektaara 5.1 irratti hundeeffame” (Koree Qorannoo JBAH, 2011) jedhu. Dabalataan, Tujuba (2020: 1) yoo ibsu, ”Oromo Cultural Center (OCC) is located in Addis Ababa, Kirkos Sub-City. It is located on the way from Meskel square to Leghar, opposite to the National Stadium.” jedha. Magaalaa Oromiyaa giddugala biyyaa taatee jirtu kana keessatti akka ijaaramee jiru ibsa. Bakki kun eenyummaa hawaasichaaf hiika guddaa qaba. Waan ofii isaatti deebi’uu sabichaa agarsiisa. Bakka humni siyaasa Oromoo cabetti deebi’ee biqiluu agarsiistuuwwan eenyummaa isaa ibsa. Qorannoon kun Giddugala haala kana keessatti mul’ate xiyyeeffachuun geggeeffame. Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa giddugala keessatti dhihaatan, akkamitti akka eenyummaa agarsiisan, ijaarsa waallawaafi tarsiimoo ittiin dhihaataniifi darban akkasumas, walitti dhufeenya agarsiistuuwwan dhihaatan aangoofi illaanya waliin qabantu xiinxalame.

Giddugalli Aadaa Oromoo suuraa Oromiyaa xiqqoofi eenyummaa saba kanaa dhiheessee jira. Haala teessuma isaan waan lamaan Oromoo fakkaata. Tokkoffaan, gaafa irra keessaan yookiin samii irraan gadi suuraa isaa fudhattu mallattoo odaatu irraa mul'ata. Lammaffaa, yeroo akkasumatti dhaabbatee ilaaltu mallattoo 'O'tu dhihaatee jira. Marsaan isaas 'O' fakkaata. Kun ijaarsa mana Oromootaan walfakkaachuu isaa ibsa. Akkaataan qoodinsa manneen as keessas aadaa Oromoo agarsiisu. Giddugalli kun bifa geengoon dhihaachuun isaa marsaa Gadaas ni agarsiisa. Saxaxni ittiin dhihaate jiruufi jireenya Oromoon kan walqabatedha. Eenyummaa hawaasichaa bu'uura godhatee hundaa'ee jira.

Bakka Giddugalli Aadaa Oromoo itti dhaabbate kana bishaan horaatu ture. Bishaan bakka kanaa bahuun dhaqna dhiqataanii fayyaa akka turantu himama. Bishaan jiruu dhala namaaf murteessaa ta'e kun dhaalamuu araddaa Finfinneef sababa akka ta'e giddugala keessatti dhihaatee jira. Bishaanichi amala fayyina qaamaa namaaf laachuu qaba. Bakka fayyaan namaa itti deebi'uufi yoo itti dhiqatan nagaa argatan ture. Kanarraa kan ka'e iddoo ulfoo kana dhaaluun kan ofiin bakka buusaa turan. Giddugalli kun bakka jiruun Oromoo irraa diigamaafi makfamaa ture kanatti dhaabbate. Kanaaf, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo haala kana keessatti dhihaatan xiyyeeffataman.

1.9.1.1. Akkaataa Hundeeffama Giddugala Aadaa Oromoo

Oromoon hawaasa eenyummaa, aadaafi sirna ofii guddifachuufi kunuunsuuf fedhii guddaa qabudha. Bakka itti agarsiistuu eenyummaa isaa kana gabbifatu ijaarrachuuf qabsoo guddaa taasisaa ture. Wal'aansoo dheera booda giddugala kana dhaabbachuu danda'eera. Hundeeffama Giddugala Aadaa Oromoo kanaaf hayyoonni Oromoo kallattii garaagaraan jabaatanii hojjechaa turan. Haalli hundeeffama isaa yaadamuu kan eegale turus, bara 1987 kaasee bakka argataa akka dhufe ragaaleen jiran ni mul'isu. Ijaarsa giddugala kanaaf dhagaan bu'uuraa bara 1998 kan taa'e yoo ta'u, bara 2001 jalqaba irratti

baajanni ijaarsaaf ta’u qabameef. Haaluma kanaan bara 2007 xumuramuun hojii eegale. Yeroo garaagaraatti moggaasni maqaa isaaf laatamaa ture. Moggaasni maqaa isaa inni jalqabaa Akkaadaamii Afaan Oromoo, itti aansuun, Galma Aadaa Oromoo yoo ta’u, dhuma irratti Giddugala Aadaa Oromoo jedhamee murtaa’e. Giddugalli kun qabsoo hawaasaa keessaa kan dhalateefi Oromoo bakka bu’uu kan danda’udha. Waan hawaasa kana akka waliigalaatti agarsiisu kun bakka xiyyeeffannoo qorannichaa ta’ee jira.

Oromoon akkuma saboota biyya kanaa jijjiiramni Itoophiyaa keessatti akka dhufuuf hojjechaa ture. Jijjirama biyya kana keessatti mul’ataa jiruufis gahee leencaa qaba. Kanas kallattii hundaan tattaaffii taasisuun jijjiirama har’a mul’atu fiduu danda’eera. Haala kana keessattis kaayyoo qabsoo isaa fiixaan baasuuf kallattii barbaachisu maraan hojjechaa jira. Eenyummaa isaa yeroo dheeraa dhokate addunyaatti baasee mul’isuuf aadaa, seenaa, afaan, aartii, fookloorii isaa bakkatti gabbifatu qopheessee jira. Hundeeffamni Giddugala Aadaa Oromoo ifa saba kanaa ta’ee mul’ate. Dhimmoota jiruufi jireenya isaan walqabatu as keessatti kan dagaagsuufi cimsatu waan ta’eef. Bakka eenyummaan isaa itti agarsiifamaafi cehaa jiru kana falmii dheeraa booda hundeeffate.

Oromoon eenyummaa isaa eeggachuuf dhamaatii gurguddaa taasisaa ture. Haalama kanaan falmiifi wareegama dheeraa booda giddugala kana argachuu danda’eera. Giddugalli Aadaa Oromoo (GAO) Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin dambii 167/2006’n kan hundeeffamedha. Afaan, seenaa, artiifi aadaan uummata Oromoo sadarkaa olaanaan akka qoratamuufi dagaaguuf baajata guddaa ramaduun Giddugala Aadaa Oromoo Magaalaa Finfinneetti ijaaramee jira (Koree Qorannoo JBAH, 2011). GAO’n gaaffilee uummanni Oromoo gaafataa tureefi ittis qabsaa’uun aarsaa kaffale deebisuuf hojiiwwan adda addaatu keessatti hojjetamaa jira. Hundeeffamni giddugala kanaa fedhiifi gaaffii hawaasa kanaa bu’uura godhatee kan ijaaraame ta’uu ibsa. Waan hawaasni kun yeroo baay’ee gaafatee deebii barbaadutu as keessatti hojjetamaa jira. Agarsiistuuwwan eenyummaa karaa ittiin dhihaatuufi gabbatutu akeekamee jira. Hundeeffamni isaa karaa mootummaa haa ta’u malee fedhiifi gaaffii uummataa bu’uura kan godhatedha.

Yaadni olitti dhihaate, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo giddugala biyya kanaarraa moggeeffamuufi Giddugalli Aadaa Oromoo wal’aansoo keessatti hundeeffamuu ibsa. Eenyummaan hawaasaa iddoo dhaabaa akka har’a gahe kaasa. Kanaaf, giddugala kana keessatti akkamitti akka eenyummaan Oromoo agarsiifamaa jiru, tarsiimoolee ittiin dhihaatu, walitti dhufeenya itti fayyadamni agarsiistuuwwan eenyummaa illaanyaafi aangoo waliin qabantu kaayyeffatame.

1.9.1.2. Hojiiwwan Giddugala Aadaa Oromoo Keessatti Hojjetaman

Giddugalli kun erga hundeeffamee eegalee hojiiwwan gama qorannoo, misooma godambaa, misooma aartii Oromoo, mana kitaabaafi handaarsaan hojiiwwan addaa addaatu keessatti hojjetamaa jira. Dameewwan kun beekumsa keessoo hawaasaa irratti xiyyeeffachuun hojjetu. Yaada kana Koree Qorannoo JBAH (2011: 1) yoo ibsan, “Giddugalli Aadaa Oromoo adeemsota hojii ijoo gurguddaa afur (adeemsa hojii ijoo damee qorannoo Oromoo, adeemsa hojii ijoo damee godambaa, adeemsa hojii ijoo damee muuziqaafi tiyaatiraa, adeemsa hojii ijoo mana kitaabaafi hadaarsaa) of keessatti qaba” jedhu. Qiyyeewwan gurguddaa kanneen of keessatti qabachuun hojiiwwan gurguddaan keessatti raawwatamaa jiru. Adeemsonni hojii as keessatti mul’atan mallattoolee eenyummaa hawaasichaa gurmeessuufi qindeessuun addunyaaf dhiheessaa jiru.

Kutaawwan gurguddaan arfan kunneen gareewwan biroo of jalatti hammatanii qabu. Adeemsaaleen hojii ijoo GAO kunniinis gareewwan xixiqqaa garaagaraa of jalatti kan qabanidha. Isaanis, garee qorannoo moggaasa jechootaafi waaltinaa, garee qorannoo caaslugaa, garee qorannoo afoolaafi ogbarruu, garee qorannoo galmee jechootaa, garee qorannoo seenaa, garee qorannoo tiyaatiraafi ogbarruu, garee qorannoo muuziqaafi shubbisaa, garee qorannoo fakkiifi bocaa, akkasumas, garee qorannoo xiinmaddaa garee walitti qabinsaafi gurmaa’insa hambaa, garee kunuunsaafi eegumsa hambaa, garee daawwannaafi barnootaa, garee exbibizhini, garee waltajjiifi tajaajila maamilaa, garee

simannaafi keessummeessuu, garee muuziqaa aadaafi ammayyaa, garee taatotaafi gamaaggama tiyaatiraafi fiilmii, garee walitti qabiinsaafi gurmaa'insa maxxansaaalee, garee walitti qabiinsaafi gurmaa'insa hadaarsaafi qorannoo Oromoo, garee kenna tajaajila, akkasumas, garee kenna tajaajila hadaarsaafi barreeffamoota duriifi kuusaa Oromooti. Isaan kunneen akkaataa barbaachisuun qindatanii hojitti akka jirantu mul'ata. Adeemsaafi qindoomina mataa isaanii qabu. Qorannoo amma geggeeffame kun agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo gama afeewwaniifi mallattooleen mul'atan kan xiyyeeffatedha. Eenyummaa galmoo godhachuun karaa agarsiistuuwwaan isaan kaayyeffatame. Afeewwan GAO'n walsimuun eenyummaa agarsiisantu haala kaayyoo qorannichaan fudhatame. Meeshaaleen aadaa godambaa keessa jiraniifi bocawwan giddugala keessatti akka agarsiistuuwwan eenyummaa waloo hawaasichaatti dhihaatantu kaayyeffatame.

Hubannoon hawaaasa tokko keessa jiru sirnaan gurmeeffamuufi qoratamuu qaba. Gareewwan kutaa hojii adda addaatti qoodaman kunneen eenyummaa, afaan, seenaa, aadaa, aartii, hambaa hawaasaa gurmeeessuufi qorachuun sadarkaa biyyoolessaafi addunyaatti beeksisuuf hojjetu. Yaada kana Koree Qorannoo JBAH (2011: 6) yoo ibsan, “Ga’insi gareelee hojichaas mallattoowwan eenyummaa uummata Oromoo kan ta’an afaan, seenaa, aadaafi aartii uummatichaa karaa saayinsaawaa ta’een qorachuu, ..., karaa saayinsaawaa ta’een misoomsuufi dhiyeessuun faayidaa hawaas-dinagdeetiif oolchuun dhalootaa dhalootatti dabarsuudha” jedhu. Giddugala kana irratti qorannoon jabaan akka barbaachisu akeeka. Mallattooleen eenyummaa hawaasichaa argasiisan giddugala kana keessatti walitti qabaman karaa ammayyummaa qabuun qoratamuun agarsiifamuu akka qaban ibsa. Kanaaf, qorannoon kun xiyyeeffannoo isaa godhatee fudhate. Agarsiistuuwwaan hakuuccaafi dhiibbaa guddaa irraa hafuun as keessatti dhihaatan qoratamuun dhihaachuu qabu.

Hojiwwan giddugala kana keessatti dameewwan adda addaa jalatti qoodamu hojjetaman eenyummaa sabni kun qabu beeksisu. Manni kitaabaafi hadarsi hojiwwan achi keessatti xiyyeeffatamanidha. Mana kitaabaa keessatti kitaabotni dhimma Oromoo irratti afaan adda addatiin barreeffamaniifi kitaabni qorannoo aadaafi seenaa Oromoo irratti

barreeffamanis yuunivarsiitii adda adda irraa guuraman as keessatti qindaa'anii jiru. Hadaarsa ammoo kuusaalee manneen hojii mootummaa yookiin namoonni dhuunfaa yeroo hojii isaanii raawwatan uuman qabiyyeen isaanii osoo hin jijjiiramiin dhaabbiidhaan akka eegamuufi kunuunfamuu kan ittii taasisan. Kun kaartaafi giraafiksiin kan ibsame yookiin sagaleefi fakkiin yookiin dokumeentiin kan ibsame ta'uu danda'a. Misoomni aartiis haala barbaachisuun hojjetamaa jiru. Hojiin as keessatti hojjetamaa jiru waan eenyummaa hawaasa kanaan walqabatu akka ta'e ibsa.

Hambaaleen hawaasaa godambaa jiru keessatti dhihaachuun eenyummaa hawaasichaa agarsiisaa jira. Aadaa hawaasichaa tureefi jiru addunyaan akka hubatuuf meeshaalee durii qabu as keessatti mul'isee jira. Dundes (1965) aadaa yoo ibsu, "Culture has been referred to as man's social heritage and as the man-made part of the environment." jedha. Aadaan haftee hambaa hawaasaafi kan namni naannoo jiraatu keessatti hojjete akka ta'e ibsa. Jiruu hawaasa bal'aa keessatti waan hojjetameen walqabata. Akkaataa jiruufi jireenyaa qabu keessatti gabbataa akka har'a gahe dhiheessa. Hambaalee hojjete kanaan qaroomina, siyaasa, akkaataa dinagdee ture, hawaasummaafi falaasama keessoo isaa ittiin ibsata. Giddugala kana keessatti godambaan meeshaalee eenyummaa Oromoo agarsiisan hammaate hundaa'ee jira. "Godambaan GAO hambaalee eenyummaa saba Oromoo calaqqisiisan godinaalee Oromiyaa hundaafi hambaalee Saba Oromoo Godina Addaa Naannoo Amaaraa dabalatee walitti qabuun Oromiyaa xiqqoo GAO keessatti uumee jira" (Gumaata, 2018: 8). Hambaaleen kunneen eenyummaa hawaasa kanaa agarsiisuu akka danda'an mul'isa. Meeshaaleen kunneen dinagdee, seenaafi hawaasummaa hawaasa keessatti mul'atu dhiheessuu akka danda'antu mul'ata. Hambaaleen hojii siyaasaa keessatti iddoo akkuma qaban eenyummaa agarsiisuu keessatti shoorri qaban xiqqaa miti. Kun qorannoo kana keessattis qabiyyee xiyyeeffatamee jirudha.

Yaanni dhihaate kun, giddugala kana keessaatti hojiiwwan baay'eetu hojjetamaa akka jirudha. GAO keessatti bara 2007 irraa eegalee agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasichaa xiyyeeffachuun hojjetamaa jira. Qorannoon hubannoo hawaasaan walqabatus keessatti geggeeffamaa jiraachuu dhiheessa. Seenaa, aadaa, afaaniifi aartii Oromoo sadarkaa olaanaatti guddisuuf ga'een GAO hunda caalaa olaanaadha (Gumaata,


2018: 2). Giddugalli kun eenyummaa Oromoo deebisuufi misoomsuuf hojjechaa akka jirutu hubatama. Agarsiistuuwwan eenyummaa as keessatti mul’atan akka haala barbaachisuun guddatuuf gaheen hawaasa bal’aas akka barbaadu ni mul’isa. Kun Oromoon waan waliin itti waamamu tokko guddifachuufi irratti hojjechuu akka qabu ibsa. Walta’insa hawaasaaf gahee qabaachuu isaa amansiisa. Kanaaf, qorannoo kana keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessaa kan jedhu fulleffatame.

1.9.1.3. Bakka Argama Giddugala Aadaa Oromoo

Finfinneen hundhuura Oromiyaafi magaalaa guddoo mootummaa naannoo Oromiyaafi Mootummaa Federaala Itoophiyaati. Kana malee, magaalaa teessoo Gamtaa Afrikaafi jaar-miyaalee idila addunyaa taatee jirti. Jalqaba kan hundoofte Daalaatti lafa Dhagaa Araaraa jedhamuttidha. Bakki kun lafa masaraa Mootii Minilik amma jiru. Jechi Finfinnee jedhu maqaa burqaa ol finfintu irraa moggaafame. Yaada kana kan gabbisu, “Finfinneen maqaa horaati. Horri kun iddoo amma Filhuhaa jedhamee beekamutti kan argamuufi maddi isaa humna guddaa qabuun waan akka bishaan motoraan darbatamuu waan ol finnisuuf..., maqaan kun kennameef” (Alamaayyoo, 2016: 156) jedha. Moggaasni kun jijjirraa maqaa eenyummaa Oromoo ukkaamsuuf araddaa kanarratti waggoota dhibbootaaf raawwataa ture falma. Giddugalli Aadaa Oromoo agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Finfinneerraa dhiibaman, hakuucaman, ukkamfamaa turan dhiheessa. Agarsiistuuwwaan jaarrotaaf makfamuun amma askeessatti dhihaatan akkamitti akka eenyummaa agarsiisan, tarsiimoo ittiin darban, illaanyaafi aangoo waliin hariiroo maal akka qabantu xiyyeeffatame.

Finfinneen magaalaa guddoo Oromiyaafi biyya Itoophiyaa kan Afrikaanotaaf bakka bu’uuraa taatedha. Yaada kana kan ibsu, “Yeroo ammaa Finfinneen magaalaa guddittii Oromiyaafi teessoo Mootummaa Naannoo Oromiyaati. Kana malees, teessoo Mootummaa Federaala Itoophiyaa yoo taatu, Magaalaa muummitti Afrikaati.” (Alamaayyoo, 2016: 156) jedha. Magaalaan kun kan Oromo akka taateefi isa bakka

bu'uu akka qabdu mul'isa. Finfinneen giddugala siyaasaafi bakka dippiloomaatonni biyyoota addunyaa itti argamanidha. Giddugalli Aadaa Oromoo magaalaa kallattii adda addaan dhuunfatamtee jirtu kana keessatti dhaabbatee jira. Giddugalli kun afeewwaniifi mallattoolee eenyummaan Oromoo ittiin agarsiifamu hammatee jira. GAO'n ofii dhumti isaa akka agarsiistuu eenyummaa Oromootti mul'ata. Haala kanaafi dhiibbaa jaarrotaan ishee irratti raawwate kana keessatti Giddugalli kun mul'achuun abdiidha.



Ibsa:

- Meeshaa kaartaa kana qopheessuuf itti fayyadamame: ArcGIS Pro advanced.
- Sirna ittiin qindate/Coordinate System= UTM Zone 37N
- GCP_X=473339.8 Y=996050.3

Kaartaan olitti dhihaate kun, bakka qorannoon kun itti geggeeffame agarsiisa. Qorannoon kun Magaalaa Finfinnee Giddugala Aadaa Oromoo irratti xiyyeeffatee hojjetame. Kaartaan jalqaba irratti dhihaate kan Bulchiinsa Magaalaa Finfinneeti. Kaartaan lammaffaa kutaawwan magaalittii keessaa kutaa magaalaa Carqoos ibsa. Giddugalli Aadaa Oromoo kutaawwan magaalitti keessaa kutaa magaalaa Carqoos keessatti argama. Kan bifa geengoo qalama diimaa dibamuun kutaa magaalaa kana keessatti mul’atu bakka argamsa giddugalichaati.

1.9.2. Haala Giddugalli Aadaa Oromoo Keessatti Dhaabbate

Oromoon hortee saba Kuush aadaa, seenaa, amantii, sirnaafi afaan mataa isaa qabu. Uummata Jiraataa Gaanfa Afrikaa isa duraa ta’edha. Akkuma saba kamiyyuu eenyummaa isaa gabbifataafi dhiibbaa jiru irraa ittisaa jiraate. Hubannoon keessoo isaa kun humna koloneeffattoota Itoophiyaan yookiin warra Abisiiniyaan dhiibamaa, ukkaamfamaafi tuffatamaa ture (Asafa, 2007: 47). Oromoon uummata beekumsa ganamaa qabuun ijaaramee jiraataa turedha. Akkaataa jiruufi jireenya Oromoo kana maksuufi kan biroon bakka buusuuf humni Impaayera Itoophiyaa hojjechaa ture mul’isa. “Uummanni Oromoo humna Impaayera Itoophiyaa keessatti erga galee, ..., sirnoonni walduraa duubaan imaammata walfakkeessuu (assimilation policy) kan afaan, eenyummaafi aadaa uummata Oromoo balleessuuf yaadame sirnaan qopheessanii hojiirra oolchaa turan.” (Wandimmuu, 2023: 20) jedha. Eenyummaafi aadaan Oromoo imaammata yaadamee qophaa’een dhaalamaafi hakuucamaa akka ture dhiheessa.

Alamaayyoofi kan biroon (2012: 13) akka ibsanitti, “Uummanni Oromoo hortee saba Kuush keessaa is a tokko. ..., horteen kun guddina aadaa, seenaa, aartii, dhalachuu amantaa gurguddoo፣ qubee barreeffamaa bocuun addunyaa kanaaf kan gumaachedha” jedhu. Haata’u malee, sirna gita bittootaan humnaan ukkaamsame, eenyummaan isaa jaarraa tokkoofi walakkaa oliif jalaa sarbamaa ture. Hacuuccaafi cunqursaa sirnoonni nafxanyaa irraa geessisaa turan yeroo tokkoofillee tole jedhee osoo hin fudhatin aarsaa hedduu kaffaluudhaan har’a ga’e (Gumaata, 2019: 2). Sabni guddaan kun eenyummaan

isaa garee biroon ukkaamsamaa turuu dhiheessa. Oromoon eenyummaa isaa kana iddootti deeffachuuf wal’aansoo guddaa taasisaa akka tureefi jirus ni agarsiisaa. Hacuuccaa yeroo dheeraa booda eenyummaa ofii qabu fayyadamuu eegale.

Eenyummaan hawaasa kanaa aadaa biroon akka dhaalamuuf cunqursaan taasifamaa ture. Milinik sirna bulchiinsa isaa diriirfate biyya tokko, afaan tokko, alaabaa tokko jechuudhaan aadaafi sirna Gadaa Oromoo akka cabu taasise. Bifuma walfakkaatuun giti bittaa maqaa isaa gegeeddaratee biyyattii irratti wal jijjiiraa ture Oromoo kan uffee kan hin jechisiise, ibidda enyummaa isatti qabsiifame kan irraa dhaamsu hin taane (Oromiyaa, 2007: 1). Eenyummaafi aadaan saba kanaa haala hammaataa hammamii keessaa akka darbe ibsa. Haalli giddugalli kun keessatti mul’ate wal’aansoon guutuu akka ture ibsa.

Giddugalli Aadaa Oromoo dhiibbaafi hacuuccaa jaarraa lakkofsise booda mul’ate. Haala Oromoo mataa gadi qabee jiru keessatti kan dhaabbateefi eenyummaa hawaasichaa agarsiisedha. “Ijaaramuun Giddugala Aadaa Oromoo, uummata Magaalaa Finfinneefi naannoo sana jiraatu dabalatee Oromoo kallattii arfan irra jiru mara kan mataa ol-qabachiiseefi garaa ciibse (Oromiyaa, 2007: 4). Ijaaramuun giddugala kanaa akkaataa jiruufi jireenya Oromoon hammam akka walsimu agarsiisa. Oromoo mara kan bakka bu’uufi hawaasichaaf humna ta’uusaa dhiheessa. Fedhiin hawaasa kanaa eenyummaafi aadaa isaa gadi qabamee jiru baasee mul’isuudha. Magaalaa kana keessatti eenyummaa isaa dhiheessuufi guddisuu akka danda’u ni mul’isa.

1.9.3. Finfinneefi Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo

Finfinneen seenaan hundeeffama ishee kan Oromoof gaarii hin taanedha. Bakka humni Oromoofi eenyummaan isaa itti sarbamaafi dhaalamaa jiraate. Finfinneen hundeeffama isheerraa kaastee lafa Oromoo karaa sirnaawaa hin taaneen dhaalaafi qonnaan bultoota Oromoo buqqisaa magaala har’a geessedha. Akkaataan guddina ishee kallatti dalgaan

(horizontally) babal'ate. Magaalli kun garee tokko buqqisaafi hiyyoomsaa yoo deemtu, faallaa kana ammoo garee biraaf faayidaadha. Eenyummaan hawaasa dhiibamuu magaalittii irraa makfamaa deema (Kenate 2008: 99) jedha.

Yaadni dhihaate kun, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo magaala kana keessaa akka dhiibamaafi kan gareen biroo bakka buufamee ture ibsa. Liqimfamuu eenyummaa hawaasichaa dhiheessa. Waggoota hundeeffamee kaasee carraan aadaafi eenyummaan hawaasichaa keessatti guddachuuf qaban xiqqaadha. Haala waan Oromoof iddoo hin kennine keessatti Giddugalli Aadaa Oromoo dhihaate. Aadaafi eenyummaa

Finfinnee keessaa eenyummaa Oromoo balleessuun akka Oromoo ofiitti saalfatuuf hojjechaa turan. Imaammata eenyummaa Amaaraan dhaalchisuu jedhuun Oromoon cunqurfamaa ture. Akka qorataafi barreessaan Wandimmuu (2023: 136) akka ibsutti, “Aadaa Oromoo dabalatee aadaan saboota biroo tuffatamaa ture. Eenyummaan Amaaraa akka eenyummaa Itoophiyaatti ilaalamaa ture.” jedha. Safartuun agarsiistuu eenyummaa biyya kana keessa akka jiru mul'isa. Hundeeffamni magaalaa Finfinnees haala kana kbu'uura godhachuun agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo nyaataa jiraatte. Dabalata yaada kanaa, “Hundeeffamuun magaalaa Finfinnee garee tokko kan araddaa isaarraa buqqiseefi kan boochise yoo ta'u, garee biraa immoo injifataa godhee gammachuun akka akka uummatarratti roorrisu godheera” (Alamaayyoo, 2016: 156) jedha. Oromoon haala akkasii keessatti giddugala kana hundeesse. Hacuuccaa kana keessatti akkamitti akka agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessatti akka agarsiifaman, ergaa isaan dabarsan, tarsiimolee ittiin dhihaataniifi walitti dhufeenya isaan illaanyaafi aangoo waliin qabantu fuulleffatame.

1.9.4. Haala Aadaafi Afaan Oromoo

Uummatni Oromoo gita bittaa darbe keessatti mirga sabummaafi namummaa dhabuun aadaan eenyummaa isaa awwaalamee ture. Aadaafi afaan isaa magaalota alatti gandaafi baadiyaa keessatti akka murtaa'aniifi teknooloojii ammayyaa irraa fagaatanii akka

qancaran godhamaa turan. Giddugalli kun aadaan hawaasa kanaa akka babal'atuufi giddugaleessa biyya kanaatti guddachuu akka qabu dhiibbaa godha. Qorannoo afaaniifi aadaa bal'inaan taasisuun akka Oromoon eenyummaa isaa sadarkaa biyyaatti gabbifatu taasisa. Afaan Oromoo teknooloojii ammayyaa wajjin akka wal baruufi ittiin hojjetamu gochuu keessatti gaheen isaa yaraa akka hin taanes ni hubatama. Sabni tokko eenyummaa qabuun addunyaa keessa jiraatu keessatti of ilaala. Addunyaa keessa jiruttis of mul'isa. Kanaaf, hawaasa kana kallatti adda addaan ibsuun ni agarsiisa. Qorannoon ammaa kunis, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo giddugala kana keessatti eenyummaa agarsiisan qorate.

Giddugalli aadaa hawaasa tokkoo eenyummaa hawaasichaa agarsiisuu, ibsuufi ceesisuu keessatti gahee guddaa qaba. Aadaa, seenaa, afaaniifi fooklooriin hawaasa kanaa akkaataa barbaachisuun akka guddataafi kunuunfamuuf gaheen isaa xiqqaa miti. Aadaa hawaasa kanaa deebisee ijaaruufi eenyummaa isaa sadarkaa biyyoolessaafi addunyaatti mul'isuuf ni oola. Giddugalli kun guddina aadaa Oromoof bakka guddaa qaba. Aadaan akkaataa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo waan dhiheessuuf isa xiyyeeffatee jira. Eenyummaan hawaasa kanaa karaa aadaa isaa bahee mul'ata yookiin agarsiifama. Jiruu keessoo hawaasichaa of keessaa qaba. Kana barreessaafi qorataan Filee (2021: 2) akka ibsutti, “Aadaa jechuun akkaata murna, hawaasniifi uummanni tokko jiruufi jireenya isaa ittiin geggeessu; walii galu; waan tokko ittiin kalaqu; ittiin mala dha’u; waliin jiraatu; waliif ibsatu; walto’atu; walabboomu; walumaagalatti, safuu ittiin bulmaataafi mallattoo hawaasichaafi murna aadaa isaa aadeffatudha” jedha. Qabiyyeen aadaa waliin walqabatee dhihaatu guddaa akka ta’e ragaan kun ni mul’sa. Hubannoo keessoo hawaasaa jiru karaa kana bahee akka mul’achuu danda’u ibsa. Aadaan Oromoo kan agarsiistuu eenyummaa hawaasichaa ta’e, dhiibbaafi hakuuccaa kaleessaa darbuun giddugala kana keessatti ijaaramaa akka jiru mul’isa.

Hojiin Afaan Oromoo waggoottan dheeraaf hakuuccaa jala ture. Uummanni Oromoo afaan isaatiin fayyadamuu akka hin dandeenyeef, dhiibbaan sirnoota darbaniin irra ga’amaa ture salphaa miti. Afaan kun akka hin guddanneef gufuu guddaa itti ta’eera.

GAO'n Afaan Oromoo afaan saayinsiifi teknooloojii, afaan hojii, afaan qo'annoofi qorannoof barbaachisu gochaa jira. Giddugala kana keessatti Afaan Oromoo karaa afoolaa, qormaata galmee jechootaa, caaslugaafi loogaa qoratamuun dhihaachaa jira. Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa haala kanaan giddugala kana keessatti dhihaatanii jiran akkamitti akka eenyummaa Oromoo agarsiisan, ibsaniifi balballoomsan xiinxalamuu qabu.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

2. Seensa

Boqonnaa kan jalatti barruuwwan aantee qorannichaan walsimatu dhihaate. Sakatta'insi kun qabiyyeewwan adda adda jalatti qoodamuu dhihaatanii jiru. Qabiyyeewwan matadureen qoodamanis kaayyoo qorannichaa xiyyeeffannoo keessa kan galchanidha.

2.1. Yaadrimee Eenyummaa

Eenyummaan jiruufi jireenya dhala namaa kan walqabatudha. Hawaasni tokko eenyummaa ittiin of ilaalu ni qaba. Jechi 'identity' jedhu jecha hundeen isaa Laatinii ta'e irraa kan dhufedha. Yaada kana kan ibsu, "The fundamental paradox of identity is inherent in the term itself. From the Latin root idem, meaning "the same" the term nevertheless implies both similarity and difference. ..., identity is something unique to each of us that we assume is more or less consistent (and hence the same) over time" (Buckingham, 2008: 1) jedha. Eenyummaan bu'uuraan hubachuun ulfaatu, akkaataa argamsa isaarrati. Hundee jecha Laatinii 'idem' jedhuurraa kan dhufeefi hiika 'kan walfakkatu' jedhu qaba. Ta'us, walfakkeenyaafi garaagaruummaa jiru ni agarsiisa. Eenyummaan nama kamiifiyyuu adda kan ta'eefi itti fufinsa kan qabu ta'uu ibsa. Yaadni dhihaate kun, eenyummaan walfakkeenya akkuma agarsiisu garaagaruummaas ni mul'isa. Haala itti qaamni tokko ofiifi addunyaa keessa jiru hubachuu danda'u dhiheessa.

Eenyummaan yaada walfakkeenya jedhu bu'uura godhata. Hawaasa tokko kan waltaasisudha. Yaada kana kan gabbisu, "Historically and philosophically, the term identity derives from a notion of identical and was considered as being the same, or alike, in all respects (identical)" (Karaś, Negru-Subtirica fi Topolewska-Siedzik, 2019: 6)

jedhu. Haala seenaafi falaasamaan, jechi eenyummaa jedhu yaadama kan walfakkaatu jedhu irraa dhufe. Walfakkeenyummaan kun haala jiru mara keessatti akka ta'e ibsa. Yaadni kanarraa kan hubatamu, eenyummaan kara ittiin gareen walfakkaatu of agarsiisu, addunyaa keessa jiru ilaaluufi hubatu akka ta'e mul'isa. Keessoo hawaasa tokkoo dhiheessuuf humna akka qabu ibsa. Kallattii maraan haala hawaasa tokkootti dhihoodha. Hawaasa tokko bakka bu'uu akka danda'u qajeelcha. Eenyummaan seenaafi falaasama hawaasni tokko waliin jireenya isaa keessatti gabbifate waliin walitti dhufeenya akka qabus ni hubatama.

Itutual-Abumere (2013: 2) yoo ibsiti, "Broadly speaking, identity relates to the understandings people hold about, 'whom they are' and what is meaningful to them" jetti. Eenyummaan hubannaawwan uummata irraa maddeetti kan dhihaatudha. Eenyu akka ta'aniifi wanti isaaniif hiika qabu maal akka ta'e garsiisa. Kun, eenyummaan bu'aa muuxannoo dhala namaa kan hubannaa jiru wajjin walqabatuufi uummanni tokko ittiin of ilaaluufi garee biroo hubatu ta'uu ibsa. Kana malee, akkaataa hubannaa namootaafi hiika dhalli namaa addunyaa keessa jiruuf qabus ni ibsa. Akkaata hawaasni tokko ofii isaafi hiika addunyaa keessa jiruuf kennu agarsiisa.

2.1.1. Eenyummaa

Eenyummaan haala itti dhalli namaa of ilaalu, hawaasa biroo itti hubatuufi yaada addunyaan isaaf qabdu xiinxaludha. Dabalataan, eenyummaan amaloota hawaasa, garee yookiin namoota walfakkeessaniifi adda baasan qaba (Kidd, 2002; Littlefield, 2012; Yaldizfi Aydin, 2014) jedhu. Kun eenyummaan akkaataa nuti itti ofiifi garee biroo ilaallu; haala qaamni biroo itti nu ilaalu hubannu akka ta'e ibsa. Eenyummaan walfakkeenya hawaasa tokko keessa jiruufi akkaataa hawaasichi addunyaa keessa jiruufi kan biroo hubatu agarsiisa. Kan biroon, hawaasaafi eenyummaa isaa gidduu walitti dhufeenyi guddaan akka jiru mul'isa. Kana malee, eenyummaan qabiyyee ittiin agarsiifamu akka qabudha.

Eenyummaan maalummaa keenya kan ittiin adda baasnee mul'isnudha. Eenyummaan ati eenyuufi maal akka taate kan agarsiisu danda'udha (Bloommaert, 2005: 203) jedha. Kanarraa kan hubatamu, eenyummaan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo wajjin walitti dhufeenya guddaa qabaachuu isaati. Ilaalcha namni tokko addunyaa keessa jiruuf qabu karaa eenyummaa isaa mul'achuu akka danda'u dhiheessa. Kana malee, kan namni ani eenyu jechuun keessatti of ilaaluufi ittiin of ibsu yookiin hubatuu ta'uusaati. Dabalata kanaa, eenyummaan amala dhuunfaa hariiroo hawaasummaa keessaa argamu. "Identity can be seen and defined as a property of the individual or as something that emerges through social interaction" (De Fina, 2010: 265) jetti. Yaada kanarraa kan hubatamu, eenyummaan akka amala dhuunfaatti kan ilaalamuufi hiikni itti laatamudha. Wanta walitti dhufeenya hawaasaa keessaa argamu. Kun, eenyummaan nama dhuunfaafi hawaasummaa hawaasaan akka walqabatu agarsiisa. Kana malee, qabeenya nama dhuunfaafi hawaasaa ta'uusaas ni mul'isa.

Eenyummaan qaama tokko wajjin amala walnama fakkeessu qaba. Kunis qabiyyeewwan murteessoo ta'an waliin qooddachuun mul'ata. Yaada kana kan ibsu, "Identity connotes both a persistent sameness with one self (self-sameness) and a persistent sharing of some kind of essential character with others" (Erikson, 1980: 109) jedha. Yaanni kun, eenyummaan qaama tokkoo wajjin walfakkaachuu yookiin of fakkaachuufi amaloota qaama biroo wajjin qooddatan akka qabu agarsiisa. Qaamni amala walfakkaataa waliin qooddatu kun wanta wal isa fakkeessu qaba. Yaada kanarraa kan hubatamu, eenyummaan walfakkeenya qaama tokkoofi qaamni walfakkaatu kun waan waliin qooddatu qabaachuu isaatu hubatama. Kana malee, namni tokko akkamitti akka of ilaalu ni agarsiisa. Dabalataan, Versluys (2000: 89) akka ibsutti, "Identity is the sameness of a person or thing at all times or in all circumstances; the condition or fact that a person or thing is itself and not something else; individuality, personality" jedha. Kanarraa kan hubatamu, eenyummaan walfakkeenya dhala namaa haala jiru tokko keessaati. Of fakkaachuu yookiin ofta'uu kan jedhu mul'isa. Yaanni kun, eenyummaan namaa yeroofi haala waliigalaa jiru tokko keessatti akkaataa walfakkaatuun mul'achuu akka malu ibsa. Haala kamiyyuu keessatti namni tokko ofta'uusaa kan ittiin ibsatudha.

Eenyummaan sadarkaa guddina dhala namaa wajjin kan deemudha. Guddinni eenyummaa adeemsa keessa darbu qaba. Sadarkaa daa'immummaarraa kaasuun hanga sadarkaawwan guddinaa jiraniitti itti fufa. Akkaataan itti of ibsinu, gita tokko qabannu, ofmadaallu akkasumas, ofqajeelchinu nihammata (Gur, 2014: 511) jedha. Yaannu kun, eenyummaan gulantaa guddina dhala namaan akka walqabatu addeessa. Akki itti dhalli namaa of ilaalu eenyummaa isaa wajjin deema.

Walumaagalatti, eenyummaan akkaataa itti hawaasni tokko ofii isaafi addunyaa keessa jiru hubatu, haala addunyaa biraa itti isa hubatu mul'isudha. Dabalataan, eenyummaan walitti dhufeenya hawaasaa keessaa kan argamuufi hawaasicha ibsuuf humna qabudha. Waloomina hawaasa tokkoo ni agarsiisa. Kanaaf, eenyummaa hawaasa tokkoo keessoo isaan waan walsimuuf, haala inni keessatti dhihaate irratti hundaa'uun qorachuun akka danda'amu mul'isa. ni danda'ama. waan hawaasicha ibsu giddugaleessa godhachuun xiinxaluun akka danda'amutu hubatama. Hawaasni waliin jireenya dheera qabu, eenyummaa isa ibsu haala tokko keessatti dhiheessuu akka danda'u agarsiisa.

2.1.2. Ilaalcha Eenyummaa Irratti Jiru

Eenyummaa ilaalchisuun ilaalchonni dhihaatan nijiru. Ilaalchi eenyummaan walqabatee ka'u, aadaan eenyummaarraa madda osoo hin taane bu'aa eenyummaati kan jedhudha. Yaada kana Bucholtz and Hall (2004: 382) yoo ibsan, "Identity is not simply the source of culture but the outcome of culture: in other words, it is a cultural effect. Language as a mirror reflecting one's culture and identity" jedhu. Kun kan dhiheessu, eenyummaan salphaa dhumattii madda aadaa miti; garuu, aadaarraa kan argame ta'uusaati. Jecha biraan eenyummaan bu'aa aadaati kan jedhu ibsa. Yaadni kun aadaan madda eenyummaa akka ta'eetti kaasa. Dabalataan, jiruu dhala namaa keessatti eenyummaan akkaataa adda addaan akka ilaalamuufi ibsamu kan mul'isedha.

Eenyummaan waan ofkeessaa qabuun yookiin faayidaa isaan ni ilaalama. Beddington (2013: 3) eenyummaan gatii hammamii akka qabu yoo ibsu, “People’s identities have personal, psychological, social, and commercial value” jedha. Eenyummaan gatii namummaa, xiinsammuu, hawaasaafi dinagdee kan qabu ta’uu ibsa. Kun akkaataa namni eenyumma ittiin ilaalu bal’isee kan agarsiisedha. Dabalataan, eenyummaan gulaantaa nama dhuunfaa irraa kaasee hamma dinagdee biyyaatti gatii guddaa akka qabu ni addeessa. Akkumas, xiinsammuu dhala namaa wajjiin walitti dhufeenya qabaachuun isaa jiruu namaaf murteessaa ta’uu agarsiisa.

Eenyummaan danummaafi amala walxaxaa ta’e qaba. Walxaxummaan eenyummaa adeemsota adda addaa keessattiifi waliigaltee dhala namaa mul’atu keessatti uumamuu yookiin argamuu isaati. Fakkeenyaaf, eenyummaa dhuunfaafi hawaasaa gidduu walitti dhufeenyi ni jira. Haala keessatti uumamaniin walqabsiisuun addummaa ni agarsiisu. Wayita waliin dubbii nama tokko waliin taasisnu eenyummaa ofii keenyaa yookiin dhuunfaa agarsiisan. Gama biraan, walgahii hawaasaa yookiin dhaabbata keessa jirru kan akka dhaaba siyaasaa yookiin kampaanii, daldalaa keessatti eenyummaa argamuufi mul’atu hawaasa bakka bu’a (De Fina, 2010: 268) jetti. Yaadni kun akkaataa eenyummaan itti mul’atuufi qoodamaa deemu agarsiisa. Yaada kana David (2001: 2) yoo ibsu, eenyummaan waliigalaa yaada bu’uuraa eenyummaa jiru tokkooti. Walitti dhufeenya namootaa yookiin gareewwan jiranii haala hawaasa tokkoon kan mul’isudha. Eenyummaan hariiroo waliinii namootaa yookiin hawaasaa keessatti uumama jedha. Kanarraa kan hubatamu, eenyummaan hariiroo hawaasaa keessaa kan argamu ta’uutu hubatama. Dabalataan, eenyummaan hawaasaa eenyummaa kanneen biroo waliin walitti dhufeenya akka qabuufi eenyummaan nama dhuunfaas ta’e kan garee isa keessaan akka ilaalamu agarsiisa. Kun, eenyummaan hawaasaa haala hawaasichaa keessatti fudhatamummaa wal taasisu akka qabu ibsa. Qorannoon kun eenyummaa hawaasa galmoo godhachuun karaa agarsiistuuwwan isaan ilaalee jira.

2.1.3. Akaakuuwwan Eenyummaa

Akaakuuwwan eenyummaa hayyoota garaagaraan dhihaatanii jiru. Akkaataan qoodinsa isaanii hayyuu tokkorraa isa birootti garaagarummaa qabu. Versluys (2000: 89), Baggioni and Kasbarian (1996: 89) wabeeffachuun akka ibsutti, “The two types of identity, namely the personal and the collective” jedha. Kun, gosti eenyummaa lamaan: kan dhuunfaafi walooti jechuun qooda. Yaadni biraan, Eenyummaan akaakuu sadiitti qoodama. Kunneenis, eenyummaa dhuunfaa (personal identity), eenyummaa hawaasaa sadarkaa garee xixiqqaan (subgroup-level social identity) fi eenyummaa hawaasaa (super ordinate-level social identity) (Jasso, 2002: 3) jetti. Akkuma kana, David (2001: 2) akka ibsutti, “There are at least three conceptually distinct types of identity: personal, social, and collective. Although they often overlap, one cannot be inferred from the other” jedha. Kunis, gosni eenyummaa kan dhuunfaa, gamtaafi hawaasaa akka jiran dhiheessa. Isaanis walitti dhufeenya akka qaban mul’isa. Yaadni armaan olitti dhihaate kun, eenyummaan bifa adda addaan qoodamee akka jiru mul’isa.

Berzonskyfi Papini (2015: 75) gosoota eenyummaa bakka sadiitti qooduun ibsu. Eenyummaan dhuunfaa (personal identity) addummaa dhuunfaan jiru tokko kan agarsiisudha. Kunneenis, sonawwaniifi galmawwan nama tokkoo, abdi jiran, mul’ata egereefi beekumsa dhuunfaan jiru akka ta’etu hubatama. Eenyummaan hawaasaa (Social identity) akkaataa namoonni ofii isaanii hawaasicha keessatti of ilaaluuniifi kan biroon isaan hubatu kan mul’isudh. Dabalataan, eenyummaan gamtaa (Collective identity) haala eenyummaa dhuunfaarratti kan xiyyeeffatudha. Waan qaamota biroo wajjin waliin qooddatan kan akka amantii, lammummaafi sabummaa hammata. Kana malee, eenyummaan garee waan gamtaan qooddatan kan qabu ta’uusaas ni ibsu. Akkasumas, De Fina (2010: 268) eenyummaa bakka sadiitti qooduun ibsiti. Isaanis, eenyummaawwan hawaasaa, kan dhuufaafi eenyummaawwan haalaa (*Situational identities*)ti. Eenyummaan hawaasa qoodinsa gurguddaa kan akka sanyii, koorniyaa, garee siyaasaan kan walqabatu yoo ta’u, eenyummaan dhuunfaa safuufi amala qabatamaa nama tokko kan biroorraa adda godhu qabata. Eenyummaa hawaasaa irraa madda. Eenyummaawwan

haalaa (*Situational identities*) gahee namni tokko haala murtaa'aa tokko keessatti qabu wajjin kan walqabata jetti. Eenyummaawwan kunneen bakka sadiitti qoodamuun dhihaatan. Kun eenyummaan bakka addaddaatti akka qoodamuufi akkaataa itti ijaaramu qabaachuu isaa mul'isa.

Eenyummaan haala armaa olitti dhihaateen addatti qoodamee ni mul'ata. Xiyyeeffannoo biroon eenyummaan akaakuu sadiitti qoodama. Kan jalqabaa, eenyummaa hawaasaati. Kan hariiroo namoonni waliin qabaniifi gaheewwan hawaasa bal'aafi haala aadaan isaaniin uumamudha. Fakkeenyaaf, eenyummaa hariiroo maatii, hiriya, miseensa uummataa, bakkaa, amantii, sanyiifi umriin kan walqabatudha. Kan lammaffaa eenyummaawwan jireenya namaa ibsan (*Biographical identities*), kun eenyummaawwan namoonni dhuunfaan kanneen biroon walbira qabanii ofiisaanii ibsaniifi ilaalanidha. Kunis, eenyumma biyyaa, sanyii, amantii, gahee ogummaa, sadarkaa dinagdee, saalaafi umrii ofkeessatti hammata. Eenyummaawwan biyyaa, sanyiifi amantii hawaasa keessatti gahee cimaa kan qabanidha. Kan biroon, eenyummaawwan qaama namaan walqabatan (*Biometric identities*): Eenyummaawwan qaama namaa wajjin walqabataniifi amaloota addaa qaban kanneen akka eenyummaa DNA, ashaaraa, fuulaa, halluu, saalaafi umrii kan namoonni eenyu akka ta'an adda baasuuf gargaarudhaf (Beddington 2013: 10) jedha. Kun, eenyummaa bakka sadiitti haa qoodu malee haala xiyyeeffannoo isaan addadha. Ta'us, eenyummaa hawaasaarratti yaada walfakkaataatu dhihaate. Kallattii xiyyeeffannoo eenyummaa hawaasaan yaadni hayyoonni kaasan kan waltumsudha

Yaanni hayyootaa olitti dhihaatan, eenyummaan dhuunfaa, gamtaafi hawaasaa akka jiran hubachiisu. Eenyummaan dhuunfaa akkamitti akka namni dhuunfaa tokko itti of ilaaluufi kanneen biroo irraa adda ittiin ta'u mul'isa. "An individual's 'identity' is the sum of those characteristics which determine who a person is. This includes a person's perception of themselves as similar to, or different from, other people" (Beddington, 2013: 3) jedha. Banuu kanarraa kan hubatamu, eenyummaan dhuunfaa ida'ama amalootaa kanneen namni tokko eenyu akka ta'e murteessaniin kan ibsamu ta'uu agarsiisa. Kunis, ilaalcha namni tokko qaama keessa jiruun kan wal isa fakkeessu,

yookiin adda irraa baasu akkasumas, namoota biroorraas kan jedhu hammata. Yaanni kun, eenyummaan dhuunfaa namni tokko eenyu akka ta'e kan mul'isuufi amaloota ittiin garee tokko keessatti hammatamu akka qabu ibsa. Dabalataan, hawaaasa keessa jiraatanis ta'e kanneen biroorraa kan ittiin walfakkaataniifi addummaa agarsiisan akka qabullee ni kaasa.

Eenyummaan gamtaa eenyummaa sochii hawaasa tokko keessaa bu'uura godhachuun mul'atudha. Yaada kana David (2001: 4) kan jedhamu yoo ibsu, "The collective identities that emerge in the course of dynamic social protest events. The collective shared 'sense of we' is animating and mobilizing cognitively, emotionally and sometimes even morally" jedha. Banuun kun, eenyummaawwan gamtaa ta'iiwwan warraaksa hawaasaa keessaa akka qabiyyee addatti argama. Gamtaan mireeffannaa nuyi jedhu kan agarsiisuufi haala hubannaa sammuu kakaasu, miiraniifi yeroo tokko tokko haala qajeeltoo jiru karaa barbaachisuun eegeen kan waan jiru waliin qoddatan ta'uu ibsa.

Eenyummaawwan hawaasaa eenyummaa haala hawaasa tokkoon fudhatama qaban yookiin kanneen biroof ciicata ta'anidha. Walitti dhufeenya hawaasa keessa jiruuf bu'uura kan ta'eefi haala mijeessu. Fakkeenyaaf, eenyummaan hawaasaa ka'umsa eenyummaa dhuunfaati. Eenyummaawwan dhuunfaa akaakuuwwan eenyummaa hawaasaa bu'uura godhachuun akka ijaaramu (De Fina, 2010: 269; David, 2001: 3) jedhu. Eenyummaan hawaasaa haala hawaasicha keessa jiru dhiheessuufi agarsiisuuf akka humna qabu ibsa. Kan hawaasni waliin qabuufi ittiin of ibsu akka ta'e agarsiisa. Eenyummaan gosaan adda addaa haata'u malee inni tokko isa biroo waliin hariiroo akka qabuufi walirra ooluu danda'us ni ibsa. Kanaaf, xiyyeeffannoon qorannichaa eenyummaa walooti. Kan hawaasni bal'aan waliin qabu fuulleffata.

Yaadonni armaan olitti dhihaatan kunneen, eenyummaan gosa adda addaa akka qabuufi haala walfakkaatuun qoqqoodamee akka hin jirre agarsiisu. Kunis, eenyummaan akaakuuwwan lamaa yookiin sadiitti qoodamuu akka danda'u agarsiiseera. Eenyummaawwan akaakuuwwan sadiitti qoodamuun dhihaatanis haala garaagaraan kan

qoodamanidha. Akkaataan moggaasa isaaniis haala keessatti eenyummaan sun argamu ka'umsa kan godhate ta'uutu mul'ata. Kallattiin xiyyeeffannoo eenyummaawwan kanneeniis guutummaatti kan walfakkaatu miti. Ta'us, akaakuun eenyummaa tokko isa biroo wajjin waan qooddatu akka qabu ni ifa. Kana malee, eenyummaan hawaasaa bu'uura eenyummaawwan kanneenii akka ta'es mul'atee jira. Qorannoon kun agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa xiyyeeffata.

2.1.4. Eenyummaafi Hawaasa

Hawaasni sirna dhalli namaa hariiroo waliin uummachuun walta'ee wajjin jiraatudha. Yaada kana kan gabbisu, "A society is a system of interrelationships which connects individuals together. All societies are united by the fact that their members are organized in structured social relationships" (Akka Itutual-Abumere, 2013: 2) jetti. Yaada kanarraa kan hubatamu, hawaasni sirna hariiroo waliinii kan namoota walitti fiduun walquunnamsiisudha. Hawaasni hundi dhugaa ittiin miseensonni isaa walta'aniin caasaa hariiroo hawaasummaa keessatti gamtoomu ibsa. Yaanni kun, hawaasni waan ittiin walta'uufi hariiroo isaa ijaarratu akka qabu mul'isa. Eenyummaan humna hawaasa tokko walitti hidhuufi walitti dhufeenya gidduu isaatti uumu akka ta'e ni hubatama.

Eenyummaan hawaasa waliin walitti dhufeenya qaba. Hawaasni eenyummaa waliinii ni qaba. "Identities can unify people and can be regarded as a valuable resource for promoting positive social interaction" (Beddington, 2013: 3) jedha. Banuun kun, eenyummaan kan namoota waltaasisuufi qabeenya hawaasummaa gabbisudha. Yaada kanarraa kan hubatamu, eenyummaafi hawaasni walitti dhufeenya guddaa akka qabaniifi hariiroon hawaasaa eenyummaan akka ijaaramu mul'isa. Dabalataan, Bambergfi Fina (2011: 268) eenyumman qabeenya dhuunfaafi kan walitti dhufeenya hawaasaa keessaa argamu ta'uu yoo ibsan, "Identity can have been seen and defined as a property of the individual or as something that emerges through social interaction" jedhu. Eenyummaan qabeenya dhuunfaa hirmaannaa hawaasaa keessatti argamudha. Kun, eenyummaan walitti dhufeenya hawaasaa keessatti akka ijaaramaa deemudha. Kanaaf, argamsi eenyummaa

haala hawaasa keessa jiruun kan walqabatu akka ta'etu mul'ata. Eenyummaafi hawaasni walitti dhufeen kallattii akka qaban ibsa.

2.1.5. Eenyummaafi Afaan

Afaan jiruufi jireenya dhala namaa keessatti hinkoo murteessa ta'e qaba. Afaaniin qorannoo barbaachisuufi waliigaltee taasifna. Yaadaafi ilaalcha addunyaa keessa jirruuf qabnu isaan ibsina. Eenyummaan namaa afaaniin ni mul'ata. Yaadni kana gabbisa.

While we use language to convey images of ourselves we also use it to identify others, to classify and judge people, to align ourselves with them signaling our similarities. In these and many other ways language and discourses are central to the construction and negotiation identities (De Fina, 2010: 263) jetti.

Yaanni kun, afaan fayyadamuun wayita yaada keenya dabarsinu, kanneen biroo ittiin adda baasuufis ni fayyadamna. Dabalataan, namoota adda baasuufi murteessuuf, walfakkeenya isaan waliin qabnu walbira qabuuf akka tajaajilamnudha. Afaaniifi waalleewwan walta'insaafi ijaarsa eenyummaaf gahee qabu. Kanarraa kan hubatamu, fayyadamni afaaniifi eenyummaan walitti dhufeenya akka qabanidha. Eenyummaan afaaniin gabbata; ittiin agarsiifama.

Afaan eenyummaa keenya wajjin walitti dhufeenya guddaa kan qabuufi ittiin ibsamu. Finsen (2016: 14) akka ibsutti, "A person's language is often strongly connected to their feelings of identity, self-image and belonging" jedha. Afaan namaa miira keessoofi eenyummaa isaan walitti dhufeenya akka qabu mul'isa. Yaadni kun, afaaniifi eenyummaan walii wajjin akka deeman mul'isa. Afaan ofii dhumti isaa qaama eenyummaa ta'uutu hubatama. Dabalataan, afaan eenyummaa ijaaruufi dhala namaa adda baasee agarsiisuuf humna qaba. "Language plays significant role in shaping individual identities and in distinguishing how one group is different from another group" (Khokhar, Memonfi Siddique, 2016: 234) jedhu. Afaan eenyummaawwan dhuunfaa qajeelcha.

Gareen tokko akkamiin akka garee biroorraa adda bahuu ni agarsiisa. Kun, eenyummaan afaaniin akka gabbatu ibsa. Afaan eenyummaa ittiin of agarsiisan akka ta'e ibsa.

Eenyummaan kan ijaaramuufi jiruufi jireenya dhala namaa keessatti kan ittiin dhihaatu afaaniinidha. Bucholtzfi Hall (2004: 382) akka ibsanitti, “Language is a fundamental resource for cultural production, is hence also a fundamental resource for identity production” jedhu. Yaada kanarraa kan hubatamu, afaan madda murteessaa ijaarsa aadaafi eenyummaa ta'uudha. Kun, afaaniifi eenyummaan walitti dhufeenya guddaa akka qaban gabbisa. Agarsiistuuwwan eenyummaa biroonis isaan gabbatu. Dabalataan, ijaarsi eenyummaa saba tokkoo afaan sabichi qabuun ta'uusaati. Kanaaf, eenyummaawwan jiran afaaniin utubamanii akka ijaaramaniifi mul'atantu hubatama.

2.1.6. Ijaarsaafi Agarsiisa Eenyumaaa

Ijaarsi eenyummaafi agarsiisni isaa qaama waliin deemanidha. Ijaarsi eenyummaa haala addaddaa keessatti uumamaa deema. Bamberg fi Fina (2011: 268) akka ibsanitti, ijaarsi eenyummaa walitti dhufeenyaafi dalagaawwan hawaasa keessatti raawwataman irraa uumamaa deema. Walquunnamtiin namootaafi dhaabbilee garaagaraa keessattis ni mul'ata jedhu. Kun kan agarsiisu, ijaarsi eenyummaa haala keessatti ijaaramu kan barbaaduufi walitti dhufeenya dhala namaa akka fedhu ibsa.

Eenyummaan haala hawaasa tokko keessa jiru irratti hundaa'uun ni ijaarama. “Identities are socially constructed and highly complex. Even for an individual, there are multiple possible identities, which overlap, and can change over time or in different circumstances” (Beddington, 2013: 9) jedha. Banuu kun, eenyummaan haala hawaasaa keessatti kan ijaaramuufi baay'ee walxaxaadha. Eenyummaawwan nama dhuunfaa iyyuu karaa ittiin walfakkaataan, yeroo yeroon jijjiiramaniifi haala garaagaraa keessatti walfakkachuu dhiisuu malu. Kun, ijaarsi eenyummaa haala jiru tokko bu'uura godhachuun ijaaramaa akka deemu ibsa. Hawaasaafi ijaarsi eenyummaa waliin akka deeman hubachiisua. Kanaaf, eenyummaan ijaaramuufi diigamuu akkasumas, walirra

ooluu akka danda'utu hubatama. Eenyummaa haala tokko keessatti gabbatu akkuma jiru kan haalicha keessatti limqifamusa akka jirudha.

Eenyummaan kan argamu walitti dhufeenya qaama adda addaan ta'u keessatti. Yaada kana kan cimsu, "The identities are situated in networks of relationships among actors, for examples, father and daughter or teacher and student" (Jasso, 2002: 4) jetti. Yaanni kun, eenyummaawwan kan mul'atan walitti dhufeenya qooda fudhattoota, fakkeenyaaf, walitti dhufeenya abbaafi intalaa, barataafi barsiisaa gidduutti ta'u keessattidha. Kanarraa kan hubatamu, eenyummaan dhimmi garaagaraarratti walitti dhufeenya uumuu namootaan ijaaramuu danda'uusaati. Dabalataan, hariiroon jiruufi jireenya keessa jiru ijaaramaa deemu eenyummaaf ni gargaara.

Kana malee, argamsa eenyummaa Itutual-Abumere (2013: 2) akka ibsitutti, "The main sources of identity include gender, nationality, or ethnicity and social class" jetti. Maddi bu'uura eenyummaa koorniyaa, biyyummaa, sanyii kutaa hawaasaa akka ta'e ibsa. Kanarraa kan hubatamu, maddi eenyummaa gareewwan garaagaraa hawaasa tokko keessatti argaman akka ta'etu hubatama. Kana malee, akkaataan uumamaafi waan hawaasa tokko keessa jiru ijaarsa eenyummaaf gahee akka qabu addeessa. Bakki jireenyaafi gareen hawaasaa irraa dhalatan ijaarsa eenyummaa nama tokkoo wajjin akka walqabatullee nikaasa. Kan biroon, ijaarsi eenyummaa afaaniin walqabata. Kana Memon and Siddique (2016: 235) akka ibsanitti, eenyummaan kan ijaaramu karaa afaaniiti. Bu'uurri ijaarsa eenyummaa kan irratti hundaa'u madda beekumsaa kan sanyii, amantii, aadaa, siyaasaa, seenaa, xiinqooqaafi daangaa keessa jiraatan keessaa argatan irraattidha jedhu. Yaanni kun, eenyummaan ijaaramu tokko waan giddugaleessa godhatu akka qabu kaasa. Dabalataan, eenyummaan ijaaramuuf qabanni jiraachuu qaba. Akkasumas, ijaarsi eenyummaa beekumsa hawaasa tokko keessa jiiru waliin horiiroo qabaachuu ibsa.

Eenyummaan haala hawaasa tokkoo keessatti argamu irra deebiin ni ijaarama. Kana Bamberg and Fina (2011: 263), Butler (1990) wabeeffachuun yoo ibsan, "Identity is not something that one 'has', but rather something that one 'does', or 'performs' and

recreates through concrete exchanges, discourses and interactions between human beings” jedhu. Banuu kanarraa kan hubatamu, eenyummaan wanta namni tokko qabu osoo hintaane, kan namni itti hojjetu yookiin hojiirra oolchuufi adeemsa waljijjiirraa qabatamaa, waalleewwaniifi walitti dhufee dhala namaa gidduutti irra deebiin kan uumamu akka ta’e ibsa. Yaanni kun kan agarsiisu, eenyummaan akkaataa jiruu dhala namaa keessatti kan hojiirra ooluufi irra deebiin ijaaramaa deemu ta’uu mul’isa.

Yaadni olii kun kan dhiheessu, eenyummaan kan ijaaramuufi hojii irra oolu hariiroo hawaasaa keessatti ta’uudha. Haalli hawaasni tokko keessa tureefi itti jiru eenyummaa isaa waliin walqabata. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo magaalaa Finfinnee keessaa dhiibaamaafi makfamaa jiraate. Haala kana keessatti Giddugalli Aadaa Oromoo kan eenyummaa Oromoon walsimu dhalate. Agarsiistuuwwan eenyummaa as keessatti dhihaatan akkamitti eenyummaa kana akka agarsiisan, dalagaa waallawaa eenyummaan bu’uuraa Oromoo ittiin ijaaramu, tarsiimolee ittiin darbiifi walitti dhufeenya isaan illaanyaafi aangoo waliin qabantu qoratame.

2.2. Agarsiistuuwwan Eenyummaa ‘Representations of Identity’

Agarsiistuuwwan karaa ittiin hawaasa keessattis ta’e dhaabbilee garaagaraa keessatti dhihaatan qabu. “Representation can generally be defined as the creation of a mental image through art, language and other domains. It involves the signifying practices and symbolic systems through which we produce meaning” (Hall, 1997: 117) jedha. Agarsiistuun arga yaada namaan karaa aartii, afaaniifi qabiyyeewwan biroo akka uumamutti ibsama. Karaa hiika argachuu dandeenyuun sirnawwan mallattoofi dalagaawwan kan bakka bu’anidha. Agarsiistuun karaa ittiin hubannoo keessoo keenyaa addunyaaf dhiheessinu akka ta’e mul’isa. Akkaataa hawaasni tokko ofiifi addunya keessa jiru hubatu ittiin bakka buusanidha. Kanaaf, agarsiisawwan eenyummaa Oromoo akkamitti akka eenyummaa kana agarsiisan, dalagaa waallawaafi tarsiimolee ittiin dhihaataniifi walitti dhufeenya illaanyaafi aangoo waliin qaban qabu.

Agarsiistuuwwan hawaasa keessatti mul’atan waan hawaasicha keessatti bakka bu’an sana ibsu. “Social representations such as knowledge and other beliefs can be shared, learned, changed and applied in many situations, and this is only possible when group members represent them mentally” (Van Dijk, 2009: 85) jedha. Yaadni kun, agarsiistuuwwan hawaasaa kanneen akka beekumsaafi amantaalee kan qoodaman, barataman, jijjiiramaniifi haala garaagaraa keessatti hojiirra kana oolanidha. Kun ta’uu kan danda’u wayita miseensonni hawaasa yaada isaanii keessatti bakka buufatanidha. Kanarraa kan hubatamu, agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasa tokkoo sammuu hawaasa sanaa keessatti fudhatamummaa qabaachuudha. Agarsiistuu waan gareen tokko ittiin of ibsuuf waliin bakka buufatedha. Hiika keessoo hawaasaa akka qabu ibsa.

Agarsiistuuwwan namootaafi hariiroo isaan hawaasaafi eenyummaa hawaasaa waliin qabaniin mul’ata. Spencer (2006: 2) akka ibsutti, “System of representations underpins our social and cultural life and mediates between people and their relationship to society as well as their social identities. These representations operate at the level of unconscious desires as well as through an individual’s rationality” jedha. Sirni agarsiistuuwwanii hawaasummaafi jireenya aadaa keenyaa bakka bu’u. Kun hariiroo namoota gidduufi walitti dhufeenya isaan hawaasaafi eenyummaa hawaasaa waliin qaban walitti fida. Dabalataan, agarsiistuuwwan sadarkaa hubannoon ala akkasumas, karaa gahumsa dhuunfaa akka hojiirra oolu kaasa. Yaanni kun, agarsiistuuwwan nooraa hawaasummaafi aadaa ta’uu isaati. Walitti dhufeenya dhalli namaa eenyummaa isaa waliin qabu agarsiisa. Hawaasaafi eenyummaa isaa gidduu kan jiru dhiheessa. Dabalataan, eenyummaan hawaasa tokkoo akkamitti akka hawaasichaan walqabatu agarsiisuuf akka gargaarus ni dhiheessa. Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasa tokkoo mul’isuu waan danda’aniif, qorannoo kana keessatti xiyyeeffataman. Achuma irraa kana kan cimsu, “Every culture uses signs and symbols to represent concepts, ideas, values and feelings” jedha. Aadaan kamiyyuu mallattoowwaniifi bakka bu’eewwan yaadrimeewwan, yaadota, sonawwaniifi dhageetti jiran ittiin bakka buusuuf fayyada. Kun kan mul’isu, aadaan hawaasa tokkoo mallattoowwan ittiin bahee mul’atu qabaachuu isaati. Dabalataan, hawaasni tokko eenyummaa isaa agarsiistuuwwan ittiin mul’isu akka qabus ni addeessa.

Eenyummaan agarsiistuuwwan isaan kara garaagaraa dhihaachuu yookiin agarsiifamuu danda'a. "Identities are communicated in different ways. They may be openly discussed and focused upon or indirectly and symbolically conveyed" (Bambergfi Fina, 2011: 269) jedhu. Eenyummaawwan kara addaddaa kan dhihaatudha. Karaa ifaa ta'eefi xiyyeeffatameen kan ilaalamu yookiin alkallattiifi mallattoon darbuu kan danda'u ta'uusaa ibsa. Kun, eenyummaan karaa garaagaraan akka xiyyeeffatamuufi agarsiistuuwwan qabuun akka darbuu danda'u ibsa. Yaada kana mirkaneessu, agarsiistuuwwaan eenyummaa akkaataa garaagaraan hawaasa tokko keessatti mul'achuu danda'a. Wanta eenyummaan hawaasa tokkoo ittiin agarsiifamu keessaa uffannaa, meeshaa fayyadamnu, mallattoo sirnaan adda bahee beekamuun fa'a. Dabalataan, afaan mallattoo bifa sirnaawaan eenyummaa ibsuufi agarsiisuudha (De Fina, 2010: 267) jetti. Eenyummaafi agarsiistuuwwan hawaasaa walitti dhufeenya akka qaban hubachiisa. Qorannoo kana keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatu xiyyeeffatame. Kunis, karaa afeewwaniifi mallattoolee achi keessatti dhaabbataniifi meeshaalee aadaa kufaanii fulleffatame.

Agarsiistuun addunyaa keessa jiraannu haala ifaa ta'een mul'isuufi namoonni hiika waan tokkoo akka hubatan gochuuf gargaara. Dhalli namaa karaa hiika qabeessaan addunyaa kana akka hubatuuf, agarsiistuuwwan jiraniin bakka ni buufama. Agarsiistuun karaa hiki aadaa tokkoo ittiin qaxxaamuruufi uumamudha. Eenyummaa hawaasaa bakka bu'uun waan isaan walqabatu ni dhiheessa (Hall, 1997: 15; Wodakfi Meyer, 2001: 122) jedhu. Agarsiistuun dhugaa hawaasa tokko keessa tureefi jiru agarsiisuuf humna akka qabu mul'isa. Kun karaa agarsiistuuwwan eenyummaa haala hawaasa tokkoo xiinxaluun akka danda'amu ibsa.

Dhumarratti, agarsiistuuwwaan bifa afeen, dubbannaafi kanneen biroon jiruu hawaasaa keessatti ni mul'atu. Kana yaadni ibsu, "A representation is a visual, written, or audio depiction of something or someone. This term also refers broadly to what images and texts mean, the meanings that they potentially convey, and how they come to take on those meanings" (Beltrán, 2018: 97) jedha. Banuu kun, agarsiistuun suuraan, barreeffaman yookiin dubbannaan wanta mul'isudha. Jechi kun bal'inaan afeewwaniifi

suuraawwan maal akka ta'an, hiikaa isaan dabarsaaniifi akkamitti akka hiikni isaan irraa fudhataman ibsa. Kanarraa kan hubatamu, agarsiistuun bifa barreeffamaan, suuraafi dubbannaan dhihaachuun hiika hawaasa keessa jiru qaxxaamursuu akka danda'u mul'isa. Qorannoo kan keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa gama afeewwaniifi mallattooleen Giddugala Aadaa Oromoo keessa jiraniitu xiyyeeffatame.

2.3. Faayidaa Afaanii

Faayidaan afaanii akkaataa jiruu jireenya dhala namaa keessatti iddoo guddaa qaba. Yaada kana gabbisu, "Language as the most important means of as communication, as a social phenomenon performs a number of functions in the life of society. The word 'function' (from the Latin *functio* – 'fulfilment' has several meanings" (Korneeva, Kosachevafi Parpura, 2019: 1) jedhu. Afaan walquunnamtiif baay'ee barbaachisaafi jireenya hawasaa keessatti faayidaa garaagaraaf hojii irra oola. Jechi faayidaa jechu jecha Laatinii *functio*- 'fulfilment' jedhurraa kan dhufee fi hiika baay'ee kan qabu ta'uu ibsa. Afaan jiruufi jireenya hawaasaa keessatti kan hojii irra ooluufi dalagaawwaan hawaasaa kan ittiin hojjetamu ta'uu ibsa. Gochaaleen hawaasaa kan ijaaramaniifi cehan afaaniidha. Afaan ilaalcha hawaasa tokko keessa jiru kan ittiin dhiheessaniifi dalagaawwan jiran keessatti kan fudhatamu ta'uu ibsa.

Armstrongfi Ferguson (2010: 6) akka ibsanitti, "A primary function of language is for humans to convey information to each other or request services of some kind in a variety of situations" jedhu. Afaan kan dhalli namaa odeeffannoo ittiin waliif dabarsuufi haalota garaagaraa keessatti tajaajila ittiin argatudha. Kun, faayidaan afaanii jiruu dhala namaa wajjin akka walqabatu mul'isa. Kana malee, faayidaan afaanii dalagaalee hawaasaa adda addaa jiran keessatti kan mul'atuufi eenyummaa hawaasaa kan dhiheessu.

Faayidaan afaanii kun hayyootaan qoqqoodamee nimul'ata. Akaakuuwwan kunneenis bifa garaagaraan dhihaatanii jiru. Jalqaba, Barker (1945: 231) akaakuuwwan faayidaa afaanii bakka lamatti qooduun dhiheessa. Faayidaa afaanii fayyadama dhuunfaafi

hawaasa keessatti raawwatudha. Fayyadamni dhuunfaa kan namni ofii dhuma isaa haala jiru tokko keessatti fayyadamu yoo ibsu, faayidaawwan waljijjiirraa waliinii haala hawaasaan kan fayyadamamu ta'a. Yaada dhihaate kanarraa kan hubatmu, raawwiitti hiikamsa faayidaawwan afaanii haala dhuunfaafi hawaasaa ka'umsa taasifachuun bakka lamatti akka qoodamutu hubatama. Kan biroon, faayidaa afaan kennu sadarkaa nama dhuunfaarraa kaasee hamma hawaasa bal'aatti kan mul'atu ta'uu kaasa. Akaakuun faayidaa afaanii haala hawaasa keessa jiru akka ka'umsa taasifatu ni mul'isa. Akkasumas, afaan gareewwaan hawaasaa keessa jiran gidduutti faayidaa barbaachisu laachuu akka danda'u agarsiisa.

Armstrong and Ferguson (2010: 22) faayidaa afaanii akaakuuwwaan sadiitti qoodu: waa'ee waan tokkoo dubbachuuf, garee walii dubbatu gidduutti waliigalteen akka uumamu taasisuufi karaa qindaa'aa ta'een ergaa uumuuf kan tajaajilu ta'uusaati. Kanarraa kan hubatamu, akaakuun faayidaa afaanii akkaataa adda addaan akka qoodamutu hubatama. Afaan haala hawaasa tokkoo keessatti kallattii adda addaan xiyyeeffatama. Jiruufi jireenya hawaasaa karaa afaanii akka ijaaramuufi gabbatu mul'isa. Afaan dhimmoota jiruu hawaasaa keessatti bakka ofii isaa akka qabu agarsiisa.

Matthiessen (1990: 9) faayidaawwan afaanii akaakuuwwan sadiitti qooduun ibsa. Isaanis: Faayidaa afaanii hubannoo yaadaa (ideational), walitti dhufeenya namootaa (interpersonal)fi haala jiru tokkoon kan walqabatu jedha. Faayidaawwan afaanii kanneenis haala armaan gadiin ibseera. . Yaanni kun, faayidaan afaanii muuxannoo dhala namaafi haala hawaasaa keessaan akka dhihaatu agarsiisa. Hojiin dhalli namaa hojjetu faayidaa afaaniin akka walqabatullee yaanni kun nimul'isa. Kanaaf, kallattii afeewwaan hawaasa tokko keessatti dhihaachuun eenyummaa hawaasa sanaa agarsiisan hubachuuf kan gargaaru ta'uusaati.

2.4. Fayyadama Afeewwanii

Afeen waan barreeffameefi afdubbiin jirudha. Afeen waan barreeffamee jiru tokkotti fudhatamaa ture. Yaadni kana irraa adda ta'e xiinxala waallee keessatti mul'ataa dhufe. Kunis, afeen waallee barreeffamaa yookiin dubbii ta'uu danda'a kan jedhudha. Barreeffamaafi dubbiin kan dhihaatu, qindoominaafi bifa walsimannaa qabudha. Afeen mallattoolee hawaasa keessa jiran kan bakka bu'uu danda'uufi walitti dhufeenya qabu (Fairclough, 1995: 4). Kun, fayyadamni afee dalagaawwan hawaasa keessaan akka walqabatu agarsiisa. Afeen waan barreeffameefi afdubbiin jiru ta'uu mirkaneessa. Dabalataan, Hallidayfi Hasan (1976: 23) akka ibsanitti, "A text was any passage, spoken or written, of whatever length, that does form a unified whole" jedhu. Afeen waan barreeffame yookiin dubbatame tokko ta'ee qindoomina kan qabudha. Van Dijk (1997) akka ibsutti, afeen yaada bal'aa of keessatti hammachuun waallee jiru keessatti kan ijaaramuufi caasaa qabuun mul'atudha. Yaadonni dhihaatan kunneen, afeen bifa dubbii afaaniifi barreeffamaan kan mul'atu ta'ee, haala hawaasa tokkoo keessatti gochaawwan jiran isaan dhihaachuufi ibsamuu akka danda'u hubachiisa. Walitti dhufeenyi mallattooleefi afeewwan gidduu akka jiru kan dhihaate kun ni ibsa. Mallattooleen jiran afeewwan kanneeniin akka hiika barbaachisu argatan ni agarsiisa. Fayyadamni isaa dalagaawwan hawaasaan akka walqabatu dhiheessa. Qorannoo kana keessaatti afee barreeffamaafi kan dubbii afaaniin mul'atutu fudhatamee jira.

Afeen dalagaawwan hawaasaa keessatti uumamaa deemu. "When people speak or write, they produce text. The term 'text' refers to any instance of language, in any medium, that makes sense to someone who knows the language (Hallidayfi Matthiessen, 2004: 3) jedhu. Afeen wayita namoonni dubbatan akkasumas, barreessan kan argamu. Afeen qabiyyee afaanii akka ta'eefi haala jiru kamiyyuu keessatti akka isa agarsiisu mul'isa. Waan hiika qabeessa ta'e kan bakka bu'udha. Jiruu hawaasaa keessatti waan afeen bakka bu'e hubachuuf beekumsi afaan sanaa akka barbaachisuus ni kaasa. Afeefi dalagaawwan hawaasa keessa jiran akka hariiroo qaban mul'isa. Kanaaf, fayyadamni afee hojiiwwan hawaasni kun qabu keessatti akka ta'e ibsa.

Afeen muuxannoofi dalagaawwan jiran, walitti dhufeenya namootaa gochaalee mul'atan keessatti akkasumas, haala waalleen tokko keessatti dhihaatan agarsiisa. Tajaajila yaada namaan walqabatan keessatti hojii irra ni oola (Halliday, 1978). Afeen qabiyyeewwan hawaasaa bal'aa keessatti akka fayyadamu mul'isa. Fayyadamni afee muuxannoo dhalli namaa addunyaa kana keessatti gabbifate waliin akka walsimu ibsa. Hubannoo addunyaan kun qabdu afeen bakka bu'uufi agarsiifamuu akka danda'udha. Yaanni dabalataa, afeewwan gochaalee hawaasa keessaa karaa adda addaa mul'atan dhiheessuuf ni gargaaru. Afeewwan jiran ilaaluun dalagaawwan hawaasa keessatti raawwatamaa tureefi jiru adda ni baafama (Fairclough, 2003: 28). Afeen haala hawaasaa bal'aa keessatti waan hojii irra ooluuf hubannoo hawaasaa danda'a. Afeefi jiruun hawaasaa walitti jiru. Akkaataa jireenya tureefi amma jiru afeewwan hawaasa keessa jiran irraa akka hubatamuufi adda bahu hubachiisa. Kun, afeewwan eenyummaa hawaasa tokkoo agarsiisuuf humna akka qaban dhiheessa.

Afeen haala hawaasa tokko keessatti eenyummaa, aadaafi sona hawaasa tokko keessa jiru dhiheessu danda'a. Odeeffannoo jiruufi jireenya hawaasa tokko keessa tureefi jiru karaa afeewwan jiranii qaxxaamuruu danda'u. Afaaniifi waalleen eenyummaawwan ijaaruufi waltaasisuuf ni gargaaru (Barker, 1945; Wodak, 2001; Bambergfi Fina, 2011: 263) jedhu. Yaanni kun, eenyummaan fayyadama afeewwanii keessatti ijaaramuufi agarsiifamuu akka danda'u mul'isa. Fayyadamni afeewwaniifi eenyummaa haala hawaasa tokkoo keessatti akka waliin mul'atan ibsa. Kanaaf, eenyummaan afeewwaniin agarsiifamuu akka danda'utu hubatama. Qorannoo kana keessattis afeen akkamitti akka eenyummaa agarsiisan, dalagaa waallawaafi tarsiimolee fayyadama kanaan daheeffatanii darbaniifi walitti dhufeenya isaa aangoofi illaanya waliin qabutu xiyyeeffatame.

2.5. Fayyadama Mallattoolee

Mallattoon waan qaama tokko bakka bu'u agarsiisa. Wanta, gochaafi qooda qaama tokkoo kan mul'isudha. Yaadni icciitii ta'e kanirraa hubatamu, yaada addunyaa keessa jiru ibsuu kan danda'u. Leach (1976) akka ibsutti, mallattoon wanta tokko bakka bu'u,

dursa sammuu keessatti mul'ata. Itti aansuun, suura isaatu namatti dhagahama. Itti fufuun, wanta qabatamaa ta'uun addunyaa keessa jirrutti asbaha jedha. Akkaataa mallattoon gara jiruu qabatamaa addunyaa kanaatti itti dhufu ibsa. Mallattoofi hiikni isaaf laatamu sammuu dhala namaan akka walqabatutu mul'ata. Yaadni biraan, Kulabuhovfi et al (2018: 174) akka ibsanitti, "Symbols are a part of our daily life, a base is formed from them, which serves as the basis for the understanding of more complex symbols." jedhu. Mallattooleen jiruu guyyuu namaan kan walqabataniifi isarraa kan maddanidha. Hiikni isaaniis achi keessaan hubatama. Mallattooleefi jiruun dhala namaa walsimaa ta'uusaati. Haalli hawaasa keessaa mallattoolee isarraa akka hubatamu mul'isa.

Mallattooleen waliigaltee hawaasa tokkoo keessatti fayyadu. Hiika keessoo hawaasaa qabatani dhihaatu. Hiikni mallattooleef laatamu aadaa tokko irraa isa birootti garaagarummaa qabu. Yeroo walfakkaataatti aadaa tokko keessatti hiika tokko yoo qabaatan kan biroo keessatti immoo hiika biraa godhachuu malu. Mallattoolee kunneen wantoota, suuraawwa, gochootaafi meeshaalee qaama tokko bakka bu'anidha (Garcia, 2018: 2; Sigdel, 2018: 175). Fayyadamni mallattoolee haala hawaasa tokkoo kan fuulleffatan ta'uu ibsa. Mallattoolee fayyadamuun hubannoo gabbifatan dhiheessuun akka danda'amu mul'isa. Qorannoo kana keessatti meeshaalee aadaa godambaa keessaafi bocawwan akka mallattootti giddugala keessatti dhihaatantu xiyyeeffatame.

Moeschberger, Phillipsfi Rebekah (2014) akka ibsanitti, "Symbol, include objects such as flags, signs, language, and monuments" jedhu. Mallattoon kan alaabaa, bakka bu'eeffan, afaaniifi hambaalee jiran hammatudha. Isaan kanneen keessaa qorannoo kana keessatti akka mallattooleetti kan xiyyeeffatamee jiru hambaalee aadaati. Yaadni biroon, "A symbol has many advantages over the written or spoken word: it transcends the barriers of language; its message can be instantly registered and absorbed. Symbols are powerful and complex forms of communication despite their graphic simplicity" (Gibson, 1998: 10) jedha. Mallattooleen jecha dubbatamuufi barreeffamu caalaa faayidaa qabu. Wantootni afaanitti danqaa ta'an kan itti mul'achuu danda'aniifi hiikni isaa sirnaan kan galmaaheefi irraa hubatamudha. Mallattooleen humna kan qabaniifi hiil bal'aan irraa

kan hubatamudha. Kanarraa, mallattoon akkaataa jiruufi jireenya dhala namaa keessatti iddoo guddaa akka qabutu hubatama.

Mallattoon haala dhihaate tokko keessatti yaadrimee bal'aa bakka bu'a. Hiika waan yookiin ta'ii bakka bu'ee laata. Qabatamni mallattoon tokko itti jiruufi wanti inni bakka bu'e kallatti wal hinfakkaatan. Hiikni mallattoon kun dabarsu garuu waan bakka bu'e sanaan qabatamaatti walsima (Kulabuhov et al, 2018: 173) jedhu. Fayyadamni mallattoo haala hawaasa bakka bu'een qoratamuufi hiikamuu akka qabu dhiheessa. Kanaaf, qorannoo kana keessatti fuulleffatamee jira.

Mallattooleen eenyummaa hawaasaa waliin hariiroo ni qabu. Kayafi Kearney (2015: 3) akka ibsanitti, mallattooleen eenyummaa hawaasa tokkoo ni agarsiisu. Bu'aan mallattoolee eenyummaa agarsiisaanii kan argaman; xiinqooqa, amantii, sanyii fi daangaa inni keessatti argamurraati. Mallattoolee kunneen akka wantootaatti ofdanda'uun mul'atu jedhu. Mallattooleen haala hawaasa tokko keessa jiru bu'uura godhachuun akka uumaman ibsa. Kun ammoo, eenyummaa waliin akka walitti dhufeenya godhatan isaan taasisa. Lamaanuu hawaasan walsimuun dhihaatu waan ta'eef.

Mallattoon biyya yookiin hawaasa tokko bakka bu'e tokkummaa hawaasa sanaafi eenyummaa isaa ni agarsisa. Wayita mallattoo saba tokkoo uumnu eenyummaa waliinii hawaasa sanaa xiyyeeffachuu qabna. Dabalataan, mallattooleen sonawwan sadarkaa adda addaa qabu. Mallattoon tokko beekumsa naannoo keessa jiruufi bu'uura jireenya namaan walsima. Wantootni jiran haalarratti hundaa'u; mallattoonis (Kulabuhov et al, 2018: 17; Kayafi Keranen, 2015: 6) jedhu. Mallattooleen hawaasa tokko keessatti mul'atan eenyummaa hawaasichaan akka walqatan ibsa. Haala hawaasa tokkoo bu'uura godhachuun waan dhihaatuuf, akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti fayyadamama.

2.6. Sirna Gadaa Oromoo

Sirni Gadaa karaa siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, aadaafi amantii Oromoo kan qajeelchaa turedha. Oromoon birmadummaan eenyummaafi aadaa isaa eeggatee ittiin jiraataa ture. Jiruufi jireenya hawaasaa kallattii hundumaa kan to'ataafi ijaarudha (Baissa, 2004: 102; Asafa, 2012: 126) jedhu. Sirni Gadaa kallattii baay'een jiruufi jireenya Oromoo akka hogganuufi gurmeessu dhiheessa. Keessoon hawaasaa sirna kanaan ijaaramaa jiraate. Sirna eenyummaa bu'uuraa hawaasa ta'eefi Oromoo agarsiisuuf humna qabudha.

Uummanni Oromoo sirna kolonii warra Kaabaa jalatti osoo hin kufiin sirna walqixxummaa hawaasaaf bakka kennu kanaan of bulchaa ture. Sirni kun humnoota koloneeffattootaan cunqurfamaafi boodatti hafaa taasifamaa ture (Asafa, 2012: 128) jedha. Sirni olaantummaa Imaayera Itoophiyaa jalatti kufe kun kallatti maraan jiruufi jireenya Oromoo qajeelcha. Sirna dhiibbaa jala ture kana gabbisuuf Giddugala Aadaa Oromoo keessatti xiyyeeffatamee jira.

Sirni Gadaa sirnan bulchiinsa dimokiraatawaa Oromoon addunyaaf gumaachedha. Sirna qaroominaafi guddina Oromoo jaarrotaaf ture mul'isu. "Sirni Gadaa Oromoo waan uummata gurraacha mara boonsu; kennaa guddaa uummanni Oromoo addunyaa kanaa kenne" (BBAW, 2019: 2075). Sirna beekumsa Oromoofi ijaaramni hawaasichaa ammayyummaa qabaachuu agarsiisudha. Oromoon sirna ittiin ofbulchu mataa isaa qaba. Barreessaafi qorataan Asmarom (1973: 2) akka ibsutti, sirna Gadaa keessatti aangoon harka gaggeessaa waraanaatti hinkufu. Kanas, akka sirna dimokiraasii warra Dhihaatti kan ittiin madaalaniifi adda baafatan qaba. Sirna Gadaa keessa akkaataa bulchiinsaa nagaa qabutu jira. Qaamni aangoo ofharkaa qabuufi gaggeessaan waraanaa akkaataa sirnaawaa ta'een to'atamu jedha. Adeemsi too'annaa aangoo sirna Gadaa keessaa haaluma dimokiraasii warra Dhihaa fakkaatuun akka raawwatamu kaasa. Kun eenyummaan Oromoo sirna Gadaan akka agarsiifamaa jiraate mul'isa. Wantootni sirna Gadaan walqabatan agarsiistuu eenyummaa hawaasa kanaa ta'anii akka dhihaatanis ni agarsiisa.

Sirni Gadaa kallatti baay'een jiruufi jireenya Oromoo geggeessa. Sirni kalhedduun jireenyaa Oromoo qajeelchu kun marsaa Gadaa, sadarkaalee Gadaafi gurmuu waraa ittiin sirnatee dhihaatu qaba (Taabor, 2015:225; Tesema, 2018: 84) jedha. Sirni kun kallatti ittiin aangoo ceesisuufi Oromoo umriin qoode beekumsa keessoo hawaasatti guddisu qabaachuu isaati.

Marsaa Gadaa hirmaannaa sirna kana keessatti hawaasni Oromoo qabu mul'isa. Marsaan/gogeessi Gadaa shanidha. Marsaan kun maqaa adda addaan waamamu. Kunis, sababa babal'achuu Oromoo irraa kan ka'edha. Gareen marsaa kana keessatti hammataman walduraa duubaan waggoota saddeet saddeetiif aangoo siyaasaa, dinagdee, aadaa, amantiifi akka jireenya hawaasichaa biroo hooggau. "There have been five miseensas (parties) in gadaa; these parties have different names in different parts of Oromia as the result of Oromo expansion and the establishment of different autonomous administrative systems" (Asafa, 2012). Kun Gadaan marsaa shan akka qabu ibsa. Marsaan kun bakkeewwan garaagaraatti maqaa adda addaan akka waamamu dhiheessa.. Marsaan Gadaa Oromoo Maccaa, Birmajjii, Horata, Duuloo, Meelbaafi Roobalee jedhamu. Kan Oromoo Gujii, Muudaana, Halchiisa, Dhallaana, Harmuufaafi Roobaleedha (Endalkachew, 2018: 40; BBAW, 2019: 280). Maqaan garaagara haa ta'u malee marsaan Gadaa shan akka ta'e ibsa. Marsaan kun qoodinsi aangoo sirna Gadaa keessaa dimokiraatawaa ta'uu mul'isa. Agarsiistuu eenyummaa hawaasaa isa bu'uuraa akka ta'e ibsa.

Sadarkaaleen Sirna Gadaa qoqqoodinsa umriidhaan raawwachuun labata aadaattii, siyaasatti, dinagdeefi hawaasummaatti guddisudha. Qoodinsi umriin raawwatu kun hirmaannaa hawaasa keessaa akka dhaloonni gabbifataafi hubataa deemu taasisa. "Sadarkaa tokkoo yeroo sadarkaa biraatti darbamu, sirna, qoodaafi itti gaafatamummaa adda addaatu raawwatama. Sadarkaan jalqabaa sadarkaa Dabballeeti. Sadarkaan inni xumuraa immoo sadarkaa Gadamojjiti." (Taabor, 2015: 237; BBAW, 2019: 280) jedhu. Qoodinsa sadarkaa guddinaa kan dhiheessudha. Sadarkaalen kunneen bakkatti

dalagaawwan hawaasa tokko keessatti hojjetamu gabbifataaniifi hojiitti hiikaa deemanidha.

Sirni kallatti maraan hawaasicha agarsiisu GAO keessatti xiyyeeffatamee jira. Qabiyyeewwan sirna kana keessatti hammataman sadarkaalee umrii Gadaa kan qoodinsa umrii sirna kana keessa mul'isuufi sagleewwan kan akkaataa ijaarama gurmoo waraanaa Oromoo agarsiisutu jira. Dabalataan, yuubawwan, duree sirna Gadaafi sirnoonni Gadaan walsiman dhaabbatanii jiru. Akkasumas, barreeffamanis mul'ifamaniiru. Kun qorannoo kana keessatti kaayyeeffatamee jira.

2.7. Haala Eenyummaan Oromoo Keessa Ture

Uummanni Orommo saba guddaa Gaanfa Afrikaa eenyummaa mataa isaa qabudha. Eenyummaan isaa kun agarsiistuuwwan qabuun akka hin mul'anne ukkaamfamaa jiraate.

2.7.1. Haala Eenyummaa Oromoo Hamma Jaarraa 18ffaa

Oromoon hawaasa sirna Gadaan geggeeffamaafi eenyummaa isaan ofta'ee jiraataa turedha. Jaarraa 16ffaafi 17ffaa keessa Oromoon sirna Gadaan geggeeffamaa ture. Siyaasni, dinagdeen, aadaan, hawaasummaafi amantiin isaan hoogganama. Sirni kun caaseffama bulchiinsaa sadarkaa biyyaa, naannoofi gandaa qaba. Yeroo dhiibbaafi illaanyi hamaan agarsiistuuwwan eenyummaa isaarra hin geenyedha. (Baissa, 2004: 101; Jalata, 2005: 20; Jalata: 2008: 139). Yaadni kun kan ibsu, eenyummaafi agarsiistuuwwan eenyummaa isaan of ibsaa, illaanyaafi olaantummaa qabuun jiraataa akka turedha.

Uummanni Oromoo jaarraa 17ffaa kaasee uummata Afaan Amaaraa dubbatu waliin walmakuun jiraachuu eegale. Itoophiyaan sirna moototaan kan geggeeffamaa jiraatte. Sirni kun amantaa Ortodooksiiifi olaantummaa warra kaabaan kan humneeffamedha. Mootonni kunneen amantichan deeggaramuun, warra muudama waaqaa qaban jedhamaa turan. Haala kana keessatti waan lamatu xiyyeeffatamee ture. Uummata biyya sana

walfakkeessuufi olaantummaa garee tokkoo fiduudha. Kun gara amantiifi aadaa Oromootti makamuun dhiibbaa agarsiistuuwwan eenyummaa maksu fide. Ta'us, uummanni Oromoo amantaa ganamaa kan aadaafi eenyummaa isaan utubame qaba (Ali, 2009: 21; Ezekiel, 2018: 18). Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo ukkaamsaafi kan biroon bakka buufamaa akka turan dhiheessa.

Jaarraa 18ffaa keessa humni olaantummaa aadaafi eenyummaa gabbifatee ture kun ni laafe. Kunis dhiibbaa Impiirer Iyaasuu (1730-55)fi Oromoon Yejjuun taasisanii kan dhufedha. Yaadni gaditti dhihaate kana gabbisa.

Some Oromo chiefs acquired some political power in the wider monarchy. Emperor Iyasu II (1730-55) was half Oromo and promoted a network of Oromo allies. Indeed, this was the period when the Oromo language became the language of the court at Gondar. Homogenization in this era favored the spread of Oromo culture (Ali, 2009: 30).

Oromoon dhiibbaa eenyummaa isaan walqabatee jiru maksuuf falmii mataa isaa gochaa akka ture dhiheessa. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo jaarraa 18ffaa keessaa bakka argatanii turan. Afaan Oromoo Afaan mana murtii Gondor ture. Aadaa Oromoo babal'isuuf bara mijataa akka ture ibsa. Yaadni kun, jaarraa sana keessa agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Itoophiyaa keessatti iddoo akka qabu dhiheessa.

Yaadni olitti dhihaate, walfalmiin agarsiistuuwwan eenyummaa Itoophiyaa keessa waggootaaf turuu mul'isa. Oromoon hawaasa agarsiistuuwwan eenyummaa isaa ceesisuuf, illaanyaafi olaantummaa warra Kaabaarraa ittisuuf falmaa turedha. Tarsiimoo ittiin afaan ofii gabbisan fayyadamuun guddina Afaan Oromoof hojjechaa akka turan ibsa. Aadaan Oromoo akka cehuufi gadi aantummaan yaadaa akka maqu falmisiiseera. Jaarraawwan kanneen keessa Oromoon agarsiistuuwwan eenyummaa isaan jiraataafi dhiibbaa jiru irraa bilisa baasuuf akka hojjechaa ture addeessa.

2.7.2. Dhiibbaa Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Irra Bara 1800 Hamma Kufaatii Mootii Minilikiitti Ture

Orommo biyya Itoophiyaa keessatti saba guddaadha. Sabni guddaan kun waan tokko isa taasisuufi waliin qooddatu qaba. Waan waliin qooddatu kanaanis cunqursaa Abisiiniyaanotaa baatee kan ture saba guddaa biyya kanaati. Sakatta'i gadii kun yaada kana dhiheessa.

The Oromo people of Ethiopia share a common language, worldview, set of sacred meanings, and a historic system of governance. The rise of the Abyssinian Empire in the late 1800s led to the colonization of the Oromo; their language and religion were made illegal, their homeland was expropriated and renamed, and they were forced to live as slaves on their own land (Bass, 2019: I) jedha.

Kun, uummanni Oromoo Itoophiyaa waan waliin qooddatu qaba. Kunneenis, afaan, ilaalcha addunyaaf qabu, haala waaqeffannaafi sirna bulchiinsaa seenaa qabeessadha. Sirni koloneeffattoota Abisiiniyaa bara 1800 booda dhufe afaan, amantiifi lafa Oromoo dhuunfate. Afaaniifi amanti isaa tuffachuufi seermaleessaa taasisuutu ture. Lafa isaa fudhachuun maqaa biroon moggaasuufi garbummaan akka jiraatuuf dhiibame. Kun, tarsiimoo ittiin agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo ukkamsamaniifi dadhabsiifamaa turan dhiheessa.

Yaada kanarraa kan hubatamu, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo dhiibbaafi hakuuccaa jala turuudha. Sirnoonni biyya Itoophiyaa keessa turan, olaantummaa eenyummaa isaanii guddisuuf kan Oromoo maksaa turan. Dabalataan, Oromoon waan ofii isaaf jecha miidhaa garbummaa baate. Haala har'aa keessattis agarsiistuuwwan isaa akkamitti akka dhihaatan, tarsiimoo ittiin agarsiifaman xiinxaluun murteessaadha. Illaanyi gadi aantummaafi olaantummaa tureefi jiruu qoratamuun dansa.

Jalqabni jaarraa 19ffaa yeroo agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoof ulfaataa turedha. Eenyummaan isaa mootummaa dhaalaan liqimfamaa dhufe. Yaada kana kan ibsu,

“Seenaa siyaasa Oromoo keessatti jalqabni jaarraa 19ffaa yeroo mootiin aangoo Gadaa dhuunfate qofaa utuu hin ta’iin yeroo itti mootummaan dhaalaa mul’atedha.” (Alamaayyoo, 2016: 156) jedha. Dhaalamu sirna Gadaati. Agarsiistuun eenyummaa Oromoo kun kallattii maraan jiruufi jireenya isaa kan hoogganudha. Gadaan ukkaamfamuun akka Oromoo sirnaafi eenyummaa biroon ilaalamu godhe.

Mootonni gonfoo Itoophiyaa jaarraa 19ffaa keessa Oromoota magaala jiraatan waliin hariiroo uumuun aadaafi eenyummaan Amaaraa akka bal’atu taasisaa turan. Amaaromsuun kun mala garaagaraan geggeeffame. Malli kunneenis, gama xinqooqaan (Afaan Amaaraa Oromiyaa keessatti babal’isuun), amantiin (Oromoo amantii Ortodooksii fudhachiisuun), sirnatti makuun (hojii bulchiinsaafi waraanaa keessatti qooda fudhachiisuun)fi fuudhaafi heeruma fa’a. Ijoollee sanyii gamlammaa irraa dhalatan baay’isuufi olaantummaan qooda akka fudhatan gochuudha (Ali, 2009: 33; Asafa, 2012). Eenyummaan Oromoo eenyummaa hawaasa biroon dhaalamaa turuu mul’isa.

Sirna darbe keessatti eenyummaan Oromoo illaanya hawaasa biroon bakka buufamaa jiraate. Walcaalmaan agarsiistuuwwan eenyummaa Itoophiyaa keessatti akka geggeeffamaa ture ibsa. Eenyummaa jaarraaf dhiibameefi dhaalame iddootti deebisuuf, agarsiistuuwwan inni ittiin bahee mul’atu fuulleffachuu murteessaadha. Kanaaf, qorannoon kun Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessaa kan jedhu xiyyeeffate.

2.7.3. Haala Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo Sirna Mootii Hayile Sillaasee Keessaa

Mootiin Hayilesillaasee ilaalcha warra Kaabaafi olaantummaa koloniif mijatu, naannoo Minilikiin jaarraa 19ffaa keessa to’atame irratti humneessee. Afaan Amaaraa afaan mana hojii mootummaa, kan barnootaafi waliigaltee biyyaa taasise. Manni amantii Ortodooksii akka mallattoo eenyummaa biyyattiitti akka ilaalamu taasise (Mohammed, 1999; Asafa, 2008: 198). Yaadni dhihaate kun kan agarsiisu, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo

koloneeffattoota kaabaan ukkaamfamaa akka turedha. Sirna olaantummaa eenyummaa mul'isuufi garee tokkoof mijatuu diriire. Dhiibbaan jirus haala walfakkaatuun akka raawwatamaa ture ibsa. Oromoon eenyummaa ofii caalaa kan garee biroon ilaalamaa turuu dhiheessa. Agarsiistuuwwan eenyummaa jaarrota hedduuf dhiibamaniifi olaantummaa garee biroon macaafaman sakatta'uu barbaachisaadha.

Agarsiistuuwwan eenyummaa Itoophiyaa keessatti bara mootii kanaa ijaaramaa ture karaa aftokkee kan raawwatameefi faallaa sabdaneessummaati. Yaada kana gabbisu, “The Haile Sellassie regime, was to create a new national identity through the promotion of one unifying language (Cooper, 1978; Teferi, 2015: 149) jedha. Yaanni kun, Mootiin Hayile Sillaasee ijaarsa eenyummaa haaraa karaa afaan tokko biyya kana keessatti hundeessaa turuu ibsa. Kanarraa kan hubatamu, afaan tokkoon eenyummaa biyya Itoophiyaa jedhamtu bakka bu'uu akka ijaaran kaasa. Sablammiileen biyyatti eenyummaa ofii irraa dhiibamuun kan garee biraan akka liqimsamaaniif kan hojjetedha. Dhiibbaa dheeraa booda Giddugalli Aadaa Oromoo Magaalaa Finfinnee keessatti mul'ate, eenyummaa isaa agarsiisuuf iddoo guddaa qaba. Eenyummaan hawaasa kanaa kan dhiibbaa hamaa keessa ture, akkamitti akka agarsiistuuwwan isaan akka achi keessatti mul'ate xiinxalamuu qaba.

Imaammanni sirna Hayilesillaasee agarsiistuuwwan eenyummaa biyya Itoophiyaa Afaan Amaaraa fayyadamuun walfakkeessuudha. Yaada kana kan cimsu, “Hayilasillaseen 1ffaa (1930-1974) erga aangoottii dhufee booda, imaammata walfakkeessuu kana kallattii hedduutiin qopheessee hojiirra oolchaa ture. Karoora akkasii keessaa inni tokko eenyummaa Oromoo haquu ykn balleessuu ture” (Wandimmuu, 2023:133). Eenyummaan Oromoo Itoophiyaa keessatti ukkaamfamaafi bakka dhabaa akka ture ibsa. Eenyummaa makfamaa ture kana deebisuufi agarsiisuuf Giddugalli Aadaa Oromoo dhaabbate. Agarsiistuuwwan achi keessatti kuufaman, dhaabbataniifi afeewwan dhihaatan akkamitti akka eenyumma agarsiisaniifi dabarsan, dalagaa waallawaafi tarsiimolee ittiin dhihaatan, walitti dhufeenya isaan illaanyaafi aangoo wajjin qabantu xiyyeeffatame.

2.7.4. Agarsiistuuwwaan Eenyummaa Oromoo Bara Dargii Keessaafi 1991 Boodaa

Sirni Mootii Hayilesillaasee erga aangoo irraa kaafamee kan aangootti ol bahe mootummaa Dargiiti. Sirna kana keessas agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo hakuuccaa jalaa bahuuf carraa hin arganne. “Warraaqsa bara 1974 booda qabeenyi adda addaa afaanii, yoo xiqqaate waraqaa irratti, ifatti beekamtii argate.” (Wandimmuu, 2023: 143) jedha. Bulchiinsa afaan Amaaraa jalatti agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa dagatamuu akka itti fufedha.

Akkuma sirnoota darbanii sirni dargiins agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoof beekamtii hin laanne. “Historically, the Ethiopian imperial regimes as well as that of the Dergue regime adopted official elimination strategy towards Oromoo identity and the Gadaa system.” (Zelalem, 2018: 3). Haaluma sirnoota darbaniin Dargiinis tarsiimoo ittiin eenyummaan Oromoofi agarsiistuuwwaan isaa maksu fudhatee ture. Yeroo kana keessa eenyummaa Oromoof haalli mijaatan akka hin turre ibsa. Adeemsi eenyummaa walfakkeessuu bifa biraan itti fufe.

Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Itoophiyaa keessatti akka haalan hin guddanneef tuffatamaa ture. Afaan Oromoo biyya Itoophiyaa keessatti akka hin dubbatamneef qollifatamaa jiraate. Afaan Oromoon carraa inni bakka Afaan Amaaraa bu’uuf qabu xiqqaa yoo ta’u, kan Afaan Amaaraa caalaa guddaadha (Ali, 2009: 32). Kun dhiibbaa afaan kana irra ture dhiheessa. Garaagarummaan ilaalchaa agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoofi Amaaraa gidduu akka jiru mul’isa.

Bara 1991 booda Oromoon carraa eenyummaa ofii guddisuufi kunuunsuu argate. Heerri mootummaa FDRI carraa ukkaamfamuufi dhaalamuu eenyummaafi aadaa uummatoota Itoophiyaa hambise. Yaada kana kana ibsu, “The legal principles provide right to develop and promote its culture, help it grow and flourish (Article 39 (2) of FDRE constitution)”

jedha. Heerri amma jiru caarraa aadaa guddifachuufi beeksisuu akka laate ibsa. Carraa kanaan Giddugalli Aadaa Oromoo mul'ate. Innis agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo jaarrotaaf magaalaa Finfinnee irraa makfame iddoo isaa ganamaatti deebisuuf kan yaadamedha. Kana galmaa gahuuf agarsiistuuwwan eenyummaa jiran hammatee dhihaate. Kanaaf, isaan xiyyeeffachuun qorannoon kun akka geggeefamu filatame.

2.8. Sakkatta'a Qorannoo Aantee

As jalatti sakatta'a qorannoo aantee biyyaaleessaafi biyya keessaatu walduraa duubaan dhihaate. Qaawwi waraqaa aantee irraa hubatames ka'umsa qorannichaaf bakka guddaa qaba. Qorattuun Manguvo (2013) mataduree qorannoo ishee digirii sadaffaa, "The Relationship Between Ethnic Identity, Perceived Acceptance, and Sociocultural Adjustment of African Students in The US" jedhurratti hojjette. Qorannichi kan xiinxale muuxannoo barattoota Afrikaa gama walitti dhufeenya eenyummaa saba isaaniin, fudhatamummaa qabatamaan, sirrummaa hawaasaadaan akkasumas, walitti dhufeenya ijaarsaa achi keessatti waliin qabaniin ilaalte. Kun, barattoonni Afrikaa US keessaa eenyummaa sabummaa isaaniin akkamitti akka ilaalaman mul'isa. Hawaasni tokko karaa eenyummaa isaan akka hubatamuu danda'us ni dhiheessa. Malliifi xiyyeeffannoon isaa qorannoo qoratichaa irraa addummaa qaba. Kun ka'umsa biraa qorataa qoriannichaaf kan ta'edha.

Dowling (2011) mataduree, "Constructing identity Identity Constructing" jedhu irratti waan xiyyeeffatee hojjetame qaba. Kaayyoon isaa, karaa kamiin/akkamitti eenyummaa dhuunfaa ogummaa ofii keessatti, bakka hojiitti akka ijaarratan xiinxale. Dabalataan, ijaarsa eenyummaa kanas karaa dubbiiwwan haala, mallattoofi bakka buusaa (metaphor) kan agarsiiseefi yaaxxina xiinsammuu (cognitive theory) fi ibsaa (expressionism) fayyadame. Qorannoon amma geggeeffamaa jiru, ijaarsa caalaa agarsiistuuwwan eenyummaa irratti kan xiyyeeffatudha. Bakka itti hojjetameefi yaaxxina xiyyeeffatameen tokko miti. Kanaaf, kallatti xiyyeeffannoon addaddummaa qabu.

Framroze (2017) qorannoomataduree, “Self-spectacle online: The construction and representation of identity in contemporary digital culture” jedhu kana keessatti kaayyoowwan xiyyeeffataman jiru. Kaayyoon isaa dalagaawwan miidiyaarraatti waan namoonni dhuunfaan ijaarratan/waliin qaban, kan namoonni gaheeyyiin kutaa jireenya isaanii keessaa tokko taasisuun teknooloojii dijiitaalaarratti dabarsan. Haala kana keessatti eenyummaan isaanii akkamiitti akka ijaaramuufi akkamitti akka isaaniin bakka bu’u kan agarsiisudha. Kun xiinxale, miidiyaa dhuunfaarratti akkamitti akka eenyummaan ijaaramuufi nama dhuunfaa agarsiisu ta’uusaati.

Dabalataan, waan qorannichaan xiinxalame, “This study examines the nature of individuals’ constructions of their online identities and why they are motivated to represent themselves as they do, as well assess how these representations relate to their sense of selfhood, this research employs qualitative ethnographic methods” (Framroze, 2017: 118) jedha. Kanarraa kan hubatamu, qorannoon kun haala itti namoonni eenyummaa isaanii miidiyaarratti ijaaraniifi maaliif akkaataa ijaaran kanaan akka bakka ofbuusuu fedhan, akkasumas, akkamitti agarsiisawwan jiran kunneen eenyummaa isaaniitti akka dhihaatu sakatta’e jira. Dabalataan, qorannicha keessatti malli sanyaabsa akkamtaa hojiirra akka ooles ni kaasa.

Qorannoon armaan olitti dhihaate kun, eenyummaan akkamitti miidiyaa dhuunfaarratti akka ijaaramuufi qaamni dhuunfaa akkaataa kamiin akka ittiin of agarsiisu hubachiisa. Agarsiistuuwwaan eenyummaa dhuunfaa miidiyaa namoota dhuunfaarratti mul’achuu akka danda’us ibseera. Itti fufuun, mala sanyaabsa akkamtaa fayyadamuusaa ibsa. Kana malee, haala teknooloojii dijitaalaa har’aa keessatti agarsiistuuwwan eenyummaafi ijaarsi isa akka mul’atu kaasera.

Qorannoon amma kun gama xiyyeeffannoofi mala fayyadamee jiruun addummaa qaba. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa agarsiisawwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessaa karaa fayyadama afeewwaniifi mallattoolee sakatta’uudha. Bakka bu’insa dhuunfaa caalaa kan hawaasaa xiyyeeffata. Aanteen kun miidiyaarratti yoo

xiyyeeffatu inni kun agarsiistuuwwan eenyummaa fuulleffata. Kana malee, kallattii hirmaattotaan garaagarummaa qaba. Akkasumas, haala xiyyeennoo mala qorannoonis wal hin fakkaatan. Kanaaf, kallattii xiyyeeffannoo isaaniin garaagarummaa qabu.

Akkasumas, qorannoo digirii sadaffaa guuttachuuf McMullan (2020) mataduree, “Systems, symbols and identity: An exploration of the construction of national identities in Czech schools through educational policies and practices from 1989-2014” jedhurratti geggeessee jira. Waraqaan qorannoo kun, dhiibbaa jijjiiramni siyaasaa guddina Rippaapilika ‘Czech’ keessatti gama: eenyummaawwaan biyyaalessa ‘Czech’n, poolisii barnootaafi hojjiirra oolmaa isaan, namoonni dhuunfaa ‘Czech’ akkamitti akka biyyaafi bakka keessa jiraatan ilaalan, muuxannoon mana barnootaarraa argatan akkamitti eenyummaawwan isaani irraan dhiibbaa akka geessisu sakatta’e. Dabalataan, eenyummaawwan, mallattoowwaniifi sirni tokko eenyummaa biyyaalessaa ijaaruu keessatti gahee akkamii akka qabanis nikaasa. Akkasumas, mala akkamtaa fayyadamuun geggeeffame.

Qorannoo kun Agarsiistuuwwan Eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo Keessaa akkamiitti akka eenyummaa Oromoo akka agarsiisan, dalgaa waallawaafi tarsiimolee ijaarsaafi agarsiisa isaanii akkasumas, walitti dhufeenyi afeewwaniifi mallattooleen, aangoofi illaanya waliin qaban akkamiin agarsiisaafi ibsa eenyummaa hawaasichaatiif akka tumsan xiinxale. Kun, ximmala akkamtaa, maleenyaa xiinxala waallee liixxaafi meeshaalee mala akkamtaaf ta’an fayyadamee jira. Xiyyeeffannoo isaafi haala keessatti geggeeffamaa jiruun qorannoo aantee dhihaate kana irraa addummaa qaba.

Sakatta’i qorannoowwan aantee biyya keessaa qaawwa qorannoo amma geggeeffame kanaaf uumee jira. Qorataafi barreessaan Gemetchu (1993) qorannoo isaa digirii sadaffaa, “Knowledge, Identity and The Colonizing Structure: The Case of The Oromo in East and North East Africa” jedhu irratti hojjete. Qorannichi kan xiinxale seera beekamaa ‘ayyaana’ jedhu kan sirni beekumsa Oromoo irratti hundaa’edha. Eenyummaan aadaa sirnaan qindaahe bu’uura godhachuun ijaarame, aadaa biroon yoo qajeelfameefi dhiibame

dhabamuu danda'a. Caasaan koloneeffattoota Abiyissiniyaa kana xiyyeeffatee hojjetame. Qorannichi haala hawaasicha keessa jiru bu'uura godhachuun geggeeffame. Eenyummaan Oromoo gareewwan koloneeffattoota biyya kanaan akka dhiibamaa ture saaxile. Qorannoo amma kanarraa haala xiyyeeffannoon addummaa qaba. Bakka qorannichi irratti geggeeffameenis tokko miti.

Tujuba (2020) mataduree, "The Role of Oromo Ethnographic Museum in Promoting Social Interaction and Generation Building" jedhu irratti qorannoo taasissee jira. Gahee godambaan Oromoo walitti dhufeenya hawaasaafi dhaloota of beeku, dimokiraatawaa ta'e, itti gaafatamummaan itti dhagahamuufi lammii kabaja qabu karaa meeshaalee aadaa uumuu keessatti qabuun xiinxale. Qorannoo kun mala hammamtaafi akkamtaa fuulleffachuun raawwate. Bakki xiyyeeffannoo qorannoo kanaa Giddugala Aadaa Oromooti.

Qorannoon olitti dhihaate kun bakka xiyyeeffannoo isaan kan amma qoratamaa jiruun walfakkaata. Qorannoon aantee kun godambaa qofa irratti xiyyeeffachuun geggeeffame. Qorannoo amma geggeeffamaa jiru irraa malaafi gosa qorannoo fayyadameen addummaa qaba. Qorannoon kun agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala kana keessaa karaa afeewwaniifi mallattoo jiraniin xiinxale. Maleenyi qorannoon kun fayyadameefi kan olitti dhihaatee kun wal hin fakkaatu. Qabiyyee xiyyeeffateenis qorannoo akka aanteetti dhihaate kana irraa addadha. Yaadni dhihaate kun qorataa qorannoo kanaaf yaada ka'umsaa kan laatedha.

Gideon (2017) waraqaa qorannoo isaa digrii sadaffaa, "Identity and Opportunity: the Implications of Using Local Languages in the Primary Education System of the Southern Nations, Nationalities and Peoples Region (SNNPR), Ethiopia" jedhu irratti hojjete. Qorannoon kun duubdeebii afaan naannoo sirna barnoota sadarkaa tokkoffaa Itoophiyaa keessatti fayyadamuu xiyyeeffate. Hiika fayyadamni afaanii kun sabaafi sablammiilee Kibbaa biratti qabuufi haala seenaan walqabsiisuun geggeeffame. Eenyummaafi carraa jiruuf xiyyeeffannoo laatee sakatta'e. Kunis qorannoo amma geggeeffame irraa kallatti

xiyyeeffannoofi bakka fuulleffateen addadha. Ta'us, qaawwa dabalataa qorannichaaf kan uumedha.

Asafa (2007) mataduree, "The Concept of Oromummaa and Identity Formation in Contemporary Oromo Society" jedhu keessatti , Oromummaa, eenyummaa Oromoofi xiyyeeffannoo hariiroo guddina Oromummaafi rakkoolee dhaabbilee Oromoo jedhutu xiinxalame. Oromummaan kan ittiin aadaa ofiitti deebi'an, koloneeffattota Itoophiyaa ittiin madaalan, kan Oromoota walitti fiduufi sadarkaa biyyaatti tokkoomsu jedha. Kan biroon, Oromummaan bilisummaa, dimokiraasiifi birmadummaa dhufuufi waliinii fida jedha. Qorannoo kun eenyummaa hawaasaa bu'uura godhatee kan hojjetamedha. Kallatti xiyyeeffannoo isaafi haala bu'uura godhatee

2.9. Xiinxala Waalleefi Waallee Liixxaa

Waalleen dalagaa hawaasaafi caaseffamma hawaasa keessa jiru tokko dhiheessa. Achi keessattis hojii irra oola. Caasaalee afaaniin himaamanii olitti mul'atan agarsiisa. Xiinxalli waallee fayyadama afaanii dalagaawwan hawaasaa keessatti mul'atan ilaala. Xiinxalli waallee Liixxaa haala jiru tokko keessatti waallawaa jiran xiinxaluun olaantummaa aangoo, illaanyaafi walqixummaa dhabinsa achi keessatti mul'atan kan ittiin adda baasanidha (Widdowson, 2004: 1). Xiinxalli waallee haala hawaasa tokko keessa jiru duukaa bu'uun kan raawwatamu ta'uu dhiheessa. Hiika keessoo hawaasa tokkoo karaa xiinxala kanaa dhihaata. Qorannoo amma kana keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessatti dhihaatan haala kaayyoo qorannichaafi galmoo keessatti argamaniin walsimsiisuun xiinxalli laatamee jira. Kunis, adeemsa xiinxala waallee liixxaa kan hordofedha.

Waalleen dagaawwan hawaasa keessatti raawwatamaniin walsima. Waalleen akkaataa itti waaan tokko hubannu, qooda keessatti fudhannuufi walitti dhufnu, gatii itti kanninu, dubbannuufi barreessinu ta'ee fakkeenyummaa qaamni tokko ittii hubatamu. Gochaalee barreeffamaafi barreeffamaan ala ta'an xiyyeeffata (Gee, 2008: 5; Adugna, 2016: 30) jedhu. Dalagaawwan kallatti adda addaan hawaasa tokko keessatti raawwatan kan

mul'isudha. Malli xiinxala waallee haala waalleen kun keessatti dhihaatu bu'uura godhachuun raawwatama. Yaadni armaan gaditti dhihaate kana gabbisa.

An approach to the analysis of discourse which views language as a social practice and is interested in the ways that ideologies and power relations are expressed through language. Critical discourse analysts are particularly interested in issues of inequality, ... Unlike many other forms of linguistic analysis, CDA is not only concerned with words on a page but also involves examining social context (Baker fi Ellece, 2011: 27).

Xiinxalli waallee afaan akka dalagaa hawaasatti fayyadamuun hariiroo illaanyaafi aangoo karaa kana qaban ilaala. Xiinxalli waallee Liixaa waan jechootaan dhihaatanii olitti haala hawaasa keessa jiruun akka walqabsiisu mul'isa. Wanti tokko bakka dhihaate keessatti walcaamaa, walqixxummaa dhabinsaafi olaantummaa akkamii akka mul'isetu ittiin ilaalama. Qorannoo kana keessattis kan xiyyeeffatameef, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessaa akkamitti akka eenyummaa agarsiisan, dalagaa waallaafi tarsiimolee ittiin dhatanii dhihaatan, walitti dhufeenya afeewwaniifi mallattooleen aangoofi illaanya waliin haala kana keessatti qaban xiinxaluufidha.

Xiinxalli waallee liixxaa (XWL) hariiroo afaan illaanyaafi aangoo wajjin qabu sakatta'uu darbuun, waallawaa haala hawaasaafi aadaan walqabsiisuun xiinxaluuf ni oola (Wodakfi Meyer, 2002; Chouliaraki and Fairclough, 1999). Adeemsi xiinxala waallee liixxaa dalagaawwan hawaasa keessatti raawwataman hordofuun akka geggeeffamu ibsa. Kanaaf, ragaaleen qorannoo kanaa mala kana hordofuun xiinxalaman.

Xiinxalli Waallee Liixxaa akkuma leellistooni isaa yeroo hunda cichanii dubbatan, mala xiinxala waallee kan ta'edha. Kaayyoo haqummaa hawaasummaaf kan of kennu yoo ta'u, kaayyoon isaas walcaalmaafi akkaataa aangootti fayyadamama jiru saaxiluudha. Dhugaan keessoo hawaasaa jiru haala bilisa ba'uu danda'uun xiinxala. Shaakala hawaasummafi waan hariiroo hawaasummaa irratti dhiibbaa uumu barbaada (Chouliaraki fi Fairclough, 1999:152; Widdowson, 2004: 148). XWL haala hawaasa tokkoo bu'uura godhachuun akka raawwatamu dhiheessa. Dabalata kanaa Bloomaert (2005) akka ibsutti,

xiinxalli waallee liixxaa gochaalee waallawaafi waallawaa hin taane hammachuun hiika haala isaan keessatti mul’atanii xiyyeeffata. Gochaaleen hawaasa keessaa afaanii ijaarama; darbas. Afaan gochaaleen hawaasa keessaa kan ittiin ijaaramuufi gabbatudha.

Wodak and Meyer (2001:1-2) akka ibsanitti, xiinxalli waallee liixxaa dhiibbaa hawaasa keessa ture, walitti dhufeenya dalagaawwan hawaasaa keessatti hariiroo hawaasummaa sadarkaa gooroo walqixxummaa dhabinsa, olaantummaa, loogiifi illaanya jiru saaxila. Haala hawaas-aadaa iftoominaafi dhokataa ta’e akka mul’isa. Yaadni kun, garee agarsiistuu eenyummaa ofii olaanaa taasisuun kan biroo dhiibu, gadi aanaa taasisuufi sarbu saaxiluuf ni tumsa. Walcaalmaa ture kallattii xiyyeeffatameen dhiheessuuf ni oola.

Xiinxalli waallee liixxaa qorannoo kana keessatti xiyyeeffatamuun hojiirra oolee jira. Qorannoon kun keessatti agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessatti eenyummaa agarsiisantu xiyyeeffatame. Mala xiinxalaa kanaan agarsiistuuwwan kunneen akkamitti akka eenyummaa agarsiisan, dalagaa waallawaa eenyummaa bu’uuraa Oromoo, tarsiimoo ittiin agarsiifamaaniifi walitti dhufeenya isaan aangoo fi illaanya waliin qaban ittiin xiinxaluuf fayyadamameera.

2.10. Tarsiimolee Waallawaa

Xiinxaltoonni waallee tarsiimolee gooroo garaagaraa haala hawaas-aadaa keessatti fayyadaman adda baasaniiru. Wodak et al. (2009) qorannoo geggeessaniin ijaarsa eenyummaa biyyaafi naannoo tokkoo yoo xiqqaate tarsiimoowwan gooroo afur irratti akka hundaa’u dhiheessu. Kanas, ijaarsa waallawaa eenyummaa biyyoolessaa Awustiraaliyaa keessatti fayyadaman irratti hunda’an. Isaanis, tarsiimoowwan ijaarsaa (constructive strategies): eenyummaawwan barbaadamu ijaarurratti fuulleffachuu agarsiisa. Tarsiimoowwan tursuu ykn sababeessuu ‘preservative or justificatory strategies’: eenyummaa jiru kunuunsuun tursuufi isuma deebisuu yookiin seenessa jiru irratti hundaa’uun akka dabalee ijaaramu gochuudha. Kan biroon, tarsiimoowwan

ceesisaa ‘transformative strategies’: eenyummaawwan jiran jijjiiruu irratti kan fuulleffatu yoo ta’u, tarsiimoowwan diiguu ‘destructive strategies’: eenyummaawwan jiran sana diiguu duukaa kan bu’udha. Eenyummaa biyyaa ijaaruuf tarsiimoowwan waallawaa fayyadamte dhiheessite. Isaan kunneen akkaataa itti eenyummaan hawaasa tokko itti ijaaramu, turu, cehuufi diigamuu danda’u agarsiisu. Qorannoo kana keessatti afeewwaniifi mallattooleen dhihaatan giddugala keessatti mul’atan waan ijaaraniifi ceesisan qabu. Eenyummaa tureefi jiru ni agarsiisu; dhiibbaa ture mormuun waan hawaasni kun addunyaa har’aa keessatti barbaadu ni dhiheessu.

Tarsiimoleen gooree tarsiimoo haala waliigalaa dhugaa hawaas-aadaatiif itti gaafatamummaa qabu ijaaru danda’u. Tarsiimoleen gooree kanas qorattoonni adda addaa haala ijaaramaafi agarsiisa eenyummaa hawaasaa keessatti fayyadamanii jiru. Fakkeenyaaf, Wodak and Reisgl (2001) tarsiimolee gooree kanneen akka wabii ‘referential’, tilmaama ‘predication’, ilaalcha ‘perspectivition’, falmii ‘argumentation’ fi kkf adda baasaniiru. Tarsiimoo wabii akkaataa namoonni, hawaasniifi qooda fudhattoonni hawaasa agarsiistuuwwan eenyummaa qabuun dhihaatu mul’isa. Tarsiimoon wabii adeemsa garee keessaafi alaa xiyyeeffata. Tarsiimoon tilmaamaa waan hawaasni tokko qabuun bakka isa buusuudha. Kunis, hawaasa garee ala ta’e mallattolee qabaniin, haala keessa jiraniin, hojii qaban fa’an ibsa. Qaama garee alaan raawwachuu danda’a. Ilaalchi (perspectivization) hirmaattonni ibsa, seeneffama jiru keessatti yaada xiyyeeffatan akka laatan kan taasisudha. Ilaalchi shaakala hundaaf bu’uura (Blacklege, 2005). Kunis, dhimmoonni hawaasa keessatti ijaaramaa deemaniifi ilaalchota jiran, walcaalmaafi dhiibbaawwan mul’atan ittiin qorachuuf oolu

Qorannoo kana keessatti tarsiimoon waallawwaa xiyyeeffatamuun hojiirra oolan ni jiru. Tarsiimoon waallawaan haala kaayyoo qorannoo tokkoon karoorfamanii ni fudhatamu (Wodak, 2001; Reisigl, 2017; Wodak et al, 2009). Haaluma kanaan, agarsiistuuwwaan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul’atan tarsiimoo waallawaa akkamiin akka dhihaatan, eenyummaa akkamitti akka ijaaraniifi agarsiisan akkasumas, aangoofi illaanyaa waliin walitti hidhaminsa qaban balballoomsameera.

2.11. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti yaaxxinoonni hojii irra oolan jiru. Yaaxinni qorannoo tokko geggeessuu keessatti iddoo guddaa qaba. Xurree qorannoon tokko ittiin geggeeffamu agarsiis. Yaada kana Nixon (2004: 34) akka ibsutti, yaaxxinni hubannoo waan hojjennu yookiin qorannoo tokkoo nuuf laachuun akka waan hojjennu akkasumas, dubbisnu tokko irraa hiika argannu taasisa. Qorannoo ofii keenyaas ta'e kan biroo kallattii irra bu'aa buusuu danda'uun qajeelchuufi waan amansiisa ta'e akka hojjennuuf kan nu qajeelchudha jedha. Karaa ittiin hojiin tokko bu'aa qabeessa ta'uu danda'u namatti agarsiisa. Yaaxxinni adeemsa saayinsaawaan hojii qorannoo tokkoo karaa itti hojjetan akka ta'e mul'isa.

Qorannoo kana keessatti yaaxxinoonni xiyyeeffataman jiru. Qorannicha keessatti yaaxxinoonni hojii irra oolan sadiidha. Isaanis, yaaxxina eenyummaa hawaasaa, mallattoofi xiinqooqa faayidaa sirnaawaati. Yaaxxinoonni kunneen kaayyoo qorannichi xiyyeeffateefi ragaalee qorannicha keessatti fayyamaman duukaa kan deemanidha. Matadureefi gaaffileen bu'uura qorannichi xiyyeeffate bu'uura godhachuun dhihaachuu isaaniiti. Dabalataan, qorannoo kana haala hawaasa keessatti geggeeffamee wajjin walqabsiisuuf waan gargaaraniif filataman.

2.11.1. Yaaxxina Eenyummaa Hawaasaa 'Social Identity Theory 'SIT'

Yaaxxinni kun yaaxxina yeroo dhiheenya yoo ta'u, walitti dhufeenya garee keessaafi amala garee kana keessatti haala hawaasichaan uumamu agarsiisa. Hornsey (2008: 205) yoo ibsu, yaaxxinni eenyummaa hawaasaa yaaxxina yeroo ammaa sadarkaa addunyaatti adeemsa garee yookiin hariiroo gareewwan gidduu jiru ilaaluuf murteessaa ta'edha jedha. Dabalataan, Abrams and Hogg (1990: 1) akka ibsanitti, "Social identity theory is a major social psychological theory of inter group relations and group processes. Formulated in the early 1970s by the late Herni Tajfel, its central tenet is the group behavior arises from

a shared sense of social category membership” jedhu. Yaanni kun, yaaxxinni eenyummaa hawaasaa yaaxxina xiinsamhawaasaa ijoo hariiroowwan gareewwan gidduufi adeemsa garee keessaa agarsiisu ta’uu ibsa. Dabalataan, jalqaba bara 1970 oota Tajfeeliin kan qophaa’e, kallattin xiyyeeffannoo isaa ka’umsi amala garee tokkoo kutaa hawaasaa keessa jiraatan keessaa gabbifatama kan jedhudha. Yaada kanarraa kan hubatamu, yaaxxinni kun hariiroo garee keessaafi adeemsa isaa, amalli garee tokkoo kan guddatuufi mul’atu haala hawaasaa hordofuun akka ta’e mul’isa. Eenyummaan waloo amala waliinii hawaasichaa ni agarsiisa. Haala hawaasni tokko ittiin of hubatuufi addunyaa keessa jiruun of ilaalu eenyummaa kanaan walqabata. Kun, yaaxxinni kun as keessatti akka xiyyeeffatamu isa taasisee jira.

Itti aansuun, Jasso (2002: 5) yoo ibsitu, yaaxxinni eenyummaa hawaasaa yaaxxina yeroo dhihoo guddataa dhufe yoo ta’u, gareefi adeemsa garee keessa jiru karaa walitti dhufeenya isaaniin kan xiyyeeffatudha jetti. Dabalataan, Stets and Burke (2000), Turner et al. (1987: 226) wabeeffachuu yoo ibsan, yaaxxinni eenyummaa hawaasaa hariiroo garee keessa jiru, namoonni akkamitti miseensa garee tokkootti akka ofii isaanii ilaalan kan xiinxaludha. Kanas, garee tokkoon ala kan jiran wajjin walbira qabuun ni agarsiisa. Waan jiru akkaataa garee keessaan ilaala jedhu. Akkasumas, Ashforth and Mael (1989: 34) akka ibsanitti, “According to social identity theory, the individual defines him or herself partly in terms of salient group memberships” jedhu. Haala yaaxxina eenyummaa hawaasaan namni dhuunfaan ofii isaa/ ishee akka miseensa garee tokkootti ibsa/ti kan jedhu mul’isa. Kunis, qaamni garee tokko keessatti hammatamu haala garichaan ibsama yookiin hiika argata kan jedhu agarsiisa.

Stets and Burke (2000: 225) akka ibsanitti, “In social identity theory, a social identity is a person's knowledge that he or she belongs to a social category or group. A social group is a set of individuals who hold a common social identification or view themselves as members of the same social category jedhu. Yaada kanarraa kan hubatamu, yaaxxina eenyummaa hawaasaa keessatti eenyummaan hawaasaa beekumsa namaa kan inni/isheen kutaa hawaasaa yookiin garee tokko keessatti ittiin hammatamu/tu ta’uu ibsa. Kana

malee, gareen hawaasaa tuta namootaa waan wal isaan fakkeessu qabaachuun hawaasa tokko keessatti mul'atan yookiin akka miseensota kutaa hawaasaa walfakkaatu tokkootti kan of ilaalan ta'uus ni mul'isa. Kun, yaaxxinni eenyummaa hawaasaa beekumsi namni tokko qabu haala hawaasa keessa jiruun ilaalama kan jedhu ibsa. Hubannoon qabnu akkaataa garee keessa jirruun kan ilaalamu akka ta'es nidhiheessa. Eenyummaa waloo keessaan kanneen biroo ilaaluun akka danda'amu kaasa.

Yaaxxinni kun eenyummaa waloo kan eenyummaan waliinii namoota irratti hunda'u akka xiyyeeffatu ibsa. Qorannoon kun agarsiistuuwwaan eenyummaan akkamitti akka eenyummaan Oromoo akka agarsiifamu, ergaa isaan dabarsan, tarsiimoo ittiin dhihaatan, akkasumas, walitti dhufeenya agarsiistuuwwan xiyyeeffataman aangoofi illaanyaa waliin qaban agarsiisa kanaaf oolan xiinxale. Kun immoo haala eenyummaa Oromoo jiruun kan geggeeffamedha. Xiinxalli raawwates eenyummaa waloo hawaasichaa giddugaleessa godhachuun haala gaaffilee bu'uuraaf deebii ta'aniin dhihaatanii jiru. Kun yaaxxina kana duukaa akka deemu mirkaneessa. Dabalataan, hawaasni kun eenyummaa isaan akkamitti akka agarsiifaamaa tureefi jiru ilaaluuf gargaareera. Sababni isaa, namni eenyummaa waloo qabu keessaan akka ilaalamuufi keessatti akka hammatamu kan deeggaru waan ta'eef. Akkasumas, adeemsaafi hariiroo agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo haala hawaasaan walqabsiisuun xiinxaluuf qoraticha kan gargaaredha.

2.11.2. Xinqooqa Tajaajilaa Sirnaawaa/ Systemic Functional Linguistics 'SFL'

Yaaxxinni kun bara 1960 oota keessaa Yuunaaytid Kingideem keessatti Halliday, M.A.K.'n hojii irra oole. Itti fufuunis Awustiraaliyaa keessatti itti fufe (O'Donnell, 2012: 2). Yaaxxinni kun hojiiwwaan beektota Xinqooqaa warra akka Bronislaw Malinowskifi J.R. Firth irraa guddataa dhufe. Xinqooqni tajaajilaa sirnaawaa kan maleenya yoo jedhan kanneen biroon immoo akka yaaxxinaatti dhiheessu. Yaada kana Matthiessenfi Halliday (1997) yoo ibsan, "SFL can be characterized as an applicable linguistics theory, which means it is designed to have the potential to be applied to solve problems that arise in

communities around the world” jedhu. Xinqooqni tajaajilaa sirnaawaa yaaxxina xinqooqaa kan ta’eefi rakkoowwan walii dubbii keessatti addunya mudatu ittiin hiikuuf akka gargaaru dhiheessu. Amala maleenyaa caalaa akka Yaaxxinaatti fayyadaman.

Kan biroon, O’ Donnell (2012: 2) yoo ibsu, “Nowadays, the SFL approach is used worldwide, especially in language, and for a number of purposes like discourse analysis” jedha. Yaadni kun, yeroo ammaa yaaxxinni xiinqooqaa tajaajilaa sirnaawaa bal’inaan addunyaa keessatti kan fayyadamu, keessumaa barnoota afaaniifi kaayyoowwan garaagaraa kan akka xiinxala waallee keessatti akka hojiirra oolu ibsa. Hayyuun ‘O’ Donnell’ akka maleenyaatti yoo dhiheessu, Eggis (1994) ammoo akka yaaxxinaatti mul’isa. Kanas afaan haala keessatti akka mul’atu ibsuuf fayyadame. “According to SFL theory, language exists in context. Context is comprised of cultural and social aspects that influence how language is constructed to make a semiotic system” (Eggins, 1994). Yaaxxinni xinqooqa tajaajilaa sirnaawaa afaan haala keessatti akka argamu mul’isa. Haalli kun hawaasaafi aadaan akka wal qabatu ni ibsa. Haalli kun akkamitti akka afaan ijaaramuun sirna mallattoolee uumuuf dhiibbaa akka godhus ni hubatama. Yaadonni dhihaatan, yaaxxinni kun xiinxala waallee keessatti akka fayyadu ni dhiheessa. Qabiyyeen afaanii haala hawaasa tokko keessatti akka argamus ni mul’isa. Yaaxxina kana fayyadamuun afeewwan giddugala kana keessatti dhihaatan haala eenyummaa hawaasaa agarsiisaniin xiinxaluun danda’ameera. Kunis haala mallattoolee isaan bakka bu’aniifi keessatti argaman duukaa bu’uun raawwate.

Daniello (2012: 45) qorannoo digirii sadaffaa geggeesse keessatti akka yaaxxinaatti fayyadame. “Professional development must provide SFL theory and a link to teachers’ practice. Ongoing teacher professional development, it appears, is required for successful use of SFL theory in the classroom” Hojiitti hiikamsa dandeettiwwan afaaniifi ogummaa gabbifannaa barsiisotaa waliin dhihaachuu akka danda’u mul’isa. Qorannoo kana keessatti akka yaaxxinatti fudhatamuun fayyadama afeewwan giddugala kana keessaa ittiin ilaaluun danda’amee jira.

Yaaxxina xinqooqa tajaajilaa sirnaawaa fayyadamuun afeewwan xiinxaluun ni danda'ama. Afeewwan karaa adda addaan xiinxalamu. Haala keessatti argamaniin, hiika qabaniin, hiika gama caasaan qabaniin ni ilaalamu (Almurashi, 2016). Xiinxala afeewwanii keessatti iddoo akka qabu mul'isa. Yaaxxinni tajaajilaa sirnaawaa xiinxala xinqooqa liixxaa kan akka xiinxala waallee liixxaa keessatti ni fayyadama. Dabalata yaada kanaa, "SFL has provided an insightful basis for the critical linguistic analyses such as the so-called Critical Discourse Analysis." (Endarto, 2017: 4) jedha. Yaada dhihaate kana irraa kan hubatamu, yaaxxinni kun xiinxalaa waallee liixxaa keessatti akka iddoo qabutu hubatame. Sadarkaa yaaxxinaatti mul'aachuun maleenya xiinxala waallee liixxaa keessatti dhihaachuu isaas ni mirkaneessa. Kana malee xiinxalawwan liixxaa xinqooqaa kanneen biroo keessattis bakka akka qabu ni kaasa.

Qorannoo kana keessatti ragaaleen afee dhihaatan yaaxxina kan hordofuun xiinxalaman. Afeewwan giddugala kana keessatti dhihaatan haala keessatti argaman qabu. Haala isaan keessatti dhihaachuun mul'ataniin ibsa-hiika-balballoomsii laatamee jira. Xiinxalli laatame kun fayyadama isaanii bu'uura godhachuun raawwate. Haala xiyyeeffannoo qorannichaan giddugala kana keessatti akkamitti akka eenyummaan hawaasa akka agarsiisan, dalagaa waalawwaafi tarsiiimolee ittiin dhihaataniifi hariiroo agarsiistuuwwan xiyyeeffataman aangoofi illaanya waliin qaban duukaa bu'uun geggeeffame. Fayyadama afeewwan giddugala kana keessaa karaa yaaxxina kanaa hubachuun danda'amee jira.

2.11.3. Yaaxxina Mallattoo

Yaaxxinni mallattoo yeroo jalqaba kan hundaa'e hayyuu Lawrence jedhamuunidha. Kunis, bara 1930 keessa akka ta'e nimul'ata. Mallattoof hiika laachuun kan danda'amu yoo waan mallattoon sun bakka bu'e adda baasnee beeknedha. Hiikni mallattoo miira keessa namaan kan walqabatuufi hiika ifaa bakkeetti mul'atuun addatti qabaachuu danda'a. Muuxannoo gadi fagoo qaama tokkoo kan jaarraa lakkoofsise dhiheessuu danda'a. Kunimmoo, haala sanaan walqabatee kan hiika argatudha (Quina, 1971: 8) jedha. Kanaaf, mallattoolee agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa

Oromoo keessatti mul’atan hiikuufi waan isaan mul’isan xiinxaluuf yaaxxinni kun akka gargaaru nihubatama.

Itti aansuun, Garcia (2018: 1) yoo ibsu, yaaxxinni mallattoo beekumsa yookiin muuxannoo mallattooleen dabarsan xiinxalanii dhiheessuuf gargaara. Wanti jiru tokko gara yaadaatti yookiin suura arga yaadaatti jijjiiramuun wayita mul’atu mallattummaa uuma. Waan arga yaada keessatti uumame gara jechoota afaan hiikni ittiin dhihaatutti jijjiiruun gadi fageenyaan ibsama jedha. Yaaxxinni mallattoo waan mallattooleen bakka bu’aniifi agarsiisan ittiin sakatta’uuf akka gargaaru ibsa. Kan biroon, Sigdel (2018) yaxxina kanaan mallattoolee aadaa hawaasaa keessa jiran ittiin qorachuun akka dhiheesse nikaasa. Yaaxxinni kun mallattoolee hawaasa keessa jiran ittiin qorachuuf akka ooluufi aadaa waliin akka walqabatu ibsa. Kanaaf, haala yaxxina kanaan mallattoolee agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo giddugala kana keessatti mul’atan haala kamiin akka eenyummaa hawaasichaa akka agarsiisan, dalagaa waallawaafi tarsiimolee ittiin dhihaataniifi walitti dhufeenya isaan aangoofi illaanyaa waliin qaban xiinxalameera.

Yaaxxina kana fayyadamuun agarsiistuuwaan eenyummaa bifa mallattooleen giddugala keessatti dhihaatan xiinxaluun danda’ameera. Agarsiisaafi dhaamsa eenyummaa isaan jiruu hawaasaa kaleessaafi har’aa keessatti qaban mul’isuun danda’ameera. Walcaalmaafi wal qixxummaa dhabinssi eenyummaa saboota biyya kanaa mallattoolee kanneenii dhihaatee jira. Yaaxxina kana fayyadamuun ergaa isaan waggoota dheera duraafi haala har’aa keessatti dhiheessan bira gahuun danda’amee jira. Bu’uuruma kanaan mallattooleen qorannicha keessatti xiyyeeffataman xiinxalamanii dhihaataniiru.

Dhumarratti, yaaxxinoonni sadan kunneen walkeessa diramuun qorannicha keessatti hojii irra oolanii jiru. Yaaxxinni eenyummaa hawaasaa akkamiin eenyummaan waloo akka ijaaramu, agarsiifamu, diigamu, jijjiiramuufi tursamu irratti qorannoo geggeessamuuf bu’uura. Xinqooqni tajaajilaa sirnaawaan ammoo waan hawaasni afaan isaatiin hojjetuufi waan afaan hawaasaaf qabu xiyyeeffata. Hawaasni afaaniifi afeewwan isaatti gargaaramee eenyummaa isaa ijaarrarata; agarsiifata; kan hintaaneef ammoo diiga. Kana


ammoo mallattoolee isaatiin deeggeruun agarsiisa. Kanaafuu qorannoon kun yaaxxiota kanneen waliin utubuun geggeeffamee jira. As keessatti yaaxxiinonni jiran galmoo eenyummaa bu’uura taasifachuun afeewwaniifi mallattooleen giddugalicha keessaa eenyummaa kana akkamitti akka agarsiisan, dalagaa waallawaafi tarsiimoo ittiin dhihaatan, akkasumas, hariiroo isaan aangoofi illaanya waliin qaban ittiin ilaaluun danda’ameera. Agarsiistuuwwan kunneen eenyummaa bu’uuraa jiran keessaan ilaalaman. Isaanis, waldeeggaruun xiinxalaman. Kun, qorannoo kana keessatti wal ta’uu yaaxxinoota kanneenii ibsa.

2.12. Caayaa Yaadrimee

Caayaa yaadrimeen (conceptual framework) qorannichaa dhugaa hawaasa keessa tureefi jiru haala kaleessaafi har’aan walqabsiisuuf afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessatti eenyummaa agarsiisantu xiyyeeffatame. Afeewwaniifi mallattooleen GAO keessaa haala hawaasa keessa jiruufi bakka itti dhihaatan bu’uura godhachuun gabbatu; agarsiifamus. Afeewwaniifi mallattoolee hawaasa tokkko keessa jiran irraa ilaalchaafi sona jiru, dalagaawwaniifi dhimmoota hawaasa bal’aa keessatti agarsiifaman hubachuun ni danda’ama (Mammadov, 2018; Fairclough, 2003; Adugna, 2019) jedhu. Agarsiistuuwwan eenyummaa kanneeniin eenyummaan hawaasaa giddugaleessa kanarraa dhiibamaafi makfamaa turan akkamitti akka agarsiifaman, dalagaa waallawaa, tarsiimolee ittiin ijaaramaafi darbaa jirantu ilaalama.

Qorannoon kun fayyadama afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa agarsiisan haala eenyummaa hawaasaa bu’uura godhateen xiyyeeffate. Kana ammoo moodela Fairclough (1995) xiinxala garsadee, tri-dimensional model’-ibsuu, hiikuufi balballoomsuun jedhamuunidha. Akkaataa xiinxala kanaan moodelli qorannichaa xiyyeeffatame. Kun ammoo dhugaa keessoo hawaasaa jiru, bakka giddugalli kun dhabbateen walqabsiisuun dhiibbaafi ijaarama ture, haalaa agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo keessatti dhihaachuun hawaasachi mul’isan dhiheessa. Kun Yaada kana kan ibsu, Xiinxalli waallee liixxaa fayyadamuun afeewwaniifi mallattooleen hawaasa tokko agarsiisan akkamitti akka jiruu hawaasaan akka walsimu, dhiibbaa jiru, olaantummaafi walqixxummaa

dhabinsa mul'atu ittiin ni saaxilama (Wodak, 2001; Van Dijk, 2009fi Zeleke, 2013). Kun Afeeniifi mallattooleen eenyummaa galmoo godhachuun, Giddugala Aadaa Oromoo keessatti dhugaa keessoo hawaasaa tureefi jiru agarsiisu, ijaaru, akkasumas, tursu.



BOQONNAA SADII

BEEDDUUBA, SAXAXAAfi XIMMALAA QORANNICHAA

3. Seensa

Boqonnaa kana jalatti adeemsa qorannoon kun ittiin geggeeffame kan agarsiisutu dhihaatee jira. Jalqaba beedduuba ijaarama hawaasaa kan qorannoo akkamtaa keessatti xiyyeeffannoo qabatu dhihaate. Itti aansuun, saxaxaafi ximmala qorannichaatu jira. Itti fufuun, madda ragaa qorannichaatu ibsame. Kan biroon, iddattoo bakkaafi namootaa qorannoon kun xiyyeeffatetu dhihaateera. Malleen funaansa ragaalee as keessatti hojii irra oolanis qabiyyee biroota. Ragaaleen as keessatti xiinxalaman malleen akkamtaan walitti qabaman. Ragaaleen kunneen qoodamuuniifi gara barreeffammaatti jijjiramuun bifa dabaleewwaniin qindatanii jiru. Kanas, malleen ittiin funaanaman jalatti qindeessuun mul'ifameera. Akkasumas, adeemsa ragaan ittiin funaanameefi qindoomina isaafi saakkoon qorannoo kana keessatti hordofamaa tures agarsiisamee jira.

3.1. Beedduuba Qorannichaa

Qorattoonni sammuu qullaa dhimma tokko qorachuu hineegalan. Dhugaa isaan itti amanan 'ontological position', beekumsa dhimma qoratan sanaa beekuu, xiimmala dhugaafi beekumsa sana bu'uureffate filachuu, sona hawaasichaa kabajuun akka warra keessoo yookiin diidootti of ilaaluuniifi afaan dhimmicha ittiin ibsuu danda'an garaagara ta'uun beedduuba qorannoo filatamu murteessa. Haaluma kanaan qorattoonni dhugaan garaagara ta'uufi kan hawaasni bakkaa bakkatti bocatu ta'uutti amanan beedduuba ijaarsaa 'Constructivist paradigms', dhugaan kan waaliigaalaa ta'uufi garaagarummaan aadaafi hawaasaa kan hin jijjiirre ta'uutti kan amanan ammoo 'beedduuba eeyyetmaa' 'positivisim' gargaaramu. Kanneen lamaanu walsimsiisanii qorannoo isaanii kan irratti

ijaaranis jiru (Kivunja & Kuyini, 2017). Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa beedduuba ijaarsaati.

Qorannoo kana keessatti beedduuba ijaarsaa ‘Constructivist paradigms’ kan dhugaan haala hawaasa tokkoo hordofuun argama jedhutu fudhatame. Sababa beedduubni kun qorannoo kana keessatti hojii irra ooleef, qorannichi haala hawaasaa hordofee waan geggeeffameefidha. Qorannoon kun agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoo keessaa xiyyeeffate. Kaayyoon qorannoo kana keessatti xiyyeeffatame eenyummaa hawaasaa bu’uura godhachuunidha. Eenyummaan hawaasaa agarsiistuuwwan kanneeniin akkamitti akka agarsiifaman, dalagaa waallawaa eenyummaa Oromoo bu’uuraa (sirna Gadaa), tarsiimolee waallawaa ittiin dhihaataniifi walitti dhufeenya agarsiistuuwwan kunneen aangoofi illaanya waliin qabantu kaayyeffatame. Ragaaleen qorannoo kanaas malleen funaansa ragaalee akkamtaan walitti qabaman. Kun ammoo haala hawaasaa kan hordofudha.

Beedduubni dhihaatu kun qabiyyee of keessatti hammachuun dhihaatu qaba. Kana Guba (1990:) yoo ibsu, “Research paradigms can be characterized by the way scientists respond to three basic questions: ontological, epistemological and methodological questions” Beedduubni karaa qorattoonni deebii gama ontooloojikaalii, ipistemooloojikaaliifi mala qorannoon jiru ittiin kennan akka ta’e ibsa. Beedduubni kallatti ittiin qorannoon tokko qindatu akka ta’e mul’isa. Yaada kana kan gabbisu, “A paradigm comprises four elements, namely, epistemology, ontology, methodology and axiology” (Lincolnfi Guba, 1985: 26) jedhu. Beedduubni qorannoo tokkoo maal akka hammachuu qabu dhiheessa. Yaada dhihaate kana irraa beedduubni qorannoo kallattii kamii akka ilaalamuufi dhihaachuu qabutu hubatame.

Bu’uuruma olitti dhihaate kanaan, qorannoon kun beedduuba ijaarama hawaasaa kan yaadama falaasamaa ‘philosophical assumption’ olitti tuqaman irratti gartummaan isaa ibsame irratti hundaa’ee jira. Beedduubni ijaarama hawaasaa dhugaan walitti dhufeenya addunyaa keessa jirti kan jedhu ibsa. Yaanni kun ilaalcha dhugaan of danda’ee yookiin

walitti dhufeenya addunyaa ala jira jedhu ni kuffisa; hin fudhatu. Beedduubni kun gaaffii akkamitti jedhu hordofa (Gubafi Lincoln, 1994, Kivunja & Kuyini, 2017: 26) jedhu. Kun, dhugaan hawaasa keessatti ijaarama jedha. Dhugaan kan mul'atu wayita walitti dhufeenyi namaafi nama gidduutti yookiin hawaasa keessatti uumamu akka ta'e ibsa.

Qorannoon kun agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessaa kan dhiibbaa hedduu booda dhufe xiinxale. Eenyummaan Oromoo olaantummaa sirnoota darbaniin dhiibamaa, kan biroon bakka buufamaafi boodatti hafaa jedhamaa ture (Asafa, 2007; Bass, 2019). Dhugaan hawaasa keessaa kun iddoo dhabaafi makfamaa turuu ibsa. Dhugaan hawaasaa kun sirna faallaa Oromoon ukkamfamaa jiraate. Guddigalli kun haala kana falmuun dhiheessa. Dhugaa hawaasa keessa jiru mul'isuuf, afeewwaniifi mallattooleen eenyummaa Oromoo agarsiisan askeessatti dhihaatanii jiru. Ragaaleen agarsiistuuwwaan kanneeniin walsiman haala eenyummaan itti agarsiifamaa jiraate ni dhiheessu. Xiinxalli ragaalee qorannoo kana keessatti laatamees dhugaa hawaasa keessaan walsimuunidha. Giddugalli qorannoon kun keessatti geggeeffame hawaasa keessatti kan argamuufi hiika kan godhatus haala achi keessaan wan ta'eefidha.

Ragaaleen xiinxalaman malleen funaansa ragaa makoo (daawwannaa, afgaaffii, sakatta'a dookumantiifi marii garee xiyyeeffannotiin) kan argamaniifi jechaan ibsamuun hiikni barbaachisu itti laatamee jira. Ragaalee kanneenis dhugaa hawaasa keessaan walqabsiisuun xiinxalameera. Dhugaan giddugalichi dhaabbachuu duuba jiru xiinxala kanaan bira gahamee jira. Dhugaan hawaasaa kun sona hawaasa keessa jiru hordofuun mirkansa argataa deemeera. Kun, beedduuba qorannoo kana keessatti hojiirra oole hordofuun raawwate.

3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoo kun saxaxa ibsaa-hiikaa-balballoomsuu, 'descriptive-interpretive-explanatory design' fayyadamame. Kunis ka'umsaafi kaayyoowwan qorannoon kun xiyyeeffatee jirurratti hundaa'uun filatame. Dabalataan, qorannichi mala akkamtaa fayyadamuun waan

geggeeffameef, dhugaa keessoo hawaasaan walsimee jiru ittiin xiinxaluuf fudhatame. Ragaalee haala kaayyoo qorannoo kanaan, agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessaa xiyyeeffaachuun fudhatame ittiin xiinxaluuf waan mijatuufidha.

Saxaxa qorannoo tokkoo hundeessuuf ka'umsaafi kaayyoo qorannichaa xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Qorannoon akkamtaa haala hawaasa tokkoo bu'uura godhachuun kan mul'atudha. Qorattoonni mala kana fayyadaman qabiyyeewwan hawaasa keessa jiru haala hiika qabeessa ta'een qoratu (Denzinfi Lincoln, 2000: 5; Creswell, 2009: 3) jedhu. Saxaxni qorannoo ka'umsa qorannichaafi dhimma bira gahuuf deemamu bu'uura godhachuun filatama. Dabalataan, Addunyaa (2011: 63) akka ibsutti, "Saxaxa qorannoo tokkoo kan murteessu gaaffiwwan qorannicha deebisuuf deemu, kaayyoo isaa, akaakuwwan odeeffannoo argamuuti" jedha. Qorannoon kunis mala kanaafi beedduuba ijaarama hawaasaa waan xiyyeeffateef saxaxi kun filatame.

Saxaxni qorannoo kana keessatti fudhatame kun adeemsa qorannoo garaagaraa keessatti hojiirra oole jira. Saxaxa kana fayyadamuun afeewwan, dalagaawwaniifi gochaalee hawaasa keessa, walcaalmaafi dhiibbaa, illaanyaafi aangoo jiru ittiin xiinxaluun akka danda'amu (Fairclough, 1995; Wodak, 2001; Adjei, 2013; Adugna, 2019) mul'isaniiru. Saxaxni ibsaa-hiikaa-balballoomsuu XWL maleenya kalheddee afeewwaniifi haalawwan hawaasa keessaa ittiin qo'achuuf oolu waliin deema (Huckin, Andrusfi Clary-Lemon, 2012, f. 107) jedhu. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo giddugala kana keessatti mul'atan haala hawaasichaa fuulleffachuun xiinxaluuf saxaxa gargaaru akka ta'e ni mul'isa. Bu'uuruma kanneeniin saxaxi kun qorannoo kana keessatti hojiirra ooleera.

Saxaxni kun adeemsa xiinxala waallee liixxaa kan Fairclough (1992)fi Wodak (2001) hundeessan hordofa. Akka Fairclough ibsetti afeewwaniifi mallattooleen akka dalagaa hawaasaatti waan ilaalamaniif, saxaxa ibsaa-hiikaafi balballoomsuu hordofuu akka qaban dhiheessa. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti, ibsuun unkaafeewwaniif bifa mallattoolee addeessuurratti xiyyeeffate. Hiikuun garuu galmoo isaan keesatti uumaman, fayyadamamaniifi fudhatamaniin walqabsiisuun hiikni itti kenname. Hiikni kun

walta'iinsa afeewwaniifi mallattooleefi galmoo isaanii bu'uureffata jechuudha. Balballoomsuun ammoo hidhata uumamsi, fayyadamniifi argamni afeewwaniifi mallattoolee sanaa aangoofi illaanyaa waliin qaban haala waliigala jireenyaafi siyaasa hawaasaatiin walqabsiisuun balballoomsaman. Ragaaleen argaman saxaxa kana hordofuun erga ibsamani, eenyummaa hawaasaa akkamitti galmoo dhihaatan kan keessatti akka agarsiisan xiinxalameera. Itti fufuun, sakatta'a jiruun deeggaruun jiruufi siyaasa hawaasaan walqabsiisuun haala kaayyoo qorannichaan balballoomsa barbaachisu geggeefamee jira.

3.3. Ximmala Qorannichaa

Ximmalli qorannoon koo kun dhimma itti bahe akkamtaadha. Sababni isaa, ximmalli qorannoo kanaa beedduuba ijaarama hawaasaatiin waan utubamuuf, dhugaan hawaasichaas jechaan, mallattooleefi gochaan waan ijaaramuuf malicha hordofa. Dabalataan, haala giddugala kanaan agarsiistuuwwan jiran akkamitti akka eenyummaa hawaasa tokkkoo akka agarsiisan, hiika isaan dabarsan, tarsiimolee waallawaa ittiin dhihaatan akkasumas, hariiroo agarsiistuuwwan as keessaa aangoofi illaanyaa waliin qaban hubachuuf ximmalli kun mijataa waan ta'eef xiyyeeffatame. Qorannoon akkamtaa amala dhala namaa wajjin walqabatu akkaataa namoonni itti yaadaniifi hojjetan xiinxaluuf fayyadamna. Namoonni akkamitti akka waan tokko yookiin dhaabbata keessan jiran ilaalaniifi ibsan qorachuuf gargaara (Denzini Lincoln, 2000: 4; Elliottfi Timulak, 2021:10 Kothari, 2004: 3) jedhu. Xiyyeeffannoo ximmala akkamtaa mul'isa. Ximmala qorannoo Dawson (2002: 14) akka ibsutti, "The first thing you need to do is to think about your research methodology. This is the philosophy or the general principle which will guide your research" jedha. Qorannoon tokko sirnaan qajeelfamee hojjetamuuf ximmalli murteessaa ta'uu agarsiisa. Qorannoo tokko geggeessuuf adeemsa dursee yaadamuu qabu akka ta'es ni kaasa. Kanaaf, haala xiyyeeffannoo qorannichaan ximmalli akkamtaa akka fuulleffatamu ta'e.

Malli qorannoo kun ittiin geggeessame malleen akkamtaati. Yaada kana Kivunja fi Kuyini (2017: 28) akka ibsanitti, ximmalli mala adeemsa qorannoo tokkoo kan mul'isu yaada bal'aadha jedhu. Ximmalli adeemsa sirnaawaa ka'umsa qorannoo tokkoo ittiin furuuf deemanidha. Ka'umsi qorannoo tokko keessatti dhihaatu adeemsa saayinsaawaa ta'een furamuu qaba. Adeemsi kun ammo mala sirnaawaa akka barbaadudha. Kanaaf, ragaalee mala akkamtaan gaaffilee qorannichaa deebisuuf walitti qabaman xiinxala waallee liixxaan xiinxalamuun dhihaatanii jiru. Malli xiinxalaa kun ragaa mala akkamtaan argame ittiin xiinxaluuf waan gargaaruu filatame jira. Dabalataan, ragaalee jiran keessoo hawaasaan walqabsiisee waan dhiheessuuf fayyadamame.

3.4. Madda Ragaalee

Qorannoo tokkoof maddi odeeffannoo baay'ee barbaachisa. Qorannoo kana keessatti ragaa madda tokkoffaafi lammaffaatu fudhatame. Maddi tokkoffaa meeshaalee funaansa ragaan hirmaattota qarannichaa irraa, afeewwaniifi mallattoolee giddugala kana keessatti argaman, akkasumas, warabbii sagalee kuufamaniifi barruulee giddugala kana ilaalchisuun maxxanfaman irraa walitti qabaman. Maddi lammaffaa sakatta'a barruu irraa argame. Sakatta'a barruuwwan qorannoo aantee, kitaabileef maxxansaalee addaa addaa irraa dhihaatan. Isaanis, qindachuun dhihaatanii jiru.

Ragaan qorannoo kana keessatti fudhataman lamaanuu wal utubuun qorannichaaf oolaniiru. Haalaafi bakka barbaachisutti qindachuun fiixan bahinsa qorannichaaf fayyadamamaniiru. Ragaan qorannoo kana keessatti hojii irra oole, madda tokkoffaafi lammaffaa irraa fudhataman. Odeeffannoon ragaa tokkoffaa kan haaraa ta'e, yeroo jalqabaaf walitti qabeefi kan amala haaraan mul'atudha. Kan lammaffaa, qaama biraan kan walitti qabameefi galmeeffamee ture (Kothari, 2009: 96; Bhattacharjee, 2012) jedhu. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon madda tokkoffaafi lammaffaa fayyadamamee jira.

Ragaan madda lammaffaa irraa argamu qorannoo geggeeffamu keessatti ni fayyadamama (Gorard, 2003) jedha. Qorannoon tokko odeeffannoo madda lammaffaa dhimma bahuun

akka geggeeffamu mirkaneessa. Kanaaf, qorannoo kana keessatti odeeffannoon madda lammaffaa fudhatamee jira.

3.5. Iddattoo Bakkaafi Hirmaattotaa

Qorannoo tokko karaa sirnaawaafi amansiisummaa qabuun geggeessuuf iddatteessuun bakkaafi hirmaattotaa geggeeffamuu qaba. Qorannoo ammaa kana keessatti iddaatteessuun bakkaafi hirmaattotaa mala iddatteessuu mit-carraan raawwatamee jira. Mala iddatteessuu mit-carraa keessaa mala akkayyoo fi darbaa dabarsaatu xiyyeeffatame. Qorannichi mala akkamtaan waan geggeeffameef iddatteessuu kanneen filate.

Iddattoon hawaasa, dhaabbileefi gareewwan qorannoon tokko irratti geggeeffamuuf deemu keessaa filatama. Dabalataan, iddattoon bakkas haaluma hirmaattota qorannichaan ni barbaachisa. Yaada kana kan cimsu, iddattoon miseensa qaama qorannoon irratti raawwatu ta'ee, bakka bu'aa qaama qorannichi irratti raawwatamu ta'uun kan qorannoo adeemsifamu sana keessatti hammatamudha. Saxaxni iddattoo uummata qorannoon irratti geggeeffamuuf fudhatame keessaa iddattoo filachuuf karoora osoo odeeffannoon walitti hinqabamiin murteeffamu (Tayie: 2005: 32; Kothari, 2004: 15) jedhu. Qorannoo geggeeffamu tokkoof hirmaattonni qorannichaa akka barbaachisu mul'isa. Qorannoo kana keessattis iddaattoon qorannichaa osoo odeeffannoo fudhachuutti hin seeniin filataman.

Iddatteessuu carraafi mitcarraa keessaa mala iddatteessuu mitcarraan bakkiifi hirmaattonni qorannoo qindeeffaman. Iddaatteessuun kun gosa qorannoo akkamtaa waliin waan deemuuf kaayyeffatame. Tooftaa iddatteessuu mit-carraan iddattoo filachuuf, akkaataa carraan kan hin taasifamnedha. Kaayyoo qorannoon kun fuulleffate duukaa bu'uun kan fudhatamedha. Hirmaattonni qorannoo carraa malee filamu (Ruane, 2005: 116; Addunyaan, 2011: 67; Deribsa, 2018: 201) jedhu. Adeemsa iddatteessuu kanaa hordofuun, iddatteessuun akkayyoo fi darbaa dabarsaa hojjiirra oolani jiru.

Iddatteessuun akkayyoo qorannoo kana keessatti hojii irra oolee jira. Iddatteessuu akkayyoo jiran keessaa immoo iddatteessuu haala akaakuu qorannichaan (typical case sampling) iddattoon filatamaniiru. Yaada kana Portafi Keating (2008) akka ibsanitti, gosti iddatteessuu akkayyoo kun hirmaattota hubannoo gahaa waan gaafataman sanaaf qaban, garee yookiin bakka keessaa filaman bakka bu'uu danda'an kan ittiin filatanidha jedhu. Malli iddatteessuu kun qorannoo kana keessatti kan filatameef, haala kaayyoo qorannichaan hirmaattota qorannoo filachuu kan eeyyamu waan ta'eefidha. Dabalataan, namoota ragaalee quubsaa qorannichaaf laatan xiffeeffannoon filachuu waan na dandeessiseef malli kun filatame. Kana malee, gosti qorannoo kanaa akkamtaa waan ta'eef, raga mala kanaaf ta'u ittiin argachuuf jedhameetu. Kana hordofuun, iddattoon bakkaa Giddugala Aadaa Oromooti kan daangeeffame yoo ta'u, iddattoon hirmaattota baay'inaan giddugala kana keessaa filatamanii jiru. Kunis, xiyyeeffanna mataduree qorannichaa duukaa bu'uun kan raawwatamedha.

Malli hirmaattonni qorannichaa ittiin filaman biroon iddatteessuu darbaa dabarsaati. Sababni isaa, ragaalee qorannichaaf malu guuttachuuf namoota odeeffannoo malu naaf kennaan argachuuf fayyadamame. Mala iddatteessuu kana fayyadamuun namoota hubannoo agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo qaban irraa ragaaleen qorannichaaf tumsan walitti qabamaniiru. Kana malee, hirmaattota kanneen eerummaa namootaan bira gahuu na dandeessise jira. Akkasumas, iddatteessuu mala akkamtaaf oolu waan ta'eef fudhatame. Dastaa (2013) akka ibsutti, "Iddattoo eerummaa (snowball sampling) kan jedhamu gosoota iddattoo miti carraa keessaa isa tokko ta'ee hirmaattota namni eerudhaan kan filataman." jedha. Iddatteessuun darbaa dabarsaa qorannoo kana keessatti kan hojii irra ooleef, namoota hubannoo hawaasa keessaafi akkaataa itti agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo itti tureefi jiru hubatan argachuuf jedhameeti.

Qorannoo kana keessatti hirmaattonni odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu kennan haala iddattoowwan dhihaataniin filatamanii jiru. Hirmaattonni xiyyeeffataman ogeessota Giddugala Aadaa Oromoo keessaa hojjetaniifi jaarsolii hubannoo hawaasa keessa jiru qabanidha. Jaarsolii, hawwaniifi ogeessota GAO keessa hojjetan keessaa afgaaffiif

hirmaattota 21, dhiira 14fi dhala 7, akkasumas, marii gareef namoota 19, dhiira 13fi dhalaan 6 filatamuun odeeffannoon barbaachisu walitti qabamee jira.

3.6. Malleen Funaansa Ragaalee

Qorannoo geggeeffamu tokko keessatti ragaan malleen adda addaan walitti qabamuu danda'a. Malleen funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti fudhataman kanneen mala akkamtaan xiyyeeffatanidha. Galma gahinsa qorannoo kanaaf malleen filataman daawwannaa, afgaaffii, sakatta'a dookumantiifi marii garee xiyyeeffannooti. Malleen kanneeniin odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabuun danda'amee jira. Sababni qorataan malleen kanneen fayyadameef, qorannoon geggeeffamaa jiru kun gosa qorannoo akkamtaa xiyyeeffatee waan jiruuf. Gosni qorannoo kun ammoo meeshaalee funaansa odeeffannoo akkamtaa fuulleffata. Haaluma kanaan, odeeffannoon barbaachisu meeshaalee kanneeniin argamaniiru.

Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu malleen garaagaraan walitti qabame. Malleen filataman kanneeniin ragaalee galma gahinsa qorannichaaf oolan argachuun danda'amee jira. Ragaaleen argaman argannoo kaayyoo qoranichaa bu'uura godhatu argamsiisuu danda'aniiru. Akkuma yaaxxinoota garaagaraa waltaasisuun qorannoo kana galma geessisuuf dhimma itti bahame, malleen qorannoo kanaanis odeeffannoo murteessaan argamee jira. Isaanis, wal utubuun dhihaatanii jiru. Qorataan gosa qorannoo akkamtaa fuulleffachuun qorannoo isaa geggeessu, odeeffannoo kalheddee fayyadamuu qaba. "Qualitative researchers typically gather multiple forms of data, such as interviews, observations, documents, rather than rely on a single data resource" (Creswell, 2009: 175) jedha. Qorataan akkamtaa fayyadamuu qorannoo taasisu odeeffannoo qeenxee irratti akka hin hundoofne ibsa. Malleen akkamtaa waliin dabaluun akka fayyadamuu qabu dhiheessa. Qorannoon kunis ragaalee malleen akkamtaa garaagaraan walitti qabamaniin geggeeffame. Malleen dhihaatan madda ragaa garaagaraa ta'uu danda'anii jiru.

3.6.1. Daawwannaa

Meeshaalee ragaan qorannoo kanaa ittiin funaanaman keessaa daawwannaan isa tokko. Qabanni daawwannaatti dhimma bahameefis ragaalee meeshaalee funaansaa kanneen birootiin hinargamne ittiin walitti qabachuuf waan gargaareefidha. Ragaalee barbaachisan qaamaan argamuun walitti qabachuu qorataa dandeessisee jira. Daawwannaan meeshaa ragaan akkamtaa ittiin walitti qabamu ta'ee, qaamaan bakka qorannoo itti geggeeffamutti argamuun odeeffannoo qorannichaaf gargaaru walitti qabuuf oola. Daawwannaan meeshaa saayinsaawaafi mala odeeffannoo qorannoo tokkoof ittiin walitti qabanidha. Odeeffannoo qorataatiin kallattiin walitti qabama yookiin fudhatama. Odeeffannoo qulqulluu ta'e argachuuf ni gargaara (Deribsa, 2018: 222) jedha. Odeeffannoo qorannoo tokkoof barbaachisu qaamaan bakka qorannichi itti geggeeffamutti argamuun fudhachuu meeshaa dandeessisu akka ta'e dhiheessa. Kanaaf, qorannoo kana keessatti odeeffannoon ittiin fudhatameera.

Qorannoo kana keessatti gaaffilee bu'uuraa kaayyoo qorannichaan walsiman irratti hundaa'uun bakka qorannoon kun itti geggeeffamutti deddeebi'uun daawwannaan taasifameera. Daawwannaan geggeeffame kun itti fufinsaan raawwatamaa ture. Daawwannaan kun xalayaan deeggarsaa Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii irraa waxabajji 8, 2021 fudhachuun Waxabajji 20, 2021 irraa eegaluun ji'oota walitti aanan sadiif gara Giddugala Aadaa Oromootti deebi'uun odeeffannoo barbaadamu walitti qabamaa ture. Itti fufuun marsaa lammaaffaa Amajji hamma Eebila 2022'tti kan geggeeffamedha. Haala kana keessatti afgaaffiis hirmaattota xiyyeeffataman irraa fudhatamaa ture. Daawwannaan giddugala kana keessatti deddeebiin geggeeffamaa ture afeeniifi mallattoolee eenyummaa agarsiisan giddugaleessa taasifachuunidha. Abbootiifi hawwan giddugala kana daawwataniifi ogeeyyii daawwachiisan hordofuun ragaaleen qorannoo kanaaf murteessoo ta'an walitti qabamanii jiru. Daawwannaan marsaa sadaffaa gabbisni qorannoo erga geggeeffameen booda, yaada gabbisa kana irratti laatame guutuufi cimsuuf raawwatame. Sababni qorataan kana filateef, agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argaman daawwachuun ragaa

fudhachuuf, akkasumas, haala kaayyoo qorannichaan hojjettoota achi keessaafi namoota giddugala kana keessa dhufan xiyyeeffachuun ragaalee qorannichaaf barbaachisu argachuu waan dandeessiseefidha. Kanas, bu’uura qorannichaan daawwannaa isaa taasisaa ture.

Daawwannaan keessatti hirmaachuuniifi osoo keessatti hinhirmaatiin taasisuudha. Daawwannaa qorataan taasise wayita qaamonni adda addaa giddugala kana daawwatan wajjin argamuun odeeffannoo fudhateera. Qorataan giddugalatti deddeebi’uun agarsiistuuwwan eenyummaa jiran irraa ragaalee barbaachisan fudhataa turee jira. Ragaalee kunneen yaadannoon, waraabbiifi kaameraan fudhataman. Kunis, qorataafi namoota ragaalee qorannichaa sassaabuuf GAO keessatti isa waliin argaman wajjin raawwate. Ragaaleen walitti qabaman haala kaayyoo qorannichaan yeroo dhuma sanatti qindeessuufi faayila uumuun keessatti kuusuun raawwatamaa ture. Kanas qindeessuun xiinxala qorannichaa keessatti fayyadamamee jira.

Namni naannoo jiraatu keessatti hubannaa isaa dubbata; yaada qabu dhiheessa. Hubannoo hawaasa isaa keessatti ijaarrates dhiheessa. Haala hawaasa kanaafi dhugaa hawaasicha keessa tures wayita dubbataniifi mari’atan waliin ta’uun odeeffatamuu danda’eera. Ilaalchi ijaarsaa (constructionist view) haala addunyaa keessa jiranii hirmaachuun dhugaa jiru gabbifatu (Andrews, 2012: 39) jedha. Yaadni kun, ragaa dhugaan hawaasa keessatti akka argamu ibsa. Haaluma kanaan, ragaaleen haala hawaasa keessaa xiyyeeffachuun qorannichaan walsiman fudhatamanii jiru. Ragaalee mala kanaan walitti qabameen kaayyooleen qorannichaa deebii argataniiru.

3.6.2. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee ragaan qorannoo kanaa ittiin walitti qabame keessaa isa biroota. Qorannoon kun mala akkamtaan waan dhimma baheef malli funaansa ragaa kun filatame. Afgaaffii qorannoo kana keessatti geggeeffame hirmaattota dhimma qorannichaaf filataman bu’uura godhachuunidha. Hirmaattonni adeemsa iddatteessuu akkayyoofi

darbaa dabarsaan filaman. Afgaaffiin qorannicha keessatti hojii irra oole kun qorataafi gorsitoota isaan erga haala kaayyoo qorannichaan qindaa'ee booda kan hojiitti hiikamedha. Kunis, gara giddugala kanaatti deddeebi'uun hirmaattota waliin afgaaffiin kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'e geggeeffamee jira. Ragaaleen murteessoon gaaffilee bu'uuraa qorannichaa deebisan sassaabamuu danda'anii jiru. Dabalataan, ragaaleen afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadaa Orommo keessatti eenyummaa Oromoo agarsiisaniin walsiman hirmaattota irraa argamaniiru. Mallattoolee hiika addaa barbaadan karaa kana odeeffachuun danda'amee jira.

Qorannoo kana keessatti afgaaffii mitcaaseffamaatu xiyyeeffatame. Afgaaffin kun deebistoonni afgaaffii dhihaatuuf haala gaaffii dhihaateef duukaa bu'anii akka deebisan godha. Hubannoo dhimma sanaaf qaban irratti hundaa'uun bilisa ta'anii akka laatan waan taasisuuf fudhatame. Gaaffileen dhihaatan gaaffilee bu'uuraa qorannichaa xiyyeeffachuun waan qophaa'aniif akka hirmaattonni hubannoo qaban dhiheessan gargaareera. Afgaaffiin akkaataa garaagaraan qophaa'a. Isaanis, afgaaffii baay'ee caaseffamaa (highly structured interviewed) amala qorannoo hammamtaa of keessaa kan qabu; caaseffamaa (structured interviewed)fi mit-caaseffamaa (unstructured interviewed) hirmaattota qorannoon irratti geggeeffamu sana bilisa kan taasisudha (Dornyei, 2007: 136; Pickering, 2008: 79; Creswell, 2009: 181; Deribsa, 2018: 223). Kanaaf, qorannoo kana keessatti afgaaffii mitcaaseffamaan dhimma bahame.

Qorannoo kana keessatti qorataan afgaaffii kan filateef, bakka hirmaattonni qorannichaa argamanitti argamuun gaaffilee kaayyoowwan qorannichaa milkeessuu danda'an waan ittiin dhiheessuu danda'eefi ragaalee barbaachisaan waan ittiin argameefidha. Kana malee, gaaffiilee kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun qophaa'an hirmaattotaaf qofa qofaatti dhiheessuun ragaa gahaa ittiin argachuun danda'ameera. Kanas, hirmaattota afgaaffii waliin fuulaafi fuulatti wal arguun geggeeffame. Akkasumas, qorannoo haala hawaasaa giddugaleessa godhachuun hojjetamu keessatti afgaaffiin murteessaa waan ta'eef hojii irra oole jira.

3.6.3. Sakatta'a Dookumantii

Qorannoo kana keessatti ragaalee dabalataa argachuuf sakatta'a dookumantii fayyadamame. Sakatta'i dookumantii meeshaa funaansa ragaa qorannoo akkamtaa keessatti hojii irra oolu keessaa tokko waan ta'eef. Ragaa qorannoo tokkkoof barbaachisu galmeewwan jiraniifi maxxansaalee garaagaraarraa fudhachuuf gargaara. Yaada kana Creswell (2009: 181) akka ibsutti, "Qualitative document these may public documents (e.g. newspaper, minutes of meetings, official reports) or private documents (e.g. personal journals and diaries, letters, e-mails)" jedha. Dookumantiin akkamtaa dookumantoota hawaasaa kan akka gaazzexaa, qaboo yaa'iiwwanii, gabaasaalee beekamoo yookiin dookumantoota dhuunfaa: barruuleefi yaadannoo dhuunfaa, xalayyaalee, birkaahee akka ta'an mul'isa. Kun, maaltu sakatta'ama isa jedhu ibsa. Qorannoo kana keessattis dookumantoota Giddugala Aadaa Oromoo keessatti Agarsiistuuwwan Eenyummaa Oromoo mul'isan sakatta'uun ragaalee barbaachisan fudhatamanii jiru.

Giddugala kana keessatti barruuleen, barreeffamni gaggabaaboofi kitaabileen giddugala kanaan walsimuun maxxanfaman sakatta'amanii jiru. Barruuleen sakatta'aman xiyyeeffannoo gaaffilee bu'uura qorannichaan taasifame. Dabalataan, kutaalee harshammee Giddugala Aadaa Oromoo keessaafi kan OBN giddugalicha ilaalchisuun waggootaaf walitti qabes xiyyeeffannoon sakatta'amanii jiru. Kanaanis, afeewwaniifi mallattoolee giddugala keessatti eenyummaa agarsiisan ilaachisuun ragaaleen jiran fudhatamanii jiru. Qabiyyeewwan achi keessatti dhihaatan hunda kan xiyyeeffate osoo hin taane, kaayyoowwan qorannicha keessatti fuulleffataman duukaa bu'uun sakatta'ame. Sakatta'a kanaan ragaaleen gaaffilee bu'uura qorannichaa kan tarsiimoofi dalagaalee waallawaa eenyummaa eenyummaa Oromoo bu'uura xiyyeeffatu walitti qabamuun xiinxalamanii jiru.

3.6.4. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Meeshaa ragaan qorannichaa ittiin walitti qabame kan biroon marii garee xiyyeeffannooti. Malli funaansa odeeffannoo kun akkuma afgaaffii odeeffannoo qorannoo akkamtaa argamsiisuuf gargaara. Qorannoo kana keessatti marii gareen xiyyeeffannoo kan filatameef, ragaalee malleen biroon argaman ittiin mirkaneeffachuuf waan qorataa gargaareefidha. Ragaalee agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo ilaalchisuun jiran waliin mariisisuufi gaaffii dabalataa dhiheessuun ragaaleen mirkansa qaban fudhachuu dandeessisee jira. Kan biroon, mala funaansa raga qorannoo mala akkamtaan geggeeffamu keessatti hojii irra oolu waan ta'eef xiyyeeffatame. Yaada kana kan cimsu, mariin garee xiyyeeffannoo odeeffannoo qorannoo tokkoof fayyadu guuruuf yookaan odeeffannoo akkamtaa gaaffilee bu'uuraa qorannichaa deebisan ittiin argamsiisuuf gargaara (Tayie, 2005: 85) jedha. Dabalataan kanaa, namoonni lakkoofsa qaban gaafatamuun gareen walitti dhufanii dhimma tokko irratti waliin mari'achuuf meeshaa odeeffannoo gargaarudha. Mariin garee xiyyeeffannoo hirmaattota ja'a (6) hamma saddeetii (8) kan of keessaatti hammachuun gaaffileen marii sanaa kan keessatti dhihaatu (Creswell, 2009: 29; Dawson, 2002: 29) jedhu. Kun, hirmaattota qorannicha bakka bu'an waliin ta'uun gaaffilee bu'uuraa qorannichaaf odeeffannoo gahaa akka laataniif meeshaa odeeffannoo gargaaru akka ta'e ibsa.

Hirmaattonni marii garii xiyyeeffannoo kana keessatti mala iddatteessuu akkayyoon filaman. Kunis, haala kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuunidha. Qorannoo kana keessatti hirmaattonni 19 dhiira 13fi dhalaan 6 bakka saditti qoodamuun marii taasifameen odeeffannoon murteessaa ta'e argamuu danda'eera. Kunis, gareen jalqabaa hirmaattota 7 dhiira 4fi dhalaa 3 kan geggeeffame yoo ta'u, kan lammaffaa ammoo hirmaattota 6 dhiira 4fi dhalaa 2'n raawwatee jira. Mariin marsaa sadaffaa dhiheessii gabbisa qorannichaa booda kan raawwate yoo ta'u, hirmaattota ja'a (6) dhiira shanii (5)fi dhalaa 1 kan hammatedha. Marii garee xiyyeeffannoo kanaanis odeeffannoon gaaffiilee bu'uuraa qorannichaa deebisu walitti qabameera. Mariiwwan taasifame kanas haalaan hordofuun yaadannoo qabachuufi waraabbiin taasifameera. Yaadannoofi waraabbii fudhatame kanas qindeessuun qorannicha keessatti fayyadamameera.

Marii garee xiyyeeffannoo geggeefame kana irrattii qorataan gaaffilee mariif ta'an haala kaayyoo qorannichaan dursee qopheessuun marichaaf dhiheessee jira. Kana irratti hirmaattonni qorannichaa ragaalee barbaadamu dhiheessuun waliin falmaafi yaada qajeelchaa laataniiru. Ragaaleen argaman haala kaayyoo qorannichaan qindaa'uun xiinxalamanii jiru.

3.7. Adeemsa Ragaaleen Ittiin Funaanamaniifi Qindoomina Isaanii

Ragaa qorannichaa sassaabuuf dursa xalayaa deeggarsaa Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi fookloorii irraa fudhachuun Giddugala Aadaa Oromoon deemame. Xalayaan kun daarikteera olaanaa giddugalichaan ilaalamuun eeyyamni odeeffannoo fudhachuu laatame. Itti fufuun, haala kaayyoo qorannichaan ragaleen walitti qabamuun itti fufe. Ragaaleen malleen armaan olitti xiyyeeffatamaniin sassaabaman. Ragaaleen meeshaalee kanneeniin walitti qabaman yaadannoon, waraabbiifi suuraan fudhataman. Yaadannoowwan daawwannaa, afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi sakkatta'a dookumantii irraa walitti qabaman keessa deebi'amuun erga ilaalamanii booda, meeshaalee xiyyeeffatamanii fudhataman jalatti sirnaan qindeeffamanii barreeffaman. Ragaaleen yaadannoo kanaan qabaman kan waraabamee wajjin akka walsimuu danda'anitti sirreeffaman. Ragaaleen waraabamaniifi suuraan fudhataman eeggannoon faayila uumuun laaptooppii, filaashiifi kuusaa biroo irra akka hin badneefi hin miidhamnetti ol kaahame. Kanas, yaadannoo jiruun walqabsiisuun gara barreeffamaatti jijjiiruun danda'amee jira.

Ragaalee meeshaalee odeeffannoo akkamtaa dhihaataniin fudhataman gara barreeffamaatti jijjiiruun xiinxala qorannichaa keessatti fayyadamuun danda'ameera. Ragaalee sagaleen jiran laaptooppii irratti fudhachuun ergan qindeessee booda duraa duubaan dhaggeeffachuun gara barreeffamaatti jijjiiramanii jiru. Ragaalee kanneenis kaayyoowwan bu'uuraa qorannichaa duukaa bu'uun qindeessuun danda'amee jira. Itti

fufuun, erga gulaalamaniifi moggaafamanii xiinxalaaf dhihaatan. Kun matadureewwan gaaffilee bu'uuraa qoraannichaan walsiman jalatti qindoomuun xiinxalamanii dhihaatanii jiru.

3.8. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qaaccessi ragaalee qorannoo kanaa maleenya xiinxala waallee liixxaa (XWL) xiyyeeffachuun geggeeffame. Maleenya xiinxala waallee liixxaa qabiyyee xiyyeeffatame ibsuu, hiikuufi balballoomsuun haala keessoo hawaasaan walqabsiisuu waan danda'uuf filatame. Kun ragaalee dhihaataniin kan walsimu, akkaataa xiinxalaafi argannoo qorannichaaf karaa qajeeltoo waan ta'eef fudhatame. Ragaalee qorannoo kana keessatti dhihaatanii jiran haala hawaasa keessa ture kan ammaan walqabsiisee ibsuuf kan gargaaru waan ta'ef hojii irra oole. Kunis adeemsa keessa darbuun jiruu hawaasaan wal qabatu qaba. Kana Fairclough (1989: 109) akka ibsutti, "Three stages of critical discourse analysis; description of text, interpretation of the relationship between text and interaction, and explanation of the relationship between interaction and social context" jedha. Xiinxalli waallee liixxaan geggeeffamu hamma haala hawaasa keessaan walqabsiisuutti akka deemu mul'isa. Kan dhihaate kana qabata godhachuun qaaccessi qorannichaa geggeeffamee jira.


Ragaaleen mala akkamtaa hordofuun xiinxalaman adeemsa hordofan qabu. Yaada kana Creswell (2009: 184) yoo ibsu, "Qualitative data analysis is conducted concurrently with gathering data, making interpretation and writing reports" jedha. Qaaccessi ragaa akkamtaa kan geggeeffamu ragaa walitti qabuun, hiika itti laachuufi xiinxala dhumaa barreessuun akka ta'e ibsa. Qorannoo kana keessatti ragaaleen jalqaba ni galaalaman. Itti fufuun, ni moggaafaman. Dhumarratti, akkaataa walfakkaatuun qoqqoodamuun xiinxalli barbaachisaan itti laatame.

Xiinxalli ragaalee qorannoo kanaas adeemsa xiinxala garsadee ibsuu, hiikuufi balballoomsuu kan Fairclough (1989) fi Fairclough (1995) xiyyeeffate hordofe.

Dabalataan, Afeefi mallattoon akkaataa jiruu hawaasaa agarsiisuufi ijaaruu keessatti gahee murteessa qabu. Dhugaa keessoo hawaasaa baasu. Haaluma kanaan maleenya waallee kan ta'an maleenyi waallee seenawaafi hawaashubannoo dhimma bahamaniiru. Afeewwaniifi mallattolee Giddugala Aadaa Oromoo keessa jiran haala kan hordofuun xiinxamanii jiru. Xiinxalli garsadee kun maleenya lamaan kanneeniin mirkansa aragataa deeme. Maleenyi waallee seenaa kan xiinxalichi ittiin jiruu hawaasaan walqabsiifamaa deemedha. Seenaa hawaasaa darbeefi kan amma walqabsiisanii xiinxaluuf maleenya gargaaredha. Maleenyi hawaashubannoo dhugaan hawaasaa, illaanyi, yaadniifi fedhiin jiru karaa afeefi mallattoo dhihaachuu danda'a (Van Dijk, 2009fi Wodak, 2001). Xiinxalli adeemsa waallee liixxaan raawwatame yaadrimee kana fuulleffatee jira.

Haaluma kanaan, agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul'atan akkamitti akka eenyummaa hawaasaa agarsiisan, dalagaa waallawaafi tarsiimolee isaan ittiin dhihaatan akkasumas, walitti dhufeenya isaan aangoofi illaanya waliin qaban haala barbaachisuun xiinxalamee dhihaatee jira. Kunis, ragaaleen kaayyoo jiruun walqabatani dhihaatan jalqaba ni ibsamu; itti aansuun walitti dhufeenya ragaaleefi waan isaan agarsiisantu haala barbaachisuun hiikame; dhumarratti, hiika dhihaate kanaafi haala hawaasaan walqabsiisuun balballoomsa isaanii dhihaatee jira.

Maleenyi xiinxala waallee xiinxala haala afeewwaniifi mallattoolee hawaasni dhimma itti bahu, haala dura tureefi kan ammaan walqabsiisuun lubbuu horachiisuuf gargaara. Kun ammoo yaada waalleen seenawaadha jedhu bu'uureffate. Waalleen seenawaa ragaalee bal'aa gama jiruu hawaasaan walqabatani karaa afeewwaniifi mallattoolee dhihaatan xiinxaluuf fayyadamame. Qorannoo kana keessatti ragaalee jiran seenaa hawaasaa tureefi kan ammaan walqabsiisuun akkamitti akka agarsiisa eenyummaa hawaasichaaf akka oolan haala kaayyoolee qorannichaan xiinxalli barbaachisu raawwateera. Hubannoofi ilaalcha keessoo hawaasaan walsimsiisuuf ammoo maleenya hawaashubannootu hojii irra oole.



Caayaa yaadrimee Fairclough, 1995 Xiinxala Waallee Liixxaaf Fudhate

3.9. Saakkoo Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf saakkoo qorannoo tokkoof barbaachisu hordofeen jira. Qorataan qorannoo tokko geggeessu saakkoo hawaasa qorannoo keessatti raawwatuufi qorannoo isaa eeguu qaba. Dabalataan, hirmaattoota qorannoos ta'e naannoon qorannichi keessatti geggeeffamu eegamuufi kabajamuu malu. Qorattoonni qorannoo isaanii wayita geggeessan naamusa hordufuu qaban qabu. Researchers need to be protect their research participants: develop a trust with them; promote the integrity of research; guard against misconduct and impropriety that might reflect on their organizations or institutions and cop with new, challenging problems" (Creswell, 2009: 87) jedha. Yaanni dhihaate kun, qorattoonni hirmaattota qorannoo isaanii eeguu, jaalala isaan waliin jiru guddisuu; amanamummaa qorannoo olkaasuu; amala badaafi haala hinbarbaachisne kan dhaabbata isaanii tuquu danda'urraa tiksuu akka qaban ibsa. Dabalataan, rakkinoota jiran wal'aansoo qabuu akka qaban kaasa. Qorannoo kana keessatti qorataan qorannichaa haala jiru kana eeggachuun odeeffannoo qorannoo kana galma gessisuu fudhatee jira.

Qorannoo kana karaa naamusa qabuun fiixaan baasuuf, qoratichi hariiroo eeggannoo qabu bakka qorannichaaf xiyyeeffatame keessatti fayyadameera. Kun hojii qorannoo geggeessu sana haala amansiisummaa qabuun akka hojjetuufi hirmaattota qorannoo waliin walitti dhufeenya gaarii qabaachuu isa dandeessisee jira. Yaada kana kan ibsu, saakkoon qorannoo hojii qorannoo tokkoo keessatti qabiyyee bu'uura ta'edha. Namni hawaasa tokko keessa ta'uun qorannoo geggeessu itti gaafatamummaa barbaachisu hawaasichaaf qaba (Portafi Keating, 2008: 15) jedha. Yaanni kun, qorataan qorannoo tokko geggeessu naamusa akkamii akka qabaachuu qabu ibsa. Kun safuu hawaasa qorannoon keessatti geggeeffamuu, naamusa mallattoolee ulfoofi hirmaattota qorannichaa safeeffachuu xiyyeeffata.

Ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisu osoo hin fudhatiin dursa xalayaan Yuunivarsiitii Addis Ababaa, Kolleejjii namoomaa, Qo'annoo Afaanotaa, Joornaalizimiifi Quunnamtiitti, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii irraa akkan dirree qorannoof xiyyeeffatame deemu naaf laatame. Xalayaa naaf laatame kana fudhachuun Daarekteera Giddugala Aadaa Oromoo bira geessuun eeyyame bakka qorannoo kanaan fudhadhe. Biirtoon kunis qaama ilaallatu hundaaf jechuun akka odeeffannoo barbaachisu sassaabadhuuf eeyyama kallattii qabsiisu naaf kenne. Kanas, kutaawwan giddugala kana keessatti argamaniif ergan qoodeefi kaayyoo qorannichaa hubachiisee, eeyyama amansiisu argachuun ragaalee qorannichaa fudhataa tureera. Akkasumas, hirmaattonnis kaayyoo qorannichaa hubachuun akka ragaa qabatamaa naaf laatan taasiseen jira.

Creswell (2009: 89) yoo ibsu, "As a researchers anticipate data collection they need to respect the participants and sites for research. Do not put participants at risk and respect vulnerable populations" jedha. Kun, akka qorattoota odeeffannoo walitti qabaniitti dursanii beekuu kan qaban bakka qorannoofi hirmaattota qorannichaa kabajuu akka qaban mul'isa. Dabalataan, hirmaattota bakka uummataan hin kabajamneefi miidhaa qabu kaa'uun akka hinbarbaachisnees ni addeessa. Qorataanis hirmaattota isaa kabajuun bakka naamusaafi eeggannoo qabutti ragaalee qorannichaaf malu irraa fudhataa ture.

Yaanni armaan olitti dhihaate kun, saakkoon qoraataa qorannoo tokko geggeessuu maal ta'uu akka qabu ibsa. Qorataan hirmaattota qorannoo isaa waliin akkamitti akka argamuu qabuufi amalli badaa jiru qorataas ta'e dhaabbata inni keessatti hammadamuun qorannoo gaggeessu akka miidhuu danda'u ni addeessa. Haaluma kanaan, qorataan qorannoo kanaas saakkoo jiru kana hordoofuun naamusa jiru eeggachuun qorannicha galmaan ga'uu danda'eera.

BOQONNAA AFUR

AFEWWANIIFI MALLATTOOLEE EENYUMMAA OROMOO AGARSIISAN

4. Seensa

Boqonnaa kana jalatti afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa Oromoo warra bu’uuraa agarsiisuuf Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argamantu dhiyaatanii ibsaman. Ibsi boqonnaa kana jalatti taasifamu kunis gaaffii qorannichaa isa tokkoffaa deebisa. Ragaaleen malleen garaagaraan walitti qabaman inni tokko isa biroon deeggaramuun ibsaman. Ibsi afeewwaniifi mallattoolee asitti taasisaman sadarkaa xiinxala waallee liixxaa keessaa isa jalaqabaati. Xiinxalichi qabiyyeewwan garaagaraa jalatti dhiyaatee jira.

4.1. Afeewwaniifi Mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo Keessaa

Mataduree kana jalatti afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa Oromoo agarsiisuuf Giddulala Aadaa Oromoo keessatti argamantu ibsamu. Ragaaleen afeewwaniifi mallattoolee xiyyeeffatamanii eenyummaa hawaasaa waliin walitti dhufeenya kan qabaniifi agarsiisuu danda’anidha. Afeen haala hawaasa tokkoo hordefee ni dhihaata. Innis dubbii afaaniifi barreeffamaan qindoominee mul’ata. Xiinxala afeewwanii fayyadamuun waan keessoo hawaasa tokkootti mul’atuufi agarsiifamu bira gahuun ni danda’ama (Fairclough, 2003) jedha. Mallattooleen waan hiika qabeessa tokko kan bakka bu’uufi hawaasni aadaafi eenyummaa waloo qabu hiika isaarratti karaa ifaan kan waliigaludha (Lawley, 1994). Kun afeewwaniifi mallattooleen hawaasa tokko keessa jiran xiinxaluun agarsiisa isaan gama eenyummaa hawaasaan qaban hubachuun akka

danda'amu ibsa. Afeewwaniifi mallattooleen Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul'atan ammoo akkamitti akka eenyummaa hawaasaa agarsiisantu ibsame.

4.1.1. Afeewwan

Afeen kallattiidhaan eenyummaa hawaasaatti hidhata. Gaheen afeen eenyummaa hawaasaa ijaarufis ta'e guddisuuf qabu guddaadha. Yaada kana Halliday and Hasan (1985: 5 yoo ibsaan, "Text is a language that is functional. It is a language that doing some job in some context or any instance of living language that is playing some part in a context of situation" Waraabbiin kun hawaasni afeewwaniin waan barbaadu hojjechuu isaa agarsiisa. Kun ammoo afeewwan qaama dalagaa hawaasaa ta'uu nu hubachiisu. Yaada kanas Weninger (2018:3) wayita ibsu, "Texts are seen as elements of social practices and textual analysis" Kanaafuu, afeewwan addaan baasuufi ibsuun dalagaafi kaayyoo dalagaa hawaasichaa hubachuuf gargaara. Mataduree kana jalatti afeewwan Sirna Gadaan walqabatantu hiikame. Ibsi taasisamus sadarkaa garaagaraatti matadureewwan garaagaraa jalatti geggeessama. Kunis sadarkaa jechaafi sadarkaa caasaatiin dhihaatee jira.

4.1.1.1. Jechoota Sirnaawoo ' Systemic Terms'

Hawaasa keessatti sirnoonni jechoota isaaniif mijatu, kan akkaafi akeeka sirnichaa galmaan gahan qabu. Kanaafuu, jechoota sirnaawoon warra sirna tokko keessatti wantoota bu'uura bakka bu'uun dalagaawwan hawaasaa ittiin hojjetamanidha. Sirni Gadaas, jechoota sirnicha keessatti dalagaan waallawaa ittiin raawwatamu qaba. Giddugala Aadaa Oromoo keessatti jechoota Sirna Gadaa Oromoo hedduutu mallattoolee waliin dhimma bahamanii jiru. Mee ragaalee Afee 1, Dabalee 7, f, 255 A jalaa funaanaman armaan gadii haa'ilaallu.

(1)

bokkuu

siiqqee

eeboo

kallacha

caaccuu

Jechoonni (1) jala maqaaleedha. Maqaaleen kun unka sasalphaa qabu. Waan ijaan argamanii harkaan qaqqababuun danda'amu bakka bu'uu isaaniitiin ammoo maqaalee waan qabatamaati. Ragaan jalqaba irra jiru, “Bokkuu” jecha jedhudha. Jechi sirnaa kun meeshaa Oromoon sirna Gadaa keessatti fayyadamu bakka bu'a. Meeshaa ulfoo Oromoo biratti kabaja qabuufi safeeffatamu. Kan namni hundi hin qabatu. Bokkuun *ejersa* yookiin *ittacharraa* qophaa'a. Jirma jiru hidda isaa wajjin baasuun qululluu jala jirtu wajjin tolchu. Namoota hubannaa qabaniifi haala sirna kana keessa jiru beekaniin bocamee hojjetama. “Bokkuu muranna hin jedhamu; ni magarfanna jedhama. Mallatto aangooti” (Afee 2, Dabalee 8 jala, f. 287). Oromoon muka hinbuqqisu waan ta'eef bokkuu *magarfanna* jedha. Bakka buqqa'e sana muka biraatu dhaabbata. Hamma dhaabamutti isa jala isaa irraa murametuu dhaabbata. Labatatti darbuu akka qabuufi ilaalcha hawaasni kun uumama jiruuf qabu agarsiisa. Uumama uumama uumeefi hawaasa uumama kana fayyadamuufi hoogganu gidduu safeeffannaan akka jiru addeessa. Hawaasni kun kabaja uumama jiruuf qabu agarsiisuuf adeemsa kana akka fayyadame eenyummaa isaa gabbisa. Eenyummaan hawaasa kana akkaataa kamiin akka agarsiifamee jiru dhiheessa.

Bokkuun kan Abbaan Gadaa gumiirratti qabatee dhihaatuufi Abbaa Bokkuu yookiin garee bokkuun harka taa'u bira jirudha. Kun birmadummaa, aangoofi sirna waliinii Oromoo ni agarsiisa. Bokkuun meeshaa ulfoo aangoo waliin walitti dhufeenya qabuufi safeeffannaan waaqaas ittiin ni agarsiifama. Bokkuun “Mallattoo aangooti.” Aangoon olaantummaa dhimma tokkoo fudhachuun tajaajila hawaasa giddugaleeffate hojjechuudha. Sirna Gadaa keessatti aangoon haala hawaasicha hirmaachiseen raawwatama. Kanaaf, Abbaan Bokkuu qabata. Bokkuun murtoo darbe ittiin

mirkaneessuuf gargaara. Fayyadamni bokkuu sirna Gadaa keessaa kan afyaa'iin biyya kanaa har'a fayyadamuun walfakkaata. Kanas, seera tumuufi mirkansa kennuuf fayyadamu. Tumaan tumame bokkuun mirkanaa'a. Akkasuma, manni maree bakka bu'ootaas waan mari'ate/ labsii dhiheesse mirkaneessuuf afyaa'iin burruusaan rukutee mirkaneessa. Sirna Gadaarraa waan fudhatame fakkaata. Akkasumas, manni ni fayyadama. Kun, bokkuun eenyummaa hawaasa kana ijaaruufi humneessuun guddigala biyya Itoophiyaatti akka agarsiifamu gochuu danda'uu isaa mul'isa.

Bokkuun mallattoo aangoo ta'us meeshaa ulfoo Oromoo keessatti kabaja qabuufi seerri ittiin raawwatamu ta'uus ni ibsa. Mallattoo aangoo ta'uus isaa mirkaneessa. Bokkuun Abbaa Bokkuun kan qabatamu ta'ee seera caffee irratti tumamuuf kan oolu (Filee, 2021: 254; Endalkachew, 2018: 42) jedhu. Kunis, walitti dhufeenya bokkuufi aangoo gidduu jiru agarsiisa. Aangoo hawaasa kana keessa jiru kan ittiin ibsamuufi bakka bu'u kanaan akka ta'e mul'isa. Sirna Gadaa keessatti akkaataan caaseffama jiruu sirnaawaa ta'uusaa agarsiisa. Aangoon jirus haala hawaasni hubachuu danda'uun kan dhihaatu akka ta'es hubachiisa. Kun, akkaataa hawaasni kun itti of ilaaluufi gareen biroo itti isa hubatu dhiheessa. Akkasumas, waan hawaasni kun agarsiistuu eenyummaa isaan giddugala kana keessatti raawwatus ni'ibsa.

Ragaan (2) jecha “siiqqee” jedhu qabatee jira. *Siiqqeen* muka harooressaa qajeelaa ta'e filachuun irraa hojjetama. Jechi ‘harooressa’ jedhu jechoota ‘hara’fi ‘horeessa’ jedhurraa kan ijaarameefi falaasama dhuftee dhala namaan walqabata. Jarmiyaa sirni Gadaa gabbisaa jiraate keessa tokko siiqqeedha. “Siiqqeen seerri Waaqaafi safuun hawaasa keessatti argamu yoo dabu eeguuf akka meeshaa waraanaatti fayyadama.” (Afee 3, Dabalee 8 jala, f. 289). Oromoon amantii isaa keessatti seera ittiin jiratuufi safuu hawaasaa eegu akka qabu ibsa. Seerriifi safuun hawaasa keessaa wayita badu dubartoonni Oromoo walta'uun seera Waaqaafi safuu hawaasaa bade deebisanii ijaaru. Waaqni nagaa akka buusuuf kadhatu. Waaqaafi nama akkasumas, namaafi nama gidduu dhaabbachuun safeeffannaan hawaasa keessatti karaa qajeeltoon akka deemu taasisa. Agarsiistuun eenyummaa hawaasaa kun araara keessoo hawaasaa gabbisa. Yaada kana kan ibsu, nageenyaafi tasgabbiin akka bu'u siiqqeen dubartoota gurmeessuun kan hojjetudha.

Safuu jiru eegu (Gemetchu, 1993; Alamaayyoo, 2007: 249) jedhu. Kun siiqqeen akkamitti akka eenyummaa hawaasaa agarsiistu ibsa.

Siiqqeen akkuma bokkuun aangoo Abbaa Bokkuu agarsiisu aangoo dubartii ni mul’isti. Hirmaannaa dubartoonni sirna kana keessatti qabaniifi walqixxummaa jiru mul’isuuf ni gargaarama. Qorattuufi barreessituun Kuwe (1997: 119) yoo ibsitu, “Siiqqee institution functioned hand in hand with the Gadaa system as one of its built-in mechanisms of checks and balances” jetti. Sirni siiqqee toofta ittiin aangoo sirna gadaa keessaa to’ataniifi madaalan akka ta’e mul’isa. Kun, sirna gadaa keessatti hirmaannaa qabaachuu dubartootaafi walqixxummaa sirnicha hordofu agarsiisa. Yanni dhihaate, meeshaaleen sirna Gadaan walqabataaniifi sirnoota garaagaraa keessatti mul’atan akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti fayyaduu isaanii ibsa.

Ragaan sadaffaa irratti dhihaate jecha “eeboo” jedhudha. Eeboo akka meeshaa waraanaatti gurmuuwwan Oromoo keessa jiru akkuma fayyadaman, seera sirna Gadaa keessa jiru tumuufis ni oola. Sirna gadaa keessatti akka meeshaa waraanaafi humnaan geggeessuutti ilaalama. Oromoon humna waraaraan of ijaaree sirna qabu akka tiksaa tures ni agarsiisa. Halangaafi eeboon sirna kana keessatti nidhihaatu. “Yeroo seerri tumamu halangaa shaniifi eeboo shan lafa kaa’uun jilbeeffatanii seera tumu. Miseensa Gadaa bakka bu’u” (Afee 4, Dabalee 8 jala, f. 288). ‘Seerri tumamu’ maqaa miseensota gadaa shananiin akka ta’e ibsa. Miseensi gadaa shananuu halangaan kan bulaniifi eeboo fayyadamuunis sirna ofii isaanii akka tiksatan agarsiisa. Seerri kun miseensota Gadaa shanan waan bakka bu’uuf. Kanaaf, eeboon agarsiistuu humna waraanaafi raawwii faallaa seeraan dhihaatu kan ittiin adaban ta’uu ibsa. Kun, adeemsi sirna kana keessa jiru humna waraanaa fayyadamuu kan hinleellisne ta’uu ibsa. Kana waan ta’eef, akka dalagaa waallawaa eenyummaa hawaasichaatti giddugala kana keessatti mul’ate kan jiru ta’uu ibsa.

Eeboon sirna seera tumuu irratti dhihaatan miseensa Gadaa shanan waan bakka bu’aniif safeeffannaa ittiin dhihaatan qabu. Qarri eeboo waraannaan miidhaa geessisa waan ta’eef eeggannoo barbaada. Halangaan murtee heeraafi seeraaf gadi fuudhamu ulfina qaba.

Kanaaf, akka sirna kana keessatti fudhatame mul'isa. Miseensi sirna kana keessa jiru martuu qooda keessaa qabaachuu isaas ni agarsiisa. Sirni kun humna waraanaa jabaan tikfamaa akka tureefi akkaataa bulchiinsaa nagaan bu'uura godhate kan hordofu ta'uus ni mul'isa. Sirna seera tumuu keessatti Oromoon eeboofi halangaa akka fayyadamaa ture (Filee, 2021; Asmarom, 1973) ni kaasuu. Ragaa olitti dhihaate kanarraa, eeboon eenyummaa Oromoo utubuufi ijaaruu keessatti iddoo waan qabuuf as keessatti dhihaatee akka jirutu hubatama.

Arfaffaafi Shanaffaa irratti kan dhihaatan, “Kallachaafi caaccuu” jechoota giddugala kana keessatti bocawwaniin walqabatanii mul'atanidha. Caaccuun kun qaama dubartii fakkaata. Bishaan keessaa guurama; kun hoodadha. “Waaqa dhiiraafi dubartii, aduufi lafaa. Waaqa aduudhaa kan hunda uume. Laftimmoo haadha; kan waaqni siif kennu roobaan sanyii ati lafa buufte akka haadhaatti biqilchiti” (Afee 5, Dabalee 10 jala, f. 305). Kun falaasaama keessoo hawaasichaa mul'isa. Akkuma kana ilmi dhiiraa dubartiidhaan quunnamtii godha; sanyii dabarsa; sanyiin kun gadameessa dubartii keessatti guddatee dhala namaa ta'a. Walitti dhufeenya uumamni dhala namaa waliin qabu dhiheessa.

Ragaan sakatta'a dookumantii irraa argame kan dhiheessu, “Kallachi mallattoo abboomina, qulqullina, aangoo dhiirummaatis.” (Afee, 6, Dabalee 9, f. 300). Kallachi safeeffannaa hawaasa keessa jiru agarsiisa. Hawaasi safuu qabu qulqullummaa waliin jireenyaa qaba. ‘Qulqullina’ haala nagaafi safuu uumaa eegeen jiraachuu agarsiisa. Kallachi jiruu Waaqaa wajjin waan walqabatuuf, eeggannon itti jiraachuu akka barbaachisu ibsa. Aangoo qaama tokkoo kan ittiin mul'atu akka ta'es ni dhiheessa. Aangoo kanaan agarsiifamu sirnaawaa akka ta'ellee ni hubatama. Kallacha mallattoo qulqullummaa hamma ta'etti, aangoo isaan agarsiifamus eeggannoo kan qabu ta'uu ibsa. Walitti dhufeenya uumaan uumama walii qabu, nama waliifi jireenya isaa waliin qabu ni agarsiisa. Oromoon hubannoo ofii qabuufi akkaataa addunyaa keessa jiru ittiin bakka buufatu qaba. Kanas, ijaarsi ittiin dhugaa hawaasa keessaa dhiheessan akka jiru mul'isa.

“Kallachaafi caaccuu” jechoonni kunneen falaasama jiruu dhala namaa agarsiisu. Caaccuufi kallacha fudhachuun Oromoo keessa jira. Kallacha kana abbaatu qabata;

isheen caaccuu qabatti. Waaqa samiifi lafaa, abbaafi haadha jechuudha. Abbaan sanyii kenna; haati immoo sanyii sana fudhattee hadaraa Waaqaa kana gadameessatti qabattee namni uumama. Kallachi Waaqni dhala namaa uume, dubartiifi dhiirarraa kan uume ta'uus mul'isa. Meeshaa hoodaati. Caaccuun qaama dubartii kan bakka bu'u; jiidha sanyiif kan mijatudha. Kallachi immoo hormaata dhiiraa agarsiisa. Ilma dhiiraati; sanyii kan kennu. Caaccuun dubartiitti fakkeeffamti. Sanyii Waaqni kennu kana fudhattee dhalli namaa gadameessa ishee keessatti akka uumamaa gooti. Kun Kallachiifi caaccuun falaasamni Oromoo jabaa ta'uu agarsiisu. Agarsiistuuwwan kunneen Oromoon ofiifi addunyaa keessa jiru haala kamiin akka hubatu dhiheessa. Eenyummaan Oromoo adeemsa uumaafi uumamaa kan hordofu ta'uu ibsa. Hawaasa eenyummaa isaa agarsiisuuf, toora uumaa eeggatee deemudha.

Ragaa dhihaate kana keessatti fayyadama jechootaa faallaa waliin deeman 'waaqaafi lafa', 'dhiiraafi dubartii' dhiheessuun akkaataa hawaasni tokko ofiisaa ibsuufi ilaalu agarsiisee jira. Jechoonni faallaa waliin deeman kunneen kan dhihaatan hubannaa hawaasni kun addunyaa keessa jiraatuuf qabu ibsuufidha. Jechoonni dhihaataan kunneen hariiroo uumaan uumama wajjin qabuufi dhalli namaa walii isaa wajjin qabu dhiheessu. Jechoonni ergaa bal'aa of keessatti hammachuu ni dhihaatu (Halliday, 1989: 11) jedha. Afeewwan yaada bal'aa hawaasa keessa jiru dhiheessuuf humna akka qaban agarsiisa.

Yaanni kun, waaqa dhiiraafi dubartii falaasama uumaafi uumamaa agarsiisa. Sanyiin lafa keessatti nikufti. Jiidhinsa waaqni kennuun lafa keessatti tortoruun biqiltee baati. Haatis sanyii gadameessatti fudhachuun dhala namaa taasisti. Kun hadaraa waaqaati. Akkaataa hawaasni Oromoo jiruufi jireenya qabu itti ibsatu mul'isa. Kana malee, hubannaa jiruu dhala namaa kan addunyaa keessa jiran irraa argamu ibsa. Kanaaf, bocawwan dhihaatan kanneeniin jechoonni walqabatanii dhihaatan hawaasichi akkamitti akka ofiifi naannoo isaa akkasumas, akkaataa uumama jiruu itti hubatu agarsiisa. Akkasumas, agarsiistuu eenyummaa ogummaa bal'aa hawaasa keessa jiru mul'isedha.

Kallachi sibiilarraa hojjetama; ulfina qaba. Bakakkaan wayita bu'u lafa qotanii baasuun sibiila biraan walitti makanii hojjetu. Yeroo bokkaan roobu saanduqa kaa'an keessaa

amala maaginetii waan qabuuf sagalee dhageessisa. Kun aangoo Waaqa tokkichaana walqabsiisuu hawaasichaa mul'isa. Sirna Gadaa keessatti mallattoo Abbaa Gadaa ta'uun kan fayyadudha. Walitti dhufeenyi mallattoo kanaafi gaggeessaa gadaa gidduu ni jira. Kun mallattoo agarsiistuu sirna gadaa keessaa aangoo waliin kan walqabatu akka ta'etu hubatama. Yaada kana Dejene (2017: 157) akka ibsutti, “Kallacha is a phallic gadaa symbol, usually worn on the forehead by the Borana male and Gadaa leaders when performing certain rituals” jedha. Kallachi mallattoo gadaa kan gaggeessaan sirna kana godhatu akka ta'e ibsa. Mallattoon kun akka agarsiistuu sirna gadaatti kan fayyadu yoo ta'u, giddugala aadaa Oromoo keessatti akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti kan dhihaatedha. Kunis, jecha 'kallacha' jedhu fayyadamuun bakka bu'ee jira. Kanaaf, afeewwan dalagaa hawaasa keessa jiru bakka bu'uun akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti akka tajaajilan agarsiisa.

4.1.1.2. Gaaleewwan Sirnaawoo ‘Systemic phrases’

Afeewwan eenyummaa Oromoo agarsiisan keessaa inni biraan gaaleewwan sirna hawaasaatiin walqabtaniidha. Gaaleewwan giddugala kana keessatti mul'ataniin agarsiisni eenyummaa hawaasichaa mul'atee jira. Gaaleewwan kunneen haala garaagaraan dalagaawwan hawaasa keessa jiru ni dhiheessu. Ragaalee dhihaataniif xiinxalli barbaachisu haala armaan gadiin geggeeffameera. Ragaalee Afee 7, Dabalee 7 jala, f, 255) jalaa fudhataman kanneen haa ilaallu.

Abbaa bokkuu
Yuuba tokkoffaa
Yuba lammaffaa
Haadha Jilaa
Abbaa Muudaa

Ragaan jalqaba irratti dhihaate kun maqaa sirna keessatti hojiirra oolu. maqaan “Abbaa Bokkuu” jedhu kun sirna gadaa keessatti maqaa sadarkaa gaaleen tajaajiludha. Sirna

Gadaa keessatti qaama hammatamu ta'ee nama aangoon murtii harka jiru ta'uu ibsa. Aangoo humna ittiin waa murteessaniifi jiruu hawaasa keessatti hojii hojjetanidha. Sirna Gadaa keessatti aangoo karaa sirnawaan hojii irra oola. Kun karaa ittiin hawaasni kun keessoo isaa too'atu akka ta'edha. “Damee qaama aangoo olaanaa qabuuti. Damee sirna abboomaatti; angafummaadha.” (Afee 8, Dabale 9 jala, f. 301). Karaa jiruu hawaasa tokkoo ittiin too'atan akka ta'e ibsa. Hangafni kan waan hundaa qajeelchuufi hubannoo ittiin jiraatan qoodudha. Jiruu hawaasaa humna ittin sirneessa ta'uu isaati. Yaada kana hayyoonni yoo ibsan, qaama aangoo of harkaa qabu, Abbaa Gadaa bakka bu'a (Baisa, 1994; Endalkachew, 2018: 41;) jedhu. ‘Bokkuu’ kan jettu mallattoo aangoo kan agarsiistudha. Hawaasni kun eenyu aangoo akkamii akka qabu mul'isuuf agarsiistuu ofii isaa akka qabu ibsa.

Aangoo qabaachuu nama tokkoo hubachuuf bokkuun garam akka jirtu beekuun murteessaa akka ta'e ifa godha. Qorataafi barreessaan Tesema (2016: 91) yoo ibsu, “The Bokkuu (scepter) the symbol of power” jedha. Bokkuufi aangoon walitti dhufeenya akka qabaniifi mallattoo isaa akka ta'etu mul'ata. Maqaa ‘Abbaa Bokkuu’ jedhu keessatti jechi ‘abbaa’ jedhu mallattoo sanatti abbummaa qabaachuu isaa kan agarsiisudha. Nama aangoon itti kenname yookiin of harkaa qabu akka ta'etu hubatama. Afeen fayyadama aangoo hawaasicha keessa jiru agarsiisu kun akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti giddugala kana keessatti dhihaachuusaa mul'isa.

Ragaaleen itti fufuun dhihaatan, “Yuuba tokkoffaafi Yuuba lammaffaa” jedhan galee maqaa ta'anii maqaalee sirna gadaa keessatti hojiirra oolanidha. ‘Yuuba Tokkoffaa’ abbaa gadaa aangoo dabarseefi gorsaa abbaa gadaa ammaati. ‘Yuubni lammaffaa’ wayita yuubni tokkooffaa Abbaa Gadaa ture gorsaa isaa kan tureefi ammas gorsaa ta'ee kan hojjetudha. Itti dhiheenya isaan Abbaa Gadaa wajjin qaban garaagarummaa qaba. Yuubni tokkoffaan itti dhiheenyaan Abbaa Gadaa ammaa kan gorsuufi wajjin hojjetu yoo ta'u, yuubni lammaffaa hamma isa tokkoffaa itti dhihaachuu dhiisus gorsaa ta'eema tajaajila. Asmarom (1973: 93) yoo ibsu, yuubni sirna gadaa keessatti gorsaa abbaa gadaa taasifama jedha. Gadaan sirna hirmaachisummaa qabu ta'uusaa ibsa. Gaaleewwan maqaa bakka bu'uun giddugala kana keessatti mul'atan sirnaa qeenxeeffii afaan tokko leellisuu biyya

kanaa mormuuf akka dhihaatan mul'isu. Kun fayyadama caasaa afaaniin hawaasni eenyummaa isaa agarsiisuu akka danda'u ibsa.

Itti fufuun, jecha sadarkaa gaaleetti ilaalamu kan mul'ate *Haadha Jilaati*. “Moggaasni maqaa ‘Haadha Jilaa’ jedhu ogeessota afaaniifi aadaa giddugala kanaan moggaafame. ‘Haadha Gadaa’ hin jedhamtu. Gujii keessatti ‘Haadha Boollaa’ jedhamti. Haadha jilaatu nu baasa jenneetu ‘Haadha Jilaa’ jenne” (Afee 9, Dabalee 8 jala, f, 288). Namni tokko niitii fuudhu malee gara jilaa hingodaanu. Haadha warraa Abbaa Gadaa kan taateefi bakka jilli jiru isaa waliin akka deemtu mul'isa. Abbaa Gadaa waliin deemuun qillisoo keessa ta'uun isaafi maatii isaaf nyaata barbaachisu qopheessiti. Qillisoo mana bakka bobbii jilaatti ijaaramu keessatti kutaa Haadha Jilaaf adda bahee qophaa'edha. Yaada jilarratti dhihaate qaama Abbaa Gadaatti dhihaaturraa niyaafatti; yaadas nikenniti. Qooda fudhannaa dubartoonni sirna gadaa keessatti qaban mul'isa. Kun, sirna hirmaachisaa ta'uu gadaa agarsiisa. Kanaaf, jechoonni sirna kanaan walqabatanii dhihaatan hawaasichi akkamitti akka ofbulchaa tureefi jiru agarsiisu. Kana malee, hawaasichi akkamitti akka eenyummaa isaa karaa sirna qabuun agarsiisu nidhiheessa.

Ta'us, hayyoonni garaagaraa sirni gadaa dubartoota hin hirmaachisu kan jedhan akkuma jiran, kanneen hirmaachisaadha jedhanis jiru. Tesema (2016: 90) yoo ibsu, hayyoonni hirmaannaa dubartoonni sirna gadaa keessatti qabanirratti yaada walfalmisiisaa qabu. Ta'us, dubartoonni Booranaa karaa alkallattii abbaa manaa gorsuufi yaada kennuufiin hirmaannaa nitaasisu jedha. Itti dabaluun, Aregash (2020: 23) yoo ibsitu, sirna Gadaa keessatti dubartoonni seera isaan tiksuufi kabachiisu qabaachuun nihirmaatu. Kunis, Seera haadha (the law of mother) jedhama jedha. Kuwee (1997: 119) yaanni falmisiisaan jiraatus siinqeen qabuun hirmaannaa akka qaban ibsiti. Akkasumas, Endalkachew (2018: 42) hirmaannaa dubartootaa yoo ibsu, “Gadaa system is a system in which the rights of women are respected” jedha. Yaadonni kunneen sirna gadaa keessatti hirmaannaa qabaachuu dubartootaa nimul'isa. Keeyyata olii kana keessattis kan dhihaates hirmaannaa qabaachuu isaaniiti. Kanaaf, dubartoonni sirni gadaa keessatti hirmaannaa akka qabaniifi eenyummaa Oromoo gama sirna kanaan mul'atu qajeelchuuf kan dhihaate ta'usaati.

“Abbaa Muudaa” nama sirna gadaa keessatti sirna muudaa jirurratti argamuun hojii muuduu raawwatudha. Abbaa Muudaa jechoota ‘abbaa’fi ‘muudaa’ kan jedhanirraa ijaaramuun maqaa sirna Gadaa keessatti tajaajilu kana bakka bu’an. ‘Abbaa’ hawaasa Oromoo keessatti kabaja kan qabuufi nama maatii horatedha. ‘Muudaa’ sirna gadaa keessatti adeemsi muuda raawwachuutu jira. Kanas ayyaantuu hawaasicha keessa jirutu raawwata. ‘Abbaan Muudaa’ kan sirna gadaa keessatti hojii muuduu raawwatuufi mijuu guyyootaafi baraa kan raajudha. Ayyaantuun hojii muudaa raawwatu Boorana keessatti waan argamuuf Oromoonni bakkee bal’aarraa sirna kanarratti ni argamu (Asmarom, 1973: 91) jedha. Kun jiru hawaasichaa kan walqabatuufi sirna Oromoota bal’aa hirmaachisurratti qaamni hojii muuduu hojjetu akka jiru ibsa. Kun, caaseffamni nagaafi walqixxuummaa hawaasa leellisu akka jiru ibsa.

4.1.1.3. Fayyadama Afeewwanii Giddugala Aadaa Oromoo Akka Agarsiistuu Eenyummaatti Dhiheessan

Fayyadama caasaa afaan keessa jiruun ergaa barbaachisu dabarsuufi hubachiisuun nidanda’ama. Afeen sadarkaa jechaa, himaafi isaa oliin dhihaachuun dalagaa hawaasa keessa jiru mul’isuu ni danda’a (Halliday and Matthiessen, 2004: 3; Xodjaeva and Kizi, 2020: 302) jedhu. Kan itti aanu kun ragaa sakatta’a dookumantiitu xiinxalame.

(10)

*GAO kuusaa seenaafi aadaa
Walitti kan qabdu, gammoojjii fi baddaa
Si keessatti argamuu faayaan adda addaa
Mul’istuu aadaa koo yaa bakka qorannoo
Dirree Oromootaa goototaaf yaadannoo
(Dabalee 9 jala, f. 301)*

Ragaan bifa walaloon olitti dhihaate kun, toora shaniifi dhuka tokkoon kan dhihaatedha. Giddugala Aadaa Oromoo akka agarsiistuu eenyummaa hawaasaatti dhiheessuuf mana rukutaa uummatee jira. Sarara tokkoffaa, lammaffaafi sadaffaa irratti birsagni /daa/ jedhu dhumarratti mul'achuun amala yeedaloo qabaachuu walalichaa agarsiisaniiru. Akkuma kana sarara arfaffaafi shanaffaarratti birsagni mana rukutaa uume /noo/ kan jedhudha. Birsagoonni dhumarratti dhihaatan kunneen walsimannaa sararoota walaloo kanaa uumuun giddugala kana ibsaniiru. Kun walalichi waan agarsiisuuf dhihaate sana haala barbaachisuun akka dhiheessuu danda'u mul'isa. Qaamni walaloo kana fayyadamu nuffii malee akka dubbisuufi ergaa isaa hubatuuf ni gargaara.

“Kuusaa seenaafi aadaa” ragaa sarara jalqabaa walaloo kanaa irratti dhihaatedha. Ragaan kun, seenaafi aadaan Oromoo waggoota dheeraaf bakkaafi giddugala dhaabbataa ta'e tokko keessatti kuufamee qindachuun hawaasaaf hin dhihaatiin tureera. GAO'n hawaasa kana bakka bu'uun hubannoo hawaasa kanaa kuusee akka dhiheessaa jiru mul'isa. Mankuusaa seenaafi aadaa Oromoo ta'uun hawaasichaa bakka bu'uu akka danda'u mul'isa. *'Kuusaa seenaa'* gaaleen maqaa kun seenaan Oromoo karaa giddugala kanaa dhihaachaa akka jiru mul'iisa. Seenaan Oromoo waggoota dheeraaf ukkaamsamaa, kan biroon bakka buufamaafi karaa dhugaa irraa goreen barreeffamee dhihaataa ture. Giddugalli kun bakka Oromoon waggoota dheeraaf irraa ittifameefi eenyummaan isaa dhaalametti waan mul'ateef, seenaa hawaasichaa dhugaafi ragaa malee dhihaate maksuun kan dhugaa bu'uura godhate agarsiisa. Seena Itoophiyaa keessatti qofaa otoo hin taane, barreessitoonni seenaa sadarkaa addunyaa kitaabota isaanii keessatti waa'ee seenaa Oromoo yommuu barreessan ragaa foyya'aa fayyadamuu hin dandeenye (Taabo, 2015: 245). Seenaan Oromoofi kan barreessitoonni garaagaraa dhiheessan akka walfaallessu mul'isa. Seenaan Oromoo karaa GAO addunyaatti agarsiifamu, qabatama hawaasicha keessa jiru irratti akka hundaa'u mul'isa. Ijaarama seenaa hawaasaa isa dhugaa kuusuun hawaasaaf akka mul'isu ibsa.

'Kuusaa aadaa' ragaan kun Giddugalli Aadaa Oromoofi aadaa hawaasa kanaa walqabsiisa. Aadaan akkaataa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan dhiheessudha. Aadaan

Oromoo agarsiistuu eenyummaa isaati. Giddugalli kun aadaa jaarrotaaf Impaayera Itoophiyaa keessatti bakka dhabaa as gahe, giddugaleessa kanatti sassaabuun akka eenyummaan hawaasaa ittiin dhihaatu godha. Aadaan hawaasaa kun giddugala kana keessaan dhihaatee akka jiru mul'isa. Kuusaan aadaa hawaasaa kun agarsiistuuwwan eenyummaa kanneen humneessuun agarsiisa. Aadaan kun akka hin banneefi labata itti aanutti cehaa deemmu taasisa. akka ibsutti, Aadaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti. Sonaafi keessoo hawaasichaa mul'isuu kan danda'udha (Filee, 2021: 4). Aadaan agarsiistuu eenyummaa ta'uu mirkansa. Yaanni afeewwan kanneeniin mul'atee jiru, GAO'n agarsiistuu eenyummaa hawaasichaa ta'uun akka dhihaatedha. Kana malee, agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa biroofi giddugalli kun waliin akka jiran dhiheessu.

Ragaan walaloo olitti dhihaate, Giddugalli Aadaa Oromoo bakka Oromoonni kallatti garaagaraa irra jiraatan walitti dhufuun wal argan ta'uus ni mul'isa. Seenaafi aadaan Oromoo qindoomuun addunyaaf iddootti dhihaatu waan ta'eef, walooma hawaasichaa agarsiisa. Bakka jiruun hawaasaa kaleessaafi har'aa humnoomuun dhalootaaf turu. Hawaasni agarsiistuuwwan isaa yaadachuun yoo kuufate, akka agarsiistuu eenyummaa isaatti fayyadamuu danda'a. Toorri lammaffaa walaloo kanaa, “Walitti kan qabdu” kan jedhu, giddugalli kun Oromoota mara walitti fiduufi agarsiisuuf hinkoo qabaachuu isaa mul'asa. Hawaasa Oromoo bakkeewwan garaagaraa jiran biratti kan fudhatamuufi agarsiistuu eenyummaa isaa akka ta'e ibsa.

“Gammoojjiiifi baddaa” maqaaleen walaloo kana keessatti dhihaatan kunneen bakkeewwan Oromiyaa keessaa Oromoon irra jiraatu agarsiisa. Oromoon kallattii adda addaarra jiru Giddugala kanaan akka of ibsuufi waliin itti waamamu ibsa. Oromiyaan haala qilleensaa adda addaa akka qabdus ni agarsiisa. Oromoon fageenyaafi haala qilleensaa garaagaraa keessa jiraatu hunduu giddugala kanaan akka wal ta'uufi of ibsu mul'isa.

‘Si keessatti argamuu faayaan adda addaa’, kan jedhu giddugalli waan hawaasa kana mul’isu of keessatti qabatee jiraachuu mul’isa. Waan hawaasni kun ittiin of ibsuuf jiruufi jireenya isaa keessatti gabbifate giddugala kana keessatti akka mul’atu ibsa. *‘Faayaa’* mi’a miidhaginaa kan hawaasni tokko ittiin beekamudha. Meeshaalee faayaa kan hawaasa bakka bu’an of keessatti hammachuun akka agarsiistuu hawaasichaatti dhiheessuu isaati. *‘Mul’istuu aadaa’* kun Giddugala Aadaa Oromoo bakka bu’uun akka agarsiistuu eenyummaatti dhihaachuu isaa mul’isa. Aadaan hawaasa tokkoo karaa ittiin dhihaatuufi agarsiifamu qaba. Aadaan giddugaleessa kana irraa dhiibamaafi ukkaamsamaa jiraate isaan bahee mul’achuu addeessa. Ragaaleen dhihaatan kunneen, giddugalliifi mallattooleen aadaa isa keessatti mul’atan agarsiistuu eenyummaa Oromoo ta’uun akka dhihaatan mul’isu.

Walaloon sarara 5ffaa irratti argamu, bakki argama giddugala kanaa kan Oromoo ta’uu mirkaneessa. Magaalaan Finfinnee kan giddugalli kun keessatti argamu araddaa isaa ta’uu humneessa. Ragaan, *‘goototaaf yaadannoo’* jedhu, GAO hundeessuuf hayyoonniifi gootonni baay’een itti wareegamaniiru. Hayyoonniifi gootonni wareegaman yaadannoo seenaafi eenyummaa hawaasa kana biraa qabu. Kun warra jiraniif agarsiistuu eenyummaa isaanii yoo ta’u, warra hin argiin hafaniif yaadannoo ittiin isaan mul’isan ta’uu dhiheessa. Kana malee, miidhama hawaasaa booda argaamuu isaa ibsa. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo dhaalamaa har’a gahe bakkatti deebisuuf, lubbuu ofii aarsaa gochaa akka jiraate mul’isa. Agarsiistuun hawaasaa kun haala kana keessatti bahee mul’ate.

Ragaan olitti dhihaate kun, Giddugalli Aadaa Oromoo dhiibbaa jiru keessatti kan dhaabbateefi eenyummaa hawaasaa agarsiisuufi kuusuu akka danda’u ibsa. Wareegamni yoo jiraate yaadannoon gootaa jira. Kun garee olaantummaa qabuufi walqixxummaan irraa mulqame ykn ukkaamfame, akkasumas, eenyummaa isaa dhabe gidduutti kan adeemsifamudha. Dhibbaa ture kanaaf gatii lubbuu kaffaluun agarsiistuun eenyummaa kun mul’ate. Wandimmuu (2023: 136) akka ibsutti, “Aadaa Oromoo dabalatee aadaan saboota biroo tuffatamee ture. Eenyummaan Amaaraa akka eenyummaa Itoophiyaatti ilaalamaa ture” jedha. Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa gidduu walcaalmaan akka

ture ibsa. Dhiibbaafi hakuuccaa eenyummaa Oromoo irra ture kana maksuuf giddugalli kun dhihaate. Ukkaamfamu eenyummaa jiru keessatti agarsiistuu kun mul'atedha.

Ragaan itti aanu,

(11)

Giddugalli Aadaa Oromoo aadaa, seenaafi Afaan Oromoo waggoota dhibbootaaf ukkaamfame sana bilisa baasa. Eenyummaa Oromoof haaromsa. Eenyummaan keenya sarbama jala ture. Jiruun hawaasa kanaa ifa bahuu qaba. Giddugalli kun akka waan Oromoon mana tokko keessa ta'ee waliin mari'atuufi hojjetuuti (Dabalee 9 jala, 300)

Giddugalli Aadaa Oromoo agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo waggoota hedduuf cunqurfame akka iddoo argatuuf dhiibbaa kan godhu ta'uu mul'isa. Giddugalli humna eenyummaan waloo Oromoo ittiin bahee mul'atudha. Agarsiistuu hawaasaa hakuuccaa keessatti dhalateefi eenyummaa jiru agarsiisuuf cimina qabu. Eenyummaan hawaasaa akka gabbatuuf dhiibbaa kan uumu ta'uu ibsa. Finfinnee keessatti eenyummaan Oromoo akka bakka argatuuf, humna haaromsaa ta'ee akka tajaajilu dhiheessa.

“Aadaa, seenaafi Afaan Oromoo waggoota dhibbootaaf ukkaamfame sana bilisa baasa.” Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo biyya Itoophiyaa keessatti bakka otoo hin argatiin turuu mul'isa. Sabni aadaan, seenaafi afaan jalaa sarbame kun agarsiistuuwwan eenyummaa isaa kanneen baasee mul'isuuf giddugala kana akka hundeeffatedha. Giddugala Aadaa Oromoofi bilisummaan agarsiistuuwwan eenyummaa walsimanii dhihaatan. GAO'n agarsiistuu eenyummaa hawaasaa bilisummaa agarsiistuuwwan biroo ta'edha. Aadaafi seenaan hawaasaa giddugala kana keessatti humnoomuun dhiibbaa kaleessaa cabsanii dhihaatu. Afaan Oromoon bahanii mul'atu. Agarsiistuuwwan kunneen hakuuccaa ulfaataa keessaa bahuun golgaa keessatti dhihaatan argachuu isaanii addeessa.

Ragaan ‘eenyummaan keenya sarbama jala ture’ jedhu kun, haalaa eenyummaan Oromoo keessa ture mul’isa. ‘Sarbama’ kun cunqurfama eenyummaa Oromoo irratti garee biroon taasisamaa ture mul’isa. Wal’aansoo qaama lama gidduutti waggootaaf geggeeffame dhiheessa. Garee olaantummaa eenyummaa qabuufi kan eenyummaan isaa hacuucamaa jiraate agarsiisa. Eenyummaan Oromoo garee olaantummaa qabu kanaan dhiibamaafi tuffatamaa akka ture ibsa. Giddugalli Aadaa Oromoo sarbama agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoorra ture kan xiqqeessuufi falmu ta’uusaatu hubatama. Eenyummaan bakka kana makfame iddootti deebi’aa jiraachuus ni akeeka. Kanaaf, giddugalichi walcaalmaa, olaantummaafi gadi aantumaa, walqixxummaa dhibinsa eenyummaa ture dhiheessuun kana amma agarsiisa.

Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Finfinnee keessatti dhihaachuun murteessaa ta’uu ibsa. Ragaan ‘ifa bahuu’ jettu, haguuggii birmadummaa hawaasaa qabe keessaa saaqqatanii mul’achuudha. Gola haguugameefi garee olaantummaa qabuun dhokfame keessaa as bahuu agarsiistuuwwan eenyummaa ibsa. Eenyummaan hawaasaa giddugala kanaan ifa bahaa dhufuu agarsiisa. Dhiibbaan eenyummaa hawaasaa dhokseefi araddaa Oromoo dhaale kan ittiin saaxilamu ta’uus ni mul’isa. GAO’n akka agarsiituu eenyummaa hawaasaatti kan ifa bahe magaalaa Finfinnee keessattidha. Ifa bahuun isaa kun dhiibbaa jiru cabsuun akka ta’e ifoomsa. Yaada kana gabbasu, “Finfinneen eenyummaa hawaasa biroon kan dhaalamaafi eenyummaa Oromoof iddoo dhabaa jiraattedha.” (Alamaayyoo, Girmaafi Hasan, 2012: 3) jedhu. Giddugalli kun haala kana keessatti dhihaachuun akka agarsiistuu hawaasaatti mul’ate. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo dhiibbaa jala ture kana ifa baasuuf hojjeta. Ragaan olitti dhihaate kun, araddaa dhiibbaa siyaasaan irraa dhiibametti deebi’uu agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo ibsa. Oromoon waan ofiirra akka jiru dhiheessa. Bakka keenya ganamaa hin irraaffanne kan jedhu bakka bu’a. Hundeen keenya Finfinnee ta’uu mul’isa. Bakka Oromoo waliin qabuufi wal argee itti eenyummaa isaa gabbifatu akka ta’e agarsiisa.

‘Giddugalli kun akka waan Oromoon mana tokko keessa ta’ee waliin mari’atuufi hojjetuuti.’ Ragaan dhihaate kun, hidhata Oromoon agarsiistuuwwan eenyummaa isaa

waliin qabu mul'isa. *Giddugala Aadaa Oromoofi Mana tokko* kan jedhu walitti dhufeenya Oromoofi GAO gidduu jiru guddaa akka ta'e mul'isa. Mana tokko keessa maatiin waliin jiraatu itti dhiheenya walbeeka; haala jiru waliin mari'ata; kan qabus waliin qoddata. Maatiin waliin jiraatu kun akkaataa ittiin of ilaaluufi naannoo isaa hubatu qaba. Waan waliin ijaarratuufi hawaasa keessatti ittin beekamu qaba. Giddugalli agarsiistuu eenyummaa Oromoo bakka bu'uufi hawaasicha haala tokkoon ibsu ta'uu mul'sa. Kan Oromoon marti ittiin of ibsudha.

Giddugalli Aadaa Oromoo eenyummaa waloo jedhamuun biyya Itoophiyaa keessatti kan ijaaramaa tureefi jiru akka mul'ates ni ibsa. “Giddugalli Aadaa Oromoo aftokkeefi aadtokkee morma. Eenyummaa Oromoo dagatame yaadachiisa. Giddugalli kun of nama barsiisa” (Afee 12, Dabalee 8, f, 289). Himni jalqaba ragaa kanaa, yaadota walfaallesaan dhiheessa. Matimni isaa dhugaa hawaasni sun barbaadu bakka bu'uun yaada biyya kana keessatti jaallatamu morme. Yaadni “aftokkee” kan afheddeen mormuufi ‘aadtokkee’ kan aadheddeen faallaa ta’e agarsiisa. Hima kana keessatti jechoota walmormuun olaantummaa afaaniifi aadaa garee tokkoo hambisuuf dhaabbatantu mul'ata. Biyya Itoophiyaa kana keessatti afaaniifi aadaa garee tokkoo qofa ostoo hintaane afaaniifi aadaan danuun akka barbaachisu agarsiisa. Walqabsiistuun ‘-fi’ jettu kun jecha ishee duraatti maxxanuun jechoota yaada faallaa giddugalli kun dhaabbateef qaban mul'isti.

Afaaniifi aadaan saboota biyya kanaa gita bittootaan cunqurfamuun kan garee tokkoo akka leellifamuufi fudhatama argatu taasifamaa akka ture ni mul'isa. Hawaasni eenyummaan isaa miidhameefi tuffatame agarsiistuuwwan ofiin falmii akka eegale ibsa. Giddugalli kun dhiibbaa Oromoo irra ture karaa agarsiistuuwwaan eenyummaa falmuun akka maksuuf deemu hubachiisa. Afeen dhihaate kun, eenyummaan Oromoo agarsiistuuwwan jiraniin giddugaleessa biyyaa kanatti mul'ifamaa akka jiru ibsa.

Itti aansuun kan mul'atu, giddugalli kun eenyummaa hawaasichaa iddootti kan deebisuufi haala ture kan agarsiisu ta'uusaati. Hima kana keessatti xumurri taasifamaan ‘dagatame’ jettu dhiibbaan qaama biyya kana geggeessaa tureen eenyummaa Oromoorratti akka

raawwataa ture ibsa. Ukkaamfamuu eenyummaa Oromoo kaleessaa dhiheessuun carraa har'a jiru mul'isa. Eenyummaan hawaasa kanaa sadarkaa dagatamuufi dhiifamuu irraa gara iddoo isaa kaleessatti deebi'aa akka jiru agarsiisa. Humni kana gochuun eenyummaa jiru kana jabeessuu akka jirus ni hubachiisa. Haalli dura tureefi amma jiru akka wal hin fakkaanne ibsa. Giddugalli akka agarsiistuu eenyummaa hawaasaatti mul'achuu isaa ifa godha.

Himni dhumaa kan ibsu, guddugalichi eenyummaa Oromoo giddugaleessa godhatee akka ijaaramedha. Ofii dhuma isaayyuu hawaasichi eenyu akka ta'e agarsiisa. Kana malee, akka hawaasni naannoo kanaafi Oromiyaa bal'aa keessa jiraatu of hubatu taasisa. '*Of nama barsiisa*' qaamni kutima kun hawaasa eenyummaa isaa dagate tokko barsiisuuf humna qabaachuu isaa ibsa. Olaantummaan afaaniifi aadaa biyya kana keessatti akka hin barbaachisne mormuuf afeewwan dhihaatanidha. Ta'us, dhiibbaan gama kanaa akka tures ni hubachiisa. Eenyummaan sabaafi sablammoota biyya kana garee lellistoota afaaniifi aadaa tokkoo warra Kaabaan hachuucamaa ture (Asafa, 2010; Tsega, 2012: 190) jedhu. Afeewwan caasaa himaan mul'atan kunneen eenyummaan Oromoo agarsiisuuf yaadota olaantummaafi gadaantummaa mul'isaniin dhihaatanii jiru.

4.1.2. Mallattoolee

Dhalli namaa addunyaa uumamaafi mallattooleen agarsiifamu keessa jiraata. Mallattoon sammuu nama keessatti mul'achuun gara addunyaa keessa jirruutti dhufa. Kun hiika kan qabuufi jiruu hawaasa keessaa xiyyeeffachuun dhihaata (Nilgun, Buket, Mufit and Sumeyra, 2009: 902) jedhu. Mallattooleen kunneen akkaataa hiika qabeessa ta'een kan dhihaataniifi eenyummaa hawaasa tokko kan agarsiisan ta'uutu hubatama. As jalatti bocawwan giddugala kana keessatti argamaniifi meeshaalee godambaa giddugalichaa keessatti argamuun eenyummaa hawaasichaa karaa adda addaan dhiheessantu xiinxalamee jira.

4.1.2.1. Bocawwan Akka Mallattootti Giddugala Aadaa Oromoo Keessaa

Bocni hawaasa keessatti dhihaatu hawaasicha ibsuuf humna qaba. Ragaaleen bocawwaniin walqabatanii giddugala keessatti dhihaatan akkamitti akka eenyummaa hawaasaa ibsan haala gadiin dhihaatee jira. Ragaaleen gaditti dhihaatan duraa dubaan xiinxalaman.



Fakkii 1: Ragaa: 1ffaa Ragaa: 2ffaa - 4ffaa Fakkeenya Gurmuu Waraana Oromo

Ragaa 1ffaan, dureewwan sirna Gadaa keessatti bakka guddaa qaban agarsiisa. Abbaa Gadaafi Haati Jilaa sirna Gadaa keessatti iddoo guddaa qabu. Kanaaf, boca isaanii akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti fuuldura giddugalichaatti fudhatame. Kun sirni Gadaa eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf humna qabaachuu ibsa. Bocawwan sirna Gadaa bakka bu'an kunneen beekumsa ganamaa hawaasichaa agarsiisuuf akka dhihaatan ni mul'isa. Sirni Gadaa keessoo hawaasaa kana kan agarsiisu ta'uusaati. Gadaan naannoo magaaalaatti laafaa dhufus; Oromoon durii qabee Gadaan akka bulaa ture ibsa. Kun, sirni Gadaa agarsiistuu eenyummaa hawaasa Oromoo ta'uu agarsiisa.

AG: Bocni Abbaa Gadaafi Haadha Jilaa agarsiisu kun Oromoon sirna gadaan geggeeffamuusaa mul'isa. Gadaa keessatti uumamuu hawaasa kanaaf agarsiistuu guddaadha. Hawaasni kun sirna Gadaa keessatti waloomuun eenyummaa isaaf isa bu'uuraati. Sirni kun haqarratti kan hundaa'e (Afee 13, Dabalee 8 jala, f, 285).

Maqaan ‘*Abbaa Gadaa*’ jedhu jecha ‘*abbaa*’fi ‘*gadaa*’ jedhurraa ijaarame. Sadarkaa caasaan yoo ilaalamu gaalee maqaati. Jechi abbaa jedhu mana Oromoo keessatti iddoo olaanaa kan qabu yoo ta’u, Gadaan sirna jabaa Oromooti. Galeen maqaa kun sirna Gadaa keessatti hojjiirra oola. Akka hirmaataan qorannichaa jedhutti, “Abbaan Gadaa gaggeessaa jaarraati. Biyya kan bulchu waan ta’eef isa mul’isuun dirqama keenya. Halangaa, horooroo, marataafi kallacha qaba” jedha. Abbaan Gadaa biyya bulcha. Abbaa jaarraati. Jaarraan sirna Gadaa keessatti wagga saddeeti. Waggaa saddeettan kana keessatti aangoo kan ofharkaa qabuufi biyya haala nagaa ta’een kan bulchudha. ‘Abbaa Gadaa’ kan jedhu sirna bulchinsa Oromoo keessatti dhageettii kan qabu gaggeessaa duree Oromoo ta’uu ibsa. Oromoon sirnaafi gaggeessaa akkamiin akka durfamaa jiraate mul’isa. Maqaan kun yaada namaa keessatti waan dhageessisu qaba. Sirna nagaafi bulchiinsa gaarii qabaachuu hawaasichaa mul’isa. Kun immoo hawaasichi eenyu akka ta’e agarsiisuuf humna qaba. Kanaaf, maqaa bifa gaaleen dhihaachuun eenyummaa Oromoo giddugala kana keessatti agarsiisuuf mul’atedha.

‘*Gadaa keessatti uumamuu*’ kan jedhu kun walitti dhufeenyi Gadaafi Oromoo gidduu jiru guddaa ta’uu ibsa. Gadaan sirna jabaa hawaasa kana walitti fideefi addunyaa keessa jiran ittiin hubatan akka ta’e agarsiisa. Eenyummaa jabaa hawaasichaa kan ta’eefi eenyummaan kun kan ittiin hawaasichi of ibsuufi addunyaa birootti ittiin mul’atu ta’uus ni kaasa. Oromoon eenyummaa isaa agarsiisuuf mallattoo sirna kanaan walqabataniin akka mul’isullee ni agarsiisa. Dabalataan, ‘haqarratti’ Gadaan falaasamaafi beekumsa xabboo hawaasichaa karaa dhugaa ta’een addunyaatti kan baasu ta’uu ibsa. Sirna ammayyaa’aa dhugaan utubame. Oromoon sirna dhugaa ittiin of geggeessuu akka qabu boca agarsiisuu akka ta’e mul’isa. Kanaaf, eenyummaan Oromoo karaa mallattoolee bifa bocaan giddugala kana keessatti mul’atanii akka dhihaatee jiru agarsiisa.

Oromoon sirna jabaa Abbaa Gadaan durfamu akka qabuufi agarsiistuu ofii taasifatee akka dhimma bahaa jiru ibsa. Sirna kana keessatti bocni dhihaate kun kallattii jiruu Oromoo maraan kan mul’atudha. Kun Oromoo kallatti baay’een agarsiisuu waan

danda'uuf dhihaate. Fakkeenyaaf, sabichi sirna guddifataa dhufee fi maatiirraa dhaaleen aangoof akka wal hin dhibne mul'isa. Dabalataan, Oromoon aangoo karaa hinmalleenis akka hindharraane ni agarsiisa. Gadaafi jiruun hawaasaa, falaasamniifi beekumsi isaa waliin deemuu isaanii nidhiheessa. Barreessaafi qorataan Tesema (2016: 84) yaada kana yoo ibsu, "Oromo Gadaa, ..., which governed almost every aspect of all Oromo life, wisdom and philosophy" jedha. Gadaan sirna jabaa Oromoon akkaataa jiruufi jireenya isaa ittiin agarsiifatuufi addunyaa keessa jiru ittiin mul'isu akka ta'e ibsa. Kun sirni Gadaa agarsiistuu eenyummaa hawaasichaa ta'ee akka mul'achuu danda'u kan mirkaneessudha.

Yaadni olii kun, sirni Gadaa eenyummaa hawaasichaa agarsiisuu keessatti bakka jabaa akka qabu ibsa. Oromoon sirna kana keessatti waaan of ilaaluuf bocni fuuldura giddugalaatti mul'atu kun akka agarsiistuu eenyummaa isaatti fudhatama. Bocni kun yaadqalbii namaa keessatti Oromoon akkamitti akka addunyaa keessa jiru ilaaluufi sirna akkamiin akka of bulchu kan mul'isudha. Kanaaf, bocni giddugala kana keessatti dhihaate kun akka agarsiituu eenyummaa hawaasichaatti mul'atee jira.

Ragaan 2ffaa hamma 4ffaatti dhihaatan, fakkeenya ijaarsa gurmoo waraanaa Oromoo agarsiisu. Sirni Gadaa caaseffama qaama mootummaa keessatti garee biyya eeguufi nagaa hawaasaa tiksu saglee waraanaa qaba. Giddugala Aadaa Oromoo keessatti gurmoo waraana Oromoo sirna Gadaa keessa kan agarsiisutu mul'atee jira. Gurmuun waraanaa kunneen saglee lubaa, saglee raabaafi saglee kuusaati. Gurmuu waraanaa nama sagaliin ijaaramedha. Gurmuu kana keessatti afur garee lubaa keessaa fudhataman. Sadii garee raabaa irraa yoo ta'u, lama gurmoo kuusaa keessati. Isaan kunneen saglee jedhamuun dhihaatan. Akkaataan dhaabbii isaanii Abbaa Gadaa irraa kaasanii gara hawaasa keessaatti ijaaramaa deemu. Giddugala kana keessattis gareen saglee lubaa boca Abbaa Gadaatti aanuun dhaabbatanii jiru. Sagleen raabaa garee lubaa duuba hiriiranii jiru. Sagleen kuusaa ammoo gurmoo raabaa duuba dhaabbatanii mul'atu. Caaaseffamni waraana Oromoo sirnaawaa ta'uu ibsa. Akkaataa itti Oromoon waraana isaa itti ijaaruufti oftiksaa jiraate mul'isa. Duraa duubaan dhabachuu isaanii irraa jalummaa leenjiifi

hubannoo waraanaa isaan qaban ibsa. Ciminiiifi beekumsi waraanaa hawaasa keessatti ijaaramaafi gabbataa akka deemuus ni agarsiisa.

Mallattoon Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul’atan kunneen sadarkaa umriin sirna Gadaa keessatti hirmaannaa qabaachuu hawaasaa dhiheessa. Harmaataan afgaaffii yoo ibsu, “Sagleewwan dhihaatan sadarkaa umrii sirna Gadaa keessaan mul’atan. Agarsiistuu eenyummaa hawaasichaati. Sadarkaa Gadaa qaraa keessatti argamu. Qarri kun dabballee hanga dooritti.” (Afee 14, Dabalee 7 jala, f. 303) jedha. Hawaasa Oromoo keessatti beekumsaafi hubannoo hawaasa keessa jiru kan gabbifatan sadarkaa umrii qabaniinidha. Sadarkaan umrii sirna Gadaa keessaa hirmaannaa taasisan keessatti bakka akka qabu ibsa. Gulantaan hirmaannaa waraanaa umrii murteessaa aangoo sirna Gadaa qabachuuf itti ofqopheessanidha. Umrii beekumsa waraanaan ga’umsa cimaa itti gabbifatan, akkaataa itti bulchaniifi hubannoo keessoo hawaasaa horatani. Ijaaramni kun akkaataa hawaasni kun ofii isaa ilaaluufi addunyaa keessa jiru hubata agarsiisa. Humna waraanaa sirnaan ijaaramuun eenyummaa hawaasichaa agarsiisu qabaachuu isaa dhiheessa.

Kun sadarkaan umrii sirna Gadaa keessatti eenyummaa Oromoo agarsiisuuf waan ta’eef giddugala kana keessatti dhihaate. *‘Sadarkaa Gadaa qara’* kun sadarkaa umrii dabballee hanga dooriitti agarsiisa. Umrii itti hubannoo hawaasa keessaa gabbifataniifi egeree biyyaaf ofqopheessanidha. Qooda fudhannaan akkaataa umriin bakkatti namaa qoodamu. Geggeessitoonni qareeyyiin bakkatti adda baafamaa deemanidha. Kana malee, Oromoon umriin qooduun sirna ofiitti akka dhaloota guddisaa tureefi umrii kamitti namni maal hojjechuu qaba kan jedhus ni dhiheessa. Kun, hawaasichi akkamitti akka waan ofii ilaaluufi hubatu addunyaatti mul’isa.

“Sadarkaan saglee kuusaa/foollee akka ittiisaatti hojjetu. Warra lubaatiif mataqaboo /qadaadduudha. ” (Afee 15, Dabalee 10, f. 305)). Sadarkaan kuusaa yeroo itti hirmaannaa waraanaaf qaqqaban ta’uu ibsa. Hirmaannaa isaaniin warra lubaa akka ittisan agarsiisa. Gurmuu wal utubuun qaawwa walii eegaa waliin hojjetan ta’uu ibsa. Sirna qabeessummaa Gadaa gabbisa. Falaasama hawaasaa gabbifachuun hojii biyyaaf garee

qophiitti jiru. Warri lubaa ammoo garee hooggansa sirna Gadaa qabanidha. Sagleen raabaa ammoo gurmuu muuxannoo waraanaafi hawaasummaa qabudha. Raabaa/doorii sirna Gadaa keessatti hirmaannaa taasisuuf garee qophii irra jirudha. Garee waraanaa muuxannoo qaban jalatti ramadamu. Bakka itti ogummaa gaggeessummaa itti gonfatanidha. (Tesema, 2016: 84; Endalkachew, 2018: 41). Akkaataa itti beekumsi keessoo hawaasaa ijaaramaa deemuufi hubannoo eenyummaa jiru dhihaatu mul'isa.

Ragaan dhihaate kun, eenyummaan Oromoo giddugala kana keessatti akkaataa ijaarama sirna waraanaa oromoon agarsiifamee akka jiru mirkaneessa. Dabalataan, beekumsaafi hubannoo sirna kana keessa jiru gurmuun qoodee hubachiisuufi addunyaa keessa jiruuf qopheessu Gadaa mul'isa. Kana malee, eenyummaan hawaasichaa akkaataa sirnaawaan kan ijaarame ta'uus nidhiheessa. Yaada kana Endalkachew (2018: 41) akka ibsutti, “In Oromo society, knowledge and information have been mainly transmitted from generation to generation through the institutions of family, religion, and Gadaa” jedha. Oromoo dhaabbilee bu'uuraa qabuun akkaataa jiruufi jireenya isaa akka dabarsu ibsa. Gadaan beekumsa Oromoo ceesisuuf humna qaba. Beekumsa ganamaa Oromoo akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti mul'ate ta'us dhiheessa. Kanaaf, bocawwan marsaa kanatti Gadaan walqabachuun mul'atan, agarsiistuu eenyummaa hawaasichaa ta'anii dhihaatan.



Fakkii 2: Boca Odaa

Ragaa 5ffaa

Odaan galma Oromootti waan fakkeeffamuuf giddugala kana keessatti dhihaate. ‘*Odaa*’ muka damee baay’ee fi baala magariisaa qabuufi bonaa ganna lalisudha. Hiddi isaa baay’ee lafa keessa fagaachuun bishaan fageenyarraa harkisuu danda’a. Damee baay’ee qabaachuufi hiddi isaa fagaatee deemuun lafa qabachuun, bal’insa hortee fi latinsa Oromoo wajjin walqabata. *Odaan* mallattoo eenyummaa, sabboonummaa, tokkummaafi asxaa Oromootti. “Oromoon yaa’ii yookiin jila qabu geggeessuuf galma qopheeffatee osoo hintaane odaa dhuma jala taa’aa ture” (Afee 16, Dabalee 8, f. 294). Kun odaan akka galma iddoo lallaaba heeraafi seeraa akkasumas, bakka ardaa jilaa uummata Oromoo ta’uun akka tajaajilaa ture ibsa. Bakka Oromoo itti mari’achuun murtee dabarsu ta’uusaati.

“Yaa’ii yookiin jila” bakka hawaasni bal’aan itti argamuun dhimma ofiifi naannoo isaa irraatti mari’atu. Jilli kan bahamu dhimmoota hawaasa keessaa qajeelchuufi jiruu egeree hawaasichaa toora barbaadamuun sirneessuufidha. Odaan bakka wal argee yaa’ii hawaasaa akka ta’e dhiheessa. Dhimmoonni keessoo hawaasaan wal qabatan kamiyyuu as jalatti akka ilaalamaa tureefi jiru ibsa. Murtee yeroon barbaadus ta’e kan waggootaa odaa jalatti mariin akka raawwatamu agarsiisa. Galma ammayyaan har’aa kan bakka bu’uufi wal ta’insa hawaasa kanaa kan ifa taasisudha. Kun, odaan eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf iddoo guddaa akka qabu agarsiisa.

Galmaafi odaa ragaan kun, galmi ammayyaa gumii Oromoo kaleessaa odaa ta’uu mul’isa. Bakka dhimmi keessoo hawaasaa itti dhihaatuufi seerri hundagaleessa ta’e labsamudha. Iccitiin hawaasaa isa jalatti dhihaata; ibsas argata. *Odaan* muka ulfoo akka galma caffetti fayyadu. Yaadni gumii irratti dhihaate hayyootaan sirraa’uun akka seeratti tumamee odaa jalatti uummataaf labsama (BBAW, 2019: 326) jedhu. Odaan muka akka galmaatti hawaasni kun jiruu isaa keessatti fayyadamaa jiraatedha. Muka woyyuu safeeffannaa guddaa qabu ta’uu ibsa. Oromoon galma isaa kana akka mallattoo ofiitti fudhachuun eenyummaa isaa ittiin agarsiisa.

Yaanni olitti dhihaate kun, “odaan” waan Oromoo kaleessaafi har’aan kan walqabatuufi sabichi eenyummaa isaa kan ittiin agarsiifatu akka ta’e ibsa. Bakka bu’ee isaa kanaan of ibsuuf Oromoon sirnoota jilaa qabu keessatti akka fayyadamaa tureefi jiru (Asmarom, 1973: 90) dhiheesseera. Dabalataan, hammam akka odaan Oromoo waliin walitti dhufeenya qabu qorataafi barreessaan Mohammed (1997: 19, 207) yoo ibsu, “The odaa (sycamore tree), the symbol of freedom and selfadministration ..., the shade of which was the source of peace, the center of religion, and the office of government-the meeting place for the democratically elected gada leaders” jedha. *Asxaan* eenyummaa Oromoo kun muka eebbaa madda nagaa ta’e, giddugala siyaasaafi amantii, bilisummaa sabichi qabuufi barbaadu, akkamitti akka sabni kun ittiin ofiisaa ilaaluufi ibsu agarsiiseera. Oromoofi odaa gidduu walitti dhufeenyi guddaan akka jirutu mul’ate. Kanaaf, agarsiistuu eenyummaa sabichaa ta’uun giddugala kana keessatti mul’ifame.

4.1.2.2. Meeshaalee Aadaa Akka Mallattootti

Meeshaaleen aadaa akkaataa jiruufi jireenya dhala namaa wajjin walitti dhufeenyaa kalheddee qabu. Qorattuun Bader (2021: 21) akka ibsitutti, “Material culture represents numerous relationships between people and things, as well as between things, and which means that there is no one-to-one relationship between culture and its material manifestations” jetti. Meeshaaleen aadaa kallatti hedduun walitti dhufeenya namaafi wantootaa akkasumas, wantoota gidduu jiru akka mul’isuu danda’u ibsa. Walitti dhufeenya karaa aadaan hawaasa tokko keessatti meeshaalee aadaan agarsiifamu kalheddee ta’uus ni mul’isa. Kun eenyummaa hawaasa tokko keessatti argamu addeessuuf humna akka qabu ibsa.

Hambaaleen salphaatti kan hin banneefi hin gubanne seenaafi falaasama hawaasa tokkoo kan baatee ceesisu; darsuufi tursudha. Hambaan afaan kan hin qabne garuu dubbachuu kan danda’u; akka jireenya jiru ibsu. Godambaan hambaalee dagatamaa dhufan kan seenaafi jiruufi jireenya hawaasaa agarsiisan of keessaa qabu; seenaa itti fufsiisuu danda’u (Gerritsenfi Riello, 2014) jedhu. Meeshaaleen aadaa Oromoo sirna isa keessa

jiru wajjin walitti dhufeenya baay'ee qaba (Dirribi, 2011: 122). Qorataafi barreessaan Filee (2021) muuxannoo jireenya hawaasa tokkoo agarsiisuufi qaxxaamursuuf akka gargaaru kaasa. Yaadni dhihaate kun, meeshaaleen aadaa hawaasa tokko haala keessoo hawaasichaa kaleessaafi har'aa dhiheessuu akka danda'an ibsa. Oromoonis wantoota naannoo isaa jiran kan akka migiraa, citaa, quncee, gogaa, mukaa, sibiilaa, albuudotaafi kanneen biroo naannoo isaatti argaman irraa ogummaa qabuun yaadee hojjechuun itti fayyadamaafi eenyummaa isaa ittiin agarsiifata akka har'a gahe ni ifa. Kun, akka meeshaaleen jiran eenyummaa hawaasichaa ibsuuf humna qaban mul'isa.

Hambaaleen durii bu'uura hubannoo Oromoo har'aati. Beekumsa dhalootaan kalaqee itti fayyadamaa ture. Aadaa Orommo tureefi jiru wajjin kan walqabatuufi waltumsudha. Akka Oromoo kaleessaa ibsa. Bu'uurri ammayyummaa hawaasa kanaa meeshaalee kanarraa ni hubatama. Beekumsi xabboon kunneen immoo bifa hambaan GAO keessatti dhihaachuun eenyummaa hawaasichaa karaa addaan agarsiisaa jiru. Qaroomina uummataa tureefi jirus ni ibsu. Meeshaalee kanneen hunda xiinxaluun ulfaatuu isaan keessaa haala qorannoo kanaan kan xiyyeeffataman armaan gaditti xiinxalamanii dhihaatanii jiru.

4.1.2.2.1. Meeshaalee Buqqee Hadhooftuufi Migira Irraa Hojjetaman

Meeshaaleen gondambaa giddugala keessatti walitti qabamuun dhihaatanii jiran qabiyyeewwan adda addarraa hojjetamanii jiru. Meeshaaleen aadaa kunneen umrii dheeraa kan qabaniifi eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf humna qabanidha. As jalatti meeshaalee buqqee hadhooftuufi migira irraa hojjetamantu xiinxalamee jira. Kunis, haala kaayyoo qorannichaa bu'uureffateen raawwate.



Fakkii 3:

Ragaa 6ffaa

Ragaa 7ffaa

Ragaa ja’affaan, *killoo* bakka buuti. ‘Killoo’ meeshaan kun buqqee hadhooftuufi mukarraa ni hojjetama. Killoon armaan olitti dhihaate buqqee hadhooftuu irraa hojjetame. Buqqee hadhooftuu guddinni isaa giddugaleessa ta’e filachuun erga mataa isaa irraa muranii booda, qabiyyeewwan keessoo isaatti argaman keessaa garagalchuun haftee farsoo itti naquun guyyota shaniif tursu. Kana booda, cumaa farsoo kana keessaa gadi naquun dhiqanii qulleessu. Afaan isaa irra migiraan yookiin gogaan erga naannessanii hodhanii xeeba qaqallisuun ittiin jabeessu. Callee gogaarratti hodhuun killarratti akka qabsiifamee jirutu mul’ata. Kanas, xeeba qaqallisan irratti caaccuu hodhuun killoon walqabsiisu. Qadaddii isaa migirarraa hodhuun itti godhama. Jala isaas gogaa itti naannessanii hodhuun akka lafa qabatee dhaabbatu taasifamee jira. Nyaataa aadaa Oromoo itti baachuuf kan ooludha. Meeshaan aadaa kun akkaataa itti hojjetameefi waan of keessatti qabatee dhihaatuun bilchina jiruu Oromoo kaleessaafi har’aa dhiheessa.

AG: Killootti nyaata dubartii ogeettiin qophaa’e kan akka qoriifi buna qalaatu itti nam’ee taa’a. Bakka tokko tokkotti dhadhaanis itti ni kuufama. Nyaata kana qabachuun bakka jilaa deemu; achittis waliin nyaatu. Keessummaa kabajaa mana namaa dhufeef ni kennama. Abbaa warraaf farsoo eeggannoon hojjetamee wajjiin ni kenniti. (Afee 17, Dabalee 8 jala, f, 286).

Killoon meeshaa hambaa giddugala kana keessatti dhihaatee jirudha. Nyaata aadaa Oromoo “dubartii ogeettiin” qopheessiitu baachuuf akka oolutu hubatama. Dubartiin kun kaametti hojiin harkatti hin bannedha. Isheenis, buna qalaa yookiin akaayii qorii

qopheessuun killootti naqxee akka keessutu mul'ata. Bakka tokko tokkotti dhadhaan akka itti kuufamus dhihaateera. Dubartiin ogeettiin waan killootti naqaman kanneen ogummaa hawaasa ishee keessatti gabbifatte irratti hundaa'uun hojjeette keessi. *Bunni qalaaan* kun kan irraa hojjetamu ija bunaa osoo hin falfalamiin funyaan isaa irraa saaqame, dhadhaafi soogidda Oromoorraati. *Qoriin* ammoo garbuu ija toleessa irraa akaayii qopha'e; dhadhaa qulqulluu urgeessituuwwan itti naqameefi soogidda kanaan sukkuumame irraa hojjetama. Soogiddaan buna qalaafi qorii hojjechuun akka inni yeroo dheeraa turuufi wayita nyaatan laphee nama hin gubneef gargaara. Ashaboon kun jabina namaaf ta'uun akka namni hin dafqines ni taasisa. Meeshaa kun hubannaa keessoo hawaasa agarsiisuu akka danda'u mul'isa.

Nyaanni killoo kana keessatti kuufamu Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Bunni qalaafi qoriin killoo kana keessatti kuusamee taa'u nama hundaaf hin kennamu. Kanas, namoota kabajaa bakka jilaa waliin deemaniifi keessummaa ulfina qabuuf kennu. Namoonni jila waliin deeman waliin mari'atu; rakkoo jiruuf fala kaawwatu; sagantaa barootaa karoorfatu. Dhimma keessoofi naannoo isaanii mari'atanii qajeelchu. Kanaaf waan kabajaa kanarraa waliif qoodu. Kana malee, keessummaa kabajamaafis killoon buna qalaa baatutu buqqifama. Namni buna qalaafi qorii kanarraa nyaate maatiin sun jaalala guddaa akka qabaniif hubata. Kana malee, maatii sana keessatti keessummaa kabajamaafi ulfina ta'uusatu hubatama. Hariiroo jiruufi jireenya keessa jiru agarsiisa. Kun, dhala namaaf ulfina barbaachisu qabaachaa turuufi jiraachuu isaa addunyaa ifa godha. Akkaataa itti eenyummaa isaa eeggachuun hawaasa biroo barsiisaa tures ni calaqqisiisa.

Killoon maatii tokko keessattis iddoo ulfinaa akka qabutu hubatama. Nyaata meeshaa kana keessatti yeroof ol kaa'amurraa abbaan warraas addatti ni soorata. "Dubartiin kaamettiin koottaa warra keenyaa afaan mi'eeffadhaa" (Afee 18, Dabalee 8 jala, f, 288) jetti. Haati warraa ulfina abbaa warraa ishee agarsiisuuf gaalee durduubee 'warra keenyaa' jedhu kana fayyaadamtee jirti. Danoomina mul'isuuf osoo hin taane safuu abbaa manaafi haadha manaa gidduu jiru agarsiisuuf akka ta'etu hubatama. Safeeffannaan har'a maatii gidduudhaa bade hawaasa keessatti bifa kamiin akka mul'ataa ture ibsa.

Dhangaa jaallatamaa killoo keessa jiru kana akka abbaan warraa itti gammadee nyaatuuf kabajaan waamtee “afaan mi’eeffadhaa” jetti. Nyaatichi mi’aayina gaarii akka kan qabuufi kan dura nyaataa turan irraas addummaa akka qabus ni addeessa. Kanas harkee buna qalaa yookiin qorii irratti nyaachuuf qophaa’etti baasuun kennitiif. Kana biratti, farsoo boolla keessatti amooleen keessa buusamuun hojjetamu qopheessanii akka inni irratti unataa nyaatu taasisti. Farsoon kun kan abbaa warraaf bifa adda ta’een dubartoota Oromoon hojjetamudha. Gaanii xiqqaa lafa gadi qotanii keessa dhaabuun akka qabbaneessee farsoo sana yeroo dheeraaf tursu taasisu. Amooleen farsoon sun akka irra hin darbineefi dhamdhama godhatu taasisa. Kana malee, akka harrii baasee hin bannes ni godha. Farsoon boolla keessaa kun nama hundaaf hin laatamu. Nama kabajaaf ni laatama. Karaa meeshaa kanaa walitti dhufeenyiifi kabajni abbaa manaafi haadha manaa gidduu jiru maal akka fakkaatutu mul’ate. Akkasumas, eenyummaan hawaasichaa karaa meeshaalee inni qabuu agarsiifamuu akka danda’utu adda bahe.

Ragaa 7ffaan, *dibduun* buqqee hadhaa’aa siileffamee hadhaa’ummaa isaa gatterraa hojjetamuun dhadhaa urgooftuun laaqame keessa kaawwatu. Kanas, haala barbaachisuun buqqee hadhaarraa erga hojjetanii gogaan sararanii hodhuun qabannoo itti hojjetu. Rarraafannoon kun gogaa looniirraa hojjetama. “Dibduun kan qophaa’uuf missirroo heerumtuufidha. Urgooftuu dhadhaan makame baatti. Kana rarraafachuun gaafa cidha ishee fudhattee heerumti. Baattattee farda heeruma ittiin dhaqxu yaabbatti. Kanas bakka kaawwattu qabdi.” (Afee 19, Dabalee 8, f, 289). Akka aadaa hawaasa kanaatti durbi heerumtu ulfina qabeettiifi kan kabaja qabdu ta’uu ibsa. Maatii uummachuuf deemuun ulfinaan akka ta’e mul’isa. Mi’a miidhaginaa urgooftuu qabuun tumsamtee akka heerumtu ibsa. Kun, haati ishee urgooftuwwan adda adda dhadhaan maktee qopheessuun dubduutti naqxee akka intala isheef laatee heerumsiistu agarsiisa. Kun akka mi’a miidhaginaa isheettis ni ilaalama. Kana nama hundatu qaba osoo hintaane, durbi gaafa heerumtu dhadhaa urgooftuun laaqanii mijeessuun isheef akka laatan dhiheessa. Isheefi hiriyyoonni ishii achi keessa ni dibatu. Gaafa mana warra abbaa manaa ishee geessu mana mushurraa keessa yookiin cichaa achi keessa jiru irra kaawwatti. Yaanni kun kan agarsiisu, meeshaaleen aadaa jiran adeemsa gaa’elaa keessatti gahee akkamii akka

qabaniifi mi'a kabajaa ta'anii akka dhihaatan ibsa. Simannaan jaalalaa gaa'ela keessatti akka humna godhatus ni taasisu.

Dibduun agarsiistuu missirroo kanaa taatee akka tajaajila kennitutu mul'ata. Caaccuun gogaatti qabsiifamuun itti hodhame midhagina laachuun alatti safuu dhalaafi dhiira gidduu jiru dhiheessa. Gaa'ela dhaabbachuuf gaafa guyyaan dhihaatu wantoota eeggannoon qopheeffaman keessaa dibduun ishee tokko akka ta'e ibsa. Durbi heerumaaf wayita baatu dibduutu harkatti ilaalama. Mallattoo ulfinaafi urgaa'ina gaa'ela keessaa taatee akka dhihaattu agarsiisa. Mana misirroo keessattis iddoo teessuufi ilaalcha irra jiruun akka missirrittiitti ulfina kan qabdu ta'uus ni hubachiisa. Kun, doodiraantiifi shittoo ammayyaa har'aa bakka butee dhihaachuu ishiiti. Ammayyummaan hawaasa kanaa durii kaasee karaa meeshaalee isaa mul'ataa akka ture addeessa. Akkaataa itti hawaasni kun ofii isaa hubachuun itti jiraatee tureefi jiru sirna kan qabu ta'uu hubachiisa.

Meeshaan kun missirroorraa adda baatee hin ilaalamtu. Dibduu kana kan eeguufi akka isheen of harkaa hin baasne kan taasisu addooyyee isheeti. Addooyyeen misirrittiitti kan aantuu fi icciitii ishee of harkaa kan qabdu hiriyyaa amanamtuudha. Harka isheetti qabatee farda heeruma ittiin dhaqxurra akka teessu taasisti. Dubduu keessaa isheefi hiriyyoota isheen jaallatu qofaatu dibata. Ofitti adda hin baastu; kabajaan eegdee tursiifatti. Jaalalaafi kabaja abbaa manaa isheef qabdu karaa kana mul'isti waan ta'ee tursitee itti fayyadamti. Iddoon ciisichaa ishee urgaa'insa akka godhatuufi isaatti akka toluuf kan fayyadamti. Kun gaa'ela tursiisuufi jaalalli isaan gidduu itti fufinsa akka qabaatu taasisuuf bakka akka qabdu ibsa. Hubannaa hawaasni kun jireenya keessa jiruuf qabu maal akka fakkaatuufi kana tursiisuuf akka oolus ni kaasa. Eenyummaa keessoo hawaasaa jiru dhiheessa.

Meeshaan giddugala keessatti dhihaate kun beekumsa dhokataa hawaasni kun jiruufi jireenya isaa keessatti guddifate agarsiisa. Adeemsi meeshaan tokko keessa darbuun qophaa'ee dhimma jiruu dhala namaaf oolu hubannaan kan guute ta'uu ibsa. Waan jiruu keenya qajeelchuufi utubu argachuuf hubannaan dhalootaan qabnu hinkoo guddaa akka

qabu mul'isa. Hawaasni kun arga jabaa qabuun addunyaa keessa jiru hubatee itti fayyadamaa akka tures ni dhiheessa. Beekumsa jiruu hawaasa kanaa agarsiisu ta'uusaatu hubatama. Of ta'ee jiruu isaa akka mo'atee jiraachaa ture addeessa.

Ragaaleen armaan olitti dhihaatan, meeshaaleen giddugala kana keessatti dhihaatanii jiran akkaataa itti hawaasni kun jireenya isaa ilaaluufi hubannoo qabuun jiruu isaa utubuun har'aan gahe dhiheessa. Meeshaaleen aadaa hawaasa tokko keessatti argaman karaa adda addaa eenyummaa hawaasichaa agarsiisuu akka danda'an (BBAW, 2019: 439; Ankora, 2022: 52) ni ibsu. Eenyummaan hawaasa tokkoofi meeshaaleen inni kalaqee itti fayyadamaa har'a gahe walitti dhufeenya akka qabanmul'isa. Ilaalcha hawaasni tokko naannoo isaaf qabus isaanirraa hubachuun akka danda'amus ni dhiheessa. Kanaaf, kanneen xiinxalaman kunneen agarsiistuu eenyummaa hawaasichaa ta'uun hubannoo isaa addunyaa keessa jiraniif akka dhiheessantu ifa.



Fakkii 4:

Ragaa: 8ffaa

Ragaa: 9ffaa

“Ciicoo” meeshaan aannanii kun yeroo baay'ee migira irraa hojjetama. Migirarraa dubartii beekumsa isaa qabduu dhahama. Dubartiin ogeettiin kun yeroo itti fudhachuun teessee hojjetti. Yeroo tokko tokko gogarrraa kan qophaa'u jira. Gogaa gafarsaafi roobii yoo argatan irraa qopheessuun ni danda'ama. Aannan ho'aa itti naqnee kaa'uuf akkuma gargaaru itti kuusnee tursuus ni dandeenya. Ciicoon mukarraa hojjetamus ni jira. Inni mukarraa hojjetamu jabina kan qabuufi qulqulleessuuf mijataa ta'edha. Kanas wadeessarraa qirixii fayyadamuun hojjetama. Ciicoon giddugala kana keessatti dhihaatee jiru kun umrii dheeraa kan qabuufi migira irraa kan qophaa'edha. “Durbattoonni Oromoo

durii saawwan elmuuf ciicoo kana fudhatanii bahu. Isas qulqullina isaa eeganii ittiin qabatu.” (Afee 20, Dabalee 10 jala, f. 302). Ciicoon aannan itti elmamu akkaataa jireenya duriifi ammaa dhiheessuu akka danda’utu hubatama. Dubartiin Oromoo ciicoo ishee qoraastee foksuun qulqullina isaa eegdee itti fayyadamaa akka turteefi warri har’a fayyadamummaa isaa akka xiqqeessantu mul’ata. Aannan bakkeewwan barbaachisaatti kanaan qabannee deemuu akka dandeenyus ni dhiheessa. Jiruu hawaasa kanaa utubuun aannan qulqullina qabu akka dubartoonni maatii isaaniif akka dhiheessan ni tumsa. Dinagdee maatiifi hawaasaa iddootti eeguu keessatti gahee akka qabus ni ibsa. Kun, hubannaa dubartoota Oromoo keessa jiruufi gahee isaan hawaasa ofii keessatti qaban agarsiisa.

Ciicoo akkaataa guddina isaarratti hundaa’uun itti fayyadamu. Kan mana keessatti aannan itti kuusaniifi aannan ho’aa itti qabatanii bakkeewwan jilaafi dhimmi hawaasaa jiru tokko ittiin dhaqantu jiru. Kan dhihaate kun miiloo qabaachuun aannan itti elmamuf kan ooludha. Bakka tokko tokkotti okolee jedhamuun beekama. Ulfina haadha manaa garsiisa. Haati tokko ciicoo qabatee saawwa jala wayita teessu ulfina qabdi. Namni naannoo sana jiru of eeggannoon dubbata. Isheenis kabajaan jala teessee aannan kana elmiti. Aannan eeggannoon elmamu kun akka soorattattis ta’e akka milkoominaatti ni fayyada. Qulqullina jiruu waaqayyoo agarsiisa. Ciicoon eebba waaqaa wajjin walqabata. Waaqni qabeenya saawwaafi araddaa irratti elmattuun akka ishee eebbise agarsiisa. Waaqni harka ishee jiise kan ittiin agarsiistu ciicoo kana gargaaramuun akka ta’es ni ibsa. Eebba waaqaafi nagaa maatii tokkoos ni mul’isa. Haala itti hawaasni kun jireenya isaa itti qabaachuu har’a gahe agarsiisa.

Ragaan 9ffaa gundoo booree dhiheessa. *Gundoo booree* migirarraa haala midhagina qabuun kan qophooftudha. Kana missirroo heerumuuf jettutu hodhata. Yoo hodhuu hin dandeessu ta’e dubartii ogeettii harka toltu hodhisiifatti. Kun akkaataa adda addaan hodhamti. Bakka tokko tokkotti bifa qolomshaashii yoo hojjetamtu bakkeewwan birootti immoo xiqqeessuun bifa gundoon hojjetu. Halluun ittiin kuulamus adda addummaa ni qaba. Durbi heerumtu lafa jala itti yaaddee kan ishee qopheeffattu keessaa tokko kanadha. Ija hawaasaa duratti hawwattummaafi kabaja guddaa waan qabduuf iddoon itti

kannamee hojjetama. Erga hojjetamees kabajaan bakka eeggannoo qabu fannisanii kaa’u. Guyyaa jidha sana baay’ee kan leellifamtuufi morkii jabaa uumtu. Hiikni gundoo kanaan walqabatee dhihaatu hawaasa keessatti ulfina akka qabu ifa godha.

AG: Cidha irratti gootummaan warra soddaa kan ittiin qoramu. Gundoo booree dhiistee galtamooree? Fuutuu eenyu abbaan gundoo fuutu? jechuun koortoo kaasu. Qaamni wal morkatu kun koortoo kana naqatu. Mallattoo durbummaati;rakoo qaluu missirrichaaf abdiidha (Afee 21, Dabalee 8, f. 292).

“Gootummaan warra soddaa” ragaan kun gundoo xiiqii ta’uu ishee agarsiisa. Gundoo kana obboleessa gurbaa fuudhuu yookiin ilmaan wasiillaniitu fuudhuu qaba. Xiiqeffachuun ijoollee durbaafi dargaggoo warra intalaa ijaaramuun naanna’anii sirban keessaa fudhuu akka qaban dhiheessa. Gareen warra intalaa gundoo kana gidduu isaanii kaa’anii eegaa sirbu. Warri faallaa kanaa immoo fudhachuuf dhimmanii itti aggaamu. Obbolaan missirrichaa malaanis ta’e humnaan gundoo booree kana fudhachuu akka qaban ibsa. Kanarratti falmii jabaatu geggeeffama. Isaanis, “Dhiistee galtamooree?” himni gaaffii kun miira xiiqii keessa isaaniitti naquuf kan jedhame akka ta’e ni hubatama. Yoo gundoo booreen kun hin fuudhamu ta’e intalli manaa baatee hin heerumtu waan ta’eef cimanii akka fudhachuu qaba ibsa. Falaasama hawaasa kana keessa jiru agarsiisa. Hawaasni tokko akkamitti akka eenyuummaa isaan miidhagu mul’isa.

Gundoon kun koortoo kaasuuf akka ooltes ni agarsiisa. Dubbiif lafa haadhuu kan jedhudha. Gareen lamaan waan tokko gidduu isaanii kaahuun abbaa waan kana hansaa taasifatu jedhanii yeroo waliin falman yookiin wal morkatan mul’ata. Koortoon garee wal gitu lamaan gidduutti raawwatama. Gundoon kun intala bakka buuti. Kanaaf, gareen koortoo gale kun jabaatee gundoo kana kansaa taasifachuu akka qabu ibsa. Falmii karaa nagaan garee kana gidduutti taasifamu akka ta’es ni hubachiisa.

“Mallattoo durbummaati.” Durbummaa qabdu ibsuuf kana hojjechiiftee akka qophoofta agarsiisa. Kanaaf warri soddaa gundoo xiiqii kanarratti koortoo akka dhaqan ibsa. Isheen is, durbummaa qabdu irratti amanamtuummaa waan qabduuf gundoo booree ishee dhiistee hin deemtu. Intalaafi gundoo xiiqii kana fudhatanii manatti galuun warra soddaarraa akka eegamu ifa taasisa. Erga mana gahanii warri gurbaa eebbisanii booda gurbaan *rakoo qala*. Haati gurbaa intalatti aannan biifuun siif hiikameera jechaa sabbata intalarraa hiikti. Itti fufuun, yeroo galgalaa’u missirrichi rakoo gala.

“Rakoo qaluu” akkaataa gaa’elaa keessatti osoo eeyyama maatiifi waan gaa’elaaf barbaachisu hin guutiin walquunnamtiin saalaa hin eeyyamamu. Adeemsa sirna kana keessa jiru guutuun eebba abbaafi haadhaa, kan firootaafi maanguddoo jiranii erga argatanii booda raawwatu. Eeyyamni akkasii kan laatamu guyyaa cidhaa mana warra missirrichaa iddoo addaa missirrittiifi isaaf qophaa’e keessattidha. Haati gurbaa eebbistee erga raawwattee booda, isheen haadha manaa ta’uuf amanamummaan waan eeggachaa turte durbummaa ishee isaaf yoo eeyyamtu, innis waan hawwaa tureefi eegu kana fudhachuuf walta’u. Yoo durbummaan kun jiraate dhiiga yeroo sana bu’e uffata adii jirbii irraa hojjetameen qulqulleessuun gundoo booree kanarra kaa’u. Kana kan raawwatan waahillan isaati. Kana qabataanii gammadaa maatii gurbaas ta’e kan intaalaa gammachiisu. Intaalliifi maatiin gurbaa karaa kanaan walitti dabalamu isaanii mirkaneessu waan ta’eef. Kun, waan uumaan warra wal ta’uun gaa’ela uummataniif kaa’e, haala safuu hawaasaa eegeen raawwachuu akka ta’e agarsiisa. Hubannoo guddaa hawaasni kun ittiin jireenya isaa eeggachuun har’an gahe agarsiisa.

Gundoon booree kun agarsiistuu eenyummaa missirritti heerumteefi maatii isheeti. Missirrittiin eenyummaa ishee isa uumama sana eeggattee amanamummaan abbaa manaa ishee biratti yeroo rakoo sana yoo milkoofta maatiin ishee ni leellifamu. Maatii warra guddaa keessaa kan dhufteefi guddisa tolte ta’uu ishee calaqqisiisa. Hariiroon warra intalaafi warra gurbaa gidduu jiru caalaa cimaa deema. Intala kana guddisa tolchuun ulfina kana qaqqabsiisuu isaaniif ni kabaju. Akka isaan ulfinaafi kabaja guddaa isaaniif qaban hubatu. Jiruufi jireenya maatii gamlamaanii keessatti iddoo guddaa akka qabu ibsa.

Kana malees, warri walfuudhanis amanamummaafi jaalalan akka walii wajjin jiraataniifi maatii horatan ni deeggara. Tokkummaa maatiifi egeree labataa keessatti shoorri qabu yaraa miti. Kun dhalli namaa waliin jireenya isaa keessatti eeggannoo inni ofiifi garee wajjin jiraatuuf qabu guddaa akka ta'e agarsiisa. Maatii karaa nagaan ijaaruun addunyaa fayyaalessa ta'e uumaa deemuuf akka gargaaru mul'isa. Kanaaf, gundoo booreen agarsiistuu eenyummaa hawaasichaa gaarii akka taatetu hubatama. Ilaalcha namni addunyaa kanaaf qabuufi akkamitti akka namni jiruu isaa ilaalu ibsa.

Missirroon durbummaa eeggachuun heerumtu abbaa manaafi firoota hundumaan kan kabajamtu ta'uus ni hubachiisa. Ollaanis kabajuun wajjin jiraatu. Maatiin hunduu karaa kana firummaan isaanii mirkanaa'a waan ta'eef leellifama. Yaada kana Mulukenfi Meron (2021: 143) yoo ibsan, "The Rakoo ritual establishes a new bond between the girl and her new parent's in-law in addition to her blood family" jedhu. Maatii dhiigaa ofii qabdu biratti dhiigni durbummaa maatii haaraa karaa seeraan argattee wajjin akka tokko taatu ishee dandeessisuu isaa ibsa. Hawaasa kana keessatti hiikni gundoo booreen wal qabatee jiru hiika gaa'elaa akka ta'e ibsa. Itti fufinsaafi tokkummaa maatii ijaarame tokkoof iddoo guddaa akka qabu dhiheessa. Durbummaan dhibuun waan gundoo booree irra kaa'an yoo dhibe akka ishee tuffachiisus ni hubachiisa. Kan guddisa baddeefi mana isheef hin taane waan jedhamtuuf ni saalfatti. Yoo abbaa manaa itti heerumte wajjin jiraataa hafti ta'e osoo saalfattuu yeroo ishee akka dabarsitu ibsa. Imaanaa waaqni itti kenne eeggachuu dadhabuu ishee mul'isa. Gadaantummaa guddaan akka itti dhagahamu godha. Amanamummaan maatii gidduu jirus xiqqaachuu akka malus ni calaqqisiisa. Dabalataan, sirna gaa'elaa keessatti dhalli namaa eeggannoo gochuu akka qabu ibsa. Kana malees, waliin jireenya maatii keessattis ta'e hariiroo hawaasummaa keessatti gundoon xiiqii gahee hammamii akka qabdu ibsa. Ilaalcha hawaasa keessatti iddoo guddaa qabdi. Gadantummaafi olaantummaa durba durbummaa qabduufi hin qabnee dhiheessa. Ilaalcha namni ofiifi waan waaqni kenneefii irratti qabus ni agarsiisa.

4.1.2.2.2. Meeshaalee Supheefi Muka Irraa Hojjetaman

Meeshaaleen supheefi muka irraa hojjetaman jruufi jireenya hawaasa keessatti gahee mataa isaanii qabu. Meeshaaleen hawaasa tokko keessatti hojjetaman akkaataa jireenya guyyuu hawaasichaa, eenyummaa isaa, hubannoo inni addunyaa keessa jiruuf qabu ni dhiheessu (Sellato, 2017: 64). Meeshaaleen hawaasa tokkoofi hawaasichi walitti dhufeenya guddaa akka qaban ibsa. Beekumsa keessoo isaa kan ittiin baasee ibsatu akka ta'etu hubatama. Kan ittiin addunyaa keessa jiran injifachuun har'a gahan ta'uus ni ibsa. Meeshaaleen suphee irraa hojjetamuun itti fayyadamaa turanis haala itti hawaasni kun ofiifi naannoo isaa ilaalaa ture ni agarsiisu. Xiinxalli meeshaalee supheerirraa hojjetamaniin wal qabataa jiru gaditti dhihaateera.



Fakkii 5: Jabanaa

Ragaa 10ffaa

“Jabanaa” jabanaan supheerraa hojjetama. Suphee qulqulluu ta’e adda baasuun erga mooyyeetti naqanii tumanii booda sirnaan sukkuumanii bukeessuun qopheessu. Suphee qulqulluu qophaa’e kanaafi qiraacii daakame walitti laaquun hojjetu. Jabanaan bifa kanaan hojjetamu jabina godhata. Harmootiin cimina qabaachuu isaa adda baasuuf hidhii isaaniin ilaalu. Jabanaan tokko wayita hidhiin tuqan yoo hidhii namaa qabate jabina qaba jedhama. Yoo hidhii keenya qabaachuun hin dandeenye ta’e sirnaan kan hin hojjetamneefi jabina kan hin qabne ta’uu adda baasu. Dubartoonnis haala kanaan ilaalanii bitatu. Qulqullinni hojii isaa maal akka fakkaatu dandeettii ittiin adda baasan akka qaban mul’isa. Akkaataa itti hojjetamuun hawaasaaf dhihaatu akka qabu ibsa.

Jabanaan olitti dhihaate kun *afaan lamaafi karaa bunni ittin bu’u lama qaba*. Keessoon isaa bakka lamatti qoodamuun qophaa’e. Gamtokkoon buna itti naquun yoo danfisan, gama biraan ammoo aannan ykn dhadhaatu danfa. Kan buna qofaa barbaaduuf buna, kan lamaan isaa fudheef immoo waltakkaa qaawwa isaa banuun walitti makanii buusuuf. Beekumsa ganamaa hawaasa kana keessatti waggoota hedduu dura mul’ate agarsiisa. Bunatti aannan tykn dhadhaa makanii dhuguuf jabanaa gosa kanaatu fayyadamamaa ture. Beekumsi ganamaa Oromoo akkaataa hawaasichi itti of ilaalu, addunya keessa jiru hubatuufi xiinxalu agarsiisa. Eenyummaan hawaasa kanaa karaa meeshaalee aadaa jiranii akka agarsiifamu ibsa.

AG: Jabanaan jiruu hawaasa kanaa keessatti kabaja qaba. Haadha manaatu jabaanaa abbaa manaaf dhaaba. Buna danfe waliin cireen dhihaatu jira. Ciree kanas jabanaan jabaa hin qabu; yaa waaqa si jabaa; mandara nagaa godhi; goolii baasi jedhanii darbatu. Achi irrattis ni nyaatu (Afee 22, Dabalee 8, f, 294).

“Jabanaan jiruu hawaasa kanaa keessatti kabaja qaba.” Hariiroo maatii gidduu jiru akka cimuufi safeeffannaan isaan waliif qaban akka gabbataa deemu godha. Maatii kabaja waliif qaban biratti yoo abbaan manaa hin jirree haati manaa buna danfistee fiduun hulaa irra teessee hin buustu. Jabanaan gadi dhufe jechuun abbaan manaa dhufee bakka isaa taa’era jechuudha waan ta’eef. Kanaan ala waliin jireenya maatiirratti dhiibbaa qaba. Kanaaf, yoo abbaan warraa bakkee jiraate jabanaan baasa warra keenyaa ol gala jechuun waamti. Dubartoonni Oromdurii abbaa manaa maqaa hin waamani. Kabaja isaaf qaban mul’isuu isaaniiti. Walitti dhiheenya jabanaafi ta’umsi abbaa manaallee walitti dhihoodha. Buna kana baasuuf wayita jedhan ciree bunaa abbaa manaa fuuldura kaa’u. Haati warraa buna danfe irraa baasuun qadaaddii isaa akka abbaan warraa arguu danda’utti irraa fuuti. Wayita aarri buna danfee kun ol aaruu eegalu abbaan manaa ciree bunaa sanarraa fuudhuun kallatti afuritti darbachuun eebbifata. “Qaajabaa rabbi si jabaa. Hamaa gadi baasi; tolaa olseensi. Xinnaa nuuf guddisi; guddaa keenya eegi. Qilleensa nagaa qabu nuuf kenne; rooba hamaa nu baraari. Bubbee hamaa nu oolchi” (Afee 23,

Dabalee 10, f, 306) jedhee kadhata. Uumaan hundaa olii kan waan darbatame kana sugееffatuufi waamata dhala namaa dhagahu akka jiru hubachuu isaanii ibsa. Oromoon jabina waaqa tokkichaa hubachuun akka inni gaarii isaaf godhuuf jiruu isaa keessatti leellifata; kadhata akka har'a gahe mul'isa. Waan jireenya isaaf barbaachisu uumaan isaa gochuu akka danda'us hawaasa qajeelchee beeku akka ta'e agarsiisa. Saba hariiroo uumaafi uumamaa hubachuun jiruu isaa gegееffataa har'a gahe ta'uus ni kaasa. Humni dhala namaa eeguufi waan gaarii isa gonfuu danda'u akka jiru hubachuun uumaa isaa safeeфataa akka har'a gahe addeessa. Akkasumas, meeshaan kun eenyummaa hawaasichaa haalaan akka dhiheessuu danda'u agarsiisa.

“Haadha manaatu jabanaa abbaa manaaf dhaaba.” Ulfina abbaa warraafi kabaja buna dhihaatuuf qabdu agarsiisuuf haati warraa buna danfistee dhiheessiti. Kabaja abbaa manaa ishee iddootti eeguufi isa gammachiisuuf akka raawwattu mul'isa. Dur Oromoon mucaa durbaa mana keessaa qabu akka arge fuulduratti baasee hin ergatu. Durbi durii bifa nagaa qabuun eegamanii guddatu. Saalfii barsiisuun akka eenyummaa isaanii eeggatanii jiraatan godhu. Haatis buna danfisuufi waan mana keessatti hojjetamu hundumaa barsiisaa guddisti. Kanaaf, “Haadha ilaalii intala fuudhi” (Afee 24, Dabalee 10 jala, f. 306) jedhama. Akkaataa haati jabanaa filattee buna itti danfistuun intallis danfisti jedhanii waan yaadaniif. Akkaataa jiruufi jireenya har'aafi boruu kan hubattu irra caalaa haadha isheerraati. Jiruun haadhaa karaa intalaa mul'ata jedhamee waan yaadamuuf. Haati kaamettiin intala boosettii hin guddistu. Hubannaan intala tokkoo kan ijaaramuufi guddatu waan haati hojjetu irratti hundaa'ee akka ta'e ibsa. Hubannaan jabanaa qopheeffatanii buna danfisuun kan baramu haadha irraa akka ta'es ni dhiheessa. Kun, akkamitti akka adeemsa jireenyaa baraniifi of ta'anii jiraatan agarsiisa. Abbaa manaa akkamitti akka kunuunsaniifi ulfina kennaniif akkaataa jireenyaa kanarraa akka bartullee ni mul'isa. Akkaataan jireenyaa kan cehaa deemuufi walirraa hubatamu akka ta'es ni kaasa. Eenyummaa waliinii hawaasa keessatti agarsiifamaa jiru ibsa. Amalli kun hawaasa mara keessatti kan mul'atudha.

“Buna danfe waliin cireen,” ciroon kun hariiroon bunaafi ciree bunarratti dhihaatu giddu akka jiru ibsa. Bunni danfee wayita bahu cireen dhihaatu akaayii garbuu nuugii tumamaa

waliin qophaa’e, daabboofi qoriin dhihaachuu danda’a. Yeroo bunni danfe irraa bahuun dhufee dhihaatu, abbaan warraa ciree kana harkatti qabachuun erga bitaafi mirgatti akkasumas duraafi duubatti darbatee, “Jabanaan jabaa hin qabu; yaa waaqa si jabaa; mandara nagaa godhi; goolii baasi” jedha. Uumaan jabina akka qabuufi uumamni jiru isaan akka qajeelfamuufi humna godhatu dhiheessa. Nagaan harka Waaqaa keessa akka jirus ni ibsa. Ciree bunaa darbachuun ruudni kuniifi lafni wal qabatanii jiru jedhanii waan amananiif safuu lafa kanaaf kennuu isaanii ibsa. Jabanaan maatiifi ollaa walitti qabe kun ulfina Waaqaa qaba jedhanii ciree dhihaatteraa daddarbatu. Akeekni kanaa waan lafarratti darbannu kana inni kolloo ruudaa gararraa jiru ni arga jedhanii waan fudhatanii fidha. Waan lafarraa arganne kana gara lafatti wayita darbannu eebba, badhaadhina, fayyaatu argama; lafatu eeyyamamee waan gaarii biqilcha, akkasumas, nagaa arganna jechuuf kana taasisu. Kanas kan taasisu abbaa manaafi haadha warraa mana sanaati. Isaan wal ta’uun uumaa isaanii safeeffatu; galata galchu; eebbisanii maatiifi ollaa sooru. Cireen bunarratti dhihaatu nama ollaa jiraatu keessatti waan nyaatu dhabeef hiika guddaa qaba. Hiyyeessi naannoo sana jiru buna ollaa isaa jiru wayita deemee dhugu waan ittiin oolu argachuun uumaa isaa dhugeeffata. Kun walitti dhufeenya uumaafi nama gidduu jiru kan cimsuufi abdii maatii sanatti horudha. Ollaa tokkomsuun akka walii wajjin jiruufi jireenya isaanii geggeeffatan taasisa. Har’aafi egeree hawaasa tokkoo qajeelchuu keessatti jiruun ciree bunaan walqabatu guddaa akka ta’e dhiheessa.

Jabanaan tokkummaa hawaasa kanaan akka wal qabatus mul’ateera. Gareen hawaasaa naannoo tokko jiraatu waliisaa waliin wayita buna dhuguufi uumaa isaa galateeffatu nagaa waaqaafi lafaa buufatu. Jiruu keessa turaniifi itti jiran kaasuu. Dhimma walii isaanii irratti waliin mari’atu. Fala yeroo sanaaf barbaachisu kaawwatu. Waan wal ta’uun murteessan kana eeguun hojiitti jijjirrataa deemu. Waan kaleessaaf duubdeebii waliif dhiheessu. Waan har’aafi boruu walitti himatu. Kallatti hawaasummaa walii isaanii kaawwatu. Mandara isaaniif adeemsa nagaa qabu akeeku. Waan wal ta’anii akeekan eeganii hojjetu; walii isaanii utubu. Kun, hawaasa tokkoomsuu keessatti shoora hammamii akka qabu ibsa. Jiruun jabanaa waliin walqabatu eenyummaa walii isaanii akka ijaarrataniif murteessaa akka ta’e agarsiisa. Kanas jireenya isaanii keessatti fayyadamuun bu’aa qabeessummaa isaa akka hubataa deeman ni mul’ata.

“Xuwwee dhiqataa” xuwween biyyee supheerraa hojjetama. Xuwwee kanatti bishaan ho’isuun miila abbaa warraa dhiqu. Bishaan qorraan nama guddaa yoo dhiqan dhaqnatu suuka jedhanii waan yaadaniif kana godhu. Kana malee, ulfina abbaa manaa mul’isuufis kana ni taasisu. Miila abbaa warraa haadha warraa yookiin xonboreetu dhiqa. Bishaan ho’isanii erga fidanii ejjeta miilaarra dhaabanii dhiquuf. Akkaataan kun safuu mana tokko keessatti maatiin waliif qabu ibsa. Irraa jalummaa maatiin tokko waliin jiraachuu isaanii keessatti qaban mul’isa. Maatiin bu’uura hawaasa tokkoo waan ta’eef wal safeeffachuun achii eegalu akka qabu ibsa. Kun waliin jiraachuu hawaasaa keessatti bakka akka qabus ni hubachiisa.

Uummata Oromoo biratti maatiin waliin jiraatu ulfina qaba. Abbaa mana kunuunsuun mana ofii jabeeffachuudha jedhanii waan amananiif haati manaa kana raawwatti. Yoo abbaan manaa mana tokko keessatti ulfina hin qabu ta’e akka waan manni sun jigeetti ilaalama. Sirna gadhiisuun maatii kufaatii hawaasaa waan ta’eef eeggannoo kana taasisu. Egeree isaanii ijaaruufi qajeelchuu keessatti iddoo qabaachuun isaa agarsiisa. Kanaaf, “ulfinni manaa ka’a” jedhu. Yoo mana kee keessatti maatii keen kabajamte ollaan si kabaja. Yoo olla kee biratti kabaja qabaatte hawaasa bal’aa keessattis ulfinni kee hin yaratu. Akkamitti akka hawaasni kun ofiifi naannoo isaa hubata ibsa. Sirni gurmoo nagaa qabu maatiirraa akka eegalu dhiheessa. Kun, eenyummaan hawaasichaa maal akka fakkaatu ibsa.



Fakkii 6: Gabatee Miilloo

Ragaa 11ffaa

“Gabatee miilloo” gabateen kun qirixaa muka wadeessaa, heexoo, harbuufi birbirsarraa ni hojjetama. Qottoo soofeen soofamuun qophaa’a. Gabateen Oromoo mismaaraafi qabsiistuu biroo tokko malee ogeessa isaan muka tokkorraa soofamuun hojjetama. Gabateen kun muka wadeessaa irraa hojjetame. Miilla dhaabbiif ta’u kan qabuufi irra keessatti bal’achuun akka irratti nyaachuuf mijatutti kan qophaa’edha. Ejjenni isaa akka lafa qabachuu danda’uufi hin raafamnetti eeggannoon soofamee mijata. Wayita itti nyaatan akka dhaabbii isaa eeggatee turu taasisa. Qadaaddiin itti hirkatee jiru kunis qirixaa tokko irraa haala itti qadaaduuf mijatuun kan qophaa’eefi gabatichatti adda hin baanedha. Gabatee kanarratti foon, buddeenaafi cumboon ni nyaatama. Nyaanni martuu waan irratti nyaatamuuf bareedina horataa deema. Cululuquun miidhagina horata. Wadeessarraa waan hojjetameef jabaachaa deema malee hin caccabu. Gabateen nyaataa kun maatii keessatti haata’u hawaasa Oromoo birattii iddoo guddaa qaba. Kanaaf, mana keessatti bakka taa’u kan ofiisaa qaba. Miilli isaa kun ulfina namaa mul’isa. Namni wayita nyaatu bashannanaa akka nyaatuufi hin gugguufne taasisuuf gargaara. Kun ulfina namaa akeeka. Namni guddaan gadi gugguufne nyaachuun ulfina miti. Kana hambisa. Maatiinis akka ulfina mana isaanii bakka bu’u waan beekaniif eeggannoon itti fayyadaman mul’isa.

AG- Gabatee miilloo kan maatiin waliin ta’uu irratti nyaatu. Sarkaan maatii keessa jiruufi too’annoon waliin jireenyaa ittiin mul’ifama. Gabateen Oromoo safuu eeggatee itti nyaatamu qaba; maaddii irraa hin ka’amu; Waaqniifi maaddiin ulfina qabu. Yoo nyaatanii ka’an gabatee kana nuuf guddisaa, nyaataa hafaa jedhu (Afee 25, Dabalee 8 jala, f, 295).

‘Gabatee miilloo kan maatiin waliin ta’uu irratti nyaata.’ Haati manaa nyaata mana ofii keessatti qopheessite gabatee kanarratti baasuun erga bishaan harkaa abbaa mana isheef qopheessitee booda, nyaata kana fiddee isa fuuldura keessi. Isheenis, dhuftee erga itti dhihaattee booda ilmaan isaaniis akka hangafummaa isaanitti dhufanii itti dhihaachuun wajjin nyaatu. Ijoolleen hamma jabaatanii sirna nyaataa baranitti maatii waliin hin nyaatan. Akkaataa itti nyaataniifi alanfatan baraa deemu. Afaan lamatti akka hin nyaanne

barsiisaa deemu. Sababni isaa keessummaan kabajaa gaafa dhufu nu salphisu jedhanii waan yaadaniif akka ta'utti barsiisu. Erga akkaataa nyaataa baraniifi umriin isaanii jabaatee booda akkuma warra hangafa isaanii abbaafi haadha isaanii waliin maadditti dhihaatanii nyaatu. Abbaanis akkamitti akka ijoolleen buddeena kutatan, afaan kaawwataniifi alanfatan too'achaa deemu. Kanas sirna nyaataa barsiisuuf raawwatu. Sana booda naamus barbaachisu baruun eeggannoon gabatee miiloo kanarraa sooratu. Sirna waliin jireenya maatii tokko keessatti gabaateen bakka guddaa akka qabu ibsa. Waliin ta'uu maatii tokkoo agarsiisa.

Itti aansuun, 'sadarkaan maatii keessa jiruufi too'annoo jireenyaa ittiin mul'ifama' kan jedhutu jira. Himni kun kan agarsiisu, gabatee kanatti dhihaatanii yeroo walii wajjin nyaatan safeeffannaa eegamu akka jirudha. Abbaa ofii dura maaddii irraa hin kutatan. Safuu abbaafi haadhaa eegaa nyaata sana nyaatu. Ilmi hangaafi intalli dursitu maaddii kanarraa ni nyaatu. Yeroo isaan waliin nyaatan kana ulfina abbaafi haadha isaanii eegaa walii wajjin dhihaatanii nyaatu. Akkaataa itti buddeena kutatanii ittootti godhatan irraa kaasee eeggannoo waliif taasisu. Kanas soda malee kan raawwatanidha. Kana malee, too'annoo jireenyaa achirratti ni taasisu. Bor maal akka hojjetaniifi har'a maalirra akka oolan walitti ni himu. Kana raawwachuuf maatiin martuu ajaja fudhatee ba'a. Waan waliin nyaatan kuni kan argamu yoo akkaataa ajajamaniin hojjeetaniifi waan raawwachuuf qajeelfaman godhan akka ta'e beeku. Kanaaf, haala ajajamaniin rawwatu. Wayita walitti deebi'uun maaddii kanarraa nyaatan dhimma raawwatameefi hin raawwatamne yaadaa akkasumas, waliitti himaa deemu. Kun akkaataa jiruufi jireenyaa wal barsiisuufi walitti himuun wal guddisuu keessatti iddoo guddaa akka qabu ibsa. Wanti gabatee kanaan walqabatee dhihaate kun, sirna qabaachuu maatii Oromoo agarsiisa.

'Gabateen Oromoo safuu eeggatee itti nyaatamu qaba' ragaa jedhu. Himni dhihaate kun safuu akkaataa gabatee nyaata Oromoo wajjin walqabatee jiru mul'isa. Gabatee kanarratti wayita dhihaatus ta'e yeroo irraa nyaatamee ol deebi'u safuun eegamu ni jira. Maaddiitti dhihaatanii hin kaa'an. Osoo maaddii irra jiranii yoo iyyi ta'e, lolli jiraate akkasumas, waan kamiyyuu mudate irraa ka'uun gadi hin baahan. Safuu qaba. Haati manaa maaddii

irraa kaate olii gadi hin deemtu. ‘Maaddii irraa hin ka’amu; Waaqniifi maaddiin ulfina qabu’ jedhu. Rabbi mudannoo bal’aa irraa nama oolchuun maaddii irraan nama gaha jedhamee waan yaadamuuf. Waaqa maaddii kana biraan nama gaheef ulfina kennuuf hamma dhumaatti wal eeganii irraa nyaatanii walii wajjin ka’u. Safuu waaqaafi manaa qaba. Safuu waaqaa kana mul’isuuf gabatee duwwaa ol hin deebisa. Nyaata nyaataniirra irratti dhiisuun gabatee nyaataa guddisu. Hambaa godhanna jechuuf kana raawwatu. Eebba mana sanaaf ta’uun walqabata. Mana kanatti quufni haafu; irraa hafaa jiraadhaa kan jedhu mul’isa. Kana kan raawwatu waaqa waan ta’eef safeeffannaa uumaa isaaniif qaban ittiin agarsiisu. Gabateen miiloo safuu namaafi nama gidduu, uumaafi uumama gidduutti mul’atu akka agarsisu ibsa.

“Gabatee kana nuuf guddisaa” jedhama. Gabateen misooma mana tokkoon waan walqabatuuf lalisuummaa, akkaataa jireenyaa qananii qabu ittiin hawwachuuf jedhama. Gabateefi wanti gabateerratti dhihaatu humna qabeenya maatii tokkoon walqabata. Gabateen gabbate taanan jireenyi misooma maatii sana qaqqabe jechuudha. Hawwii badhaadhinaa waliif qaban ittiin walii ibsuu hawaasa kanaa agarsiisa.

Kanaaf, “Nyaataa hafaa” jedhu. Nyaanni isinitti adda hin bahiin jechuuf jedhama. Dhalli namaa nyaatan adda bahee jiraachuu waan hin dandeenyeef ittiin eebbisa. Bara jiraattanitti waan nyaattan dhabdaniin hin rakkatiina kan jedhus ni agarsiisa. Sooruma hawwuufii keessummaa sanaa mul’isa. Dinagdeen keessan haa mirgisu kan jedhus ni agarsiisa. Bara dulluma keessanitti hin rakkatiinaa yaada jedhu ibsa. Gochimni “hafaa” jettu bara lafarraa qabdanitti badhaadhinni isin haa dhaalu kan jedhu ibsiti. Yeroo dhufu agarsiisti. Bara lafarra jiraattanitti rakkinni isin hin mudatiin; hiyyoomtanii waan nyaattan hin dhabiinaa kan jedhu akeeka. Kun, dhalli namaa lafarra hamma jiraatutti waan nyaatuun rakkachuu akka hin qabneefi misoomni jiraachuu mucaa namaaf murteessa akka ta’e ibsa.

Yaada dhihaate kanarraa kan hubatamu, gabateen miiloo tokkummaa, jaalalaafi araara maatii akka agarsiisus ni ifa. Walii isaanii wajjinis haa ta’u keessummaa dabalachuun

wayita gabatee miilloo irraa waliin nyaatan tokkummaa isaanii gabbifachuun waliin jireenyas ni baru. Nama waliin akkamitti akka jiraataniifi waan qaban waliin nyaachuun gaarii akka ta'e hubatu. Jaalala waliif qaban mul'isuuf maaddiirratti wal too'atu. Eenyu akka mana hin jirre yaadatu. Waa'ee isaa yookiin ishee dubbatu. Qoodni hirbaata nama hin jirree akka taa'u yaadachiisu. Sirna maatii keessaa barsiisu. Jaalalaan walii wajjin jiraachuu akka danda'amu ittiin hubachiisaa akka deeman mul'isa. Kana malee, haati warraafi abbaan warraa yoo wal dhaban gabatee kanarraa wayita waliin nyaataan walitti araaramu. Yaada wal simataa waliin nyaatu. Hiixatanii afaan wal kaa'u. Daandii araara isaanii akka ta'uu danda'u addeessa. Waliin gurmaa'uu yookiin walitti sassaabamuu isaaniif karaa jabaadha. Walta'insa maatii tokkoof hinkoon isaa xiqqaa miti. Tokkummaa maatii ni eega; ni qajeelcha. Kun akkamitti akka maatiin Oromoo ofiifi naannoo isaa ilaalafi hubachaa har'a gahe dhiheessa.

Meeshaaleen gondambaa giddugalaa keessatti argaman eenyummaa hawaasa kanaa kallatti garaagaraan kan agarsiisaniifi safuun hawaasichaa akka tikfamu kan taasisan ta'uutu hubatama. Ijaarsi naamusaa jiru akka itti fufuufi jabaatu godha. Gurmuun hawaasaa wal ta'ee safuu qabuun akka jiraatu ni taasisu. Irraa jalummaafi wal qixxummaan jireenyaas as keessatti safeeffatameera. Safuun karaa meeshaa kanaa maatii gidduutti guddataa deemuu hawaasa bal'aas waan qaqqabuuf sirnoomaa deema. Hawaasni kun safuu waliinii akka guddifataa deemu deeggara. "Safuu is more of about the laws of nature. ..., is necessary for the smooth operation of life" (Dirribi, 2011: 75). Safuun seera uumama ta'e kun jireenyi karaa sirriin akka hiika godhatu kan taasisu ta'uu isaa ibsa. Meeshaaleen jiran eenyummaan karaa sirnaawaa ta'eefi safuu hawaasaa agarsiisuun dhihaachuu akka danda'u taasisuu isaaniitu mul'ate.



Fakkii 7:

Ragaa 12ffaa

Ragaa 13ffaa

Ragaa 12ffaan *ejjeta miillaati*. *Ejjeta miillaa* galeen maqaa kun meeshaa mana keessaa bakka bu'ee jira. Ejjeti miillaa muka wadeessa, harbuu, hoomiifi birbirsarraa hojjetama. Meeshaan kun muka hundee tokkoorraa mismaara malee ejjeti isaas ta'e kan bishaan dhiqannaa sana baatu hojjetame. Kan giddu gala kana keessatti argamu kunis waddeessarraa kan hojjetameefi waggaa dheeraa kan lakkoofsisedha. Muka tokkorraa qirixiin soofamee qophaa'e waan ta'eef umrii dheeraa ture. Hawaasni Oromoo beekumsaafi hubannoo jireenyaa ittiin meeshaalee kalaquun fayyadamaa ture akka qabu ibsa.

Qottoon soofuun boca itti baasuun qopheessu. Waan biraan osoo wal hin qabsiisiin akkasumas, hin suphiin akka umrii dheeraa jiraachuu danda'utti hojjetama. Akkuma aadaa Oromootti haati manaa abbaa manaaf miila dhiqxi. Xuwwee dhiqataatti bishaan bifa giddugaleessaa ho'isuun miila abbaa manaa ejjeta miilaa kanarra dhaabuun dhiquuf. Kanas, kofoo durii sana ol sassaabuufiin ejjeta miilla kana jala keessee quphantee dhiqxiif. Jalqaba kan isheen dhiqxu miila mirgaa abbaa manaa isheeti. Ofii miilla bitaa dhiqatti. Bakka kamittiyyuu ulfina abbaa manaa ishee agarsiisuuf miilla bitaa dursitee dhiqatti. Mirgi kan abbaa manaati jedhanii waan yaadaniif miilla bitaa isaanii dursanii dhiqatu. Safuu isaa eeguuf kan taasistudha. Dubartiin yoo miilla mirgaa dursitee dhiqatte abbaa manaa mooti jedhamee waan yaadamuuf eeggannoo barbaachisu taasisti. Dhoksaattis yoo ta'e wanti kun ni eegamu. Bishaan ho'isanii abbaa manaa dhiquun ulfinaafi humna abbaa manaa isaanii qusachuu isaaniiti. Qaamni namaa yoo suukanaa'u

humni namaa ni hir'ata jedhanii waan yaadaniif kana taasisu. Namoonni durii humna isaaniif eeggannoo guddaa taasisu. Wanti hojjetamu hundinuu humnaan waan raawwatuuf. Dabalataan, dheerinni umrii humnaan wal qabata waan jedhanii yaadaniifis kan godhu. Eejjeti miillaa kun hariiroo abbaa manaafi haadha maanaa gidduu jiru kan jabeessuufi kabaja isaan waliif qaban kan cimsudha. Meeshaaleen hawaasni kun itti fayyadamu waliin jireenya sabichaa akka gabbisan dhiheessa. Kana malee, dhoksaa waliin jireenya isaanii ifa taasisa.

“Gabatee dhiqannaa harkaa” gaaleen maqaa kun gabatee Oromoon durii kaasee mana keessatti harka irratti dhiqataa ture bakka bu’a. Gabateen kun waddeessarraa waggoota hedduu dura hojjetame. Kanas qottoo soofee fayyadamuun qirixii tokkorraa erga soofanii booda bakka bishaan baatu haala barbaachisuun soofanii dhooqessu. Mukuma kanarraa qadaada bakka bishaan dhiqannaa harkaa baatu kanaaf ta’u eeggannoon soofanii tochuun qaawwa bishaan dabarsitu adda addaa irratti hojjechuun itti qadaadu. Qadaadni kun bakka saamunaan irra taa’uufi qabanii irraa kaasan qaba. Hubannoo hawaasni kun meeshaalee jireenya isaaf barbaachisu hojjechuu irratti qabu guddaa ta’uu ibsa. Kun dhiqannaan harka namaafi lulluuqqannaan afaan namaa keessaa bahu akka mul’achuun nyaata nama hin jibbisiisneef godha. Dhukkuboonni daddarboon yoo jiraatan namaa namatti akka hin daddarbineef eeggannoo taasisa. Ammayyummaa hawaasni kun waliin jireenya isaa keessatti qabu maal akka fakkaatu agarsiisa. Eenyummaa isaa dhaloota dhaalchisuuf dhamaatii hawaasni kun taasise hambaalee jiran kunnuunsuu har’aan gahuu isaan hubatama.

Gabatee dhiqannaa harkaa qaawwa bishaan ofkeessa dabarsuun jalatti kuufatu qabu Oromootu dursee hojjete. Warri kaan yeroo dhiheenya pilaastika adda adda irraa hojjechuu eegalan. Oromoon bishaan afaan ittiin lulluuqqateefi gorora isaa nama fuulduratti hin tufu. Safuu qaba. Kana hambisuuf meeshaa kana qottoon soofee bocuun qirixiidhaan qadaaddii keessoo isaa uruun qadaaddii itti gochuun fayyadamaa har’a akka gahe mul’ateera. Kun, dabareedhaan wayita dhiqatan tufaatii walii arguun garaan akka hin hammanneef dhiqannaa harkaa kana akka qopheeffate mul’isa. Bilchina jireenyaa hawaasichi qabu agarsiisa. Keessoon hawaasa kanaa beekumsa uumamaa waaqni isa

badhaaseen guutuu akka ta'es ni dhiheessa. Dhalootni har'aa eeggannoo akkamii jireenya isaaf gochuu akka qabus ni hubachiisa. Beekumsa dabalataa keessoo dhalootaatti ni uuma. Akkaataa jireenyaa kaleessaa hubachuun dhaloonni har'aa boruuf akka of qopheessu taasisa.

Meeshaaleen gola Oromiyaa hunda irraa walitti qabamuun dhufan kunneen Oromoo tokkoomsu. Falaasama waliinii sabichaa mul'isu. Akka sabni kun tokko ta'eefi meeshaa waliinii akka qabu ibsu. Akkaataa hawaasni kun jireenya isaa itti qabatee har'aa gahe, bifa kamiin ijaaramaa akka dufe, walta'insaafi tokko ta'uusaa ibsa. Ofta'uu Oromoo ibsa. Akka siyaasaa, dinagdee, aadaafi jiruu hawaasichaa addunyaaf ni dhiheessa. Waliin jireenya hawaasa tokkoo keessatti eenyummaan walii isaanii iddoo guddaa qaba (BBAW, 2019: 117). Eenyummaan hawaasni kun addunyaa keessa jiraate kana keessatti qabuufi bakka inni waan qabu kanaaf kennu labata kanaan hubatamuu akka qabu agarsiisa.

4.1.2.2.3. Meeshaalee Waraanaa Oromoo

Meeshaaleen waraanaa biyya tokko keessatti iddoo guddaa qabu. Oromoon biyyaafi daangaa isaa humnaafi meeshaalee kanneen fayyadamuun tiksee har'an gahe. Meeshaaleen waraanaa hawaasa kana keessatti diina ittiin waraananii kuffisaniifi ittiin qolatan ni jiru. Kanas ogummaa qabutti fayyadamuun kalaqee itti fayyadamaa ture jira. Isaan kunneenis godambaa giddugalaa keessatti dhihaachuun haala eenyummaa hawaasichaa agarsiisuu danda'aniin mul'atanii jiru. Meeshaaleen haala qorannoo kanaan xiyyeeffataman armaan gaditti xiinxalamanii dhihaataniiru.



Fakkii 8:

Ragaa 14ffaa

Ragaa 15ffaa

Gaachanni jiruufi jireenya Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Hidhannaa jabaa waraana Oromooti. Diina isaa fardaan wayita lolus ta'e lafoon gaachana fayyadamuu faccisaa har'a gahe. Ammayyummaan har'aa osoo hin dhufiin dura daangaafi eenyummaa isaa meeshaa kana fayyadamuun tikfataa jiraate. Qabannaa waraana keessatti leellifamuufi eeboo diinaa akka hin sodaanne nama taasisudha. Gachaanaan loluun hubannoo gafaata. Kanaaf, hawaasni kun sadarkaa umrii jiruu keessatti gaachanaan loluu dhaloota barsiisaa har'aan gahe. Waraanni Oromoo umrii qabu keessatti leenji'aa waan deemuuf qabannaa gaachanaan beekamaadha. Kun akka cimanii daangaa isaanii eeggachuun dhaloota har'aa qaaqqabsiisan isaan taasiseera. Meeshaa hidhata guddaa hawaasa kana waliin qabu akka ta'e mul'isa. Eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf humna akka qabus ni dhiheessa.

AG- Gaachanni gogaa roobii irraa hojjetama. Eeboo diinaa ittiin qolachuu oola; nama jabaafi nyaata obsutu qabata. 'Diinni gaacha haphii hin beeku' jedhama. Jabaatanii ittiin of ittisuuf meeshaa waraanaa qophaa'edha (Afee 26, Dabalee 8, f, 297).

“Gaachanni gogaa roobii irraa hojjetama.” Gogaan roobii jabina guddaa waan qabuu isarraa hojjetu. Yoo inni dhibe gogaa gafarsaa, warseessaafi adda sangaa irraas ni hojjetama. Kan adda sangaafi warseessa irraa hojjetamu jabina barbaachisu hin qabu. Dhabaa mannaa jedhameetu irraa qopheeffama. Gaachanni wayita hojjetamu adeemsa hordofuun raawwatamu qaba. Dursa gogaa roobii kana duuganii qopheessuun lafa qabbana qabutti bifa gaachanaa fakkeessuun lafa gadi qotu. Boolli qotamu kun bifa geengoon haala fakkii gaachanaa qabuun hojjetama. Gidduu isaa golbeessanii hambisuun itti naannessanii bitaafi mirga isaa qotu. Gogaa roobii sanarraa gaachana duugamuun hodhamee qophaa'e sana osoo gogee hin jajallatiin boolla bifa gaachanan qotamee qophaa'e sanarratti gadi qabsiisuun boollicha qadaadu. Kun akka inni golbatee goguuf gargaara. Achuma keessatti gogee fixata. Lafti sun jiidhinsa isaa eeguun suuta akka qooruufi akka inni hin jajallanne yookiin gartokkotti hin qarandoofnetti eegee akka

golbatee sirnaan gogu taasisa. Kan biroo, muka golbeessanii haala gaachanaan tolchuun erga lafa keessa dhaabanii booda isarra diriirsu. Achimarratti jabeessuun akka inni suuta jedhee gogu taasisu. Jabina isaa dabaluuf gogaa dhuma kanaan hodhaanii jabeessaa deemu. Xiinxalli dhihaate, gaachanni akkaataa itti hojjetamuufi kunuunfamu akka qabu dhiheesa. Hubannoo hawaasichi eenyummaa isaa tiksuufi itti fufsiisuuf qabu agarsiisa.

Meeshaan humna ittisaa ta'e kun eeboo qaama faallaa irraa namatti darbamu ittiin miliquuf gargaara. "Eeboo diinaa ittiin qolachuu oola." Eeboon meeshaa qara qabu waraannaan ajjeesuufi madeessuu danda'udha. Kun qaama diina ta'e irraa namatti darbama. Diinni qaama qabeenyas ta'e lubbuu namaa balleessuuf deemudha. Qaamni nyaapha ta'e kun eeboon yoo nama waraanuuf jedhu gaachana fayyadamuun ofirraa qolatu. Golbinni gaachanaa eeboo diina biraa namatti darbamu akka hin seenneef gargaara. Mucucaatee irra darba malee gaacha keessa eeboon hin darbu yookiin hin lixu. Eeboon diinaa akka galma barbaadamu hin geenye godha. Kun loltoonni Oromoo gaachana kanaan diina biyyaafi saba isaanii qolataa akka har'a gahan agarsiisa. Meeshaaleen hawaasa kana keessa jiran akkaataa jireenya tureefi jiruu dhiheessuuf akka oolanis ni hubachiisa.

Gaachanaan loluun humna gaafata. "Nama jabaafi nyaata obsutu qabata" ragaan dhihaate olitti kun gaachana callisanii qabachuun akka hin danda'amen kaasa. 'Nama jabaa' galeen maqaa kun jabina irreefi gootummaa nama gaachanaan loluu agarsiisti. Namni gaachanaan lolu nama xiiqeffataafi jabaa ta'edha. Gaacha nama irree qabuufi irreen isaa salphaatti hin dachaanetu qabata. Wayita gaachana qabatee eeboo isaan waraanuuf jedhu, eebichi harka isaa keessaa ni hollatti. Yeroo eeboo diinatti darbachuuf jedhu gaachanni isaa achi irraa jechuun gara keessatti deebi'ee humna kennaaf. Kun humna jabaa qabaachuu isaa ibsa. Namni gaachanaan lolu nama beelaafi dheebuu danda'u; gootaafi obsa qabeessa kan ta'edha. Waraanni Oromoon nyaata isaanii dhadhaafi soogidda Oromoon sukkuumanii waan nyaataniif humna qabeeyyiidha. Nyaata akka baalaan galagalchoo soogiddaan makanii nyaatu. Nyaata kanas yoo baay'ate guyyaatti yeroo tokko argatu. Bishaan baay'inaan hin dhugan. Faffatoon nama laaffisti jedhanii waan

yaadaniif baay'inaan hin nyaatan. Guyyaatti yeroo tokko fincaa'u. Diinaan qabamtee yoo hidhamteefi rukutamte akkasumas, bakka rakkinnaa yoo ciiste finnaan turfachuu qabda jedhamee waan amanamuuf. Kun, namni gaachanaan lolu jabaafi obsa qabeessa akkamii akka ta'e mul'isa. Yaanni kun, dhaloonni har'aa eenyummaa isaa eeggachuufi tursiisuuf maal gochuu akka qabu agarsiisa. Jabinaafi obsa dhaloonni darbe qabus labata har'aaf ni dhiheessa.

“Diinni gaacha haphii hin beeku” mammaaksi kun gaachanaan walqabatee dhihaate. Gaacha jabeessanii qopheeffachuun akka barbaachisuufi ittiin cimanii akka ofirraa ittisuu qaban ibsa. Diinni waraanee si dhabamsiisuu waan danda'uuf cimii ofirra ittisi kan jedhus ni dhaama. Diinni si balleessuu malee waa'ee haphina gaachana kee hin dhiphatu. ‘Gaachana haphii’ gogaa humna qabeessarraa bifa eeggannoo qabuun kan hin qophoofnedha. Gama biraan, akka diinni kee barbaadu hin ta'iin; harka hin laatiin; gormuu kee jabeeffadhu; bitaa diina kee gorii kuffisi kan jedhus ni ibsa. ‘Jabaatanii ittiin of ittisuuf’ kan jedhu, namni dirree waraanaa jiruufi diinni isa mudate waraanuu qofa osoo hin taane waraanamuu waan danda'uuf gaachana isaa fayyadamee of oolchuu akka qabu ibsa. Eenyummmaafi daangaa biyya ofii hambiisuufi dhaloota dhaalchisuuf jabaatanii of ittisuun murteessaa akka ta'es ni agarsiisa. Kan dhihaate kun, gaachanni hawaasa kanaan akka walitti dhufeenya qabu ibsa.

Gaachanni meeshaa waraanaa Oromoo akka ta'eefi hawaasa kana keessatti bakka guddaa kan qabu ta'uutu hubatama. Oromoon loltoota jajjaboo gaachanaan lolaniin daangaafi eenyummaa isaa kabachiisuun har'a akka gahe mul'isa. Hawaasni qorbee qoodamee jiru keessatti leenjii waraanaa sadarkaan jiru fudhataa waan deemuun fayyadama gaachanaa beeka. Sadarkaa nama dhuunfaarraa kaasee Oromoon leenjii waraanaa qaba. Maatiifi fira isaa akkasumas, biyya isaa eeguuf leenjii waraanaa fudhataa guddata. Kanaan koloneeffattoota Kaabaa irraa of ittisaa ture (De Salviac, 2013: 308). Oromoo humna gita bittootaafi weerartoota irraa of hambisuuf leenjii meeshaaleefi waraanaan akka of jabeessaa ture ibsa. Kana malee, waraanni Oromoo meeshaalee qabuun of kennee akka saba isaafi eenyummaa isaa tikfataa har'a gahe hubachiisa. Meeshaaleen waraanaa godambaa kana keessatti dhihaatan Oromoon gormuu waraanaa akka qabaataa tureefi

daangaa isaa kabachiisuuf ciminaan akka hojjetaa ture ni mul'isu. Eenyummaa hawaasichaa tursuufi agarsiisuu keessatti meeshaaleen waraanaa turan hinkoo akka qaban calaqqisiisa.

Ragaa 15ffaa, *eeboo shaanfoon* gosa eeboo jiran keessaa tokkodha. Sibiila jabina qabu irraa ogeessaan erga tumamee qophaa'ee ulee jabina qabu qopheessuu itti tolfama. Uleen eeboo kanatti tolfamu harooressa, buttujjii, shamala duudaafi kan kana fakkaatanirraa hojjetama. Ulee kanas akkaataa eeggannoo qabuun erga qoorsanii booda bareechanii soofuun eeboo kanatti tolchu. Jabeessanii akka qabannaafi darbannaaf mijatutti akeekkatanii itti hojjetu. Eeboon wayita hojjetamu sirnaan hin hojjetamne yoo ta'e harka nama kennachiisa. Diina ofii ittiin waraananii ijjifachuufis ta'e of ittisuuf jabinaafi of eeggannoo qophaa'uu akka qabu mul'isa.

Ragaan marii garee irraa argame, “Eeboon shaanfoo waraanaafis ta'e adamoof ni oola. Gaachana waliin qabatanii dirree waraanaa ni deemu. Eeboon kun eeggannoo qabatama” (Afee 27, Dabalee 10, f, 304). Ragaan ku, eeboon kun dirree waraanaatti akka qabatamu kaasa. Kanas gaachana waliin qabatanii bobba'uu. Waraana keessatti meeshaaleen kunneen lamaan waliin qabatamu. Diina eeboon waraanuun wayita barbaadeessan, gaachanaan immoo eeboo diinaa qolatu. Waraana keessatti meeshaa nama gargaaruufi diina ittiin lolan akka ta'e ibsa. Shaanfoo waraanuuf humna guddaa barbaada. Waraana humna qabeessaafi irree kana madaalu qabantu ittiin duula baha. Akka meeshaalee ammayyaa har'aatti kan barbaadamuufi diina garaa raasu akka ta'es ni hubachiisa. Oromoon meeshaalee waraanaa kanneen ofii qopheessuun itti fayyadamaa akka tures ni kaasa. Hawaasni kun eenyummaa isaa eeggachuufi akka kabajamu taasisuuf meeshaa waraanaa qopheeffachuun of ittisaa turuu isaa mul'isa.

Namni waraana Oromdurii keessatti ta'e adamoo irratti hirmaatu eeboo lama qabata. Tokko yoo darbate kan biroo of harkatti hambisa. Diinnis ta'e bineensi adamsan akka nama hin miineef eeggannoo taasisuu isaanii ibsa. Eeboo kanaan adamoo bahuun akka danda'amu dhihaatee jira. Oromoon jiruufi jireenya isaa geggeeffachuuf adamoo

geggeessaa akka tures ni ibsa. Adamoon kan bineensa nama miidhe itti duuluu balleessaniifi jireenya ofii ittiin geggeeffachuuf raawwatanidha. Adamoo kana keessatti milkaahuuf eeboon kun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa. Bakka dheeraa deemanii adamsanii argachuuf humna eeboo kanatti fayyadamuu danda'u qabaachuun murteessaa ta'uus ifa godha. Meeshaalee hawaasni kun itti fayyadamaa har'a gahe seenaa jireenya isaa waliin hidhata guddaa akka qabutu dhihaate. Gulantaa jireenyaa hawaasni kun keessa darbuun dhaloota itti fufsiisaa har'a gahes ni hubachiisa.

Eeboon akkaataa itti qabatamu qaba. Eeboo shaanfoos wayita qabatanii deeman eeggannoon qabachuun akka barbaachisu ibsa. Dirree waraanaattis ta'e bakkeewwan birootti meeshaa kana eeggannoon qabachuufi itti fayyadamuun akka malu agarsiisa. Eeboo kana qabatanii wayita mana seenan ol qabanii qabaachuun ol lixu. Akka nama fuuldura jiru hin waraanneef eeggatu. Mana keessattis hirkisanii kaa'u. Akka olii gadi jedhee nama hin miineef eeggannoo taasisu. Meeshaaleen hawaasni kun dirree waraanaattis ta'e mana keessatti itti fayyadamu sirnaan akka ta'e mul'isa. Akkaataa jireenya isaafi kan biroof eeggannoo barbaachisu kan taasisu ta'uu isaa addeessa. Ilaalcha hawaasni waan ofii isaaf qabus ni hubachiisa.

Yaanni armaan olitti dhihaate kun, meeshaaleen waraanaa Oromoon durii kaasee itti fayyadamaa har'a gahe hubannoo keessoo hawaasaa jiru mul'isuuf cimina akka qabu mul'ateera. Eeboon jiruufi jireenya Oromoo wajjin hidhata guddaa qaba. Seera tumaa taasifamu keessattis eeboon dhimma ni bahama (Filee, 2021). Meeshaaleen waraanaa kunneen hojiiwwan hawaasni hojjetaa tureefi jiru keessatti iddoo guddaa akka qabantu mal'ate. Walitti dhufeenyi isaafi meeshaalee inni fayyadamu gidduu jiru agarsiistuu jiruu isaa ta'uus agarsiiseera. Kun, eenyummaan hawaasa kanaa karaa meeshaalee waraanaa inni qabuu agarsiifamuu akka danda'u mul'isa.

BOQONNAA SHAN

DALAGAAWWAN WAALLAWAA SIRNA GADAA: EENYUMMAA BU'UURAA OROMOO

5. Seensa

Boqonnaa afur jalatti afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessa jirantu ibsaman. Ibsi kunis kamiifi garamii agarsiistuuwwan sanaa ibsuun ala maaliif akkaachi jiraatanii maaltu akka isaaniin hojjetamu akka hedame ykn karoorsame hinibsine. Boqonnaan kana jalatti ammoo dalagaawwan waallawaa ‘discursive practices’ afeewwaniifi mallattooleen sun keessatti uumamanii itti fayyadamamantu xiinxalaman. Dalagaan waallawaan boqonnaa kana jalatti xiinxalamu galmoo uumamasaafi itti fayyadama feewwaniifi mallattoolee boqonnaa dursaa keessatti ibsamaniiti jechuudha. Galmoon kun ammoo afeewwaniifi mallattoolee giddugalicha keessatti dhiyaataniin maaltu hojjetamuu akka yaadame odeeffannoo seenawaa gangalachaa har’a gaheen walitti buusuun hiikama. Hiikni taasisames walitti dhufeenya bu’aa ibsa feewwaniifi mallattoolee sanaarraa argamaniifi eenyummaa Oromoo isa akka galmootti dhiyaate bu’uureffata. Afeewwaniifi mallattoolee akka agarsistuutti galmoo keessatti dhimma itti bahaman waliin hariiroo garlamee ‘dialectal relationship’ qabu. Kun ammoo agarsiistuuwwaniifi agarsiisamoonni uumaa uumamuu isaanii nu hubachiisa. Kana jechuun, yoo eenyummaawwan agarsiisaman diigaman afeewwaniifi mallattooleen isaan ibsamanis waliin diigamu. Yoo eenyummaawwan sun deebi’anii ijaaraman agarsiistuuwwan isaanii ijaarsa xiyyeeffatu. Yoo eenyummaawwan sun akka tursaman barbaadamanis agarsiistuuwwan tursuurratti xiyyeeffatantu uumamanii itti fayyadamamu. Adeemsa akkasii keessatti afeewwaniifi mallattoon akka ijaartuu eenyummaatti, eenyummaawwanis akka madda afaaniifi mallattooleetti tajaajilu.

Akka afeewwaniifi mallattoolee ibsamanirraa hubachuun danda'amutti, eenyummaa Oromoo akka deebifamee ijaaramuufi tursamu barbaadame Sirna Gadaati. Kanaafuu, eenyummaawwan bu'uuraa galmoo afeewwaniifi mallattoolee ta'uun boqonna kana jalatti hiikame Sirna Gadaa Oromooti. Qabiyyeen bu'uuraa kun qabiyyeewwan xixiqqaa boqonnaa kana jalatti xiyyeeffataman of jalaa qaba.

5.1. Sirna Gadaa: Eenyummaa Oromoo Isa Bu'uuraa

Sirni Gadaa, eenyummaa Oromoo isa bu'uuraati. Oromoon kan ta'e hunduu sirna kanarratti walii gala. Gaaddisa Oromootaa waan ta'eef, akka caayaatti ilaalama. Oromoonni caayaa kana jalatti walitti qabamu. Sirnichi sirnoota hedduu haammata. Isaanis sirna siyaasaa, sirna amantaa, sirna digadee, sirna hawaasummaa, sirna uumaafi uumamaa akkasumas sirna aadaati. Kanarraan kan ka'e xaxoo sirnaa';system complex' jedhama (2024; Zelalem, 2012fi Asafa, 2012). Sirni kun falaasama Oromoon jaarraa hedduun dura uummatedha; walqixxummaa dhala namaatti amana; waan hundaafuu seera qaba. Kanaanis eenyummaa hawaasichaa tursa (Alamaayyoo, 2007; Ayalew, 2007 fi Asmarom, 1973),

Ibsi afeewwaniifi mallattoolee boqonnaa dursoo keessatti geggeessamanis Sirna Gadaa kan sirnoota garaagaraa dhimma Oromoo xiyyeeffatan raawwachuufi ijaaruuf akkasumas, tursuuf uumaman. Falaasama hawaasichaa, haala Oromoon keessa tureefi jiru, akkamitti akka ofiifi addunyaa keessa jiru hubatu agarsiisuuf afeewwaniifi mallattooleetti fayyadama (Mammadov, 2018). Sirna Gadaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti agarsiisame keessatti sirnoota argaman keessaa inni tokko sirna kabaja Irreechaati. Sirni kunis uumamaafi fayyadama afeewwaniitiifi mallattooleetiif bu'uura ta'uun akkamiin falaasamni hawaasichaa turuufi dhalootatti darbuu akka qabu agarsiisaa jira. Kanatti aansuun akkamiin irrechi eenyummaa Oromoo agarsiisuu akka danada'e ibsa duraan taasisneen walitti fuduun xiinxalla.

5.1.1. Ayyaana Irreechaa

Ayyanni irreecha, raawwiilee sirna Gadaa keessatti taasisamu, Guddugala Aadaa Oromoo keessatti bifa fakkiifi bocaatiin agarsiisamee dhalootaa dhalootatti akka darbu taasisamee jira. Sirni kun Oromoon maal akka ta'eefi maal akka hintaane, akkamitti akka buluufi walbulchu akkasumas, hariiroo uumaa isaa waliin qabu agarsiisuuf humna qaba. Oromoon amantii musiliimaafi kiristaanaa osoo hin fudhatiin Waaqa tokkichaan bulaa ture. Oromoon waaqa malkaa yookiin laga kana roobdee guutte, tulluu rooba keen jiistee marga biqilchite jechuun achitti galatoo ykn dhugeeffannaa taasisa. Birraa malkaatti; Arfaasaa tulluutti bahuun kana raawwata.

GAO keessatti Irreecha Birraatu xiyyeeffatame. Waaqa rooba roobsite midhaan akka daraaree ija godhatu goote, ganna baastee booqaa birraa nu agarsiiste, dachee waan miidhagaan uwwiste jechuun dhugeeffata. Bona hongen nu miidhe dabarsuun rooba barbaachisu nuuf kennite; tulluuwwan margaan uffiste; sawwan dheedanii akka jiraatan, aannan barbaachisu akka nuuf kennan goote jechuun galateeffatu. Kun falaasama Oromoon uumaafi uumamaaf qabu ibsa. Eenyummaa isaa haala sirna uumama eegeen addunyaaf walii isaaf hima. Mee ragaalee Afee 28, Dabalee 7 jala, f. 255 fudhataman kanneen haa ilaallu.



Fakkii 9: Bocawwaan Irreechaa - Ragaa 16ffaa

Irreecha

Araddaa

Abbaa

Haadha

Ilma hangafaa

Intala durbaa

Ilma quxisuu

Ragaan dhihaate kun kan agarsiisu, bocawwan irreechaan walqabatan akka agarsiistuu eenyummaa Oromootti giddugala kana keessatti dhihaatan safeeffannaa Oromoon Waaqa tokkichaaf qabu mul'isa. Isaanis, jechootaafi gaaleewwan garaagaraan bakka buufamanii jiru. Fakkeenyi kun irreecha sadarkaa maatiitti Oromoon irreeffatamu bakka bu'a. Kunis, irreechi Oromoon geggeeffamu dhugeeffannaa maatiin uumaa isaaf qaburraa hanga hawaasni bal'aan walta'uun irreeffatuutti kan deemu ta'uu ibsa. Irreeffannaan maatii adeemsa ofii isaa akka qabu bocawwan kanarraa ni hubatama. Sirni dhugeeffannaa Waaqaa adeemsa sirnaa qaba. Kanaaf, akkaataan dhaabbannaa maatii kanaa bitaa irraa gara mirgaatti durba, abbaa, haadha, ilma hangafaafi quxisuutu dhaabbata. Araddaa naannoo jiruurraa marga jiidhaa kutee kan maatiif laatu durbadha. Kun akka fedheen araddaa kutannee akka hin irreeffanne dhiheessa.

Bocawwan irreechaaf dhihaate kana hirmaattuun afgaaffii yoo ibsitu, “Bocawwan kunneen irreecha sadarkaa miseensa maatiitti raawwaatamu agarsiisa. Waan eenyummaa hawaasichaa mul'isuu danda'aniif askeessatti bocaman. Abbaan ni eebbisa. Marga irreeffatamu durba duudaatu abbaaf kenna. Coqorsa caalaa araddaa kuttee kennitiif” (Afee 29, Dabalee 7 jala, f. 254) jetti. Kun, irreechi mallattoo nagaafi dhugeeffannaa hawaasichaa yeroo eeguun malkaattii raawwatamu ta'uu ibsa. Irreeffannaan sadarkaa maatiitti kan mul'atuufi sirnaawaadha. Dabalataan, akkaataan irreeffannaa kun safeeffannaafi soda uumaaf qaban hordofuun kan raawwatu ta'uu ibsa. Kana malee, irreeffannaan maatii bu'uura irreeffannaa waloo hawaasichaa ta'uus kan agarsiisudha.

Irreechi hiika nagaan hawaasichaafi sirna galatoo malkaatti bahuun Waaqaaf taasifamu ta'uudha. Dhalli namaa icciitii keessoo isaa bakka itti uumaaf dhiheessudha.

'Coqorsa caalaa araddaa kuttee laatti' kan jedhu, abbaan araddaa kanaa Oromoo ta'uu kan mul'isudha. Malkaafi araddaan magaalli Finfinnee irratti ijaaramte kan Oromoo ta'uudha. Kanaaf, hiikni irreechi sadarkaa maatii kun Oromoon araddaa dhabeefi agarsiistuuwwaan eenyummaa jalaa makfame kanatti deebi'uu isaa ibsa. Haala jiruufi jireenya Oromoo gudunfee dhiheessa. Yaanni olitti dhihaate kun, walitti dhufeenya Oromoofi araddaa isaa gidduu jiru kaasa. Hawaasni kun eenyummaa ofii akkaataa itti ilaaluufi kana iddootti deebisuuf araddaa ofiirratti akka irreeffachuu qabu jabeessa. Qorataafi barreessaan Mohammed (2002: 226) akka ibsutti, bara ka'umsa Hayile Sillaasee (1930-19740) poolisiin sirna Amaaromsuu kan aadaa warra Kaabaafi olaantummaa oftultota leellisu aadaa, amantaafi bakkeewwan jilaa Oromoo akka baduufi quucaru taasisaa ture jedha. Bakki irreeffannaa kun olaantummaa bakkeewwan dhugeeffannaarratti godhameefi sarbamaa ture falma. Kun, Oromoon agarsiistuuwwan kanneen fayyadamuun eenyummaa isaa iddootti deebisuuf akka hojjechaa jiru mul'isa.

Jechi 'irreecha' jedhu giddugala keessatti dhihaate kun hiika dabarsu qaba. Oromoon saba uumaafi uumama addunyaa kanarratti uumame kabajudha. Irreechi dhugeeffannaa Oromoon Waaqa tokkichaaf malkaattii yookiin tulluutti bahee taaasisudha. Ragaan jecha kana ibsu, "Irreechi ayyaana ganni darbee Birraan wayita seenu, logni boora'anii turan kan itti car jedhan(qulqullaa'an) abaaboon guutaman, namootni sababa lagni guuteef adda bahan ittiin wal arganiifi waaqayyoof galata dhiheessan, uumamnis ittiin yaadatamudha" (Afee 30, Dabalee 9 jala, f. 299). Ayyaana dhalli namaa uumaa isaaf galata itti dhiheessuufi yeroo wal argee hawaasa bal'aa akka ta'e ibsa. Sirni galatoo kun adeemsa uumama yaadachuu akka of keessaa qabus ni kaasa. Yaanni kun Oromoo sirnoota darbaniin iddoo dhugeeffannaa dhabe argachuu akka qabuufi Finfinnee handhuura Oromiyaa kanarratti Oromoon sirna ofii kabajuu akka qabu addeessa.

“Ganni darbee wayita Birraan seenu” waktiileen lameen kun jiruu hawaasa keessatti akkaataa ittiin ilaalaman qabu. Ganni yeroo roobni guddaan roobu; hojjechuuf baay’ee rakkisaa ta’eefi lagni gurguddaa guutuun dhalli namaa walitti deemuu dadhabudha. Firris firarraa fagaatu. Yeroo kana uumaa ofii kadhachuufi abdachuun keessa darbu. Birraan immoo yeroo dhamaatiin namaa ija godhachuu nama gammachiisuufi haalonni hammaatoon darbanii firri fira barbaaduu eegalu. Kanaaf, Oromoon malkaatti bahuun Waaqa ganna dukkanaa dabarsitee boqaa Birraan nu geesse jechuun galata uumaaf dhiheessa. Uumaan hundaa ol jiru kun waan haala kana nuu jijjiireef galata qaba kan jedhudha.

Irreechi sirnoota Gadaa keessatti hammataman keessaa isa tokko. Agarsiistuu eenyummaa Oromooti. Oromoon amantii musiliimaafi kiristaanaa osoo hinfudhatiin Waaqa tokkichaan bulaa ture. Oromoon waaqa malkaa yookiin laga kana roobdee guutte, tulluu rooba keen jiistee marga biqilchite jechuun achitti galatoo ykn dhugeeffannaa taasisa. Galatoon kunisi, Waaqa rooba roobsite midhaan akka daraaree ija godhatu goote, Ganna baastee booqaa Birraa nu agarsiiste, dachee waan miidhagaan uwwiste jechuun dhugeeffate. Bona hongeen nu miidhe dabarsuun rooba barbaachisu nuuf kennite; tulluuwwan margaan uffiste; sawwan dheedanii akka jiraatan, aannan barbaachisu akka nuuf kennan goote jechuun galateeffatu. Kun falaasama Oromoon uumaafi uumamaaf qabu ibsa. Kana, hayyuun Wogari (2018: 19) jireenya hawaasa bal’aan walqabsiisee yoo ibsu, “Irecha constitutes one of the several religious and cultural practices defining the hallmark of the entire Oromo life” jedha. Irreechi akkaataa jiruufi jireenya Oromoon akka walqabatu kaasa. Eenyummaa isaa haala sirna uumama eegeen addunyaafi walii isaaf akka himu ibsa.

Hiikni kanarraa hubatamu, Oromoo bakkeewwan dhugeeffannaa ofiitti deebi’uu akka qabuufi sirni bakkeewwan dhugeeffannaa biyya kanaa kabaju jiraachuu akka qabu agarsiisa. Hawaasni kun eenyummaa isaa calaqqisiisuuf sirnoota ofii qabu kana turfachuu akka qabu dhiheessa. Dhiibbaa amantaaleefi sirnoota darbaniin isa qaqqabe maksuun waan ofii turfachuun murteessaa ta’uu hiika. Hayyoonni akka Alamaayyoofi

kan biroon (2012: 23) akka ibsanitti, “Oromoon amantaalee gurguddoo lamaan biyya ollaa irraa dhufaniin waan dhuunfatameefi namoonni uummata kana keessaa ba’anii baratan tokko tokko Oromummaa isaanii gatuun gara aadaafi amantaalee kanaatti waan makamaniif of ibsuurratti rakkoon kan uumame” jedhu. Dhibbaa of beekuu dhabuun hawaasa kanarraa gahe mul’isa. Beektonni saba kanaa amantaalee adda addaan dhuunfataman akkaataa jiruufi jireenya hawaasicha hubachuurratti rakkoo akka qaban ibsa. Kun hamma waan ofii irraanfachuutti akka geessu dhiheesseera. Dhiibbaa yaada beektotaafi hawaasa bal’aa mudate kana keessaa baasuuf irreecha kan jedhu kun mul’ifame.

Jechi “araddaa” jedhu kun qabiyyee lafaa gosa tokkoon qabamee jiru mul’isa. *Araddaa* jechuun *abbaa malkaa* kan jedhu mul’isa. Finfinneen araddaa Oromoon akka walqabattu mul’isuuf giddugala kana keessatti jechi kun hojiirra oole. “Horri Finfinnee kun kan Tuulamaati. Ilmaan Tuulamaatu irratti irreeffataa ture. Tuulamni Tuulama sadeen: Daaccii, Bachoofi Jiille. Araddaan kun kan Obooti” (Afee 31, Dabalee 8 jala, f. 287) jalatti dhihaatee jira. Torban Oboo kan jedhaman naannoon kana jiraataa akka turan ibsa. Oboon ilmaan Daacciiti. Isaanis, Gumbichuu, Gullallee, Oborii Eekkaa, Yaayya, Digaluufi Gamu jedhamu. Ilmaan Oboo keessaa bakki horaa sun kan Gullalleeti. Araddaan kan Gullalleeti kanaaf jedhu. Araddaa kan jedhu kun malkaa waliin walqabatee dhihaate. Hawaasni Oromoo naannoo kana jiraataa ture araddaa ofii dhiibbaan gadhiisee akka tureefi yeroo ammaa kana araddaa ofiirratti irreeffachuuf caarraa akka argatee jiru addeessa.

“*Abbaa malkaa*” gaaleen maqaa kun kan mul’isu gosni Oromoo tokko araddaa gahee isaa ta’e keessatti bakka irreeffannaa yoo qabaate gosni sun bakka kanaaf abbaa malkaa tahuusaati. Abbaa malkaatu bakka dhugeeffannaa kana saaqa. Isa dura hin irreeffatamu. Aantummaafi itti gaafatamummaa bakka sanaa kan qabu warra abbaa araddaati. ‘*Hora Finfinnee*’ gaaleen kun araddaa Oromoo humnaan samame kanarraa Oromoon malkaa itti irreeffatu akka qabu ibsa. Kun Oromoon araddaa ofii isaarratti deebi’uufi hora magaalaa Finfinnee keessatti argamurratti abbuummaa akka qabu hiika keessoo dhiheessa

Oromoon araddaafi malkaa qaburraa dhiibamuun eenyummaan isaa ukkaamamaafi makfamaa turee jira. Eenyummaa isaa kana iddootti deebisuuf dhaloota kana waa'ee Araddaa Finfinnee dhokateefi kan eenyu akka ta'e dhugaan walqabsiisanii dhiheessuun murteessaa ta'uu dhaama. Qorataafi barreessaan Alamaayyoo (2016: 361-362) akka ibsutti, “Minilik bara 1879 Baddaa Dildilaa irraa gadi bu'uun Finfinnee (Shaggar) qabate. ... maqaa haaraa Addis Ababaa jedhamtee akka yaamamtu Xaayituun moggaafamte. Bara kanaa eegaltee araddaan warra Gullallee teessoo mootii Minilikiifi wiirtuu siyaasa Itoophiyaa taate” jedha. Kun araddaan kan Oromo ta'uusaafi gita bittoota Abisiiniyaan akka dhuunfatamtee turte dhiheessa. “Namoonni Finfinneen kan Oromoo miti jedhan ragaan arkiyooloojiifi saayinsaawaa ta'e hinjiru jedhu. ... garuu Oromoon achirra jiraachaa turuu isaaf ragaan uummata amma lubbuun jiraachaa jiru caalaa nu barbaachisu hin jiru” (Alamaayyoofi kan biroo, 2012: 51-52) jedhu. Yaadni walfaallessu kunneen Finfinnee kan Oromoo miti; uummata achiirra jiruufi ture Finfinneen kan Oromoo ta'uu ragaadha kan jedhudha. Jechi *araddaa* jedhu kunis, araddaan Finfinnee kan Oromoo akka taateefi hawaasni kun jabaatee tikfachuufi eenyummaa isaa achirratti jalaa makfame deeffachuu akka qabu mul'isa.

Jechoonni “abbaafi haadha” jedhan hawaasa keessatti baay'ee beekamoodha. Abbaan itti gaafatamummaa maatii tokkoo fudhachuun qajeelchuuf dhamaatii guddaa taasisa. Hawaasa biyya tokko jiraatu keessatti maatiin isa bu'uuraati. Abbaan maatii kana hoogganuun biyya ofiif qopheessa. Sadarkaa dhuma kanatti waan waliin qooddataniifi waliin hojjetan baay'ee qabu. “Giddugala kana keessatti irreecha maatii hoogganaa kan jiru abbaadha. Haatis qooda qabaachuu isheetu mul'atee jira.” (Afee 32, Dabalee 8 jala, f. 288). Akkaataan hawaasni tokko itti ijaaramuufi waan ofii guddifatu keessatti gaheen abbaafi haadhaa guddaa akka ta'e agarsiisa. Waltumsuun jiruufi jireenya isaanii akkuma geggeeffatan eenyummaa ofiis guddifata deemu. Oromoon sadarkaa maatiirraa kaasee araddaa ofiirratti akka irreeffatu agarsiisa. Kun hawaasni Oromoo magaalaa Finfinnee keessa jiraatu ofiisaa dagachuu akka hinqabneefi eenyummaasaa ganamaatti deebi'uu akka qabudha.

Jechi “haadha” jedhu biyyaa wajjin walqabata. Haati maatii ishee guddisuun biyyaaf qopheessiti. Humnaafi dinagdee qabduun osoo of hin qusatiin maatii ishii kunuunsuun guddisti. Ilmaan isheerraa dhalatan eenyummaa isaanii akka hin daganneef eenyuma caalaa itti dhihaachuun of barsiisti. Kanaaf biyya bakka buuti. Ragaan marii garee xiyyeeffannoo irraa argame, “Haati humna manaati. Abbaan gaaddisa” (Afee 33, Dabalee 10, f. 305) kan jedhudha. “Humna manaa” gaaleen maqaa kun kan dhiheessu, manni kan dhaabachuu danda’u haati manaa humna ittiin maatii ishee qabdu qabaatte ta’uu mul’isa. Haati manni tokko akka hin sochooneefi jabaate akka barootaaf dhaabbatu ni taasisti. Haati jabduu akkamii akka taateefi maatii tokkoof barbaachisummaan ishii guddaa akka ta’e mul’isa. “Abbaan gaaddisa” waan namaa ol ta’etu gaaddisa namaaf ta’a. Mukni hojjaa namaa gadi taate gaddisa namaa ta’uu hin dandeessu. Abbaan qajeeltoo manaa kan eeguufi humna ittisaa maatii tokko akka ta’e ibsa. Bakka itti himataaniifi maatiin itti qajeelfaman abba biradha. Jabinni haadhaafi gaaddisummaan abbaa, maatii tokko hawaasaaf qopheessuu keessatti shoora olaanaa akka qabu ibsa. Kun, Oromoon sadarkaa nama dhuunfaafi maatiirraa kaasee eenyummaa isaatti akka deebi’uufi tikfachuu mala mirkaneessa.

Haati hawaasa tokko jijjiiruufi sirna jiru keessatti hirmaachuun gahee guddaa baati. Muluken (2021) haati jiruu hawaasa Oromoo keessatti hirmaannaafi fudhatamummaa hammamii akka qabdu yoo ibsu, “The Oromoo symbolizes land with mother ... the five leaders of women are called “Bantii Shanan dubartoota” (the five colons of women). These include; “Haadha Siinqee, Haadha Urjii, Haadha Nagaa, Haadha Garambii and Haadha Gadaa” jedha. Lafti jiruufi jireenya Oromoon walqabatu haadhaan bakka buufamee akka ibsamu kaasa. Hirmaannaa hawwan nagaa buusuufi mirga isaanii eegsisuuf qaban, walqixxummaa dhiiraafi dhalaa eeguuf, hariiroo dhiiraafi dhalaa eegsisuufi mirga isaanii utubuu, walitti dhufeenya bantiwwaan shananiifi dubartoonni walgahii jiru irratti akka hirmaatan gochuu, akkasumas, Haati Gadaa warren kanneen kan hooggantuufi abbaa gadaa waliin yeroo bulchiinsaarra kan jirtudha. Yaadni kun, haadhaafi lafa, haadhaafi nagaa akkasumas, haadhaafi sirna Oromootu walsimsiisee

kaasa. Hirmaachisummaa sirnoota Oromoofi walqixxummaa hawaasicha keessatti durii kaasee mul'atu dhiheessa. Kun, haati jiruufi jireenya Oromoo bal'aa keessatti qooda guddaa akka qabdu ifa taasisa.

Gaaleen “ilma hangafaa” jedhu kun giddugala kana keessatti dhihaatee jira. Sirna caasaa hawaasaa keessatti gaa'ela booda dhala godhachuun ni eeyyamama. Ilmi hangaafaa maatii tokko keessatti kan jalbarratti dhalatudha. Inni maatii isaa keessattis ta'e hawaasa keessatti kabaja qaba. Hangafummaan isaa sirna maatiin tokko qabu keessatti ni beeksifamaaf. Dabalataan, akkaataa taa'umsaanis ta'e kanneen biroo maatii tokkoon walqabatani jiran keessatti iddoo qaba. Ilmi hangaafaa obbolootasaan kan kabajamuufi abbaafi haadhatti aanuun kan itti gaafatamummaa maatii bahudha. Humna abbaa ta'uun kan maatiisaa utubuufi eenyummaa maatii isaa eeguufi ceesisu. Dhimma maatiifi hawaasa isaa obboloota isaa dursee barata. Beekumsa maatiifi hawaasa isarraa argatu kanaan obbolaa isaa gorsuun qajeelcha. Oromoon sirna isaa maatii ofii barsiisuu akka qabuufi irraa jalummaan hawaasicha keessa akka jiru barsiisuuf dhihaate.

Jechi “intala durbaa” jedhu kun irreechaan walqabsiisuun giddugala kana keessatti dhihaatee jira. Maatiin tokko ilmaan isaa walfaana guddisa. Durbi sirna irreechaa keessatti shoora akka qabdu mul'isuuf askeessatti dhihaatee jira. Ragaan afgaaffiirraa argame kan ibsu, “Dhugeeffannaan Irreechaan walqabatu sadarkaa maatiirraa eegaluun kan itti fufudha. Marga araddaarraa kan abbaaf kennu durba duudaadha. Qulqullummaa waan qabduuf waaqni ishii dhagaha jedhamee waan hawaasicha keessatti amanamuufi” (Afee 34, Dabalee 8, f, 289). Sirna Oromoon qabu keessatti koorniyaan daangeffamanii akka hirmaannaa hin goone ibsa. Dhalaanis ta'e dhiirri irreecharratti hirmaannaa akka qaba agarsiisa. Hawaasni waliin bahee irreeffannaa taasisu dursee araddaa ofiirratti akka dhugeeffatu kaasa. Akkaataa kana keessatti maatiin hirmaannaa ofiisaanii akka qaban agarsiisa. Kun sirni hawaasa kana keessatti raawwatu bifa sirnaawaan ta'uusaa mul'isa.

“Durba duudaa” walitti dhufeenya saala faallaa kan hinqabneefi tuttuqqaa waan hamaarraa kan fagaatte ta'uushee kan mul'isudha. Hawaasa kana keessatti gaa'ela dura

sagaagalummaan hin eeyyamamu. Durbi mana maatii jirtu saafuun ishee kan eeggattuufi kabaja uumaan kenneefii kan ofirraa hin mulqinedha. Kun qulqullummaa akka qabaattu ishee taasisa. *Qulqullummaan* immoo Waaqa biraa dhageettii akka qabaatan gargaara. Safuu uumaa uumamni lafarra jiruu eeggate akka jiraatuufi Waaqni Oromoon dhugeeffatu namni jiruufi jireenya qajeela akka jiraatu kan taasisu ta'uu ibsa. Akkasumas, dhugeeffannaan irreechaan walqabatee dhihaatu qulqullummaa uumamaafi dhugaa jireenya namaa keessa jiruun akka walqabatu ergaa dabarsa.

Ragaa sakatta'a barruu irraa argame kan jedhu,

Mucaan durbaa tun kan waggaa 14-15 argamtu yoo taatu, durba qarree (durba duudaa) jedhamti. Abbaan marga isheen laatteef eebbisee harkaa fudhata. Aadaa Oromoo keessatti kabajaa guddaa qabdi; qulqulluu, Waaqaa araara kan fiddu isheedha jedhamee waan amanamuuf filatamtee abbaa isheef marga kenniti (Afee, 35, Dabalee 9, f. 300)

Durbi qarree araddaa kuttee abbaaf kennitu umrii hammamii ta'uu akka qabdu agarsiisa. Fudhatamummaa durbi maatii Oromoo keessatti qabdu mul'isa. *Durbi duudaan* qulqulluummaa kan qabdu; akka aadaa Oromootti uumaan ishee dhagaha jedhamee amanama. Dabalataan, imimmaaniifi kadhaan dubartii dhiira caalaa dhageessisa jedhama. Kun, hubannaa uumaafi uumamaaf qabuun akkamitti akka eenyummaa isaa dhiheessu mul'isa. Kan biroon, abbaan intala ofiirraa erga araddaa fudhatee kanneen biroof kan qooduufi hangafummaa eeguun kan irreeffatan akka ta'es nimul'isa. Safuun Oromoo keessa akka jiru ibsa.

Qulqullummaafi araara Waaqaa, kun kan mul'isu, jechoonni lamaan kan waliin deemanidha. Araarri Waaqaa kan mul'atu namoonni qulqullummaa qaban fuula isaatti dhihaachuun yoo kadhatanidha. *Qulqullummaan* safuu uumaafi uumamaa eeganii jiraachuu mul'isa. Sirni irreeffannaa Oromoo safeeffannaa uumaa kana qabaachuu isaati. Durbi duudaan araara Waaqaa fiduu keessatti qooda akka qabdu mul'isa.

Gaaleen “ilma quxisuu” jedhu, akkaataa maatiin tokko dhala itti godhataniifi moggaasni laatamu waliin deema. Ijoolleen maatii tokko keessatti dhalatan keessaa kan booda dhalatu *quxisuu* jedhama. Kun caasaan jireenya haawaasaa maatiirraa akka ka’u agarsiisa. Maatiin Oromoo bu’uura hawaasa bal’aa akkuma ta’an ilmaan walduraa boodaan maatii keessatti dhalatanis bu’uura maatii sanaati. Ilmi quxisuunis sirna hawaasa kana keessatti mul’atu hirmaachuuf akka hin dhowwamne agarsiisuuf giddugalicha keessatti dhihaate. Hirmaachisummaan irreechaa hamma hawaasa bal’aa Oromootti kan deemu ta’uu dhaama.

Maatiin hawaasa Oromoo hundee sirnaafi caaseffama hawaasichaati. Muluken (2021) yoo ibsu, akkuma hawaasa addunyaa biroo hawaasni Oromoo sirna beekumsaafi dinagdee akkasumas, bulchiinsaafi caasaa hawaasa isaa akkaataa ittii geggeeffatu qaba jedha. Akkaataan maatiin Oromoo itti ijaaramuufi hubannoo inni eenyummaa isaarratti qabu sirnaawaa akka ta’e agarsiisa. Lalisaa deemuun uumamuu maatiif akkuma ka’umsa ta’e kana maatiin bu’uura gosaa, sabaafi hawaasa guutuuti. Yaadni kun, maatiin guddachaa akka deemuufi lammii eenyummaa isaa beekuufi eeggatu guddisuu keessatti gahee akka qabu ibsa. Fakkeenyi maatii giddugala kana keessatti fudhatamees lalistummaa hawaasichaa, sirna jabaa qabaachuufi bakka eenyummaan isaa itti cabetti deebi’uu hawaasichaa hubachiisuuf akka dhihaate mul’isa.

5.1.2. Sadarkalee Gadaa ‘Gada Grades’

Sirni Gadaa keessatti Oromoon sadarkaa umrii keessa darbu qaba. Sadarkaa tokkorraa gara itti aanutti cehuuf qoodinsa umrii keessa turutu jira. Qoodinsa tokko keessa waggaa saddeet tura. Sirna kana keessatti dhiirronni haala umriin yookiin hiriyyaan qoodamanii jiruu hawaasa isaanii baraafi beeksisaa guddatu. Qoodinsi kun gahee isaan hawaasa keessatti qaban irratti hundaa’uun kan raawwatamedha. Kun haala sirna Gadaa keessa jiru hubachuuf murteessaadha (Asmarom, 1973: 81; Asafa, 2012: 132; Debele, 2017: 384) jedhu.

Afeen bakkaafi haala keessatti dhihaateen dagaalee hawaasa keessaa dhiheessuu danda’a. Kana Hallidayfi Hasan (1985: 11) yoo ibsan, afeen tokko bakkaafi haala keessatti dhihaateen hiika keessoo laata jedhu. Afeewwan sirna Gadaan wal qabsiisuun giddugala kana keessatti dhihaatanii jiranis sadarkaa sirna kana keessa jiruun dhihaataniiru. Sadarkaa kana keessatti dalagaawwan raawwatan qabu. Gareen hawaasaa sirnaan wayita ijaaramaa deemuufi wal hubatu maal akka argatu dhiheessa.



Fakkii 10: Bocawwan Sadarkaalee Gadaa Qaraa-Ragaa 17ffaa

(36)



(Dabalee 7, f, 259)

Ragaan, “Sadarkaa dabballee” jedhu kun umrii yeroo dabballee ibsuuf dhihaate. sirna gadaa keessatti umrii 0-8 keessatti hiriyyaan waliin gurmaa’anii jiran dabballee jedhamu. Umrii daa’imummaa kunuunsaafi eegumsa maatiifi olla barbaadanidha. Dabballeen ka’umsa gurmuu hawaasaaf bu’uura kan ta’eefi maqaa masoon waamamu. Maqaan *masoo* kan maatiin, ollaafi hiriyyoonni sadarkaa kana keessa ittiin waaman agasiisa.

Maqaa jaalalaati. Umrii kanatti, “Jaldeessa, booyyee, kkf jedhanii waamu” (Dirribi, 2011: 2015; BBAW, 2019: 282) jedhu. Ijoolleen sadarkaa kanaa maqaa dhaabbataa ittiin beekaman akka hin qabne ibsa. Akkuma kana mataa guduruu jedhamtu kan hin haadamne qabu. Mataan kun hamma sadarkaa biraatti cehanitti irraa hin haadamu. Sadarkaan dabballee giddugala kana keessatti dhihaatee jiru ergaa dabarsu qaba. Yaada kana hubachiisuuf ragaaleen dhihaatan ni jiru.

AG: Gareen dabballee kunneen walfaana ogdii daaddee keessa oolu. Ogdii daaddee kun isa har’a oolmaa daa’immanii jedhu wajjin walfakkaata. Ogdii daaddee kana muka guddaa yookiin qabbana jalatti lafa soqanii lolla’uun akka jaarsi bakka sana taa’ee isaan too’atu yookiin barsiisu godhu. Namoota Gadaa keessaa bahuun jaarsa ta’antu eegaa; afoola barsiisa. Barsiisaa akka isaan wal hin dhaannee too’ata. (Afee 37, Dabalee 8, f, 291)

Ragaan dhihaate kun, dabballeen maatiifi hawaasaan akka eegamaniifi kunuunfaman agarsiisa. Hawaasni Oromoo ijoolleen sadarkaa kana akka waliin oolaniifi jaarsarraa barataniif haala mijataa akka uumaa ture ibsa. Isaan umrii dhuma isaanii kanatti walitti dhufuun akka waliin ooluu eegalan hubachiisa. Gurmuun kun akkaataa itti waliin ooluufi baruu eegalu akka qabus ni ibsa. Bakka waliin oolan kanatti akkaataa jiruufi jireenyaa sadarkaa sanatti qaban waliif qoodu. Waliin jiraachuu baru. Kun, labanni jalaa guddataa jiru akkamitti akka waliin jiraatuufi wal danda’ee guddachuuf maal gochuu akka qabu hubachiisa.

‘Ogdii daaddee’, gaaleen maqaa kun bakka daa’imman umrii dabballee keessa jiran itti taphatan, waliifi jaarsa naannoorraa baratan ibsa. Dirree xiqqaa daa’imman irra oolaniifi itti kunuunfamanidha. Ollaa waliin jiraatan keessa bakki qabbana qabuufi daa’immaan irra taphataniifi oolan ni jira. Iddoon kun hawaasa naannoo kana jiraatuun ni kunuunfama; ni eegama. Wantoonni miidhaa geessisan bakka kanarraa ni ittifamu. Olmaan daa’immanii har’aan kan walfakkaatuu ta’ee, bakka itti isaan jiruu maatii

keessaafi naannoo gabbifataa deemanidha. Hawaasni kun eenyummaa isaa dhaloota barsiisuufi dhaalchisuuf adeemsa akkamii akka fayyadamaa ture dhaama.

‘Jaarsa’ jechi jaarsa jedhu kun nama sadarkaa sirna gadaa keessa jiru beekuufi keessa jiraatee as gahedha. Jaarsi hubannaa sirna kana keessa jiru kan qabuufi akkaataa jiruufi jireenya hawaasichaa afoolaan qabee barsiisuu danda’u. Afoola hawaasa keessaa fayyadamuun isaan barsiisaa guddisa. Afoolli akkaataa jiruufi jireenya hawaasa kanaa kallatti baay’een waan agarsiisuuf daa’imman ittiin qabanii barsiisu. Guuboo hubannoon hawaasa keessa dhokfamee jirudha. Jaarsi daa’immaan qalbiin qabanii walirraa isaan eegaa akkasumas, naamusa barsiisaa akka qajeeltoon guddatan taasisa. Kun akkamitti akka daa’imman keenya qabnee of beekuutti guddisuu qabnu hubachiisa.

Dabballeen amala hawaasaa gaarii ta’e kan baratan maatiifi hawaasa naannoo irraati. Jiruu hawaasa keessa jiru akka hubataa guddataniifi eenyummaa isaanii akka hin daganneef bakka itti qajeelchanidha. Kana qorataan Endalkachew (2018: 19) yoo ibsu, “Dabballees are expected to learn appropriate social behavior from their families, communities and experts. Dabballee is a productive time to study Oromo myth, riddles, stories of different types, geerersa, cultural songs.” jedha. Maatiin, hawaasniifi ogeeyyiin hawaasa keessa jiran akkaataa guddisa dabballee keessatti iddoo akka qaban agarsiisa. Beekumsa xabboo hawaasichaa bakkatti hubachuu eegalan akka ta’e ibsa. Yaanni olitti dhihaate kun, dhaloonni jiran naamusaafi beekumsa hawaasa keessa jiru argatanii guddachuu akka qaban dhaama. Eenyummaa qabnu labata itti aanu dhaalchisuuf ka’umsa isaanirraa kaanee akka irratti hojjechuu qabnu dhiheessa.

Dabballeen Jiruu hawaasa keessatti iddoo guddaatti ilaalamu. Namni isaan eebbise waaqa biraa araara akka argatu ni himaama. Jaarsaafi dabballee waaqni ni dhagaha. Namni daa’imman eebbisu ayyaantuu akka ta’etu himama. BBAW (2019) yoo ibsu, “Oromoon dabballeefi jaarsi waaqatti dhihoo jiru; waaqni caaalaatti isaan dhagaha. Dabballeen dhihoo waaqa biraa dhufe; jaarsi immoo nama waaqni jaaallatee umrii dheeressedha” jedha. Hawaasni Oromoo haala kamiin akka jiruufi jireenya isaa akkasumas, labata jiru ijaaraafi qajeelchaa ture ibsa. Ilaacha hawaasni uumaa isaafi ofii qabus ni kaasa. Icciiiti

keessoo hawaasaa agarsiisa. Hubannoon kana argachuuf hawaasni sadarkaa umrii kana iddootti deebisuun faayyadamuu akka qabudha.

Ragaan lammaffaa ‘*Gaammee*’ jedhu sirna gadaa keessatti umrii waggaa 8-16 bakka bu’a. Jechi kun umrii itti makoo jedhu agarsiisa. Hawaasa kana keessatti yeroo waa gumaachuu eegalanidha. Yeroo kana hawaasatti makamaa deemu. Qooda fudhannaa hawaasa keessatti qaban bahuuf, umrii itti tattaaffii dhuunfaa gochuu eegalanidha. Maatii isaaniifi hawaasa keessatti hubannoo dabalataafi gahee qaban cimsachuuf gurmoo isaanii jabeeffataa deemu.

MGX: *Gaammeen jiruufi jireenya uummataaf waa gamaachanii hawaasatti makamu. Yeroo gaammee kanatti jabboota, looniifi bushaayee tiksu. Bishaan laga deemanii fidu. Qoraan coru; ergaa deemanii waan ajajaman raawwatu. Haala kanaan hawaasa isaaniitti makamaa deemu. Taaboree waliin kabajatu. Waliin gammadaas dabarsu* (Afee 38, Dabalee 10, f. 303).

Ragaan olitti dhihaate kun, hirmaannaa gaammeen hawaasa isanii keessatti qaban agarsiisa. Sadarkaa mana irraa achi fagaachuun hojii hojjechuu eegalaniifi itti gaafatamummaa isaan madaalu bahuu eegalan akka ta’e dhiheessa. Umrii bu’aa qabatamaa tokko buusuun hawaasa bal’aatti makamaa deemanidha. Hojiiwwan dhuunfatani hojjechaa deemaniifi gabbifataniin uummata isaanii yerootti tumsuu eegalan akka ta’es ni kaasa. Sirna gadaa keessatti akkaataa umriifi humna qabuun qoodni namni bahuu qabu akka jiru dhaama. Sirna gadaatti makamuuf hojiin namni hawaasa keessatti hojjetuufi itti gaafatamummaan inni baahu iddoo akka qabus ni dhiheessa.

‘*Jiruufi jireenya uummataaf waa gamaachanii*’, ciroon hirkataan kun gaammeen itti gaafatamummaa hawaasaa fudhachuun hojii isaan madaalu hojjechuu akka qaban akeeka. Sadarkaa kanatti dhimmoonni hawaasaa akka isaan ilaallatuufi akkaataa jireenyaa ilaalchisee hubannoo malu akka argatan ibsa. Jiruun maatii keessattiifi naannoo dhalatanitti hojjetan qabatama hawaasaa keessattidha. Kun, namni tokko akkaataa

guddinaa qabu keessatti nama hojii ta'ee akka guddatuufi itti gaafatamummaa baatu taasisa. '*Hawaasatti makamu*' gaaleen gochima kun walitti dhufeenyi gaammeefi hawaasa bal'aa gidduutti akka uumame ibsa. Hojiiwwan isaan hojjetan hawaasa keessatti waan ta'eef, hawaasaan wal ta'aa deemu. Jiruu hafes achuma keessatti qoodataa deemu. Yaanni kun, eenyummaa isaanii hawaasa ofii keessa ta'aa akka gabbifataa deeman agarsiisa. Kun immoo jireenya waliin hawaasichaa akka ijaaraa deemu hubachiisa.

'*Taaboree*' ayyaana gaammeen mandara tokko keessa jiran wal ta'uun godoo ijaarratanii ayyaanessanidha. Godoon kun osoo guyyaan ayyaanaa kun hin gahiin lafa jala ijaarama. Godicha muka akka bakkanniisaa, liqimnee, ulumaayyii, birbirsaa, kkf. irraa ijaaru. Kun bakka giddugaleessatti ijaarama. Guyyaa kana ijoolleen daabboo nyaachaafi aannan dhugaan ayyaanessu. Aannan guyyaa kana elmamu gara manaatti hin galu. Yoo hafes ijoollee ollaafi kan mana jiraniif taa'a. Kun kabajaafi jaalala ijoollee isaaniif hawaasni qaban agarsiisa. Walii wajjin turuun gammadanii dabarsu. Daa'immaan Oromoo umrii kanaa guyyaa itti gammaduun waliin taphatan akka ta'e ibsa. Waggaa waggaan kabajama. Gaammee keessatti taboreen akka yeroon cehumsaattis ni ilaalama. Godoo ijaaruun warra cehumsa kanarra gahan ceesisu. Warri dhiiraas ta'e dhaltuun godoo cabsiti. Wayita cabsu/tu kana uleenis ta'e kan biraan osoo hin tuqamiin baqatanii gara manaa dhaquun inni dhiiraa gindii tuqa; isheen dhaltuun immoo qodaa bukoo tuqxi. Kana booda hidhaanaman. Kun, ilmi waan abbaan hojjetutti darbuuf akka deemuufi isheen durbaa waan haati hojjetu tumsuuf akka deemu ibsa. Haala kanaan cehumsa gara kuusaatti taasisanis ni mirkaneeffatu. Taaboreen ayyaana ijoollee cehumsas agarsiisu akka ta'e ibsa. Taaboreen hawaasa Oromoo keessatti waggoota kuma dura akka kabajamaa ture. Aadaa Oromoo keessatti Taaboree kabajuun mallattoo ittiin daa'imman kabajaniifi iddoo kennaniifiidha (Dirribi, 2011: 2017) jedha. Hawaasni Oromoo haala kamiin akka daa'imman isaanii guddisuu qaban dhiheessa. Sirna hawaasa kana keessa jiru eeguufi dhaloota hubachiisaa guddisuu akka qabnu ibsa.

Gaammeen sadarkaatti akkaataa jiruufi jireenyaa baruu eegalaniifi hojiiwwan humna isaanii madaalu hojjechuu eegalanidha. Qorataan Debela (2017) yoo ibsu, "Itti Makoo [9-16] perform light works and starts to learn about life" jedha. Yeroo itti hojii

sasalphaafi waa'ee jireenyaa barachuu eegalan akka ta'e ibsa. Akkaataa kamiin hawaasa isaanii keessa jiraachuu akka danda'an hubataa deemu. Kun garamii jireenya addunyaa keessa jiranii isaan barsiisa. Barreessanafi qorataan Dirribi (2011) yoo ibsu, "Gaammee didiqqaa/Itti Makoo ..., obey what parents/adults order and celebrate Taboree, every child celebrates with his/her siblings and peers/friends. In many places, however, Taboree is mainly celebrated by a male child." jedha. Ajaja maatiifi hangafaa kan fudhataniifi ayyaana sadarkaa ofii akka qaban ibsa. Taboree ayyaanessuu keessatti shamarranis hirmaannaa akka qaban ni dhiheessa. Hirmaachisummaa sirna Gadaa keessa jiru mul'isa. Yaanni dhihaate kun, hirmaachisummaan labataa sirna hawaasaa keessatti gabbachaa akka deenudha. Qoodamni gurmuu kanaa cehumsa ofii qaba. Labanni hawaasa kana keessatti guddataa deemu hunduu hirmaannaa ofii akka qabus ni mul'isa. Hawaasni kun dhaloota isaa ilaalcha addunyaa keessa jiruuf qabu keessatti eeguufi guddisuu qaba.

Ragaan itti fufee jiru jecha "Kuusaa" jedhu kan umrii (16-24) dhiheessa. Kuusaa kan giddugala Aadaa Oromoo keessatti jedhamu barreessaafi qorataan Tesema (2021: 88) 'Foollee' yoo jedhu Dirribi (2011: 217) 'Gaammee Gurguddaa/Foollee' jedha. Maqaan sirna kana keessatti dhihaatanii jiran bakkeewwaniifi qorannoowwan addaa keessatti garaagaruummaa haaqabatan malee, hiika dabarsaniin wal fakkaatu. Qorannoo kana keessatti Kuusaan umrii maqaalee olitti dhihaatan bakka bu'ee jira. Umrii kanatti sagaleen isaanii furddataa kan dhufeefi korrisuun beekamu. Umrii itti gahumsa sadarkaa kanaaf barbaachisu itti horachuuf tattaaffi jaba taasisanidha. Qe'eerraa fagaatanii deemuun hojiiwwaan adda addaa hojjechuu eegalu. Laga cehuun horii eegu jalqabu. Warri shamarraniis bahanii migira guurrachuu eegalu. Qarree haaddachuun durba ta'uu isaanii ibsatu. "Kuusaan sadarkaa foolleeti. Dargaggoonni gulantaa kanarra jiran eeboo bodee qabatu; darbanna isaas ni shaakalu" (Afee 39, Dabalee 8, f, 292). Darba eeboo kan shaakalaniif nama qiyyaafatee waan tokko waraanu ta'uuf kana taasisu. Waraanatti hirmaachuu eegalu isaanii mul'isa. Humna hawaasa isaanii ta'uuf yerootti tattaaffi guddaa taasisan akka ta'etu hubatama.

'Foollee' akka foolisiitti hawaasa keessa deemtee kan hojjettudha. Umrii kanatti leenjiiwwan adda addaa fudhachuun egeree isaanii cimsatu. Asiifi achi fiiguun hojjetu. Amalli yeroo kana jirus baay'ee rakkisaadha. "Dardarri sadarkaa Gadaa foollee keessa jiran adamoo adamsu, arba gaadu, akka bineensi horii hin nyaanne ittisu. ... barumsa waraanaa, eeboo darbachuu, gaachanaan faccisuu, fardaan loluu baru." (BBAW, 2019: 285) jedha. Gahumsa jiruufi jireenya isaanii keessatti isaa barbaachisu bakkatti gonfatan akka ta'e ibsa. Dinagdee maatiifi hawaasa isaanii sadarkaa itti eeganirra akka gahanii jiranillee ni dhiheessa. Beekamtiifi fudhatamummaa hawaasa isaanii keessatti argachuuf dirree hadamoon jirutti akka deemanis ni kaasa. Umrii eeggannoo barbaadu waan ta'eef, maatiifi hawaasni duukaa bu'uu akka qabullee ni hubatama. Gulantaa ijoolleen keessa darban beekanii guddisuun egeree sabaafi biyyaa tokkoof murteessaa ta'uu dhaama.

Marsaan umrii sirna gadaa keessaa kun yerootti itti gaafatamummaa maatii isaanii baachuuf humnaafi beekumsa gabbifataa deemanidha. Leenjiiwwaan jireenya isaaniif gargaaru kan gama waraanaa, qonnaafi hawaasummaa ni fudhatu. Endalkachew (2018: 41) kan hayyonni biroo Foollee jedhan Qarree duubaa jedhee yoo ibsu, "Qarree duubaa stage is the most important stage in the Gadaa cycle when the members shoulder family responsibilities and engage in military exercise. In domestic life, they engaged in how to prepare and use plowing materials in agriculture," jedha. Umrii murteessaafi lafattii gahee hawaasa ofii ofitti fudhataa deeman akka ta'e ibsa. Beekumsa jiru gonfachuuf toora itti dhamaatii godhaaniifi baratan akka ta'es ni dhiheessa. Duraa duuba ittiin beekumsa kana ijaarratan hawaasa isaanii keessaa akka argatantu hubatama. Hubannoo hawaasa kee godhattee isaan keessa jiraachuufi eeguuf bakki bu'uuraan beekumsa itti argatan hawaasuma sana keessa ta'uutu argama. Kanaaf, ijoollee sirna gadaa hubachiisuun keessatti guddisaa deemuun gaarii akka ta'e hubachiisa.

Ragaa itti aanu 'Raabaa' umrii 24-32 dhiheessa. Raabaa jedhamee umrii kanaan walqabatee giddugala kana keessaatti kan dhihaate hayyoonni adda addaa maqaa biraan kaa'u. Endalkachew (2018) 'Kuusaa' wayita jedhu, 'Qondaala/Kuusaa' (Tesema, 2021: 88; BBAW, 2019: 289) jedhu. Moggaasni maqaa adda adda akka jiru dhiheessa. Kanaaf,

qorataan raaba kan jedhu qorannoo kana keessatti fudhatee jira. Qeerroofi qarree kan jedhamu umrii kanattidha. Yoo biyyi nagaa ta'e ni fuudhu; ni heerumu. Yoo biyyi nagaa ta'uu baate biyya ofii eeguu itti fufu.

MGX: *Raabni gaachana biyyaa jedhamuun beekamu. Kan isaan keessaa jabaatee diina biyya isaarraa kuffisuu itti fufe barsiisaa warra kaanii ta'a. Akkaataa itti lolee injifatuufi namusa achi keessa jiru barsiisa. Gurmuun walta'uun biyya ofii tiksuu. (Afee 40, Dabalee 10, f. 302).*

'Gaachana biyyaa' gaaleen maqaa kun ragaa yaada bal'aa qabudha. Gaachanni eeboo nama waraanuuf jedhu kan ittiin qolataniifi of oolchani. Gaaddisa waan hamaa ta'e tokko ooluuf itti baqatanittis ni fakkeeffama. Gaachana biyyaa kan jedhu kun biyya isaaniif akka dhaabbataniifi tiksan agarsiisa. Biyya isaaniirratti ni ajjeesu; ni du'u. Daangaafi eenyummaan hawaasa isaanii osoo isaan jiranii hin tuqamu. Isaan kunneen jiraannaan rakkinni hin jiru. Ittisa biyyaa jabaa biyya isaanii ta'anii akka jiran dhiheessa. Waraanni Oromoo qoorbee keessa jiruun ijaaramaa deemuu isaa ibsa. Kanaaf, daangaan isaa osoo hin tuqamiin dhaloota har'aa qaqqabe. Gurmuun waliinii kun tokkummaafi hariiroo wal isaan taasisu qabu. Kofa isaanii cimanii eeggachuun biyya isaaniif akka gaachana ta'an mirkaneessu. Walii wajjin socho'u; wal utubu. Isaan kun safuu hawaasaa eeganii jiraatu. Yeroo isaanii keessa maaltu akka jiruufi dhufu adda baafachuun duukaa bu'u. Gaachana ta'uun akkaataan ijaarama hawaasa kanaa hammam akka jabaa ta'e mirkaneessu. Oromoo haala kamiin eenyummaa isaa akka dhaloota dhaalchisuufi tiksuu qabu dhaama.

'Gurmuun walta'uun' ciroon kun tokkumma qabachuu garee kanaa dhiheessa. Hawaasni walta'insa qabu ofiifi eenyummaa isaa iddootti eeguuf humna qaba. Qorbeen waliin ijaaramaa sadarkaa kana qaqqabe gurmuu tokkummaa hin foxxoqne qaban akka ta'e ibsa. Jiruufi jireenya Uummata Oromoo keessatti sirni gadaa kalheddee ta'uusaa ibsa. Karaa maraan kan hawaasa ijaaruufi tokkomsudha. Kana qorataafi barreessaan Tesema (2021: 91) yoo ibsu, "Sirni Gadaa siyaasa, dinagdee, aadaa, amantiifi hawaasummaa akkasumas, karaa waraanaa, jiruufi jireenyaa uummata Oromoo keessatti sadarkaa guddaa qabatee

hojiirra oola” jedha. Sirni kun kallatti jiruu Oromoo qajeelchuu keessatti hinkoo guddaa akka qabu ibsa. Gurmuu walta’u uumuuf gadaan humna akka ta’etu hubatama. Tokkummaa Oromoo itti fufsiisuufi eeguuf sirna gadaa keessatti dhaloota kunuunsuun gaarii akka ta’e qabsiisa.

Sadarkaa raabaatti beekumsa hawaasaafi biyyaa isaanii horachuun gara guutummaan waraanatti hirmaachuutti dhufu. Ogummaa hawaasa isaanii horatanii bahuuf tattaaffi isaan taasisanis olaanaadha. “Kuusaa stage is a matured stage for formal military engagement under the instruction of the Abbaa Duulaa. ..., It is the remarkable stage at which individuals gain art of leadership and philosophy.” (Endalkachew, 2018: 42) jedha. Yaadni kunis, bakka itti humna waraanaatti sirnaan hirmaachuuf gahumsa qaban ta’uu ibsa. Dabalataan, ogummaa geggeessummaafi falaasama achi keessa jiru umrii itti gonfatan akka ta’es ni mul’isa. Dhaloonni hawaasa isaanii bu’uura godhachuun falaasama jireenyaa horaachaa akka deeman agarsiisa. Cehumsi beekumsa hawaasa Oromoo sirnaan akka deemaa tureefi jiru dhiheessa. Kun, gulantaa guddina daa’imman keenyaa hordofuu akka qabnuufi beekumsa aslii isa kam sadarkaa kamitti gonfachiisuun akka barbaachisu hubachiisa. Eenyummaan hawaasaa haala kamiin akka labata dhaalaaa deemu agarsiisa.

“Doorii” kan umrii 32-40 agarsiisa. Maqaa sadarkaa kanaa barreessaan Dirribi (2011: 238) ‘Raabaa’; qorataafi barreessaan Teseman (2021: 98) ‘Raabaa Doorii’ yoo jedhu Endalkachew (2018: 41) ‘Doorii’ jedha. Yaada dhihaate kanaafi afee giddugala kana keessatti dhihaate ka’umsa taasifachuun doorii jechuun qorannoo kana keessatti dhihaatee jira. Luba ta’uuf waggaa kana keessa seenuun ni barbaachisa. Doorii jechuun barsiisaa jechuudha. Gahumsa biyyaafi waraana hoogganuu bira gahee jira. Imaanaa biyyaafi hawaasa isaa fuudhuuf qophii mara gochaa garee jiranidha. Abbaa gadaa ta’anii biyya bulchuuf hulaatti waan gabbifataa turan hojiitti hiikan ta’an. Umrii itti jabinni isaanii adda bahuufi dorgommiif of qopheessan.

Hirmaannaa Abbaa Gadaa ta'uu guddifachuuf jabaatanii hojjetu. “Dooriin luba bahuu qabu. Horachuu sadarkaa kanaa eegalu. Jila bahuuf qophaa’aa waan jiraniif qabeenyi isaan barbaachisa. Lubas ni bahu. Sadarkaa kanatti horooroo ni qabatu. Irboora hinqaban.” (Afee 41, Dabalee 8, f. 293). Hooggansa sirna gadaa keessa jiru qooddachuuf qophii xumuraa garee raawwataa jiran akka ta’e mul’isa. Filamuuf qophii ta’uusaanii agarsiisa. Doorii irratti eenyu akka abbaa gadaa ta’u adda ni baha. Namni abbaa gadaa ta’uuf ilaalame kun safuu hawaasaa akka eegu, halaleefi ejjituu akka hintaane nihordofama. Amala badaa yoo hawaasa keessatti calaqqisiise bakka isaa qaama isa dorgomaa turetu bu’a. Abbaan gadaa dhugaa hawaasaa kan beekuufi hawaasni jaalatee filata. Amala badaa hawaasa keessatti agarsiistuun ilaalamaa deemta.

‘Luba bahuu’ gaaleen gochimaa kun dooriin gara aangootti dhufuuf luba bahuu akka qabu dhiheessa. Dooriin kan inni dhaqna qabatu waggaa afurtamattidha. Waggaa afurtamatti dhaqna qabata. Ogeessa dhaqna qabaa beekutu qaba. Erga dhaqna qabatee booda, ukoo uffachuun taa’a. Akkuma dhaqna qabatee milkaaheen booda mataa haaddata. Mataa kan haadu dubartii fira taatedha. Qeensa isaas ni qorata. Kun adeemsa luba bahuu isaa ibsa. Hamma dhaqni isaa fayyutti manni qofaatti ijaaramee achi keessa taa’a. Gaafa inni fayyee bahu ijoolleefi haati manaa isaa coqorsaan isa simatu. Coqorsi dhageettii waaqaaf qabatama. Kanatti fufuun filannaa sirna gadaaf dhihaata.

‘Horachuu’ gochimni kun sadarkaa kana keessatti iddoo guddaa qaba. Sadarkaa kanarratti niitii fuudhuufi qabeenya dorgommii kanaaf barbaachisu horachuun murteessaadha. As keessatti hojii horachuun waan raawwataa tureef waan sirna kana keessatti barbaachisu ni gumaacha. Korma buttaaf barbaachisu ni qopheessa. Kan wal dorgommiif dhihaatan hunduu korma qalmaa ni qopheessu. Horata keessatti waan ati horattetu dhihaata. Gahumsaafi qabeenya qaban kana dhiheessuun wayita dorgoman hayyuun ilaalamu. Warra waldorgoman kanaaf harka kan lakkaa’u warra aangoo keessaa bahanidha. Hayyuuwwan waggaan isaanii afurtamii sagaliifi isaa ol ta’antu lakkaa’u. Warri dorgommiitti dhihaatanii hin ijifatiin hafan gurra urachuun dhugoo keessa baafatu. Ani dorgommii filannoo abbaa gadaa ta’uu keessatti ulaagaa guutuun filannoof dhihaadhee osoo hin filatamiinan hafe kan jedhu agarsiisuuf. Gurri uramee dhugoon itti

kaawwatamu gurra bitaati. Filannoon kun dhugaadha; ani keessa beeka kan jedhus ni ibsa. Yoo namni abbaa gadaa ta'ee filatame waan hawaasni hin barbaanne hojjetee buqqa'eefi du'e carraa filatamuu qabu.

“Ilboora” maqaan jedhu kun ilka arbaarraa kan hojjetamu meeshaa hambaarrii jedhamu bakka bu'e. Ilboora Abbaa Gadaatu godhata. Kan Abbaan Gadaan ittiin beekamu. Ilka arbaa irree isaa bitaarratti godhata. Kana jabina hawaasaafi biyyan ofiif bahaniinis yeroo doorii kana keessa ni fudhatu. Ajjeesuun ta'uu danda'a. Kan ajjeesamu bineensa, kan daangaa darbee hawaasa miidhe ykn miidhuuf yaale ta'uu danda'a. Jabdummaa qabu mul'isuuf kana taasisu. Ilboora lamas sadiis fudhachuu ni danda'ama. Keessumaayyuu diina harkaa baastee lammii ofii gosaaf yoo galchan jabdummaa gaariidha. Kana malee, yoo booji'anis ta'uu danda'a. Ajjeesu qofa miti. Aangoon callisee kan hinkennamneefi hojii qabatamaa hawaasa ijaaru hojjechuu akka barbaachisu mul'isa.

Sadarkaan doorii akkaataa jiruufi jireenyaatti bakka itti seenaniifi beekumsa hooggansaa horataniin hawaasa ofii tajaajiluuf ga'anidha. Maatii ofii uummachuun of ta'ee jiraachuu eegala. Kan barreessaafi qorataan Dirribi (2011: 238) yoo ibsu, “At the stage of Raabaa Gadaa, one is expected to marry and have personal property” jedha. Qabeenya qabaachuufi fuudhuun akka garee kanarraa eegamu ibsa. Kun hirmaannaa isaan qabaniif gahee mataa isaa qaba. Aangoo abbaa gadaa fudhachuuf waan hojjetan, jabina qabaniifi fudhatamummaa hawaasa keessatti qabaniin of qopheessuu (Asmarom, 1973; Dereje, 2012: 95) jedhu. Aangoo argachuuf jabdummaan, safuufi aadaa hawaasaa keessaa beekuun murteessaa akka ta'e mul'isa. Kun, jiruu keessoo hawaasa ofii hubachuun gara gaggeessummaatti dhufuun akka barbaachisu dhiheessa.

Ragaaleen olitti dhihaatan kan agarsiisan, sadarkaan umrii sirna gadaa keessaa bifa sirnaawaa ta'een kan qoodameefi gola barnootaa ammayyaa wajjin fakkaatudha. Umrii daa'immummaarraa kaasee hanga dullumaatti qoorbee keessatti qoodamutu jira. “Gadaa-sets (age-sets) and gadaa-grades (generation sets) – are important to a clear understanding of gadaa” (Asafa, 2012: 132; Asmarom, 1973: 82) jedhu. Sirna gadaa keessatti marsaan

gadaafi sadarkaan umrii dhala namaa bifa barbaachisuun akka dhihaatee jiru ibsu. Hubannoon hawaasaa kan darbaa deemu gulantaa guddinaa kana keessatti ta'uu dhiheessa. Qorataan Endalkachew (2018: 19) akka ibsutti, beekumsiif odeeffannoon hawaasaa dhalootaa gara dhalootaatti kan darbu karaa maatii, amantiifi sirna gadaati jedha. Oromoon labata isaa qajeelchee akka eenyummaa isaa beekanitti guddisuuf, sadarkaa Gadaa keessa jiru kana xiyyeeffachuu akka qabu dhaama.

5.1.3. Halluuwwan Faajjii Abbaa Gadaa

Halluuwwan agarsiistuu eenyummaa Oromoo wajjin walsimuu dhihaatan jiru. Isaanis hiika keessoo hawaasaa dhiheessuun hawaasicha ni agarsiisu. Halluuwwaan giddugala kana keessatti baay'inaan mul'ataniifi xiyyeeffataman kan faajjii Abbaa Gadaati.



Fakkii 11: Faajjii Abbaa Gadaa, Ragaa 18ffaa

Faajjiin dhihaate kun gubbaan gurraacha, gidduun diimaafi jalaan adiitu mul'ata. Duraa duuba kana Oromootu haala keessoo isaa ibsuufi agarsiisuu danda'uun sirneesse. Sirna Gadaa Oromoon kan walsimee dhihaateefi illaanya hawaasni kun addunyaa keessa jiruu qabu dhiheessa. Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti akkaataa itti of ilaalu, addunyaa

uumaan laateefii kan hubatu, akkasumas, waan hubate kan ibsu qaba. Kanaas, waan ittiin xiyyeeffatee agarsiisu qabaachuu isaati.

Halluun giddugala kana keessatti bocawwaniifi mallattoleen biroo ittiin mul’atan baay’een gurraacha haata’u malee, halluu faajjii Abbaa Gadaatu irra jireessaan mul’ata. Hirmaataan afgaaffii kan jedhu, “Haalluu Giddugala Aadaa Oromoo keessatti baay’inaan mulatu kan faajjii Abbaa Gaadaati. Halluun kun gurraacha, diimaafi adiidha. Gurraachi olaanaadha. Santu seera.” (Afee, 42, Dabalee 10, f, 303). Halluun giddugalla kana keessatti irra xiyyeeffatame falaasama jiruu Oromoo wajjin walqabata. Halluun akka agarsiistuu hawaasaatti mul’achuun hubannoo Oromoon addunyaa keessa jiruuf qabu dhiheessa. Gurraacha jiruu Waaqaan walqabsiisanii ilaalu. Giddugala kana keessattis bocawwan baay’eefi mallattooleen jiran halluu gurraachaan dhihaatanii jiru. *‘Gurrachi olaanaadha’* kan jedhu, waan kana Waaqumatu olaansee uume kan jedhu ibsuufidha. Oloo/samii keessa olfagaatee gurraachatu mul’ata. Dabbasaan mataa namaa gurraacha gara olii oolche. Hurriin bokkaa baatee dhufu gurraacha. Gurraacha’ee yoo dhufe bishaan taliila sana gadi naqa. Qabeenya uumama gargaaru. Gurraachi qabeenya hin beekamne ganaa keessaa waa baramu; beekamee hin dhumne. Qaroon ija namaa ishiin waa argitu gurraattiidha. Kana waaqatu kaa’e. *‘Santu seera’* waan waaqaa ta’uu mul’isa. Anillee dhugaa kana amaneen jira fudhadhu jechuudha. Hiikni halluu kanaan walsimnee dhihaate hubannoo keessoo hawaasaa jiru mul’isa.

Gurraachi waan beekame, ganaa beekamuufi bira gahuun rakkisus agarsiisa. Waan bira hin gahiin hafamu gurraacha kana duuba akka jiru ibsa. “Aadaan amantii waaqeffannaafi falaasama saba kanaa uumaafi uumama Oromoo keessatti gurraachummaan qabu, humna humnaa oliiti, qulqullummaadha, waaqummaadha, icciitii isaa hin beekamne jedhanii amanu (Alamaayyoo, Booshiifi Daani’eel, 2012: 42). Waaqayyo icciitii dhalli namaa hin hubanneefi bira hin geenye akkuma qabu, humniifi qulqullummaan isa waliin akka jiraatu ibsa. Oromoon dhoksaa harka Waaqaatti hafe ittiin agarsiisuuf bakka buufate. Giddugala kana keessatti falaasama keessoo hawaasaa kan dhiheessuufi mallattoo ittiin of ibsudha. Hariiroon namaafi Waaqa tokkicha gidduu jiru kan ittiin agarsiifamedha.

'Diimaan' kan mul'isu gahanii/gameessa ta'anii mul'achuudha. Gahoomanii argamuufi bilchina jiru tokko ibsa. Dhiiris ta'e dubartiin wayita dargaggooman kana mul'isu. Gahanii guutanii mul'achuudha. Abbaan Gadaa yeroo gahoomu gadooma. Yeroo gahe jedhamu; bilchina qaqqabuu isaati. Akkuma kana dhiigaafi ibiddaa kan fakkeessanis jiru. Alamaayyoo (2007: 201) akka ibsutti, "Diimaa dhiigaafi abidda, lubbu qabeeyyii lafa kanarra jiran bakka bu'a" jedha. Diimaan lubbu wajjin akka walqabatu ibsa. Uumamni dhiiga malee hin jiraatu. Dhiigni sochii jiruu uumamaa to'ata. Halluun Oromoon filate kun hubannaa hawaasa kana keessa tureefi jiru ibsa.

'Adii' halluu sirna Oromoo keessatti fudhatamedha. Adii uumamatu booda godhe. Adiin raawwina. Hurriin gurraacha'ee dhufe yoo raabe ni addaata. Raawwii agarsiisa. Rifeensi mataa namaa gara dhumaatti ni addaata. Mukni boba'ee yoo dhumu daaraan adiidha. Lafeen namaa lafa keessaa jiru adiidha. Dhumachuu jiruu dhala namaa mul'isa. Halluun dhihaate kun hubannoo hawaasni kun addunyaa keessa jiruuf qabu dhiheessa. Giddugala kana keessatti halluuwwan dhihaatan keessaa isaan kunneen akka agarsiistuu eenyummaa hawaasaatti fudhatamuun falaasama Oromoo ganamaa mul'isan.

5.1.4. Dalagaa waallawaa Mallattoolee

Mallattooleen hawaasa tokko keessatti argaman eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf gargaaru. Walitti dhufeenyi hawaasaas ta'e biyya akka uumamu taasisuu keessatti dalagaa ofii qabu. Hubannoo jireenya hawaasaan wal qabatu dhiheessu (Kaya and Keranen, 2015; Kulabuhov, Papkov, Sergienko, Onoprienko and Polovneva, 2018). Mallattooleen hawaasa tokkoon wal simanii dhihaatan, gochaalee hawaasa keessaa dhiheessuun akka xiyyeeffataman godhu. Mallattooleen giddugala kana keessatti eenyummaa hawaasa kanaa agarsiisuuf dhihaatanis hiika dabarsan qabu.



Fakkii 11: Ragaa 19ffaa Barcuma

“Barcuma” giddugala kana keessatti teessoowwan argaman mukkeen baddaa ciccimoo kanneen akka waddeessaa, qararoodaa irraa hojjetaman. Hedduun isaanii tilmaamaan jaarraa tokkoo ol kan lakkoofsisanidha. Muka duudaa irraa osoo ‘mismaara’ tokkollee hin fayyadamiin ogeessaan bocamanii akka umurii miseensa maatii Oromoo tokkootti kan hojjetamanidha. Barcumni abbaa warraaf hojjetamuufi daa’immaniif hojjetamu garaagara kan jedhu ibsa. Barcumni olitti dhihaate kun waddeessa irraa ogeessa harka toluun akkaataa barbaachisuun soofamuun akka teessumaaf mijachuu danda’uutti kan hojjetamedha. Kunis waggaa dhibba tokkoofi isaa ol kan qabuufi beekduubee hawaasa kanaa agarsiisa. Meeshaaleen hawaasni kun durii kaasee mana isaa keessatti itti fayyadamaa ture ogummaa guddaan akka hojjetaman dhiheessa. Hubannaa hawaasni kun jiruufi jireenya isaa geggeessuu keessatti qabu ibsa. Kun beekumsi xaboo hawaasaa kunneen umrii dheeraa kan qabaniifi arga bal’aa qabaachuu hawaasichaa kan dhiheessan ta’uu mul’isa.

MGX: *Bocni barcumawwan giddugala keessatti argaman ittiin qophaa’an garaagara. Barcumni as keessaa irra caalaan abbaa miilla sadiiti. Maatii keessatti teessumni abbaa warraafi kan haadha warraa ni jira* (Afee 43, Dabalee 10, f, 305).

Barcumni kana dura hawaasa kana keessatti beekaman abbaa miilla sadiiti. Kan giddu gala kana keessatti baay’inaan akka hambaatti dhihaatanis *miilla sadii* qabu. Teessumni abbaa miilla afurii dhiheenya dhufe. Oromoon akkaataa jireenya isaa keessatti guutuu caalaa lakkoofsa moggoo filata. Oromoo waan hunda guutuu godhee hin lakkaa’u jechuudha. Lakkoofsa guutuu yoo filatte waaqaaf akka iddoo hin qabnetti ilaalama.

Kanaaf, barcuma abbaa mila sadii fayyadamaa ture. Guutuu kan taasisu waaqa tokkicha jedhee amana. Kanaaf tokko waaqaaf dhiisa. Nama waaqa abdatutu irra taa'a yaada jedhu dhiheessa. Falaasamni isaa maal akka ta'e addeessa.

“Bocni barcumawwan giddu gala keessatti argaman ittiin qophaa'an garaagara.” Barcumawwan as keessatti hambaa ta'anii dhihaatan hirkoofi miilla qabaniin wal hin fakkaatan. Hirkoon isaanii lafee dugda namaa boca fakkaatuun kan hojjetamanii turan jiru. Dhiheenya keessa teessuma muka soofamaa irraa qophaa'eessuun bakka teessoo namaafi hirkoo isaa teephaan xalafanii hojjechuu eegalanii jiru. Kan olitti dhihaate kun miilla sadii kan qabuufi hirkoon isaa golbeeffamuun kan hojjetame yoo ta'u, bakki mataan namaa itti hirkatu addatti ol bahee jira. Akkaataa kanaan teessumni ammayyaa akka hojjetamaa jirullee ni mul'atu. Beekumsi hawaasa keessaa kun jiruu har'aa keessattis hiika akka qabu ibsa. Agarsiistuu eenyummaa kana irraa Oromoo akkamitti akka of ilaaluufi naannoo isaa hubatee itti fayyadamaa turetu mul'ata.

Barcumawwaan giddugala kana keessatti dhihaatan manaafi masaraa adda addaa keessaa walitti qabaman. Barcumni mana tokko keessatti argamu haala wal fakkaatuu hin hojjetamu. “Maatii keessatti teessumni abbaa warraafi kan haadha warraa jira.” Akkaataa itti hojjetamuufi bakka mana keessatti ta'uun garaagarummaa qaba. Barcuma abbaa warraatti kan haadha warraatu aanee ta'a. Kan ilma hangafaa itti fufuun bakka qabata. Keessumaa teessumni abbaa warraa akka warajootti ilaalama. *Warajoo* jechi jedhu kan hin tuqamne; safuu, kunuunsaafi eegumsa kan qabu agarsiisa. Warajoon bakka nama tokkoo kan bu'u ta'ee bitaa isaa kan fudhatudha. '*Bitaa*' gatii lubbuus ta'e miidhaa nama tokkoof dhufu kan fudhatu ta'uu mul'isa. Sodaatamaa ta'ee mana tokko keessatti kunuunfama. Gatii abbaan manaa teessuma sanarraa qabutu mul'ata. Bakka isaa buufamuun ilaalama. Ulfinni inni mana isaa keessatti qabu karaa teessuma sanaa mana isaa keessatti mul'ata. Bakka walbu'u jechuudha. Isa malee hin baatu; ni safeeffatama. Yoo inni mana hin jiru ta'e dawwaa taa'a. Yoo inni du'e haadha yookiin ilma hangafaatu dhaala. Teessumni mana Oromoo keessatti akkaataa itti taa'uufi safeeffatamu akka qabu

ibsa. Kun meeshaaleen aadaa eenyummaa hawaasa kanaa agarsiisan falaasama jireenyaa isaan akka walsimu ibsa.



Fakkii 13: Ragaa 20ffaa Fakkeenya Mana Oromoo

Manni Oromoo gochaalee hawaasicha keessa jiru ibsuuf humna qaba. Manneen giddugala kana keessatti dhihaatan kunneen bifa geengoo qabu. Manni Oromoo geengoodha. Geengoon marsaa jireenya dhala namaan waan wal qabatuuf filatama. Manneen as keessatti dhihaatan akkaataa jiruufi jireenya hawaasa kanaa kan kaleessaafi har'aan wal qabsiisuun dhiheessu. Falaasama ijaarsa mana Oromoo mul'isu.

AG. Manni hiiroofi utubaan kan marfamudha. 'Hiiroo abbaatu dhaabbata' jedhama. Saagaan mana citaa jabeessee qaba. Manni Oromoo kutaa shanitti qoodama. Manneen citaa ijaaramanii mul'atan kunneen shani. Yayyaba shanan Oromoo mul'isuuf manneen mul'atanidha. (Afee 44, Dabalee 8, f, 298).

'Hiiroo' walakkaa manatti kan argamuufi gabatee manaa baatee kan dhaabbatu utubaa addaati. Hiiron mana citaa gubbaan isaa soofamuun akka gabatee manaa baachuu danda'utti mijata. Gabatee kana irratti dagaleen adda addaa ni waacceffamu. Baaxiin handaqii hodhamee qophaa'een hiiroo kanarratti jechuun gabatee wiirtuu manichaa qabee jirutti aansuun saxaxeeffama. Handaqii kana keessa kan akka sooyyomaa, shambaqqoofaa naqamuun hodhama. Kanaan walitti qabsiisuun baaxiin manaa sun akka bareeduufi jabaatee hiiroo manichaa qabatee akka dhaabbatu godhama. Handaqiin

hodhame kun gabatee manaatti aansuun naannessanii hidda gafarsaa yookiin geeboon qabsiisu. Keessaan yoo ilaaltu miidhagina kenna. Bu'uurri isaa garuu jabina baaxii manichaa akka eeguuf raawwatama. Hubannoo hawaasni kun jireenya isaa geggeessuufi dhaloota itti fufsiisuuf raawwataa ture dhiheessa. Eenyummaa isaa kana labati har'aa akka baruuf giddugala kana keessatti mul'ate.

'Hiiroo abbaatu dhaabbata' jedhama. Antummaa mana isaa akka godhatuufi itti gaafatamummaa mana ijaaramuuf deemu kanaa akka fudhatuuf yaadameetu. Eessatti akka dhaabbatuufi humna isaa murteessuu kan danda'u abbaa manichaa waan ta'eefidha. Qophii mana ofii abbumatu beeka. Utubaa meeqaafi hiiron akkamii akka barbaachisu abbaa mana sana ijaarrachuuf deemtu beeka kan jedhi ibsa. Akka mana ofii abbaa dhuma mana sanaatu murteessa. Of dandeessatta waan ta'eef itti gaafatamummaa mana kee fudhadhu kan jedhus ni dhaama. Gulantaa bahuu nama tokkoo dhiheessa. Cehumsa marsaa jireenyaa agarsiisa. Mana abbaafi haadha ofii keessatti hin fuudhamu; safuu ta'uu isaa mul'isa. Maatii mataa kee bulchuufi horachuutti deemu qabda kan jedhu hubachiisa. Hiiroo dhaabbachuun gara addunyaa of ta'uutti dhufuu maatii tokkoo ibsa. Akkaataa kana duuba jiruufi jireenya maatiitu jira. Ergaa of ta'uu hawaasa kanaaf dabarsa.

'Utubaa' kan manni tokko akka jabaatee dhaabbatuuf gargaarudha. Manni utubaa shanirraa kaasee ijaarama. Inni xiqqaan utubaa shanirraa ka'a. Utubaan naanna'anii bifa geengoo dhaabbatu. Utubaawwan kunneen doddota, kaakkoo, ejersaafi urgeessaarraa ni qophaa'u. Baaxii irraa kaasee hamma keenyaniitti akkasumas, geffee alaatti jabeessee kan qabu utubaawwan manaati. Geffoo kana jalatti gooranni hoolotaa ni ijaarama. Cichaan bakki jabboonni itti hidhamanis manuma kana keessatti argama. Gorduubaafi keessi akkasumas, bakki ciisichaa asuma keessatti hundaa'u. Gorroo kan jedhamu golaafi gorduuba adda baasa. Gorroo irratti girgijjiitu hojjetama. Kun immoo santamaa, haadduu mataafi wantoota dafanii argamuu qaban baatti. Utubaan manaa yaaddoo malee namni manicha keessa akka jiraatu kan taasisuufi turtii manichaa murteessudha. Utubaan hawaasa kana keessatti hiika abdii yookiin nama itti hirkatanitti fakkeeffama. Nama

jireenya ofii keessatti humna namaaf ta’u agarsiisa. Kun akkaataan falaasa jiruu hawaasa kanaa maal akka fakkaatu hubachiisa.

‘Saagaa’ baaxii manaa jabeessee kan qabudha. Muka akka bahaa, wadeessaa, buttujjii, ejersaafi kkf. irraa qophaa’a. Fayyadamni kunneen haala teessuma lafaan garaagar ta’uu danda’a. Saagaan manaa kun hiiroo irraa ka’ee kan deemuufi isaa gaditti dabalamaa deemu. Saagaan manaa haaluma utubaa manaan torba, sagal, kudha tokko ta’uun baay’achaa deemu. Lakkoofsi kunneen guutuu miti. Oromoon tokkicha hafe waaqatu itti guuta jedhee waan amanuuf jiruu isaa keessatti kana filata. Isaan kunneen gara keenyaniitti gadi diriiru. Geffeen akka bal’atuuf saagaa kanatti dabalaa deemu. Saagaan baaxii guutuu manaatii hamma gefeetti jiru maagara liqimmeefi ejersaa fayyadamuun hidda jabina qaban kan akka geeboon naannessanii maagaru. Maagarri kun hamma dhumaatti osoo adda hin bahiin eeggannoon naanneffamu. Hidda barbaachisaafi mukkeen filatamoo kanneen argachuuf fageenya dheeraa irraa barbaaduu malu. Isaan akkasii carraa rirmaan nyaatamuu xiqqaa kan qabaniifi dafanii dulloomurraa bilisa kan ta’anidha. Kunis, eenyummaan Oromoo gama kanaan jiru maal akka fakkaatu dhiheessa.

‘*Manni Oromoo kutaa shanitti qoodama.*’ Himni dhihaate kun, wayita manni ijaaramu eeggannoon godhamuu qabu akka jiru mul’isa. Manni Oromoo falaasama ittiin ijaaramu kan mataa isaa akka qabu ibsa. Sirna marsaa Gadaa Oromoon wal sima. Oromoon gaafa mana isaa ijaaru bakka shanitti qooduun ijaarrata. Gorduuba (kitchen), ibidda bira, diinqa, gola mirgaa (ciisicha dhiiraa)fi gola bitaa (bakka ciisicha durbaa) jechuun qooda (Dirribi, 2011) jedha. Addunyaa kana keessatti beekumsa mataa isaan akka of qajeelchaa tureefi ogummaa jireenyaa bal’aa qabaachuu isaa addeessa. Muuxannoo jireenya isaa kana hubachuun dhaloonni har’aa akka jabaachuu ganamaa hawaasa kanaa dhiheessuuf akka humna qabullee ni hubatama.

“Manneen citaa ijaaramanii mul’atan kunneen shani. Yayyaba shanan Oromoo mul’isuuf manneen mul’atanidha” Manneen citaa giddugala keessatti dhihaatan akkaataa jiruufi jireenyaa sabni kun itti jiraataa tureefi bakka magaalli kun dhaalte kana manneen ilmaan

Oromoo akka ture dhiheessa. Hawaasni kun eenyummaa isaa falaasama ofii isaa keessa tursiisuun dhaloota har'aa akka qaqqabsiise ibsa. Lakkoofsi shan Oromoo biratti bakka guddaa qabdi. Manneen citaa shan dhihaatan kunneen yayyaba shanaan Oromoo bakka akka bu'antu dhihaate. Yayyaba shanan Oromoo qorataafi barreessaan Gemetchu (1993) akka ibsutti, ilmaan Horoo gareewwan shanitti qodamu. Isaanis, Sabboofi Goona, Maccaafi Tuulama, Raayyaafi Asaboo, Siikkoofi Mando, Ituufi Karrayyuu akka ta'aniifi isaan kunneenis garee lama Booranaafi Baarentuu jalatti akka qoodaman dhiheessa. Yayyabni shanan kunneen eenyummaa isaaniin adda hin qoodamne. Tokkummaa isaanii karaa sirna Gadaa eeggatanii turan. Qorataafi barreessaan Alamaayyoo (2016: 44) akka ibsutti, "Gadaa keessatti konfedereeshinoonni waggaa saddeet saddeetiin caffee waliigalaa deemuun heera haaromsame (tumame) waraabbatu" jedha. Heera tokkoon akka jiraataniifi tokkummaa isaanii eeggatanii akka turan mul'isa. Sirni Gadaa kallatti maraan jiruu Oromoo qajeelchuun akka har'aan gahe agarsiisa. Manneen as keessatti dhihaatan kunneen tokkummaan Oromoo qoodama konfedereeshiniin akka hin cabneefi wal ta'insi hawaasa kana gidduu akka tureefi jiru dhaamu. Oromoon eenyummaafi tokkummaa isaa karaa adda addaan eeggatu agarsiisa. Oromoo Konfedereeshinii garaagaraatti haa qoodamu malee wantoota bu'uura tokko isaa taasisuun walitti jira (Tsega, 2012: 14). Kun, eenyummaa isaa haala qindaahaa ta'een eeggatee akka har'aan gahe dhiheessa.

Lakkoofsi shan aadaa Oromoo keessatti bakka guddaa qaba. "The number five is perhaps the most important number in terms of its function in the Oromo culture." (Gemetchu, 1993: 117). Tajaajila qabuun aadaa Oromoo keessatti baay'ee akka barbaachisu ibsa. Ilmaan Horo yayyaba shaniin akkuma ibsaman yayyabni waaqaas isaan bakka bu'anii jiru. "Waaqni Walaabu uume. Walaabu bakka lamatti qoode. Bishaan Gubbaafi Bishaan Jalaati. Bishaan gubbaa keessa Biiftuu, Baatiifi Urjii yoo ta'an, Bishaan Jaala immoo lafaafi bishaan ciisu. ..., Yayyaba Waaqaa shanan jedhamanii beekamu." (BBAW, 2019: 8). Lakkoofsi shan hariiroo uumaafi uumama giddu jiru akka dhiheessu mul'isa. Falaasamni Oromoo lakkoofsa kanaan akka wal qabatee dhihaatu ibsa. Gadaafi seerri Gadaa Oromoo lakkoofsa shan kanaan ibsamu. "The five Gadaa types of the Oromoo are Malbaa, Muudanaa, Kiilolee, Biifolee and Michilee. The five laws of the Gadaa are the

Safuu, Basaqqeessaa, Gooroo, Asaasaa and Dhowwaa/ Seera jabbii bifaa” (Dirribi, 2011: 57). Beekumsi hawaasa kana keessatti argamu lakkoofsa kanaan akka wal qabatu ibsa. Kanaaf. Lakkoofsi manneen kunneen ittiin dhihaatan Oromoo kan bakka bu’uufi eenyummaa waliinii hawaasichaa kan agarsiisu akka ta’e ibsa.

BOQONNAA JA'A

TARSIIMOLEE WAALLAWAA AFEWWANIIFI MALLATTOOLEE EENYUMMAA OROMOO AGARSIISAN KEESSATTI

6. Seensa

Kutaa kana jalatti ragaalee kaayyoo qorannichaa irratti hunda'uun argamantu ibsama. Ibsi ragaalee kunis qabiyyeewwan xiyyeeffataman jalatti geggeessama. Boqonnaa kana jalatti kaayyoo qorannichaa isa sadaffaafi araffaatu duraa duubaan dhihaate. Jalqaba afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argaman tarsiimoo waallawaa adda bahan jalatti ibsamuun hiika argatu. Tarsiimooleen waallawwaa qorannoo kana keessatti hojiirra oolan, haala ragaalee dhihaataniifi hayyootaa bu'uura godhachuun kanneen fudhatamanidha. Hiikni dhihaates haala afeewwaniifi mallattooleen jiran keessatti dhimma bahamaniin walqabsiisuun raawwate. Kanas, haala hawaasaan walqabsiisuun balbalballoomsii kennamee jira. Kun kaayyoo qorannichaa isa sadaffaa xiyyeeffata. Kutaa itti aanu keessatti ammoo kaayyoo qorannichaa isa araffaatu dhihaate. Innis, walitti dhufeenya afeewwaniifi mallattooleen giddugala kana keessatti agarsiifamaniifi darban aangoofi illaanyaa waliin qabantu fassasamee jira.

6.1. Tarsiimolee Waallawaa Eenyummaa Oromoo Agarsiisuu Keessatti

Afeewwaniifi mallattooleen eenyummaa agarsiisuuf giddugala Aadaa Oromoo keessatti argaman tarsiimoolee garaagaraatti fayyadaman. Tarsiimooleen kunis dhimmoota eenyummaa hawaasichaa keessatti wiirtuu ta'an irratti bu'uureffatan. Kunis eenyummaa sabaa, bulchiinsaa, afaanii, siyaasaafi wkf of irratti hundaa'u. Tarsiimooleen waallawaa eenyummaawwan kana bu'uura taasisachuun afeewwaniifi mallattoolee sana keessatti

dhimma itti bahaman tarsiimoon kunuunsuun tursuufi sababeessuun ‘preservative or justifying strategies’, falmisiisuu, ‘Argumentation’, ceesisaa ‘transformative strategy’, ijaarsaa ‘constructive strategy’, sadarkaa ilaalchi jiruun ‘Perspectivation’fi tarsiimoo agarsiisuu/mul’isuu ‘demonstrating/vidualization strategy’, haammataaman. Tarsiimolee kana jalatti ragaalee jiran dhihaachuun akkamitti akka eenyummaan gabbatuufi agarsiifama jirutu xiinxalame.

6.1.1. Tarsiimoo Kunuunsuun Tursuu

Tarsiimoon tursuu yookiin sababeessuun eenyummaa hawaasa tokkoo eeguun tursuufi seeneffama jiru bu’uura godhachuun waan jiru akka dabalamaa deemu taasisuudha. Akkaataan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhaloota dhufu qaqqabuuf tarsiimoo ittiin turuufi eegamaa jiraatu ni qaba. Tarsiimoowwan tursuu ykn sababeessuun eenyummaa jiru kunuunsuun tursuufi isuma deebisuu yookiin seenessa jiru irratti hundaa’uun akka dabalee ijaaramu gochuudha (Wodak, 2001; Reisigl, 2017: 52). Eenyummaan Oromoo dhiibbaa guddaa jala tureefi jiru hawaasa isaan kunuunsamee har’a gahe. Tarsiimoon kun akkaataa itti eenyummaa kun turuufi dabalamaa deemu agarsiisuuf gargaara. Agarsiistuuwwaan eenyummaa giddugala kana keessatti dhihaataan akkaataa itti eenyummaa agarsiisuun tursan qabu. Ragaan afgaaffiin argame gadii kana ni dhiheessa.

AG: Giddugalli Aadaa Oromoo bakka eenyummaan Oromoo itti mul’atu ta’ee tajaajila. As keessatti Eenyummaan Oromoo karaa Sirna Gadaa mul’atee jira. Kana ilaaluun Oromoon eenyu akka ta’eefi addunyaa keessa jiru akkamitti akka ilaalu hubachuu ni danda’ama (Afee 45, Dabalee 8 jala, f, 298).

Ragaan dhihaate kun, Giddugalli Aadaa Oromoo agarsiistu jabaa hawaasichaa ta’uun Magaalaa Finfinnee keessatti mul’atee akka jiru agarsiisa. Eenyummaan hawaasa kanaa karaa kamiin dhihaachuu akka qabu ni mul’isa. Magaala kana keessatti kallattii mankuusa eenyummaafi aadaa Oromoo ta’uun waan hawaasa kanaa labata itti aanuuf dabarsaa jiraata. Hawaasni kun eenyummaa ofii isaa qabee tursuun iddoo hundagaleessa

ta'e kanatti karaa giddugala kanaa mul'isaa akka jiru ibsa. Karaa sirna Gadaafi kanneen biroo eenyummaa isaa agarsiisuu akka danda'us ni kaasa.

“Bakka eenyummaan Oromoo itti mul'atu” gaalee gochimaa kun Giddugala Aadaa Oromoo bakka bu'ee jira. Gaaleen bakka maqaa tokkoo bu'uu akka danda'u agarsiisa. Waan hawaasa tokko mul'isuufi bakka bu'u addunyaa keessa jirrutti mul'isuuf giddugalli shoora qabaachuu dhiheessa. Eenyummaan Oromoo akkamitti akka hawaasni kun of ilaalu; addunyaa keessa jiru haala kamiin akka hubataa tureefi jiru akkasumas, addunyaan biroo itti isa ilaalu mul'isa. Qabiyyeewwan eenyummaa isaa kana sirna qabuunis ta'e kanneen biroon agarsiisuuf bakki kun gaarii ta'uu ibsa. Sirna gadaa tursuufi seenessa jiru fayyadamuun gabbisuuf giddugalli kun gahee akka qabu hubachiisa. Kana malee, eenyummaa mul'achuu qabu dhiheessuun hawaasa ofii beeksisuuf humna qabaachuu isaas ni addeessa. Akkasumas, eenyummaa ofii ceesisuufi dabaluun hawaasa keessa jirruuf dhiheessuun barbaachisaa akka ta'es ni calaqqisiisa.

“Magaala kana” ragaa dhihaate kana keessatti galeen maqaaa akeektuu kun Magaalaa Finfinnee bakka bu'ee jira. Giddugalli kun magaalaa kana keessatti mul'ata waan ta'eef. Magaalli kun eenyummaa Oromoo wajji hidhata guddaa qabdi. Bakkatti jaarraa tokkoo oliif eenyummaan hawaasichaa itti cunqurfamaafi akka baduuf ukkaanfamaa ture keessatti mul'achuu giddugala dhiheessa. Magaalaa waan Oromoo tursuuf humna dhabaa turte kana keessatti eenyummaa isaa mirgisiisuu dhihaachuu isaa mul'isa. Kun, giddugalli ofii dhumti isaa tarsiimoo ittiin eenyummaa Oromoo dhiibaamaa tureefi jiru dabarsan ta'uu ibsa.

“Karaa Sirna Gadaa mul'atee jira” gaaleen gochimaa kun eenyummaan Oromoo giddugala kana keessatti karaa qabiyyeewwan *Sirna Gadaan* walqabatanii dhihaatee akka jiru ibsa. Karaan bakka barbaadamu tokko irraa deemanii gahuuf kan gargaarudha. Gadaan kallatti hedduun jiruufi jireenya Oromoo kan dhiheessuufi hawaasa kana addunyaatti beeksisuuf humna guddaa qabu ta'uusaa mul'isa. Beekumsi ganamaa hawaasa kanaa karaa sirna kanaa qaama kamiifiyyuu dhihaachuu akka danda'u agarsiisa.

Eenyummaa Oromoo qabatee turuun addunyaa har’aaf sirna dhiheessuu danda’edha. Riqaa eenyummaa Oromoo ceesisaa jiru.

Ragaan olitti dhihaate kun, eenyummaan Oromoo karaa sirna Gadaa giddugala kana keessatti agarsiifamaafi gabbataa jira. *Giddugalli* kun ofii dhumti isaa eenyummaa Oromoo tursuufi guddisuun *tarsiimoo* agarsiisa eenyummaa ta’ee akka jiru mul’ateera. Eenyummaan hawaasa tokkoo karaa *tarsiimoo* waallawwaa tursuun agarsiistuuwwaan qabuun ni dhihaata (Woadak, 2001; Wodakfi Reisgl, 2001). Sirni Gadaa beekumsa keessoo hawaasichaa dhiheessuun hawaasaafi addunyaa inni keessa jiruun walsimsiisa. “Sirni Gadaan utubaa uummata Oromooti” (Tasammaa, 2019: 77). *Tarsiimoo* waallawaa eenyummaa Oromoo ijaaruufi tursu ta’uu isaa ibsa. Jiruu addunyaan wal qabsiisuu isaati.

Biiptuu barii taatee hundatti mul’attee

Wareegama hedduun mul’attee as baatee

(Afee 46, Dabalee 9, f. 299)

Ragaan armaan olii kun bifa walaloon dhihaate. Walalichi sarara lamaan dhihaate. Mana rukutta qabaachuun yeedaloo uumeera. Gochimoonni ‘mal’attee’fi ‘baatee’ jedhan birsagoota dhumaan wal fakkaachuun sagalee faaruu uumanii jiru. Birsagni /tee/ jettu dhuma toora lamaaniirra jirti. Kun wal unannaa uumuun ergaa barbaadame si’aayinaan dabarsuuf tumsa. Ergaan yaadame nuffii malee akka fudhatamu jajjabeessiti. Walaloon kun Giddugala Aadaa Oromoo biiptuutti fakkeessee dhiheessa. Innis haala akkamii keessa darbee akka dhufe agarsiisa. Wal’aansoo dheeraa booda agarsiistuun eenyummaa kun argamuu isaati.

“Biiptuu barii” gaaleen maqaa kun maqaafi maqaa irraa kan ijaaramee fi bakka maqaa Giddugala Aadaa Oromoo kan bu’edha. *Biiptuun barii* kan mul’attu dukkana ulfaataa lafa uwwisee namaafi uumama biroo birmadummaa dhowwe booda. Dukkana dhalli namaa keessatti hojjechuufi yaada isaa ibsachuuf cinqamu sana maksuuf baati. *Biiptuun* yeroo muddamsi uumamaa dukkana keessatti raawwataa jirutti mul’atti. Qarri aduu barii

uumama isheen hin gammachiisne hin jiru. Kanneen dukkana keessatti hojjetanis ta'e ifa kanaan waan gammachiisu arguuf tattaafatan ishee arguuf dhimmu. Gammachuu keessoo dhala namaan walqabata. Biiftuun barii dukkana kan maksitu; qorra ulfaataa uumama dhiphise kan hir'istuufi qaroon namaa uumama naannoo isaa argee akka hubatu taasisti. Kun abdii uumama jiraaniif qabatee dhihaatti. Bariin abdii bilisummaa Oromoon itti jiruufi guutuu taasisuuf hojjetu mul'isti. Eenyummaan hawaasa kana tarsiimoo waallawaa ittiin dhihaatuufi qaxxaamuru qabaachuu mul'isa. Giddugalli kun biiftuu ifa eenyummaa qabduufi dabarsitu. Barii bilisummaa keessatti eenyummaa hawaasaa agarsiisuun, sababeessuun tursuufi ceesisuun akka danda'amu dhiheessa.

Dukkanni Oromoon keessa tureefi ittiin nyaatamaa har'a gahe gita bittootaa biyya kanaati. Oromoon eenyummaa isaa tursuufi ceesisuuf humna kana wal'aansoo qabaafi wareegama guddaa kallattii hedduun baasaa har'a gahe. Hacuuccaa ulfaatu kana keessaa eenyummaa isaa baasuuf tattaaffii taasisaa tureen Giddugalli Aadaa Oromoo mul'achuu isaa dhiheessa. Bariin akkasii eenyummaa hawaasaa mulqamaa ture ifa gochuun tursa. Barreessaafi qorataan Alamaayyoo (2016: 432) yoo ibsu, “Bara duula tokko taasisuu sana karoorri guddaan eenyummaa sabootaa irraa mulquun Amaaromsuufi kiristaanomsuu ture” jedha. Dukkana ulfaataa eenyummaa sabaafi sablammoota biyya kanaa qabatee ture kana keessatti Oromoonis cinqamaa ture. *Biiftuun barii* dukkana eenyummaa hacuucuufi maksu kana wal'aansoo qabdee ibsuuf mul'atte. Hacuuccaa eenyummaafi fedhii birmadummaa kanaatu as keessatti mul'ata. Yaada *wal faallessu lamatu* mul'ata. Garee *olaantummaa* qabuufi *gadi aantummaan* irra jiru gidduutti waan dhalate kana addeessa. Giddugalli kun barii maqaa duula tokkummaa Itoophiyaan eenyummaa sabootaa ukkaamsaa ture mul'ise. Iddoo *walqixxummaan* mul'achuu dhabe keessatti dhihaate. Eenyummaa ukkaanfame kaasuun gabbisuufi labattatti dabarsuuf abdii ta'uu mul'isa.

“Wareegama” gochimni kun waan barbaadamu tokkoof lubbuu bakka bu'ee hin qabne lachuu dhalootaa ibsa. Dhalli namaa addunyaa birmadummaan dhalate keessatti wayita dhiibamu ni mufata. Gareen birmadummaa kana nama irraa kaasuun olaantummaa isaanii garee biroo irratti fe'an wareegama kana dhaloota baasisu. Wareegamni qaama

miidhameefi garee olaantummaa siyaasaa, afaaniifi eenyummaa ofii isaa barbaadu gidduutti ta’uu danda’a. Biyya kana keessatti gareen *oftuulummaan* jiraataa turan akkuma jiran, kan *gadi aantummaan* ilaalamanis jiru. Oromoon eenyummaa ofii isaa *ilaalcha gadi aantummaa* keessaa baasuufi dhaloota itti aanutti dabarsuuf wareegama guddaa kaffalee jira. Wareegamni Oromoon jaarraa dheeraaf kennaa ture eenyummaan isaa haala barbaachisuun akka biqiluufi cehu taasisuu ibsa. Eenyummaan hawaasaa biqile kun gatii guddaa booda ta’uu mul’isa.

Afeewwan armaan olitti dhihaatan, *walcaalmaa eenyummaa* biyya kana keessatti mul’ataa tureefi jiru akkasumas, olaantummaafi gadi aantummaan jiraachuu dhiheessu. Oromoon eenyummaa isaa tursuuf garee olaantummaa qabu falmaa turuu agarsiisa. “Most of the symbols of the Ethiopian state (official religion, official language, official history and mythology, etc.) have taken the identity of Amhara culture and dominance” (Mohammed, 2013: 26) jedha. Afeewwan xiinxalaman Oromoon olaantummaa eenyummaa kana falmiin xiqqeessaa akka jiru ibsu. Biyya kana keessa ilaalcha eenyummaa olaanaafi gadi aanaatu jira waan ta’eef, bakki eenyummaan hawaasa tokkoo itti tursiifamuufi calaqqisu jiraachuu akka qabu ifoomsa. Giddugalli kunis humna kana lamaan gidduutti akka dhalate hubachiisa.

Afeewwan sadarkaa keeyyataa, gaalee, jechaafi birsagaatti dhihaachuun tarsiimoo waallawaa jiru agarsiisanii akka jirantu hubatama. Afeen barreeffamaanis ta’e karaa dubbii wayita dhihaatu ergaa dabarsu qaba. Duraa duuba ittiin sirnaawee dhihaatu qaba (Halliday and Hasan, 1976: 56). Qabatama hawaasa keessaa dhiheessuu akka danda’u ibsa. Afaan Oromoon walqixxummaa dhiibinsa jala ture afeewwan qabuun dhihaachuun eenyummaa hawaasichaa dhiheessuuf humna akka qabu ibsa. Afaan kun ulaagaa ittiin Itoophiyaa keessa ittiin jiraatan akk ta’aa hin turre kan dhihaate kanarraa ni hubatama. “Afaan Amaaraa, hamma tokko Afaan Tigireefi Ortodoksiin ... bu’uura eenyummaa lammii Itoophiyaa ture” (Alamaayyoo, 2016: 429) jedha. Kunis, olaantummaan afaanii hammam guddaa akka ture dhiheessa. Olaantummaa eenyummaa, aadaa, afaaniifi gadi aantummaa kanneenitu ragaa olitti dhihaate irraa hubatama. Eenyummaan haala kana

keessa tureefi jiru tursuufi itti fufsiisuuf biiftuun barii gatii guddaan iddoo handhuura biyya kanaatti dhalate kun humna akka qabu ibsa.


Giddugala kana keessatti karaa tarsiimoon waallawaa tursuu kan agarsiisan jiru. Hirmaattuun afgaaffii qorannichaa yoo dubbattu, “Karaa godambaafi barreeffamoota jiraniin eenyummaan hawaasichaa mul’achuu yaalameera. Godambaa keessatti kan walitti qabamee jiru Oromiyaa guutummaarraa kan walitti qabamedha” jetti. Godambaan bakka meeshaaleen falaasama hawaasa tokkoo agarsiisan itti kuufamanidha. Kitaabonni giddugala keessatti qophaa’uunis ta’e kanneen biroon bakkatti kuufamnii hawaasaaf dhihaatan agarsiisa. Barreeffamoonni eenyummaa hawaasan walqabatanii dhihaatan giddugala kana keessatti ni mul’atu. Isaan kunneen eenyummaa hawaasichaa tursuufi akka dhaloonni dhufu seeneffama jiru duukaa bu’ee waan ofii isaa cimsatu taasisu.

“Karaa godambaan” bakka hambaawwan hawaasaa jiruu hawaasaan walitti hidhata cimaa qaban itti kuufamuun dhihaatanidha. Giddugala keessatti meeshaaleen falaasama Oromoo agarsiisaniifi dabarsan mul’atanii akka jiran agarsiisa. Meeshaaleen eenyummaa hawaasa tokkoo tursuuf humna waan qabaniif gondambaa kana keessatti kuufamee akka jiru mul’isa. Godambaan kun Oromiyaa guutuu bakka bu’uun mul’atee jiraachuutu hubatama. Meeshaaleen jiruufi jireenya hawaasa kanaan wal qabatan bakkeewwan bal’aarraa walitti qabamuun as keessatti mul’ifamaa jiru. Kun kuusaa hambaawwan hawaasa keessatti argamuun jiruufi jireenya guyyuu isaan wal qabatu kan of keessatti hammatee jirudha. Godambaa giddugala kana keessatti mul’atu xiyyeeffachuun eenyummaa hawaasa kanaa gabbisuun akka danda’amu ni ifa.

Godambaan meeshaalee walitti dhufeenya guddaa hawaasa keessatti argamanii waliin qaban of keessatti kan hammateefi tursuu danda’udha. Meeshaaleen kunneen akkaataa jiruu hawaasa tokkoo haala barbaadamuun mul’isuuf humna qabu. Meeshaaleen godambaa giddugalaa kana keessatti dhihaatanii jiran eenyummaa hawaasichaafi falaasama isa dhiheessuu danda’u ta’uu mul’isa. “Meeshaaleen aadaa hawaasa tokkoo muuxannoofi sammuu hawaasichaa irraa kanneen argaman, ... fedhiifi falaasama

hawaasichaa kanneen calaqqisiisan,” (Filee, 2021: 247) jedha. Kunis, meeshaaleen aadaafi hawaasni abbaa meeshaa kana hariiroo cimaa akka qaban ibsa. Hubannoo hawaasni tokko addunyaa keessa jiraataa ture keessatti qabuufi gabbifate kanneen irraa hubachuun akka danda’amu ibsa. Iddoon kuusaa meeshaalee kun hubannaan hawaasichaa malaa akka fakkaatu kan agarsiisu ta’uutu hubatama.

Mallattooleen giddugala kana keessatti bifa bocaafi meeshaalee aadaan dhihaatan eenyummaa hawaasa kanaa tursuufi akka calaqqifamaa deemuu taasisuu keessatti murteessummaa akka qaban ni mul’ata.



Fakkii 14: Ragaa 21ffaa Boca Fardeen Saffisaan Gulufan Agarsiisu

Bocawwan giddugala kana irratti mul’atan kunneen fardeen saffisaan gulufaa jiran agarsiisu. Kun jiruu hawaasa kanaa keessatti fardi tumsa mataa isaa qabaachuu dhiheessa. Fardi humna dabalataa hawaasichaa ta’uun daangaafi eenyummaan isaa akka hin tuqamne taasisaa ture. Hariiroo guddaatu fardaafi Oromoo gidduu jira. Kanaaf akka agarsiistuu hawaasichaatti dhihaatee jira. Fardaan gulufuun jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti beekamaadha. Shaakala dheeraa kan barbaaduufi leenjii waraanaafillee ni tumsa.

MGX: Fardi beellada humnaafi bifa qabu; ol jireessa. Oromoon fardaan beekama. Farda kan bittus ta’e guddistu xiiqiifidha. Fardi jiruu hawaasa kanaa keessatti iddoo guddaa qaba. Akka agarsiistuu eenyummaatti gargaara. Adeemsa gaa’elaa keessatti fardi gahee ofii isaa qaba. Oromoon farda lolaa ni qaba (Afee 47, Dabalee 10, f. 304).

Ragaan afgaaffiirraa argame kun, fardi eenyummaa hawaasa kanaa qabee tursiisuu keessatti hinkoo akka qabu ibsa. “Ol jireessa” gafa jennu fuuldurasaan oljedhee mul’achuufi kaayyo qabeessa ta’uusaa agarsiisa.. Fardi abbaa isaa yoo kuffise gatee hindeemu. Biratti deebi’uun bira dhaabbata. Amanamummaa qabaachuu ibsati. Oromoon fardaan loon isaa barbaaddata; daangaa ofii tikfata. Akka geejibaatti itti gargaarama. Kun ayyaana, bareedina, humnaafi kaayyoo isaa mul’isa.

“Oromoon fardaan beekama” himni kun fardaafi Oromoo gidduu walitti dhufeenyi akka jiru agarsiisa. Beelada jiran keessaa fardi Oromoo biratti iddoo guddaa qaba. Laftiifi daangaan Oromiyaa kan ittiin kabajamtee har’a geesse isaan waan ta’eef beekamtii qaba. Oromoon nagaa jaallata. Yoo dide garuu farda isaan mormuun lolee nagaa ofii deeffata; daangaafi eenyummaa isaa tikfataa akka har’a gahe mul’isa. Fardaan garmaamuun goota faarsa; dabeessa qeeqa; jabaa biyyaaf kufe leellisaa; eenyummaa isaa ibsata; dabarfata. Kana malees, gumaa araarfata. Fardi eenyummaa hawaasa kanaa kallatti baay’een *tursuu* keessatti gahee bakka hin buune akka qabu ibsa. Kanaaf, giddugala kana keessatti akka agarsiistuu eenyummaatti dhihaate.

Fardi akkaataa jiruufi jireenya Oromoo waliin hidhata murteessaa ta’e akka qabu ni mul’isa. *‘Jiruu hawaasa kanaa keessatti iddoo guddaa qaba.’* Mandara Oromoo ijaaruufi tiksuu keessatti shoorri isaa xiqqaa miti. Abalu farda qaba jenneen maqaa guddaadha. Farda ittiin kooru; ittiin mul’atu; lolus. Ergifachuufillee sodaafi saalfii qaba. Kabajaan dhaqanii gaafatu. Farda gaafa ergifataniis ta’e kan ofii gaafa yaabbatan akka arge hin rukutan; ni kabajama. Fardi yaabbii kunuunsa addaa kan qabuufi yeroo yerootti dhaqni isaa kan dhiqamudha. Tarsiimoo eenyummaa hawaasaa tursuun dabarsu ta’uu isaati.

‘Adeemsa gaa’elaa’ itti fufinsaafi egeree hawaasa tokkoo kan murteessu adeemsi gaa’ela jiraachuudha. Adeemsa gaa’elaa keessatti fardi iddoo guddaa qaba. Miidhaginni cidhaafi missirroowwanii fardaan gonfama. Guyyaa cidha isaanii fardeen saala wal faalleessan

yaabbatu. Farda isheen heerumtu yaabbattu gurbaa fuudhutu qabatee dhaqa. Ofii farda kormaa yoo yaabbatu, isheef farda dhaltuu fuudhee dhaqa. Kun seera uumaafi uumamaa eeguuf kan raawwatudha. Yaabbii fardaa kana missirrichi dursee shaakaluu qaba. Akka aadaa Oromootti namni farda yaabbii hin beekne hin fuudhu. Gaafa mucayyoo fudhatee galuuf jedhu, karaa mirga fardaan faanaatti ejjetee furguggifame irra hin bahu yoo ta'e itti kolfama. Itti deddeebi'ee yoo yaabuu hanqate isa tuffachiisa. Humna dhabeessa; dabeessa haati manaa mootu jedhamee shakkama waan ta'eef. Kanaaf, dargaggeessi Oromoo yaabbii fardaa dursee shaakala. Yeroo mana gahu irra deebiin farda yaabuun mana boroo naanna'a. Kunis, bitaarraa gara mirgaatti ta'a. Milkaahuufi mirgaan galuu isaa mul'isuuf kana taasisa. Ragaan dhihaate kun, ijaarsa maatii Oromoo keessatti fardi gahee akka qabu ibsa. Kana malee, sirna hawaasni kun qabu miidhagsuufi qabee tursuu keessatti gaheen isaa xiqqaa akka hin taanes ni hubachiisa.

'Farda lolaa' farda waraanaa abbaa leenjifateetu ittiin waraana malee abbaan arge hin yaabbatu. Ittiin waraana hin dhaqu. Farda waraanaa namaaf hin ergisan. Fardeen gosa adda addaatu jiru. Isaanis, farda hortuu/haadha farda, farda dungulaa, ganyaa/ waragaa kan abbaan fedhe fe'atutu jiru. Fardi guulaan farda gombisaafi guluffiiti. Isa kana namni ergifachuu danda'a. Haati fardaa hin yaabamtu. Duungulaa ishee jalaa bahaa deemutu yaabama. Hortuun haati fardaa baajiree jedhamti. Fardi lolaa miilli isaa qaqaal'atee ejjeti isaa gurguddaadha. Ejjeta gurguddaa kanaan utaalee dhaabbata; lola keessatti qaama faallaa isaa rukuta. Loleen fardaanii amala isaafi akkaataa waraanaa fedhu barsiisaa akka giddisu calaqqisiisa. Oromoon daangaafi eenyummaa isaa kan ittiin tiksaafi ijaaraa har'aan gahe farda lolaan akka ta'e ibsa.

Ragaan olitti dhihaate, fardi lolaa kun amala abbaa isaaf yaaduu qabatee akka guddachuu danda'atti leenjifamuu isaa ni agarsiisa. Baay'ee isa dhaggeeffata; akkaataa inni isa qajeelcheen lola; lolichas miliqa. Gooftaa isaa yoo ajjeeste achii hin deemu; wajjin du'a. Dhaabbatee rakkina bakka sanatti isa qaqqabu fudhata. Kun jiruu Oromoo keessatti fardi iddoo jabaa akka qabu ibsa. Farda dirree lolaattis ta'e bakka gammachuutti fayyadamaa turuu hawaasa kanaa agarsiisa. Daangaa Oromiyaa tiksuu, iddootti deebisuufi tursuu

keessatti fardeen Oromoo gahee cimaa bahaa turuu ibsa. Akkasumallee, eenyummaan hawaasaa haala har'aa kanaan akka ijaaramuufi turu taasisuu keessattis gatiin fardeen kunneen qaban xiqqaa akka hintaanee ni ifoomsa.

Dhumarratti, hawaasni addunyaa kanaa osoo hin ijaaramiin dura Oromoon sirna gadaan hawaasa ijaaramee turedha. Ammayyummaan siyaasaafi amalli dimokiraasii har'aa kan keessatti mul'ateefi mul'ataa jiru. Akkaataa itti daangaa ofii eeggatu; diina daangaa darbee dhufe ittiin ofirraa faccisuu qaba. Kanas, farda ofii fayyadamee daangaa ofiifi biyyaa isaa eegaa akka tur agarsiisa. “Uummanni Oromoo kan cimsee birmadummaafi bilisummaa isaa jaalatu humna kamiifiyyuu kan beekamtii hin laanne, kan saffisa fardaa, cimina irree isaa, eeboo isaa kallattii barbaaduun akka fedhetti dhahu” (Alamaayyoo fi kan biroo, 2012: 195). Oromoon saba jabina qabuufi eenyummaa isaa Ormatti dabarsee hinkennine ta'uu ibsa. Fardi humna Oromoofi Oromiyaa gurmeessuu keessatti hirmaannaa bakka hin buune qaba. Kana malee, abdii lolee Oromootaa ta'uun akka lolanii injifatan deggeraa turan. Kun ammoo eenyummaa Oromoo ijaaruun itti fufsiisuu keessatti hirmaannaa gaarii akka qaban dhiheesse.

6.1.2. Falmisiisuun ‘Argumentation’

Bakka qorannoon kun itti geggeeffamutti yaadonni dhugaa hawaasa kanaa bakkatti deebisuuf dhaabbatan jiru. Walqixxummaa biyya kana keessatti dhabame deebisuuf tarsiimoo falmuun dhiheessa. Ragaa afgaaffiiirraa argame gadii haa fudhannu

AG: Sirni Gadaa akkaataa jireenya hawaasa Oromoo qajeelchaa ture. Abbaan Gadaan durfama. Abbaan Gadaa gorsitoota isaa kan yuuba 1ffaa hamma sadaffaatti jiranii waliin biyya bulcha. Sirni kun dhiibbaa siyaasaa jala ture. Sirna hin fayyadne jechuun ukkamsaa tura (Afee 48, Dabalee 8 jala, f. 293).

Giddugala kana keessatti, sirni Gadaa mallattoo eenyummaa hawaasichaa dhugaa jiru falmisiisuun iddootti deebisu ta'ee jira. Dhiibbaa ture falmuun eenyummaa waloo

gabbisuuf dhimma. Dabalataan, hirmaachisummaa isaa agarsiisa. Hariiroo geggeessitoonni sirna Gadaa qaban addeessa. Oromoon sirna ofiin akka of bulchaa ture dhiheessa.

“Jireenya hawaasa Oromoo qajeelchaa” dhalli namaa addunyaa walqabata. *Jireenya* kan jedhu gama siyaasaan, dinagdeen, aadaan, afaaniifi amantiin ta’uu danda’a. Kanneen sirneessuufi itti fufsiisuuf falmisiisuun amansiisummaa uumuu fedha. Oromoonis wantoota kana karaa sirna kanaa qajeelfataa akka ture ibsa. Eenyummaan hawaasichaa qajele kan addunyaatti mul’atu agarsiistuuwwan isaan falmisiisuun akka ta’e balballoomsa.

Abbaan Gadaafi yuubni jiran waliin mari’achuun Oromiyaa akka geggeessaa turan dhiheessa. Sirni kun amala sirna dimokiraasii hin qabu kan jedhan falma. “Abbaan Gadaa karaa siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa wayita biyya qajeelchu, hayyuun jiran isa waliin dhaabbatanii hojjetu” (Tasammaa, 2021) jedha. Amala sirna dimokiraasii ammayyaa har’aa qabaachuu sirna kanaatu mul’ata. Yaada faallaa kanaan dhihaatu qajeelchuun eenyummaa hawaasaa deebisaa deema.

‘*Sirna hin fayyadne*’ kun olaantummaafi gadaantummaan agarsiistuu eenyummaa biyya kana keessa akka jiru tuqa. *Adeemsi* siyaasaa biyya kana keessa ture sirna kana fudhatama dhabsiisuu kaasa. Ta’us, Oromoon sirna kanaan humnoome jiraata ture. Sirni kun Orommo qofaaf osoo hin taane addunyaaf gumaacha kan qabudha. Sirni Gadaa kallatti hundaan jireenya Oromoon kan wal qabatu yoo ta’us, biyyaa Itoophiyaa keessatti gita bittootaan dhiibamaa jiraate (Asafa, 2012; Baissa, 1994) jedhu. Yaada falmisiisaa Oromoofi haftee gita bittootaa kana gidduu jiru maksuuf akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti dhihaate.

Ragaa olitti dhihaate, sirni gita bittootaan tuffatamaa ture bu’uu beekumsa addunyaa har’aa ta’ee jiaachuutu mul’ata. Gadaan siyaasaa addunyaa keessatti sirna murteessaadha (Asmarom, 1973; Tesema, 2018) jedhu. Sirni Oromoo kun dhiibbaa ture falmisiisuun

fudhatamummaa idila addunyaa akka argataa dhufee ibsa. Ragaan dhihaate, yaada falmisiisaa sirna Gadaarra ture dhiheessuun fudhatamummaa isaa har'aa agarsiiseera.

Giddugalli kun Finfinnee keessatti dhihaachuun eenyummaan hawaasichaafi magaalli kun hidhata akka qaban falmisiisa. “Bakki kun Oromiyaa xiqqoodha. Qe’ee Oromootti dhalate. Kana Oromoon akka lubbuu isaatti ilaalu qaba.” (Daawwannaa). Agarsiistuuwwan Oromoo giddugala keessatti dhihaachuufi magaalaa Oromoo ganamaa ta’uu Finfinnee falma. Magaalaa Finfinnee keessatti eenyummaan isaa iddoo akka qabaatuufi deebi’ee ijaaramu kan taasisudha. Eenyummaa hawaasichaa haala barbaachisuun dhiheessuu isaa addeessa. “Oromiyaa xiqqoo” gaaleen maqaa kun akkaataa giddugalli kun ittiin dhihaate ibsa. Qabiyyee hawaasicha bakka bu’uu danda’u qabatee dhihaachuu isaa calaqqisiisa. Akkaataa ijaarsa giddugalichaa irraa kaasee hamma wantoota achi keessatti hammatamaniitti kan mul’atan Oromoofi Oromiyaa agarsiisuu isaaniiti. Hambaaleen askeessatti walitti qabaman, afeewwaniifi mallattooleen dhihaatanii jiran bakkicha Oromiyaa fakkeessanii jiraachuutu ifa. Kun, magaalaa eenyummaan Oromoo keessaa dhiibameefi quucare keessatti deebi’ee biqiluu isaa humneessa.

“Qe’ee Oromootti dhalate” ragaan bifa dubbii qolaan dhihaate kun, yaada falmisiisaa kaasa. Magaalli handhuura Oromiyaa taate kun kan Oromoo miti jedhamti. Oromoon handhuura Oromiyaa yoo jedhu, gareen eenyummaa isaa keessatti gabbifataa jiru beekkamtii kana dhowwata. Finfinneen bakka agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo keessatti balbal’achaa jiruufi seenaa amansiisaa kan Oromoo ishii taasisu akka qabdu humneessa. “Warri Bararaan asi achi jedhan seenaa waggaa 600 dura tureefi ragaa seenaa qabatamaa hin qabne qabatanii as bahaa jiru. Nuti garuu seenan ragaa barreeffamaafi afoolaan deeggarame of harkaa qabna.” (Alamaayyoo, 2012) jedha. Yaadni falmisiisaa ta’e jiraatus Finfinnee kan Oromoo ta’uu dhiheessa. Handhuura Oromiyaa ragaa seenaa haqa hin qabneen gareen dhaaluuf deemu akka jirus ni balballoomsa. Giddugalli kun akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti dhihaachuun eenyummaa makfameefi dhiibame falmisiisuun deebisaa jira.

6.1.3. Ceesisaa

Tarsiimoon kun akkaataa itti eenyummaan hawaasa tokkoo yookiin qabiyyeen jiru qaama biroo gara barbaadamutti ittiin jijjiiramudha (Wodak, 2001: 72). Qorannoo kana keessatti tarsiimoon kun kan xiyyeeffate jiru eenyummaan hawaasaa makfame giddugala kana keessatti bifa kamiin akka jijjiiramaa jiruufi mul’atu dhiheessuufidha. Eenyummaan hawaasichaa haala kamiin dhihaachuun jijjiiramaa akka jiru mul’isa. Afeewwaniifi mallattooleen as keessatti dhihaatan eenyummaa hawaasichaa kallattii kamiin jijjiiraa jiru kan jedhu xiyyeeffata. Ragaa sakatta’a dookumantii irraa argame kana haa xiyyeeffannu.

SD: Mootummaan abbaa irree gita bittaa Minilik lafa Oromoo uumaan bareeddee tolte, uummata afuura nageenyaafi dimokiraasiitiin gabbatee jiraataa ture waraanaan jeeqee tasgabbii dhowwatee aadaa boonsaa uummatni qabu dhiitee, afaan isaa balleessee, sabicha gabroomsee bulchuuf, weerara itti baneen lubbuun nama hedduu wareegameera. ... aarsaan booree itti kaffaleera (Afee 49, Dabalee 9 jala, f. 300).

Humni gita bittaa kun eenyummaa hawaasa kanaa balleessuufi lafa isaa dhuunfachuuf dhiibbaa siyaasaa gochaa turuu kaasa. Sirna kun eenyummaa Oromoo kan biroon bakka buusuuf hojjetaa akka ture dhiheessa. Aadaafi sirni dimokiraasii isaa ulfina dhabaafi sarbamaa jiraate. Tarsiimoon waallawaa dhiibbaa, walcaamaafi walqixxummaa dhabinsa jiru adeemsa ittiin dhiheessan. Ragaan kun eenyummaa Oromoo eenyummaa biroon bakka buusuuf yookiin jijjiiruuf humni olaantummaa akka hojjetaa ture mul’isa.

“Mootummaan abbaa irree gita bittaa Minilik” mootummaa hawaasa humnaan qabate irratti waan ofii barbaadu fe’u. *Giti bittaa* kun eenyummaa sabichaa balleessuuf hojjechaa ture. Eenyummaa garee tokkoo saba kana dhaalchisuuf hojjechaa turuu isaatu ifa. Eenyummaa ofii kan ammayyaa gochuun leellisuufi kan biroo xiqqeessuutu mul’ata. Walqixxummaa dhabinsi kun dhiibbaa jijjiirama eenyummaa hawaasaa fiduu ibsa.

Tarsiimoon kun giddugala keessatti karaa afeewwan jiranii dhihaachuun eenyummaa Finfinneerraa makfame jijjiiraa akka jiru mul’isa.

“Lafa Oromoo uumaan bareeddee tolte” lafti jiruufi jireenya Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Lafti kun jiruu dhala namaaf baay’ee kan toltuufi haala qilleensaa mijataa qabdu. Uumama jiraachuu namaaf gaarii ta’an qabatee jirti. Akkaataa argamsa ishiin mijattuufi giddugala siyaasa biyya Itoophiyaati. Lafti Oromoo kun Oromiyaa jedhamti. Kan garboonfataan dhiibamaa har’a geesse ta’uu ibsa. Oromoon lafa isaa lafee qabuun walbira qabee ibsa. “Lafti keenya, lafee keenya” namni lafee malee ka’ee hin dhaabbatu. Jiraachuu isaaf lafeen isa keessa jiru hammam akka murteessaa ta’e ibsa. Lafti Oromoo jiraachuu saba kanaaf waan bakka bu’insa hin qabnedha. Laftiifi eenyummaan isaa hangam akka walitti jiranis ni ibsa.

“Uummata afuura nageenyaafi dimokiraasiitiin gabbatee, ... dhiitee” ragaan kun yaadota wal faallaa ta’an dhiheessa. Oromoon uummata sirna Gadaan qajeelfamaafi jiraataa har’a gahe. Sirni kun humna gita bittootaan moggeeffamaa har’a gahuu isaa kaasa. Sirni Gadaa nagaa hawaasaa kan eegu. Afeen kun qalqixxummaa dhabinsa sirna hawaasaa dhiheessa. Jijjiirama eenyummaafi agarsiistuuwwan isaa ifa godha. Agarsiistuuwwan dhiitaman jijjiiruuf tarsiimoo fayyadamame ta’uus ni kaasa. Kana malee, “Afaan isaa balleessee” giti bittootaa Afaan Oromoo balleessuu irratti hojjechaa turan. Afaan Itoophiyaa keessatti dhiibbaan irra ture. Mootiin Milinik afaan kana balleessuuf *sirna afaaniifi aadaa tokkoo* hordofaa akka ture ifa godha. Afeen kun, hacuuccaa afaanii yeroo dheeraaf biyya kana keessatti mul’ataa har’a gahe addeessa. Tarsiimoon kun dhugaa makfame kana jijjiiruuf giddugala kana keessatti fudhatame. Afee biroon dhihaate, “Aarsaa booree itti kaffaleera” ciroon kun Oromoon eenyummaa isaaf gatii lubbuu baasuu mul’isa. Xiyyeeffannoo hawaasni kun eenyummaa isaa tursuufi dabarsuuf qabu ibsa. ‘Booree’ jechi kun kutannoo, xiiqeffannaafi ofkennuun waan ofii tiksuu bakka buuti. Miidhaafi makfama ture kana falma; jijjiira.

Xiinxala ragaa dhihaate kanarraa kan hubatamu, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo gita bittootaan dhiibamaa, makfamaafi jijjiiramaa akka turetu hubatama. Kana jijjiiruuf lafeen abbootaa akka itti kitimame dhiheessa. Afeen dhihaate sarbaminsa falmii guddaan jijjiiramaa dhufuu mul'isa. Qorataafi barreessaan Mohammed (1999: 123) yoo ibsu, "In the precolonial period, the Oromo had their own rich history, culture, religious and political institutions, ... and material well-being of the Oromo." jedha. Oromoon gita bittaa isa qaqqabe dura hawaasa waan hundaan ijaarame ta'uu dhiheessa. Gita bittaa kana keessattis Oromoon eenyummaa isaa badii irraa hambisuuf falmaa akka ture ibsa. "For many centuries, the Oromo effectively defended their country from the Christian Abyssinian and Muslim empire builders in the Horn of Africa." (Asafa, 2018: 14) jedha. Oromoon biyya isaa jabaatee eeggachaa turuu ibsa. Kun, walfamiin garee olaantummaa eenyummaa isaa barbaaduufi Oromoo gidduutti taasifamaa akka ture kaasa. Dhiibbaa waggootaaf baate kana maksuuf tarsiimoo jijjiiruu giddugalicha keessatti fayyadameera. Bakka irraa dhiibametti deebi'uun agarsiistuuwwan isaa mirgisiisuu dhiheessa.

AG: Mallattooleen askeessatti mul'atan dhiibbaa siyaasaafi ilaalcha sirna biyya kanaa maksuuf mul'atan. Adeemsa sirna tokkee yookiin aangoo garee tokkoon dhuunfatame leellisuu jijjiiruuf dhihaate. Tulluu Barraaq irratti Odaan biqilee guddannaan gubaniiru (Afee 50, Dabalee 8 jala, f. 287).

Mallattooleen giddugala keessaatti argaman falaasama jiruu Oromoo kaleessaafi har'aa dhiheessuun dhiibbaa eenyummaa hawaasichaa balleessaa ture falmuu isaanii agarsiisa. Eenyummaan hawaasichaa giddugaleessa Oromiyaa irraa jijjiiramuun eenyummaa gita bittootaan nyaatamaa dhufe jijjiiruuf akka mul'atan jiran ibsa. Eenyummaa hawaasaa sirna tokkeen diigamaa ture iddootti deebisuuf humna kka qaban dhiheessa. Bakka mallattooleen kunneen dhihaatan kanatti eenyummaan Oromoo dhiibamaafi tuffatamaa waan tureef kana geeddaruu akka danda'an mul'isa.

"Dhiibbaafi ilaalcha" jechoonni kunneen wal'aansoo jiruufi jireenya garee tokkorra buufatee tureefi jiru ibsu. Miira dhala namaa wajjin kan wal qabatanidha. Garee

hawaasaa giddu jiraataniifi biyya qaban tokko keessatti wayita miidhaa hin malle nama qaqqabu jechoota mul'atan akka ta'e ni mul'isa. Dhiibbaan siyaasaa Oromoo irra ture eenyummaa isaa dadhabsiisuufi balleessuuf akka hojjetaa ture agarsiisa. Ilaalchi waan Oromoo wal qabaturra jiru guddaa ta'uu ibsa. Yaada gaarummaafi fudhatama qabuun jiruufi jireenya Oromoo laaluu dhabuu sirnoo turanii calaqqisiisa. Mallattooleen agarsiistuu eenyummaa hawaasaa ta'an kunneen yaadota akkisi kanneen jijjiiruuf mul'ataanii jiru. Dhugaa keessoo hawaasaa ceesisuuf dhimma.

“Tulluun Barraaq” bakka ulfoo Oromoo kan ta'eefi irreechi tulluu itti geggeeffamudha. Barraaq barii lafaan yookiin abdii dhalootaan kan walqabatudha. Bariin yeroo abdiin addunyaa keessa jiranitti bahani. Tulluu kana irratti bahuun Oromoon waaqa kadhata; waan abdatu kaasa. ‘Odaan’ galma Oromduriifi har'aati. Asxaa jabaa Oromootaati. Oromoon muka ulfoo kana akka dhala ofiittii ilaala. Tulluun Barraaq Odaa didee bilchinaan akka balleessan mul'isa. Kana deebisuun giddugala kana keessatti odaan bifa bocaan dhihaatee jira. Dhaabbachuun kan guddataa jiranillee giddugala kana keessa ni jiru. Yaadni kun, eenyummaa Oromoo Finfinneefi naannoo kana keessaa dhiibamaafi ilaalcha jibbaan badaa turaniifi jiran deebisanii haaromsuuf kan tumsu ta'uu dhiheessa.

Tulluun kun magaalaa Finfinneetti dhihaatee kan jiruufi iddoo ulfoo waan ta'eef waan Oromoo ilaallatu naannoo kanatti akka hin guddanne fudhe. Eenyummaan hawaasa kanaa giddugaleessa kanarraa gara moggaatti akka dhibamaa har'a gahe ni mul'ata. Adeemsa eenyummaa Oromoo jijjiiramaa deemu kana geedduuf mallattooleen dhihaatanii jiran humna akka qaban agarsiisa. Hojiin eenyummaa Oromoo balleessuu giddugaleessa kanarraa gara kallattiilee birootti akka deeme mul'isa. Biyya kana keessatti Oromoon yeroo dheeraaf dhiibaa turuu De Salviac (2013: 19) yoo ibsu, olaantummaan Abisiniyaanotaa jruufi jireenya Oromoo, sagalee isaa akka ukkaamsaa ture jedha. Kun, olaantummaan garee tokkoo biyya kana keessa akka tureefi gareen eenyummaan isaa dhiibamaa har'a gahe jiraachuu hubachiisa. Agarsiistuuwwan as keessatti dhihaatan kana jijjiiruuf akka mul'atantu ife.

Mallattooleen giddigala keessatti dhihaatanii jiran sirna Oromoo, aadaafi seenaa isaa haala barbaadamuun dhiheessuun olaantummaa kana akka mormantu hubatama. Waan Oromoo kallatti hedduun itti duulame jijjiiruuf humna akka qaban mul'isa.



Fakkii 15: Qorii

Ragaa 22ffaa

Qoriin kun muka irraa haala falaasama hawaasa kanaa agarsiisuun hojjetame. Qottoo soofee fayyadamuun nama Ogummaa gaarii qabuun hojjema. Qirixaa tokko irraa became. Qoriin kun Boorana irraa kan dhuftteefi hiika jiruufi jireenya hawaasichaan wal simu qaba. Yeroo karaa deemaniifi bakka jilaa dhaqan dhangaa yeroof isaan gahu itti qabatanii deemu. Dhangaa kana qaama wajjin jila hirmaatanis ta'e dhimma tokkoof wajjin deemaniif ni qoodu. Nyaata yeroo dheeraaf turu ittiin kaa'uf oola. Meeshaa umrii dheeraa qabuufi falaasama hawaasichaa agarsiisuuf giddugala kana keessatti dhihaatee jirudha. Ragaan gadii kun afgaaffiirraa argame.

AG: Qorii kanarratti lakkoofsa saddeetitu mul'ata. Yeroo turtii aangoo Abbaa Gadaa Oromoo bakka bu'a. Daangaa aangoo sirna Gadaa keessaa dhiheessa. Buna qalaafi dhangaa biroo itti naquun kaawwatu; jila bahu (Afee 51, Dabalee 8 jala, f. 294).

“Lakkoofsa saggeet (8)” yeroo turtii aangoo sirna Gadaa keessaa dhiheessa. Gadaan sirna Oromoo amala dimokiraasii qabuufi yeroon turtii aangoo Abbaa Gadaa daangaa tahedha. Amala dimokiraasummaa sirna kana keessa jiru dhaloota itti aanu qaqqabsiisuuf

ogummaa qaban fayyadaman akka hojjetanii agarsiisan mul'isa. Meeshaan kun yeroo sirni Gadaa dhiibbaa gita bittootaan tuffataamaafi akka baduuf irratti hojjetamaa ture hojjetame. Ammayyummaa sirna kanaa itti fufsiisuuf ogummaa qabu keessa dhoksuun akka har'aan gahe mul'isa. Sirni kallattii maraan jiruu Oromoo hoogganu kun meeshaalee qabuunis kunuunfamuun har'a qaqqabuu kaasa. Kun lakkoofsi qorii kanarraa dhiibbaa tureefi yeroo turtii sirna Gadaan akka wal qabatu dhiheessa. Akkasumas, mallattoon kun tarsiimoo darbinsa eenyummaa ta'uun jijjiirama gama kanaan mul'ataa jiru dhiheessa.

Sirna Gadaa keessatti daangeffamni aangoo jira. “Daangaa aangoo” meeshaan sirna Oromoon walitti hidhatinsa qabu kun daangaa aangoo sirna Gadaa keessaa mul'isa. Sirna kana keessatti Oromoon martuu umrii waggaa saddeet saddeetiin cehumsa uummataa deema. Itti gaafatamummaas fudhata. Aangoo sirnaa tumsa; qoodas fudhata. “Sadarkaa Gadaa tokko keessa Oromoo bara saddeet tura. Sadarkaa tokkoo yeroo sadarkaa biraatti darbamu, sirna, qoodaafi itti gaafatamummaa adda addaatu raawwatama” (BBAW, 2019: 280) jedhu. Hirmaachisummaan Gadaa umrii akka hin qoodneefi daangaa umrii qabuu keessatti namni waan raawwachuu qabu akka raawwatu taasisa. Itti gaafatamummaan yeroo waggaa saddeetii kana keessatti bahamuu qabu akka jiru ibsa. *Daangaa aangoo* qoriin kun qabatee jiru jiruu hawaasaan akka wal qabatu dhiheessa. Sadarkaa Abbaa Gadaattis ta'e, hawaasa biratti hirmaachisummaa jiru ibsiti. Kun, ilaalcha jireenyaa isaaf qabu akka Oromoon hin daganne dammaksa.

“Buna qalaafi dhangaa biroo itti naquun kaawwatu; jila bahu” qoriin nyaata aadaa hawaasaan walqabatu baachuufi tursuu danda'a. Bunni qalaan nyaata iddoo jilaattiifi wayita keessummaan beekamaan namatti dhufu qophaa'uufi fayyadamanidha. Nyaata aadaa Oromoo keessatti iddoo guddaa qabu. Falaasama qophii nyaata Oromoo agarsiisa. Qopheessuuf dubartii kaamettii kan barbaaduufi eeggannoo fedhudha. Dhangaaalee biroos meeshaa kanatti tursuufi ittiin qabatanii jila bahuun akka danda'amu mul'isa. Dubartii ogeettiin nyaata keessummaafis ta'e abbaa warraa ofiif ol keessu akka qabdu ni mul'isa. Maatiin Oromoo kabaja akkamii akka waliifi mana isaaf qabu addeessa. Abbaan warraa

dhangaa kabajaan nyaatu akka qabus mul'iseera. Eenyummaa hawaasa kanaa bakka ganamaa sanatti deebisuuf mallattoo akka tarsiimoo jijjiiruutti mul'atedha.

Mallattooleen godambaa giddugala kana keessatti dhihaatanii jiran dhiibbaa eenyummaa hawaasa kana irra ture jijjiiruuf humna akka qabantu hubatama. Falaasamni keessoo hawaasa kanaafi iciitiin jireenyaa tureefi jiru isaan keessa dhokatee akka darbu mul'isa. “Meessaaleen aadaa fedhii qabatamaa namoonni hawaasa tokko keessa jiraatan gareefi dhuunfaadhaa, ..., ilaalcha addunyaaf qaban, jiruufi jireenya: hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa isaanii ittiin ibsatan” (Filee, 2021: 246) jedha. Meeshaaleen aadaa hidhata jabaa hawaasa waliin akka qaban agarsiisa. Qoriin meeshaa aadaa eenyummaan hawaasichaa gama sirna Gadaafi hubannoo maatii Oromoo keessa jiruun dhiheessa. Hubannoo mallattoolee hawaasichaa irraa jiru jijjiira.

6.1.4. Tarsiimoo Ijaarsaa

Tarsiimoon ijaarsaa haala hawaasa tokko keessatti eenyummaa hawaasaa ijaaruufi walitti fiduuf yookiin tokkoomsuuf oola. Ijaarsi kun walitti dhufeenyaafi dalagaawwan hawaasaa keessatti raawwatama (Wodak et al, 2009; Bambergfi Fina, 2011: 268; Adugna, 2019: 14). Agarsiistuuwwan giddugala kana keessatti dhihaatanii jiran eenyummaan Oromoo akka ijaaramuufi biyya kana keessatti bakka argatu taasisu. Lafa handhuura isaatti deebi'uu sabichaa akkuma agarsiisaan, eenyummaa waloo isaas bakka bu'u. Tarsiimoon ijaarsaa kun eenyummaan waliinii hawaasa kanaa akka itti fufinsaan ijaaramu taasisa.

Xinnaaf guddaan hunduu waa'ee kee odeessaa

Bakka ijaarsa kee ni dinqisiifataa

Dhugaatu si dhaabee teessoon kee achumaa

Ammayyuu jiraadhuu jaarraa kuma kumaa

(Afee 52, Dabalee 9 jala, f. 300)

Walaloon kun dhuka tokkoofi bo'oo afuriin dhihaate. Walsimannaa jechootaafi mana rukutta qaba. Jechoonni dhumarratti dhihaatan sagalee waltumsuun dhumanii jiru.

Sararri sadaffaa fi araffaa birsagoota walfakkaatoo /-maa/ jedhuun dhihaatan. Kun yeedaloo ofkeessaa qabaachuu isaa agarsiisee jira. Walalicha iddootti deebi'uu agarsiistuu Oromoofi dhugaan ukkaamfamee ture ifa bahuu dhiheessa. Giddugalli kun bakka isaaf malutti hundeeffamuu mul'isa.


“Xinnaaf guddaan hunduu waa'ee kee odeessaa” sararri walaloo jalqabaa kun Giddugalli Aadaa Oromoo agarsiistuun waloo sabichaa ta'uu ibsa. Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasichaa kanaan wal utubanii dhihaatan eenyummaa ijaaruufi dabarsuuf akka oolan mul'isa. Hunda hammachuu giddugaleessichaa bakka bu'a. Oromoon waa'ee eenyummaa isaa wal ta'ee hojjechuufi himuu akka qabu kaasa. Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasichaa karaa tarsiimoo ijaarsaa mul'achaa akka jiru ibsa.

Bakki ijaarsa giddugalichaa Finfinnee ta'uun ijaarsa eenyummaa sarbameef akka ijaaramu godha. “Bakka ijaarsa kee ni dindisiifataa” bakka eenyummaan Oromoo itti makfameefi moggeeffametti ijaaramuu isaa ibsa. Magaala guddoofi giddugala Oromiyaa taate keessatti ijaarsi eenyummaa Oromoo bakka bu'u mul'achuu qeeqa. Eenyummaa baachuuf danqame biqilchuu eegaluu isaa ibsa. Kanaaf, agarsiistuuwwan eenyummaa afeewwaniifi mallattoolee giddugalicha keessaan ijaaramaa jiraachuu dhiheessa.

“Dhugaatu si dhaabe” dhugaan hawaasaa yeroo eegee mul'achuu addeessa. Oromoon dhugaa jaarraa baay'eef jalaa dhokate deebifachuu isaa mul'isa. Dhugaa eenyummaa isaa ijaarutti deebi'uu ibsa. Tarsiimoon ijaarsaa kun bakka dhugaan sabichaa ukkaamfametti dhihaate. Akkaataa hawaasni tokko jireenya isaa itti ilaaluufi addunyaa keessa jiru hubatu dhugaan akka ta'e ibsa. Itti fufuun, “Ammayyuu jiraadhuu” galeen gochimaa kun tarsiimoowwan eenyummaan hawaasaa ittiin dhihaatu turuu akka qabu mul'isa. Dhaloota itti aanutti eenyummaa kana dabarsuuf agarsiistuuwwan isaan ijaaramuu qaba.

Yaadni olitti dhihaate, eenyummaan Oromoo sirnoota darban keessa akka hin mul'anneefi ijaaramaa hinturre mul'isa. Sirnoonni biyya Itoophiyaa eenyummaan Oromoo akka hin jajjabanne taasisan. Guddina isaa quucarsuufi dhabamsiisuuf hojjechaa turan (Mekuria, 1993: 2) jedha. Eenyummaan mulqamee kan biroon dhaalamaa

ture akka jiru saaxila. Olaantummaa agarsiistuuwwan eenyummaa jiraachuu ifoomsa. Afeewwan jiran eenyummaa hawaasichaa ijaaruun labataaf tursuu danda’u kaasa. Eenyummaa sabichaa humneessuufi olaantummaa ture jalaa baasuuf akka gargaaranis adda bahee jira. Dhugaa hawaasaa kaleessaa kan ammaan walqabsiisee waan dhiheessuuf maleenya waallee seenawaa hordofe.



Fakkii 16: Boca Malkaa

Ragaa 23ffaa

‘*Malkaa*’ kun boca lakkoofsa saddeetii (8) qaba. *Utubaa shantu* as keessatti mul’ata. Shanan kana Oromoon waan hedduu bakka buufata. Lakkoofsi saddeet yeroo turtii aangoo Abbaa Gadaa wayita mul’isu, utubaawwan shanan keessatti mul’atan marsaa Gadaa agarsiisu. Miseensonni Gadaa shan ta’uu mul’isa. Miseensi Gadaa tokko yeroo turtii waggaa saddeetiif Abbaa Gadaa of keessaa filata. Cehumsi baallii marsaan deemuu isaa dhiheessa. Eenyummaa hawaasicha malkaa kanaan qabuun hubachiisaafi ijaaraa akka jiru agarsiisa.

AG: Malkaan kun bakka Oromoonni marti hora itti obaafataniifi dhukkubbii jiru irraa fayyanidha. Oromoon malkaa waliin itti fayyadamu qaba. Dabbassoon jalqaba bakka Oromoo harkaa bahe waan ta’eef, waan keenya jalqabarraa kaasnee deeffachuu keenya. Bakka lamatti qoodamuun isaa Booranaafi Baarentuu/ konfedereeshinii Oromooti (Afee 53, Dabalee 8 jala, f. 290).

Bakki *malkaa* kun iddoo *horri* Finfinnee itti argamu ture. Horri kun fayyaa namaafi loowwaniif kan oolu ture. Bakka waggaa 150 dura iddoo horaafi ulfoo Oromootaa ta’uun

tajaajilaa jiraate. Loowwan Oromoo kallatti hedduu irraa dhufuun hora kana irraa dhugaa turan. Horri kun fayyaa namaafi ta'es loowwaniif ayyaantummaa qabaachuu ibsa. Loowwan achi irraa dhugaan wal horuun baay'aatu. Namnis fayyaa qaamaafi yaadaa ni argata. Hora kana ji'a Onkoloolessaa hanga Muddee gidduutti geessanii horii ofii akka obaasaniifi lafa lafee isaaniin argatan sirnaan fayyadamaa jiraatan (Wake, 2019; Alamaayyoo, 2016: 65). Oromoon qabeenya uumamaa qabutti sirnaan akka fayyadamaa jiraate ibsa. Bakki kun daggalaa *mimmiidhagoon* kan dhuunfatame waan ta'eef, *Dabbassoo* jedhamee waamama. Dabbassoon bakka giddugalli kun itti argamuufi *araddaa Tuulamaa* ta'uutu ifa. Agarsiistuuwwan kunneen jireenya ganamaa Oromoon wal tumsuun dhihaatan.

Oromoon bakkeewwan ulfoo waliin itti waamamu qaba. *Malkaan* iddoo kunuunsa barbaaduufi woyyuudha. Malkaan Finfinnee kan waliinii haata'u malee, abbaa araddaa malkaa kanaatu dursee horicha saaqa. Fayyaa namaafi hormaataaf akka ta'uuf Waaqa tokkicha kadhatanii ulaa banu. Malkaan uumama lubbuu qabu hin qooddu; hunda tursuuf madda ishee hin qusattu. Kanaaf, safuu Waaqaa qabdi. "Eebbi malkaa irratti godhame ni horsiisa; abaarsi malkaa irratti godhame ni cubbisa." (BBAW, 2019: 339) jedhu. Umaafi dhalli namaa karaa iddoo ulfoo kanaa akka wal dhagahan ibsa. Eebbiifi abarsi dhaggeettii Waaqaa qaba. Eebbi nagaaf yoo raawwatamu, abaarsi badisaafidha. Kun safeeffannaa jiru hordofuun raawwata. Bakka jilaa makfame gabbifataa jiraachuu hawaasa kanaa mul'isa. Ijaaramaa jiraachuu bakkeewwan safuu qabani dhiheessa.

Malkaan kun iddoo lamatti qoodamee mul'ata. Qoodamni kun *Konfedereeshinii Oromoo Booranaafi Baarentuu* agarsiisa. Bal'inni isaa gara oliifi gadii walcaala. Teessumni lafaa ijoolleen Baarentuu irra qubatan hormaata namaaf mijataa waan hintaaneef baay'inni isaanii hamma warra gara kanaa hingahan jechuufidha. Harargee, Raayyaa, Walloofi Baleen hammi tokko amala gammoojjummaa waan qabaniif baay'inni akka akka kanneen biroo miti. Konfedereeshinii Booranaa yoo fudhanne immoo giddugaleessaafi gara Dhiha Oromiyaa, Boorana dabalatee bakka uummanni walitti siqee fi qubannaan isaa bal'ina qabu ta'uu agarsiisa. Akkaataan ijaarsaafi guddina

sabichaa maal akka fakkaatu ibsa. Kun, eenyummaa hawaasichaa kaleessaa yaadachiisuun kan har'aa ijaaraa jira.

Akkaataan ijaarsa hawaasa kanaa maal akka fakkaatu dhiheessa. Ka'umsi Oromoo tokko ta'uu isaa mul'isa. Kun ijaarsi eenyummaa hawaasichaa bu'uuraan akka wal fakkaatuufi har'as haala walsimuun ijaaramuu akka qabu agarsiisa. Oromoon konfedereeshinii Booranaafi Baarentuu jalatti buluu kan eegale jaarraa 12ffaafi 13ffaa yoo ta'u, gareewwan biroon hawaasa kana keessatti argamanis asuma jalatti hammatamaa turan (Mohammed, 1990: 4; Alamaayyoo, 2016: 42). Sirna waloo qabaachuu sabichaa ibsa. Tsiga (2012: 14) Sababa Konfedereeshiniin Oromoo uumameef yoo ibsu, "The situation was favorable for a rapid increase in both human and livestock populations. The resultant increase in population led to the emergence of different groups, including the two major Oromo moieties known as the Boorana and the Barentu." Jedha. Misuun hormaata namaafi beeladaa uumamuu konfedereeshiniif qabata. Konfedereeshiniin kun karaa nagaafi faayida qabeessa ta'e xiyyeeffachuun argame. Kun ijaarsa Oromoo tureefi har'aa walqabsiisuun haala boruu akka qajeelfatu fala. Kana malee, malkaan giddugala kun dhugaa kaleessaa dhiheessuun agarsiistuuwwan eenyummaa bakka kanaa dhiibame ijaaruu fi dabarsuuf dhimma. Ijaarsa eenyummaa kana waltaasisaa deema.

"Godambaan Giddugala Aadaa Oromoo hambaalee eenyummaa saba Oromoo calaqqisiisan, ..., aadaa, seenaa, qaroomina, falaasama fi dinagdee beeksisan jiru" (Afee 53, f. 246, Dabalee 3 A). Ragaan kun, hambaalee fi hubannoon keessoo hawaasaa walitti dhifeenya gama baay'ee akka qaban ibsa. Hambaan eenyummaa hawaasaa agarsiisuufi gabbisuu danda'a. Falaasamni aadaa meeshaalee keessaa eenyummaan sabichaa akkamitti ilaalamaa fi darbaa dhufe kaasa. Qaroomina jaarraaf isaa waliin ture dhiheessa. Godambaan beekumsa aslii hawaasa tokkoo dhiheessuun dhalootni har'aa eenyummaa isaa ganamaa akka hin daganneefi gabbifatu taasisa.

Dhoksaan beekumsa hawaasa tokkoo hambaalee keessa jira. Oromoon icciitii jireenyaa qabuufi addunyaa kana akkatti hubate oguma qabuun ibse. Beekumsi naatoo hawaasa kanaa agarsiisu giddugala keessatti hammatamee akka jiru mul'isa. Hambaan hawaasaa

godambaa keessatti walitti qabamuun dhihaatu, eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf akka oolu addeessa. Godambaa keessatti meeshalee argaman irratti hundaa’uun haala hawaasa tokkoo isaa darbeefi har’aa ilaalu dandeenya (Gerritsenfi Riello, 2014: 3) jedhu. Kun, ijaarsa eenyummaa hawaasaa har’aafis ta’e boruuf iddoo akka qabu addeessa.



Fakkii 17: Itillee

Ragaa 24ffaa

Itilleen gogaa loonii irraa qophaa’a. Jalqaba gogaa jiidhinsa qabu dhisuun erga gogsanii booda, laga buusuun torban tokkoof bishaan keessa tursu. Kun akka rifeensi duuba jiruufi wantootni itillee kana irratti qabatanii jiran irraa bahan taasisa. Ogeeyyiin kana hojjetan qottoo soofee kanaaf gargaartuun rifeensa kana akka ta’utti irraa luqqisu. *Qottoon soofee* gogaa kun golbina kan qabduufi akkaataa gogaa soofuuf mijattutti kan hojjetamtudha. Muka qabannaan isaa mijataa ta’eefi haala kanaaf mijatuun soofame itti tolchuun fayyadamu. Kanaan keessaafi duuba itillee kanaa soofanii bareechuun sukkuumanii laaffisu. Sukkuummaa kanaaf wanti caalatti mijataa taasisu dibata qobbooti. Itilleen kun erga soofamuun qulqullaa’ee booda, qobboo dibamuun guyyoota muraasaaf iddoo eeggannoo qabu ol kaahama. Guyyaan sun yeroo qaqqabu bakka sanaa fuudhuun caalchisanii sukkuumu. Qobboon akka inni itti fufinsaan laafina godhatu; fooliin gogaa kanaan wal qabatee jirus akka gadhiisuufi miidhagsuufillee mijatu godha. Erga haala kanaan sukkuumanii booda boca itti baasuun miidhagsu. Sararri itillee irratti bocamu kun gosa biyyee booralee yookiin diimillee fayyamuun raawwatama. Akkasumas, daraaraa mukkeenii fayyadamuunis ni miidhagsu. Daraaraan kunneen kan naannoo isaanitti argaman irraa ta’uu danda’a. Kun, akkaataa hawaasni kun jireenya isaa itti qabaataa tureefi jiru agarsiisa.

Itilleen wayita hojjetamu guyyoonni hedaman ni jiru. Akkaataa dhisaa isaa irraa kaasee guyyoonni eeggannoon ilaalaman ni jiru. Guyyaan Wiixataafi Kamisaa guyyoota dhisaafi lagaa baasuuf mijatudha. Guyyaa guutuu jedhamanii waan yaadamaniif. Guyyaan waan kana hojjetanii xumuran illee guyyootuma kanneen tokko yoo ta'e caalaa filatama. Itilleen iciitii dhala namaa wajjin waan qabuuf eeggannoon hojjetama. Ogeeyyiin waan kana hojjetanis hubannoo hawaasa isaanii kana qabu. Eeggannoo kana keessa darbuun itillee abbaa manaafi haadha manaaf akkasumas, maatii waan kana barbaadeef hojjetu. Hubannoo hawaasa isaanii giddugaleessa godhachuun ogummaa isaanii gara dinagdee barbaadaniitti jijjiirratu. Walta'insiifi eeggannoon hawaasa kana keessa ture maal akka fakkaatuufi ogummi isaa guddaa akka ta'e dhiheessa. Kun hubannoo hawaasa kana keessa turee dhiheessuun, eenyummaan isaa kaleessaa kan har'aan akka wal tumsaan ijaaaramaa deemu taasisa.

Icciitiin gaa'elaa kan eegalu itillee irratti. Haati manaafi abbaan manaa icciitii gaa'ela keessatti qaban kamiyyuu kan raawwatan itillee kana irrattidha. Ilmiifi intalli dhalachuun labata itti aanuuf kan qophaa'an asumarratti akka ta'e ni hubatama. Mariin jireenya keessatti murteessoo ta'aniifi nama kamiyyuu dhokfatan itillee kana irratti dubbatama; falas argata. Bakka gumgummii keessoo isaanii walitti himaniifi dhoksaa waliif qaban dhugaatti dubbatani. Dhoksaa keessoo namaa wajjin hidhata guddaa qaba jedhamee waan yaadamuuf giddugala kana keessatti dhihaate. Itilleen dhoksaa abboonniifi hawwan Oromoo durii kaasanii dubbataafi gumgumaa turan waliin hidhata qabaachuu dhiheessa. “Itilleen Oromoo biratti icciitii guddaa qaba. ..., icciitiin haadha manaafi abbaa manaa hedduun keessatti dhokatu” (Filee, 2021: 259) jedha. Eenyummaa hawaasa kanaa wajjiin hidhata akka qabu dhiheessa. Kanaaf, akkaataa eenyummaan hawaasa kanaa sadarkaa maatii irraa kaasee guddataa dhufee fi jiru hubachiisa. Maatiin Oromoo eenyummaa isaa ganamaa kana osoo hin gadhiisiin jabaatee waan har'aas ijaarrachaa deemuu akka qabu humneessa.

Gogaan gogee deebi'ee laafuun icciitii keessoo dhala namaan wal qabatu kun *sirna kaka* keessattis hojii irra ni oola. Dhala kan godhatanis ta'e dhaban itillee dhuma kana irra

ciisuunidha. Haati manaafi abbaan manaa jiidhanii dhala kan dabarfatan as keessatti yoo ta’u, maseenuun dhala kan dhabanis asuma irratti. Kanaaf, sirna kana keessatti iddoo guddaa qaba. Icciiitii waaqaatu itillee kanaan walqabatee jira jedhamee waan yaadamuuf namni ittiin kakachuu irra dhugaa jiru baasuu fedha. Akkaataa itti hojjetamu irraa kaasee eeggannoo yookiin safuu namni waaqaaf qabu kan hordofe waan ta’een safeeffatama. Ittiin kaksiiifama. Kun, kabaja hawaasichi icciiitii keessoo isaaf qabu dhiheessuun labanni itti aanu meeshaalee isaan falaasama keessoo isaa akka tikfatuufi itti fufsiisu taasisa.



Fakkii 18: Ukee Unataa

Ragaa 25ffaa

“Ukee unataa” kana hadhooftuurraa qopheessu. Buqqee hadhooftuu kanaaf mijattu barbaaduun erga qopheessanii booda, mataa isaa irraa muruun akka hadhaa’ummaa fixatuuf cumaa farsoo itti naqanii guyyoota muraasaaf bakka eeggannaa qabu kaa’u. Erga inni laafee hadha’ummaa isaa gadhiisee miicanii qixeessuun afaan isaarra migiraan yookiin gogaan jabeessanii hodhuun akka unaataaf mijattu taasisu. Kanas, foksanii qopheessuun iddoo mijataa ta’e kaa’u. Foksaan *ukee* unataa kun kan raawwatu erga mukkeen qoraasumaaf oolan kan akka waatoon bareechanii ulanii boodadha. Itti fufuun, sukaayee fayyadamanii keessoo isaa deddeebisaanii foksuun akkaataa itti aannan dhuguuf mijatutti qopheessu. Sukaayeen muka baala urgaa’u qabuufi wayita isaan qodaa foksameetti fayyadaman urgaa’insa keessoo namaaf mijatu uumudha. *Ukee unataa* haala kanaan qophaa’u kun ulfina abbaa manaa wajjin hidhata qaba. Jaalalaafi kabaja isaan waliif qaban akka dabalaa deemu taasisa. Maatiin akkaataa itti jiraatuufi jiruufi jireenya isaa tikfatu akka qabu ibsa. Kabaja maatiin walii isaa qabu agarsiisuuf godambaa giddugala kana keessatti dhihaate. Waan maatii isheef malu haati Oromoo tokko akkamitti akka qopheeffattu kaasa. Ijaarsaafi safeeffannaa maatii gidduu jiru ifa taasisa.

Maatiin Oromoo har'aas akkuma abboota isaanii eenyummaa ofii isaanii turfachuuf jabaatanii hojjechuu akka qaban ibsa.

“Abbaan warraa ukee unataa kanaan aannan dhuga. Aannan kanas akkuma sa'a keessa elmaniin ukee kanatti naqanii abbaa manaaf kennu” (Afee 54, Dabalee 8 jala, f. 290). Haati warraa aannan sa'a elmituu kana dheedhii dhuma isaa abbaa warraa isheef yoo laattu, innis isuma akka dhugu mul'isa. Fayyadamni soorata isaanii makaa akka hin qabneefi qulqullummaan hojjechuu harmee Oromoo mul'isa. Kanas, jaliitii siiphoorraa hojjetame qopheessuun abbaa manaaf irra kaa'u. As keessatti *jaliitiin* baattuu wullee, waancaafi *ukee* unataa abbaa warraati. Kun, ulfina abbaa manaa agarsiisuuf kan raawwatomudha. Mana tokko keessatti barbaachisummaan isaa hammam akka murteessaa ta'e ibsa. Akkaataa hawaasni jiruufi jireenya isaa itti geggeeffatuufi ilaalu sirna akka qabu mul'isa. Kana hordofuun Oromoo kabaja maatii isaaf qabu caalaatti akka guddifatuuf agarsiistuu gaarii ta'uutu mul'ate.

“Abbaa manaafi ukee unataa” jireenya maatii tokko keessatti meeshaaleen mana keessaa akkamitti akka ilaalaman agarsiisa. Abbaan manaa meeshaa kabajaan itti fayyadamu akka qabuufi meeshaan kun isa waliin hidhata guddaa akka qabu ibsa. *Ukee unataa* jaliitii irra jiru gaafa argitu abbaan warraa manicha keessa akka jiruufi ulfina barbaachisu akka qabutu hubatama. Meeshaaleen Oromoo hariiroo maatii keessaafi hawaasa keessa jiru dhiheessuuf humna akka qaban ibsa. Akkaataa ijaarsa maatii har'a addunyaa kana rakkisaa jiruufi eenyummaa hawaasa tokkoo maksuu danda'a jedhamee sodaatamu sirneessuuf humna akka qabu agarsiisa. Oromoon ulfina ittiin eenyummaa isaa tikfatu akka qabus ni kaasa. Kun, eenyummaan hawaasichaa sirnaan ijaaramaa akka deemuuf hinkoo guddaa akka qabus mul'isee jira.

Giddugala kana keessatti meeshaaleen dhihaatan hubannoo waliin jireenyaa hawaasichaa uumuun eegeree isaa ijaaruu akka danda'antu hubatama. Ukeen unataa kun nama aannan kana dhuguuf gammachuu uumuu qofa osoo hintaane, kabajaafi jaallatamummaa haadha manaa akka dabu ni hubachiisa. Akkaataa Oromoo itti of ilaaluufi addunyaa keessa jiru

hubata dhiheessa. Waliin jireenyi sabichaa maal akka fakkaataa tureefi jiru ifa godha. Hambaaleen jiran humna hawaasa kanaati. Oromoo beeksisuun gareen hawaasa kana hin hubanne akka caalaatti hubaatu taasisu danda'uu isaanii ibsa. Kun akka biyyaattis ta'es addunyaatti hiika jireenyaaf sabichi qabu mul'isa.

6.1.5. Tarsiimoo Ilaalcha Jiruun 'Perspectivation'

Hawaasni tokko akkaataa itti of ilaaluufi dhugaa naannoo isaa hubatu qaba. Tarsiimoon kun agarsiisa eenyummaafi seeneffama hawaasa tokkoof ilaalcha jiru sadarkeessuuf gargaara (Wodak et al., 2009) jedhu. Haala hawaasa tokkoo keessatti eenyummaan garee tokkoo gita barbaachisu akkaataa agarchuu danda'uun dhiheessuuf tarsiimoo tumsu akka ta'e ibsa. Afeewwannifi mallattooleen giddugala kana keessatti dhihaatan ilaalcha eenyummaa hawaasichaa irra jiru maksuufi gita isaaf malu akka argatuuf akkamitti agarsiisa isaaf akka tumsan xiinxaluuf tarsiimoo filatamedha. Magaala Finfinnee keessatti mul'achuun giddugala kanaa eenyummaan Oromoo sadarkaa isaaf malu akka argatuufi seeneffamni duubatti hafaan akka qajeelfamu taasisuuf humna qaba. Kanas, karaa tarsiimoo kanaan giddugala kana keessatti dhihaachuun isaa ni mul'ata.

AG: Magaalaa Finfinnee kana keessatti namni tokko uffata aadaa Oromoo uffatee yoo deemu namni baay'een ni mil'ata. Hiika guddaa godhata. Giddugalli kun eenyummaa hawaasa kana olkaasee dhiheessuuf humna guddaa qaba. Akkuma mana Oromoo geengoodha (Afee 55, Dabalee 8 jala, f. 289).

Magaalaan Finfinnee keessatti ilaalchi agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo irra jiru haala kanneen biroon akka humneeffamee hin jirre agarsiisa. Wantootni eenyummaa hawaasichaan walitti dhufeenya qaban garee biroo biratti fudhatama akka hin qabneefi ilaalchi madaalawaan dhibuu dhiheessa. Ilaalcha kana maksuun eenyummaan Oromoo iddoo isaaf malu akka argatuuf giddugalli kun seeneffama gaarii qabatee dhufuu isaa ibsa. Aadaafi eenyummaan sabichaa hammam akka gahu kaasa. Sirnaafi afaan qeenxee

biyyi kun leellistu morma. Afaan, aadaa, eenyummaafi seenaan hedduun akka biyya kanaaf barbaachisu mul'isa. Sabni kun seeneffamaafi eenyummaa qabuun bahee akka mul'atuufi sadarkaa malu argatu taasisa.

“Magaalaa Finfinneefi uffata aadaa Oromoo” Finfinneen magaalaa yeroo dheeraaf eenyummaan hawaasa kanaa keessa dhiibame waan ta'eef, agarsiistuuwwaan eenyummaa hawaasichaa wayita keessatti mul'atan gareen hin barbaanne akka jiran ibsa. Magaalaan Oromoo kun yeroo dheeraaf humna gita bittootaa jala waan turteef akkaataa ilaalchaafi eenyummaa gareen kun barbaaduun guddachaafi qajeelfamaa jiraatte. Uffanni aadaa Oromoo giddugala keessatti dhihaate akka agarsiistuu eenyummaatti mul'ate. Dhiibbaa agarsiistuuwwan eenyummaarra ture dhiheessa. Kun, ilaalcha olaantummaafi gadaantummaa eenyummaa falmuun qajeelcha. Walgitinsi agarsiistuuwwan eenyummaa akka dhufuuf tumsa godha. Walqixxummaan ilaalchaa gama uffannaa aadaa Oromoon jiru akka gabbatu taasisa.

“Eenyummaa hawaasa kana olkaasee dhiheessuuf humna guddaa qaba.” Eenyummaan Oromoo sadarkaa isaaf malu magaalaa kana keessatti akka argatuuf Giddugalli Aadaa Oromoo iddoo murteessaa akka qabu agarsiisa. Agarsiistuuwwan eenyummaa jiran gita malu argachuun eenyummaa gamtokkee magaalaa kana keessatti guddate cinaa akka hiriiru taasisuuf humna akka qabus ifa taasisa. Ilaalcha gamtokkeen jiru kana mormuun gara ilaalcha wal taasisuutti akka biyyi kun dhufu dhiibba kan godhu ta'uusaatu mul'ata. Kanaaf, giddugalli kun eenyummaa Oromoo irratti ilaalcha wayyoomaa akka fidu danda'u agarsiisa.

“Akkuma mana Oromoo geengoodha.” Dubbiin haalaa kun giddugala kana mana Oromoon bakka buusee ibsa. Manni Oromoo bifa geengoo akkuma qabu, giddugalli kunis akkaataa kanaan ijaaramee jira. Balballi guddaan galmichaa gara Bahaatti galagala. Galmi kun geengoo ta'ee utubaan gidduu dhaabbachuun isaa keessoo hawaasichaa mul'isa. Balballi gara *Bahaatti* galagaluun ifa; abdii, ganama ta'uu mul'isa. Boroon isaa immoo gara Lixaatti. Kallattiin Lixaa yeroo baay'ee galgala akkasumas, hangafuummaa

ibsa. Kana malees, geengoo ta'uun isaa Gadaa ibsa. Marsaa Gadaan wal simuu isaa mul'isa. Kun, eenyummaa hawaasichaa calaqqisiisuun ilaalchi eenyummaa madaalawaan akka dhalatu dhiibbaa taasisa.

Ragaan olitti dhihaate kun, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo giddugala biyya kanaatti iddoo akka argatu gochuudha. Agarsiistuuwwan sabichaafi gareen olaantummaa eenyummaa isaanii barbaadan gidduu dhiibbaan ilaalchaa jiraachuu ibsa. Namni waan ofii isaatti akka saalfatu taasisa. Kun, walqixxummaa dhabinsa eenyummaa hawaasaa dhiheessa. Qorataafi barreessaan Asafa (2007:13) yoo ibsu, biyya Itoophiyaa keessatti wantootni eenyummaa Oromoofi saboota biroon wal qabatan gita bittootaan tuffatamaa ture jedha. Olaantummaan eenyummaa akka ture ibsa. Agarsiistuuwwan hundagaleessa ta'an akka mul'ataniif falma. Walcaalmaa jiru falmuun ilaalchi walqixxummaa eenyummaa hawaasaa akka dhufuuf gahee qabaachuu addeessa.

Hundaa walitti waamtee waliin mariisiftaa
Sabaaf sablammiidhaaf beekumsa kee hirtaa
Si keessattu argama seenaan sirna Gadaa
Jaarsaafi Gadamojjii agarsiiftuu lubaa
Dhaabbattee mul'attee, diina garaa gubdaa
(Afee 56, Dabalee 9 jala, f. 301)

Walaloo kun buufata tokkoofi toora shanirraa kan ijaarame yoo ta'u, jechoonni dhumaa akkaataa mana rukutaa uumuu danda'aniin mul'atanii jiru. Dhuma toora jalqabaafi lammaffaa irratti jechoonni 'mariisiftaa' fi 'hirtaa' jedhan birsaga /-taa/ jedhu mana rukutaa uumanii jiru. Kun amala walaloo tokko keessatti mul'achuu qabu agarsiisa. Dabalataan, toorri sadaffaafi shanaffaanis birsaga wal fakkaataa /-daa/ jedhuun xumuranii jiru. Toorri walaloo kanaa martuu sagalee dubbachiiftuu dheeraa '-aa' jedhuun dhumuun isaanii yeedaloo qabaachuu isaaf gumaacheera. Walalichi wal unannaa jechootaa uumuun ilaalcha biyya kana keessatti hunda giddugaleeffachuu dadhabe walsimsiisuuf dhimma.

Giddugalli Aadaa Oromoo ilaalcha waliinii hawaasa kanaa fiduuf akka dhaabbatee jiru agarsiisa. Toorri jalqabaa “Hundaa walitti waamtee waliin mariisiftaa” kan jedhu yaada Oromoo waltaasisu kaasa. Hawaasa kana osoo adda hin qoodiin kan walitti fidudha. Agarsiistuuwwan jiran waloomsa. Ilaalcha gamtokkee osoo hin leellisiin agarsiistuuwwan eenyummaa gamtoomsuu isaa mul’isa. Kana gamteessuun gahee nama maraati. Daangaafi ilaalcha jiru kan hin qoodnedha. Dabalataan, bakka wal argee hawaasaafi falaasamni jireenya isaa gurmaa’ee jiru ta’uu ifa godha. Kun, hawaasni dhimma waliinii irratti ilaalcha tokko akka qabaatu tumsa.

Sabaafi sablammiilee biyya kanaaf hubannoo waliin jireenyaa akka laatu ni ibsa. Oromoon dhala namaa kan hin qoodne, kabajuufi eenyummaa isaanii safeeffatu ta’uu addeessa. “Sabaafi sablammiidhaaf beekumsa kee hirtaa” Bakka argamsa isaa kanatti yaada daneessummaa calaqqisiisa. Agarsiistuuwwan ofiin beekumsa hawaasa keessa jiru hubachiisa. Akkaataa waliin jireenyaa hunda hammate, hirmaannaa jiraattonni biyyi tokko waliin qaban, ilaalchi gamtokkee akka hin barbaachsineefi waliin jiraachuun akka danda’amu ibsa. Ijaarsa eenyummaa hawaasichaaf karaa kan saaqu ta’uus ni mul’ata.

Ragaan olitti dhihaate kun, mormiifi ilaalcha hamaa eenyummaa Oromoo irra ture maksuun hubannaa haaraa uumuuf akka gargaaru dhiheessa. Kanneen eenyummaa Oromoo akka gadi aanaatti hubatan qajeelcha. “Diina garaa gubdaa” gaaleen gochimaa kun dhuma toora shanaffaa walaloo kanaarratti dhihaate. Giddugalli Aadaa Oromoo eenyummaa mulqame kan deebisuufi olaantummaa jiru kan falmu ta’uu ibsa. Haala hawaasni kun eenyummaa isaa ittiin ilaaluun addatti ilaalcha biroon akka jiru addeessa. “*Diina*” nyaapha, faallaa tokkummaafi firaa, garee waan ofii leellisuun kan biroo quucarsu ifoomsa. Eenyummaa hawaasaa xiqqeessuun akka hafuufi walqixxummaan hunda galeessa fiduuf dhiibbaa gochuu isaa agarsiisa. Magaala Finfinnee keessatti agarsiistuuwwaa eenyummaa Oromoo gabbisuun fudhatamummaa gama kanaan jiru cimsa. Olaantummaafi gadi aantummaa mul’ataa ture hambisuun sadarkaa ilaalchaa hawaasni kun ofiifi ormi isaaf qabu sirneessa.



Fakkii 19: Masiinqoo

Ragaa 26ffaa

“Masiinqoo” meeshaa muuziqaa hawaasa kana keessatti yeroo dheeraaf fayyadamaa tureefi ergaa keessoo ofii ittiin dabarfatanidha. Masiinqoon akkaataa itti qophaa’uufi hojii irra oolu qaba. Mukni dhaabbiifi dagaleen mataa isaa harooressa irraa qophaa’a. Kan mataa irratti dalga galu mismaaraan hin rukutamu. Muka qabannaa masiinqoo sanaa qirixaa fayyadamuun sirreessanii uruun keessa loofama. Isa keessa naanneessuun ciraa fardaa foo’ame dibbee isaa irraa hamma olittii hidhuun sirneessu. Too’annoo sagalee keenyaaf iddoo guddaa qaba. Qajeelchituu sagaleen walsima. Qajeelchituun kun mukkeen akka garbiifi waddeessaarraa bifa rektaangiliin hojjetama. Kunis, qabannaa giddugaleessa isaa jiru irratti akkaataa barbaachisuun mukkeen kanneen soofuun irratti rukutu; ribuu jabina qabuun wal qabsiifamu. Muka bifa rektaangiliin utubaa isaa irratti rukutame kanatti naanneessuun gogaa rukutu. Gogaan filatamaan kan kurupheeti. Sagalee gaarii ta’e waan argamsiisuuf filatama. Kanas, haala barbaachisuun dhisanii bifa rektaangiliin qophaa’e kana haguugu. Bakka barbaachisetti gogaa kana qallisani muruun jabeessanii wal qabsiisu. Ribuu fayyadamuunis ni hodhama. Dibbee hojjetame kana irra utubduu masiinqoo dhaabuun akka sagalee laatu taasisma. Utubduun ciraa fardaa qabdee dhaabuun sagaleen akka qindatu taasisti. Sagalee barbaadamu mijeessuu keessatti gahee qabdi. Giddugala kana keessatti aadaan meeshaalee kun akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaati dhihaachuun falaasama ture dhiheessu. Ammayyummaa hawaasa kana keessa tureefi jiru ni agarsiisu.

“Masiinqoon Oromoo biratti beekamaafi jaallatamaadha. Yeroo cidhaa, ayyaanaa, gammachuu kan ittiin bohaaraniidha. Sagalee hawwataa qaba. Sagalee isaa mijeessuu

keessatti utubduufi ixaanni iddoo qabu” (Afee 57, Dabalee 8 jala, f. 296). Kun Oromoon jiruufi jireenya isaa kaleessaafi har’aa himachuuf masiinqoo fayyadamaa akka turetu mul’ata. “Oromoo biratti beekamaafi jaallatamaa” ciroon kun hawaasichi durii kaasee akka itti gargaaramaa ture ibsa. ‘Beekamaa’ hawaasa bal’aa biratti fudhatamummaa kan qabu. Meeshaa ilaalcha keessoo hawaasaa ittiin dhiheessanidha. Sagalee miira namaa qirqiruun dhugaa tureefi jiru nama yaadachiisa. Naatoo hawaasaa tuquun ittiin akka mararfatamu ibsa. Dabalataan, masiinqoon ilaalcha gaarii har’aafi boruuf qaban, dhibbaa nama mudateefi fala laatame ni himama. Kun beekamtummaa isaa dabala. Namni masiinqoo ximbiriirsu jabaan akkamitti akka kufee ka’uufi fakkeenya hawaasa tokkoof ta’u ittiin waan dhiheessuuf jaallatama. Gita hawaasichi itti of ilaalu kan ittiin himamuuf akka ta’e agarsiisa. Yaadni kun, mallattooleen giddugala kana keessa jiran ilaalcha Oromoon ofiifi naannoo keessa jiraatuuf qabu kan ittiin dhiheessan ta’uu ibsa.

Yoomessa masiinqoon keessatti ximbiriirsamus mul’atee jira. Meeshaa muuziqaa kana namni rukutu seenessaafi hubannoo hawaasa keessa jiru kan qabudha. Sirnoota hawaasa keessa jiran hordofee akka rukutamus ni kaasa. ‘Yeroo cidhaafi ayyaanaa’ ogeessi meeshaa kana ximbiriirsu guyyaa cidhaa maatiifi missirroo ittiin leellisuun gammachiisa. Ayyaanota jiran iraattis akkasuma ni rukutama. Ayyaanota jiraniin yaadota wal siman kaasuun akka hawaasni waan sana fageessee hubatuu taasisa. Ergaa haala sanaan walsimu dhiheessa. Hawaasni haala keessa jiru adda baasee akka ilaalu godha. Eenyummaa isaanii yaadachiisuun ilaalchi gaariin akka lalisiisu taasisuu isaati.

Sagaleen masiinqoo muuziqaa ammayyaa keessattis ta’e kan aadaa hawaasaa keessatti sirnaan qindaahuu qaba. Sagalee kana mijeessuuf, ‘utubduufi ixaanni’ iddoo akka qabantu dhihaatee jira. Utubduun dibbee masiinqoo irra bakka qaawwi jiru walakkaa dhaabbachuun dhageettii sagalee jiruu olkaasuufi mijeessuuf tumsiti. Humna rukutta jiruu eeguun muka golboo dhooftuu masiinqoof haala mijeessiti. Ixaanni sagalee masiinqoo sirreessuufi rukuttaan akka hin mucucaanne godha. Deemsa rukutta jiruu eega. Ciraan fardaa muka golboo dhooftuu irra jiruufi muka qabannaa masiinqoo irraa akka adda hin faacane taasisa. Kana malee, ixaanni ayyaantummaan kan ittiin ilaalamuufi

wayita bunni danfu kan itti fayyadamanidha. Foolii dhala namaaf mijatu qaba. Bakka kabaja qabutti fayyadamu. Hariiroo dhala namaafi uumaa waareessa. Hubannoo keessoo hawaasaa mul'isuu isaatu hubatama.

Masiinqoon meeshaa muuziqaa ammayyummaa har'aa keessattis iddoo qabuufi hawaasa kana keessatti hojii irra oolaa tureefi jiru ta'uu agarsiisa. Hubannoo keessoo hawaasaa jiru ittiin dhiheessuuf akka gargaarus kaaseera. Qorattoonniifi barreessitoonni akka Gerritsenfi Riello (2014: 4) yoo ibsan, meeshaaleen aadaa akkaataa guddina hawaasa tokkoo isa har'aafi kaleessaa dhiheessuuf murteessoodha jedhu. Meeshaa kanaan eenyummaa jiru ittiin dhiheessuufi ilaalcha gadi aantummaa maksuun akka danda'amutu mul'ate.

6.1.6. Agarsiisuu/Mul'isuu 'Demonstrating/Vidualization'

Tarsiimoon kun agarsiistuuwwan eenyummaa giddugala keessatti dhihaatan haala kamiin akka eenyummaa hawaasaa agarsiisan mul'isa. Eenyummaa hawaasaa hachuucame, sarbameefi walqixxummaa dhabaa jiraate akkamitti akka mul'isu ibsa. Dhalli namaa addunyaa keessa jiru tarsiimoo ittiin agarsiifatu qaba. Afeewwaniifi mallattooleen sammuu nama keessatti mul'achuun qabatama bakka bu'an dhiheessu. Dhugaa keessoo hawaasaa bakka bu'uun agarsiisa (Mammadov, 2018: 7; Nilgun, Buket, Mufit and Sumeyra, 2009: 902) jedha. Ragaa itti aanu kana ilaali.

SD: Giddugalli kun ilaalcha Oromoo keessa jiru agarsiisa. Magaala araddaa Oromootaarratti ijaaramte kana keessatti eenyummaa keenyatu mul'ate. Eenyummaa Oromoo karaa hin barbaachisne dhokateefi seeneffame falmuun qajeelchuuf dhaabbate. Finfinnee keessatti dhaloonni guddatan waan Oromoo hubachuurratti ni danqamu (Afee, 58, Dabalee 9 jala, f. 301).

Giddugalli aadaa Oromoo huabnnoo keessa hawaasichaa tureefi jiru dhiheessa. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo akkamitti akka hawaasni kun ofiifi naannoo isaa

akka hubatu agarsiisu. Giddugalli yaadama kana dhiheessa. ‘Ilaalcha Oromoo’ kun hubannoo yaada qalbii namaan walqabata. Oromoo karaa agarsiistuuwwan eenyummaa isaa akkatti of ilaalu, addunyaa biroo hubatuufi hubannaa gareen biroo isaaf qabu ilaalu qaba. Yaada kana ibsu, eenyummaan Oromoo duudhaa Oromoo, dammaqinsa yaadaa Oromoofi muuxannoo hawaasaa irraa ijaaramaa deema (Gemetchu, 1996: 97) jedha. Eenyummaan Oromoo hubannoofi muuxannoo keessoo hawaasaan akka walsimu agarsiisa. Giddugalli kun ofii dhumti isaa agarsiistuu eenyummaa hawaasaa ta’ee akka dhihaate ibsa.

Giddugalli Aadaa Oromoofi araddaan inni irratti dhaabbate walii wajjin deemu. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo magaalaa kana keessatti nyaatameefi haguugametu jira kan jedhu agarsiisa. Eenyummaa dhiibame falma; bakkatti deebisuuf mul’istuuwwan hawaasichaa beeksisa. Bakki kun eenyummaa hawaaasa biroon kan dhaalamee turedha. Agarsiistuuwwan eenyummaa waggoota dheeraaf magaalaa kana keessatti guddachaafi agarsiifamaa turan waan Oromoo ofkeessatti hin hammanne. Giddugalli kun magaalaa kana keessatti akka agarsiistuu eenyummaatti fudhatamuu isaa ibsa.

Dhaloota eenyummaa isaa dagate akka of mil’atu kan taasisu ta’uu ni kaasa. Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasa tokkoo ilaalcha hawaasni sun addunyaa keessa jiruuf qabu ni mul’isu. Hubannoo eenyummaa ofii horachuun akka gara waan ofii isaaniitti deebi’an godha. Yaada kana kan ibsu, biyya Itoophiyaa keessatti afaan namni dubbatuun ati Oromoodha yookiin Amaara jedhamaa ture. Kanaan Oromoon baay’ee Amaara ta’ee fudhatame (Baxter, 1978: 288). Agarsiistuuwwan eenyummaa isaa dagachuu hawaasa kanaa dhiheessa. Giddugalli Aadaa Oromoo akka agarsiituu eenyummaatti dhihaachuun akka hawaasni kun eenyummaa isaan of mul’isu taasisa.

GAO mullistuu aadaa koo yaa bakka beekumsaa
Si keessatti argamu seenaan dooriif kuusaa
Hundumaa nuuf laattee maal nutti waakkattee

Weellisaanis weelluun seenaa kee seenessaa
GAO yaa madda beekumsaa
(Afee, 59, Dabale 9 jala, f. 301)

Ragaan kun sarara ja'aafi dhuka tokkoon dhihaate. Buufanni ragaa kanaa waan tokko irratti xiyyeeffachuun mul'ate. GAO'n beekumsa natoo hawaasaa ibsu guduunfachuun dhaabbatee akka jiru mul'isa. Hawaasa kana bakka bu'uun hubannoo keessoo isaa gama agarsiistuuwwan eenyummaan jiraniin mul'isuu akka danda'u addeessa. Aadaafi seenaan hawaasaa kan ittiin mul'atu akka ta'e agarsiisa.

Magaala kana keessatti bakka aadaafi eenyummaan Oromoo itti mul'atu ta'ee tajaajila. Giddugala kana keessatti eenyummaan Oromoo karaa Gadaa mul'atee jira. Kana ilaaluun Oromoon eenyu akka ta'eefi addunyaa keessa jiru akkamitti akka ilaalu hubachuu nidandeessa. Wiirtuu Oromootaa ta'uun akka faarfamu ibsa. Falaasama Oromootaa bakka adda addaa jiran hammatee jiraachuu dhiheessa. GAO'n eenyummaan Oromoo aadaan, seenaafi sirna isaan akka agarsiifamuu danda'u mul'iseera.

'Seenaa kee seenessa' giddugalli kun haala Oromoo kaleessaafi har'aa gidduu dhaabbachuun Oromoo akka agarsiisu mul'isa. Dhiibbaafi ukkaamfama agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa keessa darbuun dhufaniin walsimsiisuun seeneffama isaa kaasuun akka danda'amudha. Dhimmi ittiin seeneffamu qabaachuu isaati. Yaanni dhihaate kun, Giddugalli Aadaa Oromoo akka agarsiistuu eenyummaa Oromootti mul'achuu ibsa.

6.2. Walitti Dhufeenya Afeewwaniifi Mallattooleen Aangoofi Illaanyaa Waliin Qaban

Afeewwaniifi mallattooleen hawaasa tokko keessatti mul'atan irraa jalummaa, walqixummaa dhabinsaafi olaantummaa jiru ni agarsiisu. Xiinxala afeewwaniin illaanyiifi aangoon hawaasa bal'aa keessatti bifa kamiin akka mul'atuufi gochaalee jiran hubachuun ni danda'ama (Fairclough, 2003) jedha. Namni mallattoolee bocuun itti

fayyadama. Bocawwan kanneeniin yaada, gochaalee, hariiroo, walitti dhufeenyaafi siyaasa isaa ibsata (Cassirer, 2012; Geertz, 1973; Blumer, 1986) jedhu. Mallattoon walitti dhufeenyaafi irraa jalummaa hawaasa keessa jiru ni agarsiisa (Nilgun, Buket, Mufit and Sumeyra, 2009: 902) jedhu. Yaadni kun afeewwaniifi bocawwan hawaasni tokko ittiin of agarsiisuun irraa jalummaa hawaasni tokko qabuufi olaantummaa aangoo tureefi jiru mul'isuu akka danda'u dhihaateera.

Xiinxalli afeewwaniifi mallattoolee tarsiimolee waallawaa adda bahan jalatti geggeessame hariiroo aangoofi illaanya waliin jiru mul'isaniiru. Tarsiimolee eenyummaa agarsiisuufi dabarsuuf dhimma bahaman jalatti xiinxala raawwateen olaantummaafi gadi aantummaan eenyummaa turuu mul'ateera. Giddugala Aadaa Oromoo akka *biiftuun bariitti* fudhachuun walqixxummaa dhabinsaafi hakuuccaa ture dhiheesse. Hakuuccaa eenyummaafi fedhii birmadummaatu mul'ata. Garee dhiibame, eenyummaan isaa haguugameefi kan olaantummaa qaban gidduutti dhalate. Illaanya jiru sirneessuun dukkana booda dhufuu agarsiisa. Afeewwaniifi mallattoolee hawaasa keessatti mul'ataniin gochaaleen raawwataman ni mul'ifamu. Hariiroon isaan aangoofi illaanya waliin qaban ni xiinxalama. Dhiibbaa jiru, irraa jalummaa, walqixummaa dhabinsaafi olaantummaa mul'atu ittiin ni dhiheeffama (Bloomart, 2005). Afeewwaniifi mallattooleen dhugaa keessoo hawaasaa kan kaleessaafi har'aa dhiheessuun dhiibbaa ture ni mul'isu (Kress fi Van Leeuwen, 2008; Fairclough, 2003).

Xiinxalli tarsiimoo waallawaa walqabatee dhihaate olaantummaan agarsiistuuwwaan eenyummaa biyya Ithoophiyaa keessa akka jiru mul'ise. '*Aadaa dhiite; afaan isaa balleesse*' ragaan kun walqixxummaa dhabinsa ture ibsa. Afaaniifi aadaan hawaasaa garee olaantummaa qabuun akka sarbamaa ture dhiheessa. Illaanyi garee olaantumma qabanii tuffii eenyummaa hawaasaati. Eenyummaa dirqiin walfakkeessuufi agarsiistuuwwan isaa ukkaamsaa jiraatan (Mohammed, 1996; Asafa, 2012; Wandimmuu, 2023). Kun, tarsiimoo agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo boodatti hafaa taasisuufi fudhatama dhabsiisuun akka ta'e mul'isa. Giddugalli Aadaa Oromoo bakka

agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo irraa dhiibama kanatti mul'achuun olaantummaafi illaanya ture kana akka maksaa jirutu ifa.

Afeewwaniifi mallattooleen walitti dhufeenya aangoofi illaanyaa hawaasa tokko keessatti mul'atan ni mul'isu.

AG: Afaan Oromoo sirna gadaa keessatti humnoomee jira. Mallattooleen hawaasa kana keessaa isaan hiika argata. Abbaan Gadaa isaan eebbisa. Seerri tumamus afaaniin darba. Heeraafi seera gadaa eegdee kan ittiin biyya bulchitu afaanuma kana fayyadamteeti (Afee 60, Dabalee 8 jala, f. 298).

“Afaan Oromoo sirna gadaa keessatti” sirni walqixxummaa hawaasa kanaa eeguun jaarraa hedduuf beekumsa keessoo isaa turse Afaan Oromoon akka hojjechaa ture ibsa. Afaan aangoofi illaanyaa sirna Gadaa keessaa ittiin dhiheessuuf hinkoo akka qabu kaasa. Abbaan gadaa afaan fayyadamuun biyya eebbisa; eega. Adeemsi *eebbaa* nama hin qoodu hunda hammata. Walqixummaa sirnichi keessaa dhiheessuun, sarbama ture mormuu isaa ibsa. Afaan ofii fayyadamuun seerri gadaa akka hojiirra oolu dhiibbaa godha. Icciiitii sirna Gadaa keessa jiru barsiisa; mallattoolee bakka buusa. Mallattooleen sirna gadaan walqabachuun dhihaatan kamiyyuu afaaniin moggaasaafi hiika barbaachisu argatu. Abbaan Gadaa afaan fayyadamuun sirna kana hooggana; seera jiruun biyya bulcha. Kun, afaaniifi aangoon walitti dhufeenya akka qaban ni agarsiisa. Kan biroon, bocni Abbaa Gadaafi mallattooleen isaan walqabatani dhihaatan afeewwaniin hiika akka argatan mul'ateera. Afeewwaniifi mallattooleen Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argaman olaantummaa sirnoota darban keessatti mul'atan mormuun sirna ofii deeffachuun akka barbaachisu dhiheessu.

Afeewwan giddugala kana keessatti mallattoolee jiran bakka bu'anii dhihaatan afaan aangoo sirnoota darbaniin Magaalaa Finfinneerraa gara moggaatti dhiibame iddootti deebisuuf humna qabu. Afaan Oromoo aadaa, eenyummaafi akkaataa jiruufi jireenya sabichaa kan baatuufi ceesisudha. Kana qorataafi barreessaan Asafa (2014: 120) yoo

ibsu, “The Oromo language has been the main carrier of the essence and features of Oromo culture, tradition, and peoplehood. Since the Ethiopian colonizers had failed to destroy this language and replace it by that of their own” jedha. Afaan Oromoo fi Oromoo gidduu walitti dhufeenyi karaa hundaa kan jiruufi afaan kun garee siyaasaa biyya kanaan dhiibamaa akka ture ni agarsiisa. Giddugala kana keessatti dhiibbaa karaa aangoon afaanicharratti raawwataa ture iddootti deebisuufi afaan kanaan akka hawaasni kun ofiisaa agarsiisuu danda’u dhihaateera. Kana malee, sirna aftokkee biyya kana keessatti leellifamuufi yaada namaa qabatee jiru maksuufis hinkoo qaba. Kanas, Getachew (2019: 1) yoo ibsu, “Emperor Tewodros II (1855-1868) decided to use Amharic script for writing his royal chronicles giving Amharic a legitimacy. ... In 1955 the king instituted yet another imperial constitution. In its article 125 it stated that ‘Amharic is the official language of the Empire’” jedha. Afeewwan giddugala kana keessatti dhihaatan eenyummaa hawaasichaa agarsiisuun walqixxummaa deebisuufi olaantummaa afaaniin jiru maksuuf mul’atanii jiru.

MGX: *Alangaan seera mul’isti. Abbaan gadaa seeraan biyya geggeessa; warana hinqabatu. Alangaa qofaan biyya moo’a. Akkuma warri Kaabaa masqaliin walbulchu; Oromoonis halangaa xaaxessuun koottu dhufe jedhee seera tumee ittiin walbulcha* (Afee 61, Dabalee 10 jala, f. 303).

“Alangaa” meeshaan ulfoo kun gogaa roobirraa hojjetama. Roobiin bineensa bishaan keessa jiraatu gogaan isaa yabbuufi jabaa ta’edha. Alangaan Abbaa Gadaatiin ni qabata. Alangaa baallammii qabata. Baallaa lama kan qabu jechuudha. Aangoofi aboo mul’isti. Aangoofi aboon isaa olaantummaa sirna Gadaa keessa jiru hordofuu raawwatama. Oromoon seeraan bula; Abbaan Gadaas seeraan biyya bulcha. Mallattooleen abbaan gadaa qabatu aangoon walitti dhufeenya qabu. Aangoon olaantummaa garee tokkoo akkuma agarsiisu, wal qixxummaa hawaasa tokkoo hordofuunis nagaan hojii irra ni oola. Alangaan karaa nagaan biyya geggeessuu Abbaa Gadaa agarsiisti.

Jechi “alanga” jedhu kun sirni bulchiinsa Oromoo heeraafi seeraan kan utubame ta’uu mul’isa. Sirna seera qabuufi akkaataa seera hawaasichaan adeemsa bulchiinsaa raawwatu agarsiisa. Alangaan boca Abbaa Gadaa irraatti mul’atu sirni bulchiinsa Oromoo seeraan ta’uu isaaf agarsiistuu guddaadha. Kana malee, Abbaan gadaa waraanaan akka biyya hinbulchine ibsa. Kanaaf, alangaan agarsiistuu sirnaati. Oromoofi Oromiyaan nagaan akka bulaa turteefi seerri dhala namaaf iddoo kennu sirna isaa keessa akka jiru agarsiisa.

Alanga kun seeraan bulmaata Oromoo agarsiisti. Qe’ee Oromoo irra jiraattee seera gadaan jiraachuufi buluu akka qabdu ibsa. Giddugala kana keessatti sirni gadaafi aangoon isaan walqabatu bifa kamiin akka hojiitti hiikamu mul’ifamuu yaalameera. Akkaataan kun bocawwaniin kan agarsiifamedha. Isaan immoo afeewwan jirannin hiika argatanii jiru. Kun, walitti dhifeenyi isaanii akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti giddugala kana keessatti dhihaatanii jiraachuu addeessa. Illaanyi sirna gadaa ilaalchisuun biyya kana keessa ture akka jijjiiramu taasisuu keessatti humna akka qabus ni kaasa.

“Seeraan biyya geggeessa.” Abbaan Gadaa seeraaf kan bitameefi seera kan qixa barbaadamuun hojii irra kan oolchu ta’uu ibsa. Sirni kun seera bulmaataa akka qabuufi seerri kun biyya kan bitu ta’uu ni kaasa. Dabalataan, nagaan hawaasaa kan tiksamu seera sirna kana keessa jiruun akka ta’e ni dhiheessa. Kan biroon, raawwiin hojiifi aangoo sirna kana keessaa seeraan kan tikfamu ta’uusaas ni agarsiisa. Yaanni dhihaate kun, fayyadamni afeewwaniifi bocawwan sirna kanaan walqabatani mul’atan akkaataa aangoon gadaa keessatti ittiin mul’atuufi hojiirra oolu qabatamaa dhiheessa. Kun, illaanyaa hawaasni sirna isaa keessatti qabu addunyaaf ifa taasisuu isaanii ni dhiheessa. Akkasumas, akka agarsiistuu hawaasichaatti akka mul’atan isaan taasisa.

“Abbaan Gadaa waraana hinqabatu.” Abbaa Gadaa waraana qabatee biyya akka hinbulchine boca giddugala kana keessatti dhihaatteraa dubbatame. Sirni Oromoo kun nagaa qabeessaafi bulchiinsa mirga dhala namaaf iddoo guddaa kan qabu ta’uu ibsa. Dalataan, Oromoon hawaasa qaroomaafi sirna jaarraa kana keessa barbaadamuun walbulchaa akka tureefi itti jiru nimul’isa. Kana malee, dhala namaa humna

fayyadamanii ajjeesuufi doorsisuun akka hinbulchines nikaasa. Barreessaafi qorataan Asmarom (1973: 2) akka ibsutti, "Oromo have gone to ensure that power does not fall in the hand of war chiefs and despots. They achieve this goal by creating a system of checks and balances that is at least as complex as the systems we find in Western democracies." jedha. Kunis, sirna Gadaa keessa akkaataan bulchiinsaa nagaa qabu akka jiru mul'isa. Adeemsi too'annaa aangoo sirna Gadaa keessaa sirnaawaa ta'uu ibsa. Kanaaf, walitti dhufeenyi fayyadaamni afeewwaniifi mallattoolee giddugala keessatti argaman aangoo fi illaanyaa waliin qaban agarsiisa eenyummaa Oromoof kan oolan ta'uutu hubatama.

Ragaa dhihaate kanarraa kan hubatamu, mallattooleen sirna gadaan walqabachuun akka agarsiistuu eenyummaatti mul'atan aangoon sirna gadaa keessatti akkamitti akka ijaaramuufi cehu ibsanii jiru. Illaanyaa jirus ni agarsiisu. Mallattooleen abbaan gadaa qabatu aangoon walitti dhufeenya qabaachuutu ife. Akkuma warri kaabaa masqaliin walbulchu; Oromoonis alangaa fayyadamuun seera tumee ittiin walbulchu isaa mul'isa. Abbaan Gadaa seera sirni gadaa qabuun waan biyya bulchuuf alangaa qabata. Alangaa mallattoo nagaan biyya bulchuuti. Qorataafi barreessan Asmarom (1973: 68) yoo ibsu, bulchiinsa sirna gadaa keessatti aangoon seera-tumaa caffeerratti hundaa'uun kan madaaluufi sirratudha jedha. Sirni kun karaa dimokiraatawaa ta'een geggeeffamuusaa ibsa. Sirna nagaa alangaa mallattoo godhate jechuudha. Karaa biraan, hawaasni Kaaba biyya kanaa amantaa Ortodooksii akka mallattoo biyyaafi sirnaa godhatee fayyadamaa ture. Kana qorataan Bedassa (2016: 5) akka ibsutti, "The Abyssinian culture, mostly the Amhara values and Orthodox religion, clearly taken as a symbol that portrayed Ethiopia." jedha. Biyyi kun amantaa Ortodooksii akka mallattootti akka fayyadamaa turte ibsa. Dabalataan, Asafa and Harwood (2017: 281) akka ibsanitti, "Once the Abyssinians effectively colonized the Oromo with the help of European colonial powers, they started to propagate their ruling ideas and mythology in the discourse of Orthodox Christianity" jedhu. Kanaaf, alangaan mallattoo Sirna Gadaa Oromoo keessatti seeraan buluu sabichaa ibsuufi mallattoo bulchiinsaati. Oromoon mallattoo ittin sirnaafi eenyummaa isaa agarsiifatu akka qabu ibsa. Sirni warra Kaabaa mallattoo ittiin dhihaatuufi ilaalamu akkuma qabu Oromoonis kan ofiisaa qaba yaada jedhu dhiheessa. Akkasumas, sirna olaantummaa gamtokkoo kan mormuufi sirna nagaa kan leellisu akka ta'e ibsa.

Xiinxalli afeewwaniifi mallattoolee tarsiimolee waallawaa adda bahan jalatti geggeessame hariiroo aangoofi illaanya waliin jiru mul'isaniiru. Tarsiimolee eenyummaa agarsiisuufi dabarsuuf dhimma bahaman jalatti xiinxala raawwateen olaantummaafi gadi aantummaan eenyummaa turuu mul'ateera. Giddugala Aadaa Oromoo akka *biiftuun bariitti* fudhachuun walqixxummaa dhabinsaafi hacuuccaa ture dhiheesse. Hacuuccaa eenyummaafi fedhii birmadummaatu mul'ata. Garee dhiibame, eenyummaan isaa haguugameefi kan olaantummaa qaban gidduutti dhalate. Illaanya jiru sirneessuun dukkana booda dhufuu agarsiisa. Afeewwaniifi mallattoolee hawaasa keessatti mul'ataniin gochaaleen raawwataman ni mul'ifamu. Hariiroon isaan aangoofi illaanya waliin qaban ni xiinxalama. Dhiibbaa jiru, irraa jalummaa, walqixummaa dhabinsaafi olaantummaa mul'atu ittiin ni dhiheeffama (Bloomaert, 2005). Afeewwaniifi mallattooleen dhugaa keessoo hawaasaa kan kaleessaafi har'aa dhiheessuun dhiibbaa ture ni mul'isu (Kress fi Van Leeuwen, 2008; Fairclough, 2003).

Xiinxalli tarsiimoo waallawaa walqabatee dhihaate olaantummaan agarsiistuuwwaan eenyummaa biyya Ithoophiyaa keessa akka jiru mul'ise. '*Aadaa dhiite; afaan isaa balleesse*' ragaan kun walqixxummaa dhabinsa ture ibsa. Afaaniifi aadaan hawaasaa garee olaantummaa qabuun akka sarbamaa ture dhiheessa. Illaanyi garee olaantumma qabanii tuffii eenyummaa hawaasaati. Eenyummaa dirqiin walfakkeessuufi agarsiistuuwwan isaa ukkaamsaa jiraatan (Mohammed, 1996; Asafa, 2012; Wandimmuu, 2023). Kun, tarsiimoo agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo boodatti hafaa taasisuufi fudhatama dhabsiisuun akka ta'e mul'isa. Giddugalli Aadaa Oromoo bakka agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo irraa dhiibama kanatti mul'achuun olaantummaafi illaanya ture kana akka maksaa jirutu ifa.

Tarsiimoon waallawaa eenyummaa Oromoo agarsiisuuf giddugala keessatti dhimma itti bahame olaantummaa ture kana maksuuf dhihaatan. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo fudhatamummaa akka argatan dhiibaa godhu. Kana mul'isuuf, '*Giddugala Aadaa Oromoofi biiftuu barii*', '*wareegamaafi eenyummaa*', '*malkaafi Finfinnee*', '*uffata aadaa Oromoofi Finfinnee*', '*sirna Gadaafi mallattoolee Oromoo*', '*fardaafi falmii daangaa*', '*agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoofi sirna gita bittootan*' kan jedhan walcaalmaa jiru iddootti deebisuuf kan dhihaatanidha.

BOQONNAA TORBA

CUUNFAA, ARGANOOFI YABOO QORANNICHAA

7. Seensa

As jalattii qabiiyyeewwan xiyyeeffataman: cuunfaa qorannichaa, argannoo isaafi yaboodha. Isaanis, walduraa duubaan akka armaan gadiitti dhihaatanii jiru.

7.1. Cuunfaa Qorannichaa

Qorannoon kana keessatti fayyadama afeewwaniifi mallattoolee Giddagala Aadaa Oromoo keessatti eenyummaa agarsiisantu xiinxalame. Qorannichi kaayyoowwan xiyyeeffatee geggeeffame qaba. Kaayyoowwan kunneenis: fayyadama afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadichaa akkamitti akka eenyummaa agarsiisan, hiika isaanii, tarsiimolee waallawaa eenyummaa agarsiisuuf fayyadamamaniifi walitti dhufeenya isaan illaanyaafi aangoo waliin qabantu xiyyeeffatame. Kaayyoowwan kana galmaan gahuuf mala akkamtaatu hojii irra oole. Haala kana bu’uura godhachuun beedduubni qorannich ittiin geggeeffame beedduuba ijaarsaa ‘Constructivist paradigms’ti. Beedduubni kun dhugaan garaagara ta’uufi kan hawaasni tokko haala isaa keessatti gabbifatu ta’uu mul’isa. Kun xiinxalli raawwatame haala keesoo hawaasaa kaleessaa kan har’aan walqabsiisuun akka raawwatamu tumse. Dabalataan, Giddugalli Aadaa Oromoo Magaalaa Finfinnee bakka agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo irraa dhibameetti dhaabbate. Ragaalee bakka xiyyeeffatame kana irraa argame, kaayyoowwan xiyyeeffatamaniin walsimsiisuun dhugaa jiru kana mul’isuu danda’ee jira. Dabalataan, Yaaxxinoonni qorannoo kana keessatti hojii irra oolfaman jiru. Qorannicha keessatti kaayyoowwan, malaafi ragaalee jiran bu’uura godhachuun yaaxxinoonni xiyyeeffataman: yaaxxina eenyummaa hawaasaa, yaaxxina faayidaa sirnaawaafi yaaxxina mallattooti.

Yaaxxinoonni kunneen ragaaleen dhihaatan haala kaayyoowwan jiraniin walsimuun qabatama keessatti dhihaataniin akka agarsiifamaniif kan xurree ta'anidha.

Qorannoo kana keessatti malleen akkamtaa keessaa mala akkayyoofi darbaa dabarsaatu fudhatame. Malleen funaansa ragaalees bu'uurama kanaan fuulleffataman. Malleen kunneen daawwannaa, afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi sakatta'a dookumantiiti. Ragaaleen malleen kanaan funaanaman boqonnaa adda addaa jalatti qoodamuun xiinxalamanii dhihaatan. Ragaaleen jiran haala kaayyoo qorannichaan qindeeffamuun boqonnaa araffaa, shanaffaafi ja'affaa jalatti mala saxaxa ibsaa kan hordofu xiinxala waallee liixxaatiin ibsamani jiru. Argannoon qorannichaas adda bahuun dhihaateera.

7.2. Argannoo Qorannichaa

Argannoowwan qorannichaa kaayyoowwan xiyyeeffataman duukaa bu'uun dhihaatani jiru. Agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti bifa garaagaraan mul'atani jiru. Eenyummaan Oromoo giddugala kana keessatti fayyadama afeewwaniifi mallattoolee agarsiifamaniiru. Afeewwan xiinxalamanii dhihaatan akkamitti akka hawaasni kun ofiifi sirna isaa ilaalu, hubannoo keessoo isaa dhiheessuufi addunyaa itti hubatu agarsiisaniiru. Oromoon sirna Gadaan ofbulchuun jireenya waloo eeggata, araddaa Finfinnee kana agarsiisa, hawaasa addunyaa waliin jiraata kan jedhu dhiheessa. Afaan ofiin falaasamaafi dhugaa keessoo isaa hubachiisa. Meeshaalee aadaa qabuun hubannoo ofiifi addunyaa kanaaf qabutu agarsiifame. Dabalataan, bocawwan *Abbaa Gadaafi Haadha Jilaan*, bifa *gurmuu waraana Oromoon* dhihaatan sirni Gadaa eenyummaa hawaasichaa agarsiisuu keessatti bakka akka qabu ibsan. Oromoon sirna kana keessaan waan of ilaaluuf, fakkeenyi bocawwan kunneeni gara fuuldura giddugalaatti mul'atan. Sirni waraanaa Oromoo hubannoo waliigalaafi qoodaminsa hirmaannaa hawaasicha keessa jiru hubachiise. Ijaarama waloo hawaasichi ittiin of ilaalu akka ta'e mul'ise. Kana malee, *odaan* akka agarsiistuu eenyummaatti giddugala keessatti bocamee jira. Asxaan eenyummaa Oromoo kun muka eebbaa madda nagaa ta'e,

giddugala siyaasaafi amantii, bilisummaa sabichi waan bakka bu'uuf akka agarsiistuu eenyummaatti fudhatame.

Jechoonniifi galeewwan mallattooleen giddugala kana keessatti argamuun walqabatanii dhihaatan falaasama jiruufi jireenya Oromoo agarsiisu. Oromoon akkamitti akka ofbulchuufi uumama naannoo isaa itti ilaalu mul'isu. Fakkeenyaaf, *Kallachaafi caaccuun* Abbaan Gadaafi Haati Jilaa qabatanii galumsa giddugalaarratti mul'atan, Waaqa samiifi lafaa, abbaafi haadha uumeen fakkeeffamu. Kun eenyummaan Oromoo falaasama isaan akkamitti akka agarsiifamu hiika. Kan biroon, afeewwaniifi mallattoolee dhihaatanii jiran irraa hubatamu, walqixxummaan biyya kanaaf akka barbaachisuufi olaantummaan garee tokkoo akka hin mul'anneedha

Meeshaaleen godambaa keessatti mul'atan, ilaalchaafi hubannaa hawaasni kun jireenya ofii isaa keessatti qabu mul'isan. Hariiroo hawaasummaafi xiiqii jireenyaa, ilaalchaafi amanamummaa jiru akkasumas, eenyummaa waliinii hawaasaa akka ittiin agarsiisuun danda'amutu dhihaate. Agarsiistuuwwan eenyummaa askeessatti mul'atan beekumsaafi hubannoo hawaasichi addunyaa keessa jiruuf qabuufi ofii isaa akkamitti akka ilaalu qabatamaan dhiheessaniiru. Beekumsi xabboo Oromoo afeewwaniifi mallattooleen walsimuun giddugala keessatti dhihaatan akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti mul'achuu isaaniiti. Kana malee, eenyummaan hawaasichaa akkaataa sirnaawaan kan ijaarameefi kan ittiin agarsiifamu akka qabus adda baheera.

Fayyadama afeewwaniifi mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessaan Sirni Gadaa (eenyummaan bu'uura Oromoo) ijaaramaafi tursiifamaa jiraachuutu dhihaateera. Isaan, uumaa uumamuu, deebisaniis akka ijaarantu argame. Sirni Gadaa karaa irreechaa, sadarkaalee Gadaafi mallattoolee jiranii gabbifamaa jira. Afeewwaniifi bocawwan irreecha malkaan walsimuun dhihaatan, irreeffannaan maatii bu'uura irreeffannaa waloo hawaasaa , adeemsa nagaafi sirna galatoo Waaqa tokkichaa, bakka dhalli namaa icciitii keessoo isaa uumaatti himatu ta'uu ibsu. Hariiroo uumaafi uumama gidduu jiru mirkanse. *Qulqullummaafi* safeeffannaa uumaaf taasifamuu qabu karaa durba duudaa mul'ifamee

jira. Kana malee, bakki irreeffannaa kun olaantummaafi sarbamaa bakkeewwan ulfoorrattti sirnoota darbaniin raawwatameefi Finfinneen handhuura Oromiyaa kan Oromoonni bakka dhugeeffannaa irraa qaban ta'uu dhiheesse. *Irreechi* sarbama bakkeewwan ulfoo saaxile. Kana mul'isuuf, *araddaa, abbaa malkaa, Hora Finfinnee* kan jedhan dhihaatan. Kan biroon, hirmaachisummaa sirnoota Oromoofi walqixxummaa hawaasicha keessaa karaa abbaafi haadhaa, abbaafi intala durbaa, haadhaafi lafa, haadhaafi nagaa akkasumas, haadhaafi sirna Oromootu walsimsiise. Akkasumas, sirna ofii qabaachuufi bakka eenyummaan isaa itti cabetti deebi'uu Oromooti.

Gulantaan umrii sirna Gadaa keessaa giddugala keessatti dhihaate hirmaachisummaafi qabaa namoomaa sirna Gadaa keessa jiru agarsiise. Galantaa sirna Gadaa qaraa kun qoodama hojii, hirmaachisummaa labataa gabbachaa deemu, ilaalchaafi beekumsa bulchiinsaa ijaaramu, tokkummaafi eenyummaa gabbachaa deemu dhiheessa. Oromoon haala kamiin eenyummaa isaa akka dhaloota dhaalchisuufi iddoo qabsiisu mul'ise. Kana malee, halluuwwan giddugala kana keessatti xiyyeeffataman, gurraacha, diimaafi adiidha. Gurracha Oromoon dhoksaa harka Waaqaatti hafe ittiin agarsiisuuf bakka akka buufate. Diimaan bilchina, gaamareessa ta'uufi uumama jiruun walqabata. Kan dhumaa, dhumachuu jiruu dhala namaa mul'isa. Giddugala kana keessatti halluuwwan dhihaatan keessaa isaan kunneen akka agarsiistuu eenyummaa hawaasaatti fudhatamuun falaasama Oromoo ganamaa mul'isan. Kan biroon, mallattoolee xiinxalaman irraa falaasama jireenya Oromoo ganamaatu dhihaate. Safeeffannaa maatiin walii qabu, mana Oromoofi ilaalcha isaa akkasumas, gurmuu isaan walqabatee ijaaramaa deemutu adda bahe.

Tarsiimooleen waallawaa eenyummaa Oromoo agarsiisuufi dabarsuuf dhimma bahaman dhihaateera. Giddugala kana keessatti tarsiimoleen waallawwaa eenyummaan Oromoo ittiin agarsiifamaniifi darban adda baafamaniiru. Tarsiimoleen ittiin agarsiifamaniifi darban tarsiimoo kunuunsuun tursuufi sababeessuun, dhugaa hawaasa keessaa falmisiisuun, ceesisaa, tarsiimoo ijaarsaa, sadarkaa ilaalchaafi agarsiisuu/mul'isuu akka ta'an adda baheera. Xiinxalli sadarkaa ibsaatti as keessatti mul'ate tarsiimoo waallawwaa

gooreen walqabata. Kanaaf, tarsiimoowwan eenyummaa itti agarsiifamuufi darbu askeessatti mul'atee jira.

Eenyummaan Oromoo karaa sirna Gadaa giddugala kana keessatti akka agarsiifamaafi gabbataa jiru mul'ateera. Eenyummaa kana tursuufi guddisuu isaan tarsiimoo agarsiisa eenyummaa ta'ee mul'ateera. Eenyummaan hawaasichaa mulqamaa tureefi jiru akka turu gochuuf humna qaba. Jabina hawaasichaa ture dhiheessuun akka Oromoon eenyummaa isaa Ormatti dabarsee kennaa hin turre agarsiiseera. Dhugaa hawaasa kanaa sababeessuun magaalaa Finfinnee keessatti eenyummaan isaa akka turu taasisuun isaas ni mirkansa. Kana malee, agarsiistuuwwan eenyummaan jiran yaada falmisiisaa Oromoofi haftee gita bittootaa gidduu jiru maksuufi giddugala kana keessatti akka ibsaafi agarsiistuu dhihaataniiru. Ragaa seenaa tokko malee magaalaa handhuura Oromiyaa taate kana gareen falmu akka jirus mul'isaniiru. Giddugalli Oromoo yaada falmisiisaa ta'ee biyya kana keessa tureefi jiru karaa agarsiistuuwwan kanneeniin dabarsee akka jirudha. Kan biroon, agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo iddootti deebisuuf akkasumas, dhiibbaa eenyummaa hawaasa kana irra ture jijjiiruuf agarsiistuuwwan kanneeniin mul'ifamee jira. Akkasumas, agarsiistuuwwan jiran ilaalcha gamtokkeen jiru mormuun gara ilaalcha wal taasisuutti akka biyyi kun dhuftuufi eenyummaa Oromoo irratti ilaalchi gaarii akka dhufu taasisaniiru. Dhumarratti, eenyummaan hawaasaa agarsiistuuwwan jiraniin akka ijaaramuufi darbus mul'ateera.

Walitti dhufeenyi afeewwaniifi mallattooleen Giddugala Aadaa Oromoo keessaa eenyummaa agarsiisan aangoofi illaanyaa waliin qaban xiinxalamuun: dhiibbaa agarsiistuuwwan eenyummaa irra ture, olaantummaa jiruufi walqixxummaa dhabinsa biyya kana keessatti mul'atan saaxileera. Bocni sirna gadaan walqabachuun dhihaate sirna olaantummaa gamtokkoo kan mormuufi aangoo hawaasa Oromoo keessatti karaa nagaan akka darbuufi seera sirna kana keessaan akka bitamu mul'iseera. Oromoon akkuma saboota biroo mallattoo ittiin sirnaafi eenyummaa isaa agarsiifatu akka qabu adda baheera. Gadi aantummaafi olaantummaan eenyummaa akka ture mul'isuun ilaalchi wayyoomaan akka barbaachisuus mul'isee jira. Kana malee, afeewwaniifi mallattooleen giddugalaan walqabatani dhihaatan biyyi Itoophiyaa mallattoowwan akka biyyaatti

leellistutti dabalataan mallattoowwan biroo akka qabduufi xiyyeeffachuu maltu ibsu. Akkasumas, akkaataa aangoon hawaasa Oromoo keessatti itti ijaaramuufi cehu, illaanyi walqixxummaa Oromoo keessatti gabbataa ta'uus agarsiiseera. Faallaa kanaa, dhiibbaafi olaantummaa biyya kana keessatti kallatti adda addaan jiraachuu addeesseera.

7.3. Yaboo

Yaboon qorannoo kana keessatti dhihaate haala armaan gadii kanaan qindatee jira. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo Giddugala Aadaa Oromoon walsimuun dhihaatan imaammata biyyaa keessatti akka hammatamaniif Biiroo Aadaafi Tuuriizimii Oromiyaaf galtee ta'uun ni deeggara. Agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasaa biyya tokko keessatti haala barbaachisuun agarsiifamuufi illaanya hawaasichaa giddugaleessa godhatee mul'achuuf ogeeyyiin tarsiimoo biyyaarratti hojjetan mil'achuu qabu. Waraqaan kun haala kana keessatti gumaacha guddaa qaba. Hubannoo agarsiistuuwwan eenyummaan walqabatee jiru dhiheessuun akka xiyyeeffatamu godha.

Hiika agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoon walqabatee laatamaa ture falmuun akka sadarkaa biyyattii fuulleffatamuuf tumsa. Magaalaa Finfinnee keessatti akkamitti akka eenyummaan kun agarsiifamaa jiraate waan dhiheessuuf xiyyeeffannoo fuulduraa ni kenna. Kanas, waraqaa qorannoo kanaa Biroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaafi Giddugala Aadaa Oromoof galchuun illaanya agarsiistuuwwan dhihaataniin walsimu biyya kana keessatti mul'achuu akka qabu hubachiisuunidha. Hubannoo dabalataa kennuun galtee imaammata isaanii akka taasifataniif ni deeggara. Kun qaamonni poolisii biyya Itoophiyaa qopheessan agarsiistuuwwan eenyummaa hawaasni kun qabu fuulleffachuun eenyummaa biyyaa ijaaru keessatti akka hammatamaniif kan deeggaru ta'uudha. Kana malee, beekumsi keessoo hawaasaa jirus xiyyeeffannoon akka ilaalamaa deemuuf galtee gaarii ta'a.

Qorannoon kun tarsiimoo sadarkaa biyyaatti qophaa'uuf galtee dabalataa ni ta'a. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo tarsiimolee ittiin dhihaataniin bakka akka

argachuu qaban ni akeeka. Tarsiimolee agarsiistuuwwan eenyummaa sadarkaa biyyaatti ittiin darbuufi dhihaatu keessatti akka fuulleffataman taasisa. Agarsiistuuwwan eenyummaa Oromoo tarsiimolee akkamiin akka giddugaka keessatti akka dhihaatan hubachiisuun akka fuulleffatamu taasisa. Kana malee, dhiibbaafi walcaalmaan agarsiistuuwwan eenyummaan walqabatee tureefi jiru karaa kana akka sirnaawuuf ni taasisa.

Qorannoon kun hubannoo dabalataa qorataaf kan ta'edha. Agarsiistuuwwan eenyumaa hawaasaa biyya kana keessatti haala kamiin akka agarsiifamaan, tarsiimoo ittiin darbaniifi illaanyaafi aangoo eenyummaan walqabatee jiru kan hubachiisedha. Dabalataan, qorattoota sadarkaa garaagaraa fookiloorii, afaaniifi agarsiistuu eenyummaa Oromoo irratti qorannoo geggeessaniif galtee dabalataa ta'a. Qaawwa dabalataa dhiheessuufiin akka qorannoo isaanii gabbifataniif ni deeggara. Sakatta'a aantee ta'uun akka tajaajiludha.

Qorattoota fookilooriifi xinqooqa hawaasaaf hubannoo dabalataa kan dhiheessuufi akkaataa itti afeewwaniifi mallattoolee hawaasa tokkoo xiyyeeffachuun qorannoo geggeessan ni hubachiisa. Malaafi kallattii irra ilaaluu qaban ni qajeelcha.

WABIILEE

- Abrams, D. and Hogg, M. A. (1990). *Social identity theory: constructive and critical advances*. Springer-Verlag Publishing.
- Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa*. Finfinnee: Mega Enterprise.
- Adjei, S. B. (2013). Discourse analysis: examining language use in context, *The Qualitative Report*, Vol. 18, pp. 1-10. <http://www.nova.edu/ssss/QR/QR18/djei50.pdf>.
- Adugna Barkessa (2016). *The Discursive Construction and Representation of the Waata Identity: A Critical Discourse Analysis of Oral Texts*. PhD Dissertation Addis Ababa University.
- Adugna Barkessa (2019). Discursive strategies of ‘Oromara’: a critical discourse analysis of Abiy Ahmed’s, political rhetoric, *Ethiopian Journal of the Social Sciences and Humanities (EJOSSAH)*, Vol. XV, No. 2.
- Alamaayyoo Hayilee (2007). *Sirna Gadaa: siyaasa Oromoo Tuulamaa*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Birhaaniifi Selaam.
- Alamaayyoo Hayilee, Girmaa Namarraa, Hasan Bulbulii, Caalaa Diroofi Aliimaa Eda’oo (2012). *Seenaa Oromoofi hundeeffama Magaalaa Finfinnee*. Finfinnee: Mega Printing Plc.
- Alamayyoo Hayilee (2016). *Seenaa Oromoo hanga jaarraa 20^{ffaa}*. Finfinnee: Bole Printing Enterprise.
- Alamaayyoo Hayilee, Booshii Gonfaa, Daani’eel Dheeressaa, Sambattoo Bushaafi Umar Nuuree (2019). *Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa (Maxx. 4^{ffaa})*. Finfinnee: Bole Printing Enterprise.
- Alemayehu Haile (2009). *Gada System: the politics of Tulama Oromo (1st.ed)*. Oromia Culture and Tourism Bureau. Volume1.
- Alemu Fanta (2015). *Ethnicity and Local Identity in de Folklore of the South-western Oromo of Ethiopia: a Comparative Study*. PhD-Thesis VU University Amsterdam.
- Ali, A. M. (2009). Towards socio-political reform in the Greater Horn of Africa: Ethnicity, religion, language, gender and cultural convergence, *Journal of Oromo Studies*, Vol. 16 (1). Publication of the Oromo Studies Association.

- Almurashi , A. W. (2016). An introduction to Halliday's Systemic Functional Linguistics, *Journal for the Study of English Linguistics*, ISSN 2329-7034 2016, Vol. 4, No. 1. Retrieved from, <http://dx.doi.org/10.5296/jsel.v4i1.9423>.
- Alsoraihi, H. (2019). Bridging the Gap Between Discourse Analysis and Language Classroom Practice, *English Language Teaching*; Vol. 12, No. 8, pp. 79-88
- Andrews, T. (2012). *The grounded theory review*. University College Cork.
- Ankora, E. W. (2022). *Material Culture, African Textiles and National Identity*. (Thesis) University of Guelph
- Aregash Eticha (2020). Role of women in Tulama Oromo Gada System: The case of Ilu, South-West Shewa Zone, Oromia Regional State, *International Journal of Asian History, Culture and Tradition*, Vol.6, No.1, pp.10-34. Published by ECRTD- UK.
- Ardeleanu, M. (2011). Constructing identities at work, *Philology and Cultural Studies*, Vol. 7 (56), No. 2. Palgrave Macmillan.
- Armstrong, E. M., & Ferguson, A. (2010). Language, meaning, context, and functional communication, *Aphasiology*, 24(4), 480-496. Palgrave Macmillan.
- Asafa Jalata (1999). The Impact of a Racist U.S. Foreign Policy on the Oromo National Struggle, *The Journal of Oromo Studies*, Vol. 6 (49) No. 1 & 2. McClung Tower.
- Asafa Jalata (2005). *Oromia & Ethiopia: State formation and ethnonational conflict*, pp.1868– 2004 (2nd ed.). Trenton, NJ: Red Sea Press
- Asafa Jalata (2007). *Oromummaa: Oromo Culture, Identity and Nationalism*. Oromia Publishing Company. http://works.bepress.com/asafa_jalata/4.
- Asafa Jalata (2010). "What is next for the Oromo people?", *Sociology Publications and Other Works*. Retried from, http://trace.tennessee.edu/utk_socopubs/11
- Asafa Jalata (2012). Gadaa (Oromo democracy): an example of classical African civilization, *The Journal of Pan African Studies*, Vol. 5, no.1. Knoxville, Tennessee.
- Asafa Jalata (2014). Promoting and developing Oromummaa, *The Journal of Pan African Studies*, vol.6, no.8. Knoxville, Tennessee.
- Asafa Jalata (2018). The Contested and Expanding Meaning of Democracy, *Journal of Interdisciplinary Sciences*, Vol. 2, pp. 1-29. <https://www.researchgate.net/publication/333218037>

- Asafa Jalata And Harwood, S. (2017). The Oromo, Gadaa/Siqqee democracy and the liberation of Ethiopian colonial subjects, *An International Journal of Indigenous Peoples*. <https://www.researchgate.net/publication/>.
- Ashforth, E. B and Mael, F. (1989). Social identity theory and the organization. *The Academy of Management Review*, Vol. 14, No. 1, pp. 20-39. Academy of Management. Retrieved from, <https://www.jstor.org/stable/258189>
- Asmarom Legesse (2006). *Oromo Democracy: an indigenous political system*. Trenton: The Red Sea Press.
- Asmarom Legesse (1973). *Gada: three approaches to the study of African society*. New York: The Free Press.
- Ayalew Keno (2007). *The Oromo: An ancient people of the Great African Nation*. www.rsisinternational.com.
- Bader, B. (2021). Material Culture and Identities in Egyptology, *Archaeology of Egypt, Sudan and the Levant*, Vol. 3. Austrian Academy of Sciences Press.
- Baissa Lemmu (1994). Gada Values: Building Blocks of a Democratic Polity, *Journal of Oromo Studies*, Vol. I (2). Publication of the Oromo Studies Association.
- Baissa Lemmu (2004). The Oromo Gadaa System of Government: An Indigenous African Democracy, edited by Asafa Jalata, *State Crises, Globalisation and National Movements in Northeast Africa*, pp. 101-121. New York: Routledge.
- Bamberg, M. and De Fina, A. (2011). *Discourse studies a multidisciplinary introduction: Discourse and identity construction*. Retrieved from, <https://www.researchgate.net/publication/226724339>.
- Baker, P. and Ellece, S. (2011). *Key Terms in Discourse Analysis*. London: Continuum International Publishing Group. Retrieved from, www.continuumbooks.com
- Barker, C. G. (1945). The social functions of language, *A Review of General Semantics, Summer*, Vol. 2, No. 4, pp. 228-234. Institute of General Semantics. Retrieved from, <https://www.jstor.org/stable/42575938>
- Bass, J. M. (2019). *Understanding the Politicization of Oromo Identity in the Diaspora: Re/Locating the Bones of the Oromo*. (Dissertation's Thesis) Retrieved from, <https://pdxscholar.library.pdx.edu/ojs.access.etcds>.
- Baxter, P. T. W. (1978). Ethiopia's unacknowledged problem: the Oromoo, *African*

- Affairs*, Vol. 77, No. 308. pp. 283-296.
- Baxter, P. T. W. (1994). The creation and constitution of Oromo Nationality, *Ethnicity and conflict in the Horn of Africa*, pp. 166-195. Edited by Katsuyoshi Fukui and John Markakis. Athens: Ohio University Press.
- BBAW (2019). *Barroo Amantaa Waaqeffannaa*. Finfinnee: Printing Adp Printing Plc.
- Bedassa Gebissa (2016). Oromo Indigenous Religion: Waaqeffannaa, *IJRSI*, Vol. III, Issue IV (ISSN 2321 – 2705). Retrieved from, www.rsisinternational.org.
- Beddington, J. (2013). *Future Identities, changing identities in the UK: the next 10 years*. Lond: The Government Office for Science.
- Becerr, C. V. (2011). The construction of social identities through narough narratives in the class classroom. *Cuadernos de Lingüística Hispánica*, No. 19. Boyacá – Colombia.
- Berzonsky, M. D. and Papini, D. R. (2015). Cognitive Reasoning, Identity Components, and Identity Processing Styles, *Identity, An International Journal of Theory and Research*, Vol.15, No. 1, PP. (74-88). Retreived from, <http://dx.doi.org/10.1080/15283488.2014989444>
- Bhattacharjee, A. (2012). *Social science research: Principles, methods, and practices* (2nd.Ed.). Tampa Florida: University of South Florida.
- Bloommaert, J. (2005). *Discourse: Key concept in sociolinguistics*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Blumer, H. (1986). *Symbolic interactionism: perspective and method*. Berkeley and Los Angeles: University of California Press.
- Bucholtz, M. and Hall, K. (2004). *Language and identity*. Society for Linguistic Anthropology Spring Conference. Retreived from, [https:// www .researchgate.net/publication/227992133](https://www.researchgate.net/publication/227992133)
- Buckingham, D. (2008). "Introducing Identity.", *Youth, Identity, and Digital Media*. MacArthur Foundation Series on Digital Media and Learning. Cambridge.
- Butz, D. A. (2007). *Implications of national symbols for majority and minority group members' academic performance: examining potential mediator*. (A Dissertation for the requirements of the degree of Doctor of Philosophy). Florida State University Libraries.

- Cassirer, E. (2012). The symbol. *symbol philosophy and the opening into consciousness and creativity*, 53, pp. (43-48).
- Chouliaraki, L. and Fairclough. N. (1999). *Discourse in Late Modernity: Rethinking Critical Discourse Analysis*. Edinburgh: Edinburgh University Press.
- Coates, A. W. (1966). The description of language use, *Word*, Vol. 22, No. 1-3. Routledge. Retrieved from, <https://www.tandfonline.com/loi/rwrd20>
- Creswell, W. J. (2009). *Research Design: qualitative, quantitative and mixed methods approaches*. SAGE Publications.Inc.
- Daniello, F. (2012). *Systemic functional linguistics theory in practice: A longitudinal study of a school-university partnership reforming writing instruction in an urban elementary school*. ‘Dissertation’ at Boston College University Libraries. Retrieved from, <http://hdl.handle.net/2345/2591>.
- Dastaa Daassaalany (2013). *Bu’uura qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.
- David, S. (2001). *Collective Identity and expressive forms*. CSD Working Papers. Retrieved from, www.democ.uci.edu
- Dawson, C. (2002). *Practical reseach methods*. London: Cromwell Press.
- Debela Fituma (2017). Indigenous mechanisms as a foundation for AfSol Comprehension: lessons from Gadaa System of the Oromo Nation in Ethiopia, *Sociology and Anthropology*, 5(5), pp. 379-387. Retrieved from, <http://www.hrpub.org>
- De Fina A., Schiffrin, D. and Bamberg, M. (2006). *Discourse and identity*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Dejene Gemechu (2017). Blessing the route, striving for peace and success: Borana-arbore ritual gift exchange. *ANTHROPOS*, V. 112. (pp. 153–165).
- Denzin, N. K. and Lincoln, Y. S. (2000). *Hand book of qualitative research (2nd Ed.)*. Thousand Oaks, CA: Sage.
- Deribsa Abate (2018). *Research nethodology: handbook for research students and practitioners*. Finfinne: Mega Publishing and Distribution PLC.
- De Salviac, M. (2013). *An ancient people of Great Africa Nation: the Oromo*. Finfinnee: Oromia Culture and Tourism Bureau.
- Dirribi Demissie (2011). *Oromo wisdom in black civilization*. Finfinne: Finfinne Printing

and Publishing S.C.

- Dornyei, Z. (2007). *Research methods in applied linguistics: Quantitative, qualitative and mixed methodologies*. Oxford: Oxford University Press.
- Dowling, J. S. (2011). *Constructing Identity Identity Construction*. (Thesis). Georgia State University. Retrieved from, [https:// scholarworks. gsu.edu/ art design theses /](https://scholarworks.gsu.edu/art_design_theses/)
- Dugassa Begna (2006). Knowledge, Identity and Power: The Case of Ethiopia and Ethiopianness, *The Journal of Oromo Studies*, Vol. 19 (1). Publication of the Oromo Studies Association.
- Dundes, A. (1965). *The Study of Folklore*. Prentice-Hall, Inc., Englewood Cliffs, N. J.
- Dundes, A. (2007). *The meaning of folklore: the analytical essays of Alan Dundes*. Logan: Utah State University Press.
- Eggins, S. (1994). *An introduction to systemic functional linguistics*. London: Pinter Publishers.
- Elliott R. and Timulak, L. (2021) *Essentials of descriptive-interpretive qualitative research: a generic approach*, by <https://doi.org/10.1037/0000224>
- Endalkachew Lelisa (2018). Oromo indigenous philosophy (Gadaa System): the case of 74th Gujii Oromo gadaa power transition. *ISSN 2224-3178 (Paper)*, Vol. 45, Retrieved from, www.iiste.org.
- Endarto, T. I. (2017). *Systemic Functional Linguistics: A Brief Introduction*. Retrieved from, <https://www.researchgate.net/publication/31870063>.
- Erikson, E. H. (1968). *Identity, youth, and crisis*. New York: W. W. Norton.
- Erikson, E. (1980). *Identity and the life cycle*. New York: Norton.
- Ezekiel Gebissa (2018). Indigenizing universal principals: Oromo perspectives on human rights, *Journal of Oromo Studies*, Vol. 25 (1). Publication of the Oromo Studies Association.
- Fairclough, N. (1989). *Language and power*. London: Longman.
- Fairclough, N. (1992). *Discourse and Social Change*. Cambridge: Polity Press.
- Fairclough, N. (1995). *Critical discourse analysis the critical study of language*. London and New York: Longman.
- Fairclough, N. (2003). *Analysing discourse: textual analysis for social research*. New York: Routledge.

- Fairclough, N. and Wodak, R. (1997). Critical discourse analysis. In T. A. van Dijk (ed.), *Discourse Studies. A Multidisciplinary Introduction, Vol. 2. Discourse as Social Interaction* (pp. 258–84). London: SAGE
- Filee Jaallataa (2021). *Beekumtaa Oromoo I (Oromoo Folklore (Maxx. 2^{ffaa}))*. Finfinnee: Keyline Printing.
- Fortes, T. (2010). *Kenya Cultural Center: A proposed architectural design symbolizing national identity*. Degree of Master of Arts Thesis. University of Nairobi.
- Framroze, M. (2007). *Self-spectacle online: The construction and representation of identity in contemporary digital culture*. (Dissertation) University of California. Retrieved from, <https://escholarship.org/uc/item/4h45bovw>
- Garcia, I. (2018). Symbolism, collective identity, and community development, *Societies* vol. 8 (81); doi:10.3390/soc8030081. Retrieved from, www.mdpi.com/journal/societies
- Gee, J. P. (2005). *An introduction to Discourse Analysis: Theory and method* (2 nd (ed.)). NY: Routledge.
- Geertz, C. (1973). *The interpretation of cultures*. New York: Basic Books.
- Gemetchu Megerssa (1993). *Knowledge, Identity and the Colonizing Structure: The Case of the Oromo in East and North East Africa*. (PhD Diss.) University of London School of Oriental and African Studies.
- Gemetchu Megerssa (1996). Oromummaa: tradition, consiusness and identity, In P.T.W Baxter, Jan Hultin and Alessandro Triulzi (ed.), *Being and becoming Oromo: historical and anthropological Enquires* pp. 92-102. United State: Tha Red Sea Press, Inc.
- Gerritsen, A. and Riello, G. (2014). *Writing material culture history*. London: Bloomsbury Publishing Plc.
- Getachew Dires (2019). *Language policy of Ethiopia*. Retrieved from, <https://www.researchgate.net/publication/>
- Gibson, C. (1998). *Sacred symbols*. Rowan, CT: Saraband Inc.
- Gideon P.E. Cohen (2017). *Identity and Opportunity: the Implications of Using Local Languages in the Primary Education System of the Southern Nations, Nationalities and Peoples Region (SNNPR), Ethiopia*. (PhD thesis). London

University: ProQuest LLC.

- Gorard S. (2003). *Quantitative methods in social science*. London: Continuum.
- Government of the Federal Democratic Republic of Ethiopia (1994). *Constitution of Ethiopia* (Addis Ababa).
- Gray, D. E. (2004). *Doing research in the real world*. London: Sage Publications.
- Guba, E. G., & Lincoln, Y. S. (1994). Competing paradigms in qualitative research. In N. K. Denzin, & Y. S. Lincoln (Eds.), *Handbook of qualitative research* (pp. 105-117). London: Sage.
- Gur, T. (2014). A discourse analysis: a professional identity development of language teacher candidates. *Academic Journal*, Vol. 19(15), pp. 510-515. Retrieved from, <https://www.academicjournals.org/ERR>
- Hall, S. (1997). *Representation: cultural representations and signifying practices*. SAGE.
- Halliday, M.A.K. (1989). *Spoken and written language*. Oxford University Press.
- Halliday, M.A.K. (2004). *Analysis discourse: Textual analysis for social research*. London: Routledge.
- Halliday, M. A. K. and Hasan, R. (1976). *Cohesion in English*. London: Longman.
- Halliday, M. A. K. and Hasan, R. (1985). *Language, context and text: aspects of language in a social-semiotic perspective*. Deakin University Press.
- Halliday, M. A. K. and Matthiessen, C. (2004). *An introduction to functional grammar* (3rd). London: Hodder Arnold.
- Hardi Fine Art Gallery (2007). *Turtii hojii Ogbarruu Giddugala Aadaa Oromoo guddicha keessatti*. Finfinnee: Talent Printing Press.
- Holcomb, K. B. (1999). Oromo in the World Community, *Journal of Oromo Studies*, Vol. 6 (1) No. 1 & 2. McClung Tower.
- Hornsey, J. M. (2008). Social Identity Theory and Self-Categorization Theory: A Historical Review, *Social and Personality Psychology Compass*, Vol. 2/1, PP. (204–222). University of Queensland.
- Huckin, T., Andrus, J. and Clary-Lemon, J. (2012). *Critical discourse analysis and rhetoric and composition*. By The National Council of Teachers of English.
- Ibrahim Bedane (2015). The Origin of Afaan Oromo: mother Language, *Global Journal of Human-Social Science: G Linguistics & Education*, Vol. 15 Issue 12 Version

1.0. Global Journals Inc. (USA).

Igboin, O. B. (2011). Colonialism and African cultural values, *African Journal of History and Culture* Vol. 3(6), pp. 96-103. Available online at, <http://www.academicjournals.org/ajhc>

Itulua-Abumere, F. (2013). *Sociological concepts of culture and identity*. Published by uPublish.info

JaÈger, S. (2001). Discourse and knowledge: Theoretical and methodological aspects of a critical discourse and dispositive analysis. In, R. Wodak and M. Meyer, *Methods of Critical Discourse Analysis* (32-62). London: SAGE Publications Ltd.

Jasso, G. (2002). *Identity, social identity, comparison, and status: four theories with a common core*. New York University.

Karaś, O., Topolewska-Siedzik, E. and Negru-Subtirica, O. (2019). Contemporary views on personal identity formation, *Studia Psychologica: Theoria et Praxis*, 18(1). Retrieved from, <https://www.researchgate.net/publication/337437397>

Kaya, Z. and Keranen, O. (2015). *Constructing identity through symbols by groups demanding self-determination: Bosnian Serbs and Iraqi Kurds*. *Ethnopolitics*, 14 (5). pp. 505- 512. ISSN 1744-9057.

Keating, E. (2001). *Linguistics anthropology: language and culture*. Austin: University of Texas.

Kenate Worku (2008). The expansion of Addis Ababa and its impact on the surrounding areas: a preliminary study of the Nefas Silk Lafto District, *Journal of Oromo Studies*, Vol. 17 (1). Publication of the Oromo Studies Association.

Khokhar, S., Memon, S. and Siddique, K. (2016). Exploring Role of Language in Constructing Individual Identities: A Case Study of Sindh, Pakistan, *International Journal of Humanities and Social Science* Vol. 6, No. 3. Retrieved from, www.ijhssnet.com

Kidd, W. (2002). *Culture and identity*. New York: Palgrave.

Kivunja, C. & Kuyini, A. B. (2017). Understanding and applying research paradigms in educational, *International Journal of Higher Education*, Vol. 6, No. 5. Retrieved from, <http://ijhe.sciedupress.com>. Australia: Sciedu Press.

- Koree Qorannoo JBAH (2011). *Qorannoo JBAH: Giddugala Aadaa Oromoo*. (Kan Hin Maxxanfamne GAO).
- Kothari, R. C. (2004). *Research methodology: methods and techniques*. New Delhi: New Age International (P) Ltd.
- Kress, G and Van Leeuwen, T. (2008). *Discourse and practice: new tools for critical analysis*. London: Rutledge
- Kulabuhov, S. V., Papkov, I. A., Sergienko, A. M., Onoprienko, G. I. and Polovneva, S. L. (2018). Category “symbol” in context of historical process understanding. *Revista San Gregorio*, No.23, *Special Edition*, pp. (170-177), ISSN: 1390-7247.
- Kuwee Kumsa (1997). The Siqqee Institution of Oromo Women. *In the Journal of Oromo Studies*, Vol. 4, Nos. 1 & 2.
- Lawley, E. (1994). *The sociology of culture in computer-mediated communication: An Initial Exploration*.
- Leach, E. (1976). *Culture and communication: the logic by which symbols are connected*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Littlefield, D. (2012). Regeneration: place, memory, identity. *Architectural Design*, 82(1), pp:8-13.
- Llamas, C., Mullany, L. and Stockwell, P. (2007). *The routledge companion to sociolinguistics*. New York: Routledge Taylor & Francis Group.
- MacBeath (2010). *Living with the colonial legacy: The Ghana story*. Cambridge: Cambridge University press.
- Mammadov, A. (2018). *Studies in text and discourse*. Cambridge Scholars Publishing.
- Manguvo, A. (2013). *The Relationship Between Ethnic Identity, Perceived Acceptance, and Sociocultural Adjustment of African Students in the US. (A Dissertation)*. At the University of Missouri.
- Manoliu, N. M. (2017). Functions of language and elements of poetry, *International Journal of Communication Research*, Vol. 7, Issue 1. University of Iași, Romania.
- Mary Beltrán, M. (). Representation. *In the craft of criticism: Critical media studies in practice*, pp. 97-108. New York and London Routledge. Retrieved from, <https://www.researchgate.net/publication/329512190>
- Mathiot, M. and Garvin, L. P. (1975,). The functions of language: a sociocultural view, *Anthropological Quarterly*, Vol. 48, No. 3. The George Washington University

Institute for Ethnographic Research

- Matthiessen, C. and Halliday, M. (1997). *Systemic functional grammar* (1st ed.).SAGE.
- McMullan, K. J. (2020). *Systems, symbols and identity: An exploration of the construction of national identities in Czech schools through educational policies and practices from 1989-2014*. PhD thesis. University of Glasgow
- Mekuria Bulcha (1994). The Language Policies of Ethiopian Regimes and History of Written Oromo 1884-1994, *The Journal of Oromo Studies*, Vol. 1-2, pp. (91).
- Mesfin Wodajo (2019). *Language Use in Ethiopian Higher Education Institutions: Study on Language Attitude, Identity and Inter-ethnic Communication*. PhD Dissertation Addis Ababa University
- Michael, W. M., Leung, K., Ames, D. and Lickel, B. (1999). ‘Views from Inside and Outside: Integrating Emic and Etic Insights about Culture and Justice Judgment’. *In a Journal of Academy of Management Review*, 24 (4), 781-796.
- Miller, J. M. (2000). ‘Language use, identity and social interaction: Migrant students in 212 Australia’, in *Research on Language and Social Interaction*, 33(1), 69-100. Retrieved from <http://dx.doi.org/10.1207/s15327973RLSI3301-3>.
- Moeschberger, S. L., Phillips D. and Rebekah, A. (2014). *Symbols that bind, symbols that divide: the semiotics of peace and conflict*. London: Springer.
- Mohammed Ali (2013). *Oromo politics: reflections and statements*. Addis Ababa: United Printers.
- Mohammed Hassen (1990). *The Oromo of Ethiopia: A History 1570-1860*, (Cambridge: Cambridge University Press).
- Mohammed Hassen (1997). Review Essay: Gezetena Gezot, Matcha and Tulama Self-Help Association, *In the Journal of Oromo Studies*, Vol. 4, Nos. 1 & 2.
- Mohammed Hassen (1999). A Short History of Oromo Colonial Experience 1870's-1990's: Part One 1870's to 1935, *Journal of Oromo Studies*, Vol. 6, pp. (109) No. 1 & 2. McClung Tower.
- Mohammed Hassen (2002). Conquest, Tyranny, and Ethnocide against the Oromo, *Northeast African Studies*, 9 (3), pp. 15-49.
- Mohammed Hassen (2010). Orature, Resistance, and nationalism: A historical overview of the development of written Oromo Literature, *Journal of Oromo Studies*, Vol.

- 17 (1). Publication of the Oromo Studies Association.
- Muluken Kassahun and Meron Zeleke (2021). *Gadaa System and Women's Rights, the Role of Oromoo Women's Customary Institutions in Ensuring the Protection of Rights of Women*. Center for the Advancement of Rights and Democracy (CARD).
- Nagel, J. (1994). 'Constructing ethnicity: creating and recreating ethnic identity and culture', *In Social Problems*, 41(1), 152-176, <http://www.jstor.org/>
- Negarit Gazeta (1995). *The Federal Democratic Republic Ethiopian Constitution, Proclamation No.1/1995*. Addis Ababa.
- Nilgun, A., Buket, K., Mufit, A. and Sumeyra, D. (2009). Symbolic interaction theory, *Procedia Social and Behavioral Sciences*, 1 (1) 902–904.
- Nixon, J. (2004). *What is theory?* UK: University of Sheffield.
- O' Donnell, M. (2012). Introduction to systemic functional linguistics for discourse analysis, *Language, function and cognition*, pp.1-8.
- Padmehr, M. (2018). Designing a youth cultural center in Rasht City with an environmental psychological, *Specialty Journal of Architecture and Construction*, Vol, 4 (1), 1-5. Available online at, www.sciarena.com
- Pickering, M. (2008). *Research methods for cultural studies*. Edinburgh University Press.
- Phillips , D., Rebekah, A. and Moeschberger, S. L. (2014). Symbols that Bind, Symbols that Divide: The Semiotics of Peace and Conflict. London: Springer.
- Phinney, J. (1992). The Multigroup Ethnic Identity Measure: A new scale for use with adolescents and young adults from diverse groups, *Journal of Adolescent Research*, 7, pp. (156-176).
- Porta, D.D. and Keating, M. (2008). *Approaches and methodologies in the Social Science*. New York: Cambridge University press.
- Quina, J. H. (1971). *Theories of symbolism: a pluralistic approach to teaching literature*. LassVegas: ERIC.
- Reisigl, M. (2017). The Discourse-Historical Approach In J. Flowerdew, & J. E. Richardson (eds.), *The Routledge Handbook of Critical Discourse Studies* (pp. 44-59). Retrieved from, <http://www.routledgehandbooks.com/doi/10.4324/9781315739342.ch3>

- Rovira, L. C. (2008). The relationship between language and identity. The use of the home Language as a human right of the immigrant, *Revista Interdisciplinar da Mobilidade Humana*, vol. 16, núm. 31, pp. 63- 81. Available at, [http://www. redal yc.org/](http://www.redalyc.org/)
- Ruane, M. (2005). *Essentials of reseach methods: a guide to social science research*. Uk: Blackwell Publishing Ltd.
- Sellato, B. (2017). Material Culture Studies and Ethnocultural Identity. *Borneo Studies in History, Society and Culture*, [https:// www. research gate.net /publication /306080067](https://www.researchgate.net/publication/306080067).
- Sigdel, S. B. (2018). 'Culture and Symbolism Nexus in Anthropology', *Journal of Interdisciplinary Research*, Vol. VII, pp. 116-124. Published by JRCC, Janapriya Multiple Campus.
- Smith, A.D. (2009). *Ethno-symbolism and nationalism: a cultural approach*. New York: Routledge.
- Spencer, S. (2006). *Race and Ethnicity: Culture, identity and representation*. London and New York: Routldge
- Stets, E. J. and Burke, J. P. (2000). Identity theory and social identity theory, *Social Psychology Quarterly*, Vol. 63, No. 3, pp. 224-237. American Sociological Association. Retrieved from, <https://www.jstor.org/stable/2695870>
- Taabor Waamii (2015). *Seenaa dhugaatiifi barreeffama loogii*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Rehobot Printers Plc.
- Tadesse Jaleta (2020). The Grand Values in the Gada System: The Guji-Oromo Gada System in Focus, *Journal of Indigenous Knowledge and Development Studies (JIKDS)*. Retrieved from, www.bhu.edu.et/jikds.
- Tajfel H. and Turner, C. J. (1986). *The social identity theory of intergroup behavior*. England: University of Bristol.
- Tayie, S. (2005). *Reseach methods and writing reseach proposals*. Cairo: CAPSCU.
- Teferi Degeneh (2015). *The Development of Oromo Writing System*. (Doctor of Philosophy (PhD) thesis). University of Kent. Retreived from, [https:// kar.kent.ac.uk/52387/](https://kar.kent.ac.uk/52387/)
- Tesema Ta'a (2016). The Gadaa system and some of its Institutions among the Booranaa:

- a historical perspective. *EJOSSAH*, Vol. XII, No.2
- Tasammaa Taa'aa (2021). *Seenaa hundee Uummata Oromoo (Maxx. 2^{ffaa})*. Finfinnee: Far East Trading PLc.
- Tilahun Gamta (1993). Reasons for Choosing the Latin Script for Developing an Oromo Alphabet, *The Oromo Commentary, III (1)*, pp. (17-20).
- Tsega Etefa (2012). *Integration and peace in East Africa: a history of the Oromo Nation*. Palgrave Macmillan.
- Tujuba Beyene (2020). *The Role of Oromo Ethnographic Museum in Promoting Social Interaction and Generation Building*. Degree of Master of Arts Thesis. Addis Ababa University.
- Ullendorff, E. (1960). *The Ethiopians: An introduction to country and people*. London: Oxford University Press.
- Van Dijk, T. A. (1997). *Discourse studies: A multidisciplinary introduction*. London: Sage.
- Van Dijk, T. A. (1997). *Discourse as Social Interaction*. London, Thousand Oaks and New Delhi: Sage.
- Van Dijk, T. A. (2003). Critical Discourse Analysis. In D. Schiffrin, D. Tannen, & H. E. Hamilton (ed), *The Handbook of discourse analysis* pp. (352-371). Oxford: Blackwell.
- Van Dijk, T. A. (2009). *Society and Discourse: how social contexts influence text and talk*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Versluys, E. (2000). *The notion of identity in discourse analysis: some 'discourse analytical' remarks*. Antwerp: Belgium.
- Wandimuu Taganyee (2023). *Siyaasa Afaan Oromoofi Qubee Itoophiyaatti*. Finfinnee: Maxxansaafi Daldala Day Star.
- Wake Jeo Gerbi (2019). 'African philosophy on the way: theorizing Oromo land (lafi keenya lafee keenya: our land is our bones)', *International Journal of Current Research, Vol. 11*, Issue, 11, pp.8021-8038, Available online at <http://www.journalcra.com>..
- Weninger, C. (2018). Textbook analysis, *In the Encyclopedia of Applied Linguistics*, (pp. 1-8). <https://doi.org/10.1002/>.

- Widdowson, H. G. (2004). *Text, Context, Pretext Critical: Issues in Discourse Analysis*. Blackwell Publishing Ltd.
- Wodak, R. (2001). What CDA is about a summary of its history important concepts and its development. In R. Wodak and M. Mayer (Eds) *Methods of critical discourse analysis*. London: SAGE Publications Ltd.
- Wodak, R. (2001). The discourse-historical approach. In Wodak, R. and Meyer, M. (eds.), *Methods of Critical Discourse Analysis*. London: Sage Publication.
- Wodak, R. and Meyer, M. (2001). *Methods of critical discourse analysis*. London: SAGE Publications Ltd.
- Wodak, R. & Reisigl, M. (2001). *Discourse and Discrimination: Rhetoric of Races and Anti-Semitism*. London: Routledge.
- Wodak, R., Rudolf, C., Martin, R. & Karin, L. (2009). *The discursive construction of national identity*. (2nd ed.). Edinburgh: Edinburgh University Press
- Wolff, P. and Holmes, J. K. (2010). *Linguistic relativity*. Emory University.
- Woodward, K. (1997). *Identity and Difference*. London: SAGE Publications Ltd.
- Xodjaeva, D. I. and Kizi J. G. (2020). The rise of text linguistics. *International Journal of Progressive Sciences and Technologies (IJPSAT)*, Vol. 23 No. 2., pp. 301-307.
- Yosef Tadesse (2016). *The discursive construction of identity: the case of Oromo in Ethiopia*. (Master's Thesis). Norwegian University of Life Sciences. Retrieved from, <http://www.nmbu.no/noragric>.
- Yaldız, E., and Aydın, D. (2014). Loss of city identities in the process of change: the city of Konya-Turkey. *Procedia-Social and Behavioral Sciences*, Vol.140, pp. 221 – 233. Published by Elsevier Ltd.
- Zelalem Tesfaye (2012). *Ethiopia: when the Gadaa Democracy rules in a Federal State bridging indigenous institutions of governance to modern democracy*. Master of Philosophy in Indigenous Studies Faculty of Humanities, Social Sciences and Education University of Troms SVF-3904
- Zelege Teshome (2013). *Discourse Analysis of Gender Representation in Oromo Cultural Marriage (Wedding) Practices: The Case of Sakala District, Horo Guduru Wallaga Zone*. (Unpublished PhD Dissertation). Addis Ababa University.

MATADUREEWWAN ARTIKILOOTA MAXXANFAMANII

1. Afeewwaniifi Bocawwan Giddugala Aadaa Oromoo Eenyummaa Agarsiisan: Xiinxala Waallee Liixxaatiin
2. Tarsiimolee Waallawaa Fayyadama Afeewwaniifi Mallattoolee Eenyummaa Oromoo Agarsiisan Giddugala Aadaa Oromoo Keessatti: Xiinxala Waallee Liixxaatiin

DABALEEWWAN

Dabalee 1: Qabxiilee Daawwannaa

Qabxiilee Daawwannaan Ittiin Geggeeffame

1. Giddugala Aadaa Oromoo

2. Agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul'atan

- Afeewwan jiran

-
- Mallattoolee daawwachiifaman

-
- Sirna raawwatu

3. Fayyadama afeewwanii Giddugala Aadaa Oromoo eenyummaa Oromoo agarsiisan

- Daawwatootaan kan dubbataman

-
- Bocawwan irratti kan maxxanfaman

-
- Daawwachiistota giddugala hordofuun

-
- Kutaawwan giddugala keessa jiran

-
- Dalagaa afeewwan sirna Gadaan walsimaniin raawwatamu

4. Fayyadama mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessatti eenyummaa Oromoo agarsiisan

- Bocawwan akka mallattooleetti dhihaatan

-
- Meeshaalee aadaa godambaa keessatti daawwachiifaman

-
- Marii Giddugala keessaa

-
- Mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessaan waan hojjetamu
-

Dabalee 2: Afgaaffii



SEEK WISDOM, ELEVATE YOUR INTELLECT AND SERVE HUMANITY !

Addis Ababa University
አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ



YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANOTAATTI, MUUMMEE AFAAN

OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

SAGANTAA PHD AFAAN OROMOOFI FOOKLOORIIN GUUTTACHUUF

GEGGEEFFAMUUF GAAFFILEE AFGAAFFII HIRMAATTOTARRAA

ODEEFFANNOON ITTIIN FUNAANAME

Gaaffiileen armaan gadii kunneen galma ga'insa qorannoo kanaaf baay'ee waan gumaachaniif yaadni isin laattan murteessaadha. Gaaffiileen afgaaffii gaditti isiniif dhiyaatan kunniin hojii qorannoo Barnoota Afaan Oromoofi Fooklooriin Digirii sadaffaa (PhD) ittiin guuttachuuf geggeeffamuuf qofa kan oolu. Dhimmoota gaaffiin isiniif dhiyaatu irratti yaadaafi hubannoo qabdan osoo itti hindabaliin yookaan irraa hin hir'isiin odeeffannoon naaf kennitan milkaa'ina hojii qorannichaaf iddoo olaanaa qaba. Kanaafuu, odeeffannoo dhugaa akka naaf kennitan yoon isin gaafadhu, deeggersa naaf gootaniifis durseen isin galateeffadha. Odeeffannoon afgaaffii kana irraa argamu hojii qorannoo kana qofaaf oola. Maqaafi ragaaleen isin laattan hunduu eeggannoo guddaan qabama.

Odeeffannoo Dhuunfaa

1. Saala _____
2. Umrii _____
3. Sadarkaa Barumsaa _____
4. Hojii (ogummaa) _____

Gaaffilee Afgaaffii Hirmaattota Qorannichaaf Dhihaate.

1. Agarsiistuun eenyummaa maali?
2. Agarsiistuuwwaan eenyummaa Oromoo maal fa'i?
3. Agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul'atan maal fa'i? Mee naaf himi!
4. Afeewwan Giddugala Aadaa Oromoo keessatti agarsiisa eenyummaa Oromoof oolan jettu dubba dhumee!
 - Kan maxxanfamanii jiran kam fa'i?
 - Akkamitti eenyummaa Oromoo agarsiisu?
5. Fayyadamni mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argamanii akkamiin eenyummaa Oromoo agarsiisu?
6. Fayyadamni Afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argaman dhaamsa akkamii dabarsu?
7. Sirni Gadaa akkamitti eenyummaa Oromoo agarsiisa? Afeewwaniifi mallattoolee sirn Gadaan walqabatanii Giddugala Aadaa Oromoo keessatti dhihaataniin maaltu hojjetama?
8. Giddugala Aadaa Oromoo keessatti tarsiimoleen eenyummaa Oromoo agarsiisuufi dabarsuuf dhimma itti bahamaan maal fa'i?
9. Walitti dhufeenyi fayyadamni afeewwanii aangoofi illaanya waliin qaban akkamiin agarsiisaa eenyummaa hawaasichaatiif tumsu?
10. Walitti dhufeenyi fayyadamni mallattoolee aangoofi illaanyaa waliin qaban akkamiin agarsiisaafi ibsa eenyummaa hawaasichaatiif oolu?

Dabalee 3: Marii Garee Xiyyeeffannoo



YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOLLEEJII BARNOOTAafi QO'ANNOO AFAANOTAATTI MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUF FOOKLOORII
SAGANTAA PHD AFAAN OROMOOFI FOOKLOORIIN GUUTTACHUUF
GEGGEEFFAMUUF GAFFILEE MARI GAREE XIYYEEFFANNOO
HIRMAATTOTARRAA ODEEFFANNOO FUNAANNACHUUF QOPHAA'E

Kabajamtoota hirmaattota marii kanaa, duraan dursee waamicha koo kabajjanii yeroofi iddoo jedhametti eeyyama keessaniin waan naaf argamtaniif galanniifi kabajni ani isiniif qabu guddaadha. Kanatti aansuudhaan, gaaffileen marii iddoo kanatti isiniif dhiyaatan kunniin hojii qorannoo Barnoota Afaan Oromoofi Fooklooriin Digirii sadaffaa (PhD) ittiin guuttachuuf geggeeffamuuf qofa kan oolu. Kanaafuu, kabajamtoonni hirmattoonni marii kanaa gaaffilee yaada mariif dhiyaatan irratti odeffannoo dhugaafi qulqulluu ta'e akka naaf kennitan kabajaan isin gaafachaa deeggersa naaf taasifan hundaaf durseen isin galateeffadha. Maqaafi ragaaleen isin laattan hunduu eeggannoo guddaan qabama. Galatoomaa!

Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffannoo Hirmaattota Qorannichaaf Dhihaate

1. Agarsiistuun eenyummaa maali?
 2. Agarsiistuuwwan eenyummaa Giddugala Aadaa Oromoo keessatti mul'atan maal fa'i? Mee naaf himaa!
 3. Afeewwan Giddugala Aadaa Oromoo keessatti agarsiisa eenyummaa Oromoof oolan jettu dubba dhume!
- Kan maxxanfamanii jiran kam fa'i?

- Akkamitti eenyummaa Oromoo agarsiisu?
4. Fayyadamni mallattoolee Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argamanii akkamiin eenyummaa Oromoo agarsiisu?
 5. Fayyadamni Afeewwaniifi mallattoolee eenyummaa hawaasichaa agarsiisuuf Giddugala Aadaa Oromoo keessatti argaman dhaamsa akkamii dabarsu?
 6. Sirni Gadaa akkamitti eenyummaa Oromoo agarsiisa? Afeewwaniifi mallattoolee sirni Gadaan walqabatanii Giddugala Aadaa Oromoo keessatti dhihaataniin maaltu hojjetama?
 7. Giddugala Aadaa Oromoo keessatti tarsiimoleen eenyummaa Oromoo agarsiisuufi dabarsuuf dhimma itti bahamaan maal fa'i?
 8. Walitti dhufeenyi fayyadamni afeewwaniifi mallattoolee aangoofi illaanya waliin qaban akkamiin agarsiisaa eenyummaa hawaasichaatiif oolu?

Dabalee 4: Hirmaattota Afgaaffii Qorannichaa

Bakka Bu'ee Maqaa	Saala	Umrii	Amantii	Sadarkaa Barnootaa	Guyyaa Afgaaffii	Gahee Hojii
Af-01	Dhi	67	Waaqeffataa	Dig. 2ffaa	Ful. 15, 2021	Soorama Kan Bahe
Af-02	Dha	40	Kiristaana	Dig. 2ffaa	Ful. 17, 2021	Dursituu Kutaa GAO
Af-03	Dhi	47	Kiristaana	Kaadh. PhD	Ful. 21, 2021	Ogeessa
Af-04	Dhi	53	Islaama	Phd	Ful. 22, 2021	Ogeessa
Af-05	Dhi	48	Waaqeffataa	Digirii	Ful. 23, 2021	Ogeessa
Af-06	Dhi	68	Kiristaana	Kaadh. PhD	Onk. 6, 2021	Soorama Kan Bahe
Af-07	Dha	52	Islaama	Digirii	Onk. 7, 2021	Ogummaan Hojjetti
Af-08	Dha	47	Islaama	Digirii	Onk. 11, 2021	Ogummaan Hojjetti
Af-09	Dhi	56	Kiristaanaa	Dig. 2ffaa	Onk. 15, 2021	Ogeessa
Af-010	Dhi	58	Islaama	Digirii	Onk. 20, 2021	Ogeessa
Af-011	Dha	43	Islaama	Digirii	Am. 4, 2022	Qor/Galmee Jechootaa
Af-012	Dhi	51	Kiristaana	Digirii	Am. 10, 2022	D/Garee Hambaa
Af-013	Dha	53	Kiristaana	Digirii	Am. 11, 2022	Qorannoo hambaa
Af-014	Dha	41	Kiristaana	Digirii	Am. 13, 2022	Qor/Galmee Jechootaa
Af-015	Dhi	49	Islaama	Digirii	Am. 17, 2022	Misooma Godambaa
Af-016	Dha	44	Kiristaana	Digirii	Gur. 1, 2022	Daawwachiistuu
Af-017	Dhi	67	Kiristaana	Dig. 2ffaa	Gur. 3, 2022	Soorama Kan Bahe
Af-018	Dhi	52	Kiristaana	Digirii	Cam. 12, 2023	Daawwachiisaa
Af-019	Dhi	43	Islaama	Digirii	Cam. 15, 2023	Og/Qorannoo Seenaa
Af-020	Dhi	71	Waaqeffataa	Dip.	Cam. 17, 2023	Hojii Dhuunfaa
Af-021	Dhi	42	Kiristaana	Digirii	Cam.19,2023	Ogeessa

Dabalee 5: Hirmaattota Marii Garee Xiyyeeffannoo

Bakka Bu'ee Maqaa	Saala	Umrii	Amantii	Sadarkaa Barnootaa	Guyyaa MGX	Gahee Hojii
MGX-001	Dha	53	Kiristaana	Digirii	Onkoloolessa 13, 2021 Ganama sa'aa 3:10- 5:15 (sa'aa 2:05 geggeessame)	Dursituu Kutaa Hambaa
MGX -002	Dhi	63	Kiristaana	Digirii		Ogeessa
MGX -003	Dha	52	Islaama	Dig.2ffaa		Ogeettii
MGX -004	Dha	53	Kiristaana	Kaadhima mtuu PhD		Ogeettii Afaanii
MGX -005	Dhi	49	Islaama	Digirii		Hojii Dhuunfaa
MGX -006	Dhi	43	Waaqeffata	digirii		Qorataa Hambaa
MGX -007	Dhi	61	Kiristaana	Digirii		Qorataa Galmee Jechootaa
Hirmaattota Marii Garee Xiyyeeffannoo Garee 2ffa						
MGX -008	Dhi	58	Islama	Digirii	Amajji 17, 2022 Ganama 4:00- 5:45 (Sa'aa 1:45 Geggeessame)	Qor/Aadaa
MGX -009	Dha	45	Kiristaana	Digirii		Kutaa Kuusaa Hambaaalee
MGX -0010	Dha	43	Islaama	Digirii		Misooma Godambaa
MGX -0011	Dhi	49	Kiristaana	Dig. 2ffaa		Ogeessa
MGX -0012	Dhi	57	Kiristaana	Digirii		Ogeessa
MGX -0013	Dhi	41	Kiristaana	Dig. 2ffaa		Ogeessa
Hirmaattota Marii Garee Xiyyeeffannoo Garee 3ffa						
MGX -0014	Dha	51	Islaama	Digirii		Ogeettii Seenaa
MGX -0015	Dhi	46	Kiristaana	Digirii		Ogeessa
MGX -0016	Dhi	52	Islaama	Dig. 2ffaa		Ogeessa
MGX -0017	Dhi	72	Waaqeffataa	Digirii		Soorama Kan Bahe
MGX-0018	Dhi	64	Kiristaana	Digirii		Hojii Aartii
MGX-0019	Dhi	42	Kiristaana	Digirii		Hojii Ogummaa

Dabalee 6: Sakatta’a Dookumantiif Barruuleefi Harshammee Fudhataman

Maqaa Barreessaa	Bara Maxxansaa	Mataduree	Dhaabbata Maxxansaa
Alamtsahaay Abaatee, Geetaachoo Abarraafi Zeenabaa Mohammad	2019	Gumaata	GAO’n
Zeenabaa Mohammad, Maammoo Sobbooqsaafi Alamtsahaay Abaatee	2018	Gumaata	GAO’n
GAO	2015	Turtii Hojii Ogbarruu Giddugala Aadaa Oromiyaa Giddicha Keessatti	Talent Printing press
Firhiwoot Abbabaa	2007	Giddugala Aadaa Oromoo	Dhimmoota Kominikees hiniifi Piroomoosh iniitiin

Dabalee 7: Ragaalee Daawwannaan Funaanaman

Finfinnee keessatti yeroo giddugala kana argitu jiruufi jireenya Oromootu sitti mul'ata

Giddugala kana yeroo seentu ofitti amanamummaatu sitti dhagahama

Qabata hawaasa Oromooti.

Mana Oromootaa

Oromoon kana akka ijaasaatti ilaalu qaba.

Saba jabaa ta'uu Oromoo mul'isa.

Falaasamni Oromoo jabaa ta'uu dhiheessa.

Sirna jabaa qabaachuu saba kanaati.

Sirna ittiin of ilaallu qabna

Aadtokkee, aftokkee morma.

Bakka bu'ee Oromoofi Oromiyaati.

Oromoo waltaasisa.

Waan addunyaatti ittiin baanu qabna.

Gammachuu sammuu si keessatti uuma.

Seenaa Oromoo dagatame yaadachiisa.

Wiirtuu Oromoota maraati.

Quubsuma Oromootaa bakka adda addaa jiru hammatee jira.

Giddugalli kun of nama barsiisa.

Foolii Oromummaa uuma.

Oromoo tokko godha.

Jiruu Oromoo

Bocawwan kunneen irreecha sadarkaa miseensa maatiitti raawwaatamu agarsiisa. Waan

eenyummaa hawaasichaa mul'isuu danda'aniif askeessatti bocaman. Abbaan ni eebbisa.

Marga irreeffatamu durba duudaatu abbaaf kenna. Coqorsa caalaa araddaa kuttee kennitiif

Akka siidaa Oromooti dhihaatee jira.

Akka waan Oromiyaa mara dhaqxeetti of ilaalta.

Oromoo akkamitti akka of ilaalu orma barsiisa.

Ijaarsi manaa kun geengoodha.

Giddugalli kun bifa geengoon dhihaachuun isaa marsaa Gadaa agarsiisa.

Manni Oromoos bifa geengoon ijaarama.

Akkaataan qoodinsa manneen askeessas aadaa Oromoo agarsiisu.

Yoo kana argitu Oromoo argita.

Eenyummaa uummata Oromooti.

Kallachi waaqaa bu'e. Addarratti wayita godhatan imaanaa kana waaqatu natti kenne jechuufidha.

Odaa

bokkuu

siiqqee

eeboo

kallacha

caaccuu

Abbaa bokkuu

Yuuba tokkoffaa

Yuba lammaffaa

Haadha Jilaa

Abbaa Muudaa

Giddugalli Aadaa Oromoo aftokkeefi aadtokkee morma.

Eenyummaa Oromoo dagatame yaadachiisa.

Giddugalli kun of nama barsiisa.

Irreecha

Araddaa

Abbaa

Haadha

Ilma hangafaa

Intala durbaa

Ilma quxisuu

Lafti kun giddugaleessa Oromooti

Foolii sabichaa mul'isa.

Afaan Oromoo akka namni dubbatuuf dhiibbaa godha.

Oromiyaa xiqqoo

Qe'ee Oromooti

Ija oromooti



































Boraatii



Meeshaalee daa'immaan ittiin kunuunsan



Gaanii

**Hambaalee Aannaniifi bu'aa
Aannanii.**

የወተትና ወተት ተዋፅዖ ቅርሶች፡፡

Heritages for milks and its product.

- Meeshaaleen kun weessoo, gujjumaafi kuusaa aannaniiti. Gogaa, marga, mukaafi wantoota adda addaarraa hojjetaman. Kan hadholiin aannan itti qabatan, itti kuusaniifi ittiin ittittuu raasanidha.
- These objects are jar, pot, container made from leather, grass, wood and other apparatus. The Oromo mothers used to hold milk store and shake yoghurt.



Jabanaa



Hambaalee Buna qalaa



Gabatee bukoo



Gabataa nyaataa




Gundoo booree

Gomboo Marqaan itti bahu



Meeshaalee Dhugaatii










Meeshaalee Muuziqaa











Dabalee 8: Ragaalee Afgaaffii Gara Barreeffamaatti Deebi'an

AG-01: Afaan, aadaan, seenaan mallattooleen jiran eenyummaa saba tokkoo ni ibsu. Ani eenyu jennee kan ittiin of argannu eenyummaadha.

AG-01: Magaalaa kana keessatti dhihaachuun giddugala kanaa ofii dhumti isaa eenyummaa hawaasichaa mul'isa. Jalqaba seensa balbala kanaarratti kan nuti arginu boca abbaa Gadaafi hadha Jilaatu mul'ata. Mallattooleen kunneen Oromoon eenyu akka ta'eefi maaliin akka of ibsu agarsiisa.

AG-01: Bocni Abbaa Gadaafi Haadha Jilaa agarsiisu kun Oromoon sirna gadaan geggeeffamuusaa mul'isa. Gadaa keessatti uumamuu hawaasa kanaaf agarsiistuu guddaadha. Hawaasni kun gadaa keessatti uumamuun eenyummaa isaaf isa bu'uuraati. Sirni kun haqarratti kan hundaa'e.

AG-01: Mallattooleefi afeewwan kaleessas har'as ta'e gara fuulduraatti cimuu akka qabnu ni hubachiisu. Magaala araddaa Oromootaa irratti ijaaramte kana keessatti Oromoon eenyu akka ta'eefi eenyummaan isaa maal akka fakkaatu dhiheessu. Gootummaa guddaa hawaasicha keessatti uumuu danda'a.

AG-01: Oromoon yaa'ii yookiin jila qabu geggeessuuf galma qopheeffatee osoo hintaane odoo dhuma jala taa'aa ture.

AG-01: Manni kitaabaafi godambaan tarsiimoo ittiin waan Oromoo ibsuuf yaalledha. Godambaa keessatti kan walitti qabamee jiru kun Oromiyaa guutummaarraa kan walitti qabamedha. Kallattii tokko qofaa kan xiyyeeffatu miti.

AG-01- Afaan Oromoon afeewwan as keessatti dhihaatan sirna wal caalmaa kaleessa ijaarameefi ture kan mormaniifi sirna sabdaneessaa deebisuuf dhimmu. Sirna qeenxee biyya kana keessa ture maksuuf humna giddugaleessa kanatti dhihaatedha.

AG-02: Jechoonni bocawwan as keessaafi meeshaalee bakka bu'anii dhihaatan agarsiistuu eenyummaa hawaasichaati.

AG-02: “Mucaan mucaa kiyyaa asitti magaalaa xiqqoo hundeessa” jedhe. Saahile Sillaaseen abbaa Hayile Molokot/ akaakayyuun Mililik bara, 1827. Harkaafi miila irraa cicciramuun madaa'e asitti waan fayyeef kana jedhe. Hora Finfinneetti aggaamuun gaafas eegale.

AG-02-Mallattoolee sadarkaa sirna gadaa keessa jiru mul'isaniin.

Dubartoonnis sirna gadaa keessatti qooda qaban mul'isuuf abbaa gadaa wajjin dhihaatee jirti. Jaartii cifiree haala kamiin akka jedhaman mallattoon dhihaatee jira

AG-02: Egeree hawaasa kana qajeelcha. Gaammee keessatti egere abbaa gadaa kan ta'u adda ni baha. Sadarkaa kana keessatti gubbisa kan jedhutu jira. Abbaan Gadaafi qaalluun mucaan amalliifi sansakkaan isaa gaarii ta'e akka tikfamu taasisu.

AG-02: Tokkummaa Oromootaa fiduufi ilaalcha hawaasni kun ofiif qabu akka jijjiiramu gochuu irratti humna cimaa qaba. Oromoo ammayyummaan ofdagate dammaksuuf gargaara. Kan ofiin gara addunyaa keessa jirruutti akka bahuu qabnu dhaama. Aadaa hawaasichaa ammayyeessuuf agarsiistuuwwaan kunneen humna qabu.

AG-02: Magaalaa kana keessatti bakka eenyummaan Oromoo itti mul'atu ta'ee tajaajila. Giddugala kana keessatti eenyummaan Oromoo baay'inaan karaa gadaa mul'atee jira. Kana ilaaluun Oromoon eenyu akka ta'eefi addunyaa keessa jiru akkamitti akka ilaalu hubachuu ni danda'ama.

AG-02: Giddugalli kun ofii isaayyuu walcaalmaa saboota gidduu jiru hambisuuf dhaabbate. Oromoon saba walqixxummaa barbaadu akka ta'e agarsiisa. Sabni kun biyya kana keessatti garee wayyabaati.

AG-03: Agarsiistuun eenyummaa saba tokkoo kan ittiin mul'atu ni qaba. Afaan, aadaa, meeshaalee, dhugeeffannoofi aartii sabni sun fayyadamuun ni agarsiifama. Afaaniifi afoolaan, aartiin, meeshaaleefi dhugeeffannoo qabuun ibsuu danda'a.

AG-03: Afaan Oromofi afaan biraan mallattoolee jalatti barreessuun hubannaa dabalataa laachuudha. Kun sadarkaa addunyaatti of beeksisuufis ni gargaara. Barreeffamni dhihaatee jirus eenyummaa hawaasa kanaa dhiheessa.

AG-03: Waan qe'een Oromoo qabatee jiru dhiheessuun Siiqqeen aangoo dubartii ni mul'isti. Bokkuufi siinqeen waliin deemu hirmaachisummaa sirna Oromoo agarsiisu.

AG-03: AG: Killootti nyaata dubartii ogeettiin qophaa'e kan akka qoriifi buna qalaatu itti nam'ee taa'a. Bakka tokko tokkotti dhadhaanis itti ni kuufama. Nyaata kana qabachuun bakka jilaa deemu; achittis waliin nyaatu. Keessummaa kabajaa mana namaa dhufeef ni kennama. Abbaa warraaf farsoo eeggannoon hojjetamee wajjiin ni kenniti.

AG-03: Hawaasni addunyaa kanaa osoo hin ijaaramiin dura Oromoon sirna gadaan hawaasa ijaaramee turedha. Ammayyummaan siyaasaafi amalli dimokiraasii har'aa kan keessatti mul'ateefi mul'ataa jiru.

AG-03: Afeewwan hubannoo hawaasa keessa ture dhiheessu. ‘Abbaa Gadaa’ gaaleen jedhu sirna Oromoo qaama hoogganu dhiheessa. Sirna walcaalmaa caalaa walqixxummaa hawaasaa fidu ta’uu agarsiisa. Eenyummaa hawaasichaa ibsa.

AG-04 Meeshaleen godinaalee adda adda irraa dhufuun as keessa jiran, afeewwan jiran fa’a. Kan yeroo waraanaa, qonnaa, mana jireenyaa keessatti fayyadamaniifi sirnawwan adda addaa keessatti dhimma itti bahamaniin.

AG-04: Jechi ‘bokkuu’ jedhu meeshaa ulfoo bakka bu’a. Bokkuu muranna hin jedhamu; ni magarfanna jedhama. Mallatto aangooti.

AG-04: Meeshaaleen godambaa keessaas eenyummaa jiru ni agarsiisu. Dhangaa hawaasa kana ibsus ni baatu.

AG-04: Giddugalli kun akka agartuu hawaasa Oromootti ilaalama. Magaalaa finfinnee keessatti kallattii baay’een ija Oromootaa ta’ee kan mul’atudha. Magaala kana keessatti bakka aadaafi eenyummaan Oromoo itti mul’atu ta’ee tajaajila.

AG-04: Horri Finfinnee kun kan tuulamaati. Ilmaan Tuulamaatu irratti irreeffataa ture. Tuulamni Tuulama sadeen: Daacci, Bachoofi Jiille. Araddaan kun kan Obooti.

AG-04: Akkaataa itti daangaa ofii eeggatuufi diina daangaa darbee dhufe ittiin ofirraa faccis qaba. Kanas farada ofii fayyadamee daangaa ofiifi biyyaa eegaa ture.

AG-04: Mallattooleen askeessatti mul’atan dhiibbaa siyaasaafi ilaalcha sirna biyya kanaa maksuuf mul’atan. Adeemsa sirna tokkee yookiin aangoo garee tokkoon dhuunfatame leellisu jijjiiruuf dhihaate. Tulluu Barraaq irratti Odaan biqilee guddannaan gubaniiru

AG-05: Agarsiistuun eenyummaa kan waloo, dhuunfaa, gamtaafi hawaasaatu jira. Uffannaa, afaan, aadaa, seenaa, argamsa, falaasamni agarsiistuu eenyummaati. Afaan eenyummaa hawaasa tokkoo ni agarsiisa.

AG-05: ‘Jildii’ barreeffamoota hawaasa kana bakka bu’an qabatti. Barreeffamoonni giddugala kana keessatti dhihaatan eenyummaa hawaasichaa akkaataa mul’isuu danda’aniin dhihaatanii jiru.

AG-05: Akkaataa uffannaa, sadarkaan umrii jiruu adeemsa hawaasicha keessa ture dhiheessu. Akkaataa nyaanni qophaa’e meeshaalee gondambaa keessatti dhihaataniin qabatamu eenyummaa hawaasichaa ni agarsiisa. Waliin jireenya abbaa manaafi haadha manaa ni ibsu. Kabaja jiru ni agarsiisu.

AG-05: Giddugala kana keessatti irreecha maatii hoogganaa kan jiru abbaadha. Haatis qooda qabaachuu isheetu mul'atee jira.” Walqixxummaa maatii keessaa mul'isa.

AG-05: Olaantummaa afaaniin ture agarsiisuun eenyummaan hawaasichaa akka bakka ganamaatti deebi'u agarsiisun.

AG-06: Akka agarsiistuutti kan mul'atan afaan, aadaa uffannaa hawaasichaa, meeshaalee adda addaa, sirna Gadaafi bochawwan isaan walqabataniifi falaasama hawaasichaa mul'isan.

AG-06: Eeboon meeshaa waraanaa hawaasa kanaati. Jiruu hawaasa kanaa keessatti bakka ofii isaa qaba. Yeroo seerri tumamu halangaa shaniifi eeboo shan lafa kaa'uun jilbeeffatanii seera tumu. Miseensa Gadaa bakka bu'u.

AG-06: Durbatoonni gaafa jila bahanis ta'e mana keessatti nyaataa barbaadamu qoriitti ni qabatu. Nyaata kana irraa abbaa manaaf ni kennu. Dubartiin kaamettiin koottaa warra keenyaa afaan mi'eeffadhaa jetti

AG-06: Namni sirna kana keessatti dhalate gahee mataa isaa bahaa deema. Sirnuma kanatu gulantaa ittiin nama ceesisuufi barsiisu qaba. Gaafa sadarkaa tokkorraa kan birootti cehamu wanti namni hojjetuufi itti gaafatamummaan jiru jijjiiramaa deema.

AG-06: Lagni irreessaa jira. Malkaan kun lakk.8 qaba. Utubaa shantu askeessatti mul'ata. Shanan kana Oromoon waan hedduu bakka buufata. Odaan, yayyabi, miseensi gadaa, alangaafi eeboon shantu jira. Bu'insi mana kana keessa jiru shaniifi saddeettiin ibsamee jira. Aadaan waan bal'aa eenyummaa Oromoo mul'isuuf humna qabudha. Qabiyyeewwan hedduu ofkeessaa qaba. Seenaan, afaaniifi aartiin askeessatti nimul'atu.

AG-06: Mallattooleen eenyummaa Oromoo kan tureefi jiru adda baasee dhiheessa. Oromoon sirna kamiin ofiifi addunyaa keessa jiru too'ataa akka ture mul'isuun. Akka dhuftee hawaasichaa kan giddugala kana keessatti dhihaate irraa ni ifa.

AG-07: Afaan Oromoofi seenaan jiru eenyummaa Oromoof agarsiistuudha.

AG-07: Moggaasni maqaa 'Haadha Jilaa' jedhu ogeessota afaaniifi aadaa giddugala kanaan moggaafame. 'Haadha Gadaa' hin jedhamtu. Gujii keessatti 'Haadha Boollaa' jedhamti. Haadha jilaatu nu baasa jenneetu 'Haadha Jilaa' jenne.

AG-07: Meeshaan godambaa keessaa kan akka dibduu, ciicoo, gundoo booree eenyummaa hawaasa kanaa ni agarsiisu.

AG-07: Daballeedhaa kaasanii hamma dooriitti waldorgommiin isaanii itti fufeema deema. Doorii irratti garuu eenyu akka abbaa gadaa ta’u adda nibaha. Namni abbaa gadaa ta’uuf ilaalame kun safuu hawaasaa akka eegu, halaleefi ejjituu akka hintaane nihordofama. Amala badaa yoo hawaasa keessatti calaqqisiise bakka isaa qaama isa dorgomaa turetu bu’a. Arrabaafi hamiin gara abbaa gadaa ta’uutti hindhuftu.

AG-07: Godambaa, mallattooleen sirna Gadaa, barreeffama kitaabaan eenyummaan hawaasichaa mul’achuu yaalameera.

AG-07: Dhiibbaa eenyummaa hawaasicha irra ture dhiheessuun. Dhugaa hawaasni kun biyya kana keessatti barbaadu mul’isuun.

AG-08: Sirni gadaa agarsiistuu eenyummaa hawaasichaati. Sirni kun falaasamaafi ilaalcha yaada hawaasichi dhala namaaf qabaataa tureefi jiru mul’isa. Sirna kana keessa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasatu mul’ata. Yaada bal’aa hawaasa keessa jiru ofkeessatti hammatee waan jiruu agarsiistuu gaariidha.

AG-08: ‘Siiqqee’ jedhu waraana dubartiiti. Kabaja dubartiiti. Gaafa heerumtullee siinqee kennaniifii heerumsiisu. Waraana ittiin tasgabeessuuf dhimma itti baati. Siiqqeen seerri Waaqaafi safuun hawaasa keessatti argamu yoo dabu eeguuf akka meeshaa waraanaatti fayyadama.

AG-08: Dibduun kan qophaa’uuf missirroo heerumtuufidha. Urgooftuu dhadhaan makame baatti. Kana rarraafachuun gaafa cidha ishee fudhattee heerumti. Baattatee farda heeruma ittiin dhaqxu yaabbatti. Kanas bakka kaawwattu qabdi.”

AG-08: Kaleessa hawaasichi maal akka fakkaatuufi har’a maal akka ta’e ibsu. Oromoon hammam cimaa akka ta’eefi eenyummaan isaa maal akka fakkaatu ni agarsiisu. Hojii Oromoon keessa darbe, tokkummaa isaa, sirnaafi falaasama ture dhiheessu.

AG-08: Dhugeeffannaan Irreechaan walqabatu sadarkaa maatiirraa eegaluun kan itti fufudha. Marga araddaa irraa kan abbaaf kennu durba duudaadha. Qulqullummaa waan qabduuf waaqni ishii dhagaha jedhamee waan hawaasicha keessatti amanamuufi. Akkaataa jireenyaa ture dhaama.

AG-08: Magaalaa Finfinnee kana keessatti namni tokko uffata aadaa Oromoo uffatee yoo deemmu namni baay’een si mil’ata. Hiika guddaa godhata. Giddugalli kun eenyummaa hawaasa kana olkaasee dhiheessuuf humna guddaa qaba. Akkuma mana Oromoo geengoodha. Tarsiimoo eenyummaan hawaasa kanaa ittiin dhihaatedha.

AG-08: Mallattooleen jiran Oromoo sirna akkamii akka hordofaa tureefi jiru dhiheessuun eenyummaan isaa akka sadarkaa biyyatti mul'atu taasisu. Mallattoolee waliinii biyya kanaa ta'uu akka danda'an agarsiisuun. Ofii dhuma isaanii iyyuu kana ni dubbatu.

AG-09: Aadaa, aartii, afaan, waan hawaasni kun ittiin of ibsu ta'uu danda'a.

AG-09: Yuuba Tokkoffaa, Haadha Jilaa, Abbaa Bokkuu kan jedhan afeewwan as keessatti mul'atanidha. Yuubn Tokkoffaan sirna gadaa keessaa hinbaane. Gorsaa Abbaa Gadaa ammaati. Yuuba Tokkoffaa waliin Haadha Jilaa kan turte Haadha Jilaa sirna Gadaa keessa jirtuuf gorsa ni kenniti. Waan ta'uu qabuufi hin qabne adda baastee itti agarsiisaa deemti.

AG-09: Akkaataa uffannaa hawaasa kanaa ilaaluun hawaasichi eenyu akka ta'e dubbachuu dandeenya. Uffannaafi qabannaa Abbaa Gadaafi Haadha Jilaa ilaaluun isaan eenyu akka ta'e ibsuu dandeenya. Eenyummaan hawaasa tokko karaa uffannaa hawaasichaa ibsuu dandeenya. Aadaan bifa qabatamaa ta'een kan mul'atu karaa meeshaalee qabatmoo aadaa hawaasichaa ibsaniitiin

AG-09: Abbaan warraa ukee unataa kanaan aannan dhuga. Aannan kanas akkuma sa'a keessa elmaniin ukee kanatti naqanii abbaa manaaf kennu.

AG-09: Malkaan bakka Oromoonni marti itti wal argan akka ta'e ibsa. Oromoon malkaa waliin itti irreeffatu qaba kan jedhu hawaasicha hubachiisa. Tulluu Barraaq irratti Odaan biqilee guddannaan gubaniiru. Kun kallattii Galaanitti kan argamudha.

AG-09: Malkaan kun bakka Oromoonni marti hora itti obaafataniifi dhukkubbii namaaf oolu ture. Oromoon malkaa waliin itti fayyadamu qaba. Dabbassoon jalqaba bakka Oromoo harkaa bahe waan ta'eef, waan keenya jalqabarraa kaasnee deeffachuu keenya. Bakka lamatti qoodamuun isaa Booranaafi Baarentuu/ konfedereeshinii Oromooti.

AG-010: Bocawwan bifa mallattoon dhihaatan marsaa galma kanaatti ni argamu. Sirni gadaa humna akkaataa jiruufi jireenya Oromoo ibsu qaba. Sirna kana karaa mallattoowwan inni ittiin mul'achuu danda'uun dhihaatee jira. Eenyummaa Oromoo agarsiisuuf mul'ate.

AG-010: Afaan, sirni inni qabu, akkaataan uffannaafi meeshaalee inni qabu agarsiistuu eenyummaa isaati. Aadaafi seenaan inni qabu Oromoo ni agarsiisa.

AG-010: Abbaan bokkuu nama aangoon sirna gadaa harka jiru.

AG-010: Dubartoonni Oromoo ogummaa qabaniin meeshaalee ittiin jiruu isaanii fiixaan baafatan kalaquun fayyadamaa turan. Meeshaalee akka ciicoofi ukee unataa qopheeffatanii ittiin eenyummaa isaanii agarsiifataa har'a gahan

AG-10: Sirna addunyaan har'a ittiin bultuun kan waldorgumu qabaachuu Oromoo ni calaqqisiisa. Sirni gadaa beekumsa asliifi sirna bulchiinsaa ammayyaa'aa ta'e qabaachuufi eessarra ka'ee eessatti akka deemuu addunyaaf ifoomsa.

AG-010: Sirna sadarkaa guddina dhala namaa dabballee irraa kaasee dhiheessudha. Gareen dabballee kunneen walfaana ogdii daaddee keessa oolu. Ogdii daaddee kun isa har'a oolmaa daa'immanii jedhu wajjin walfakkaata. Ogdii daaddee kana muka guddaa yookiin qabbana jalatti lafa soqanii lolla'uun akka jaarsi bakka sana taa'ee isaan too'atu yookiin barsiisu godhu. Namoota Gadaa keessaa bahuun jaarsa ta'antu eegaa; afoola barsiisa. Barsiisaa akka isaan wal hin dhaannee too'ata.

AG-10: Jechoonni kuusaafi raaba jedhan kunneen sadarkaa sirna keessaa agarsiisu. Kuusaafi raabni eeboo qabatu malee horooroo hinqabatan. Sadarkaa raaba keessattis gaachanaafi eeboo qabatu. Isaan kun nagaa biyyaafi daangaa eeguuf warra qophiirra jiranidha.

AG-010: Ilaalcha hawaasni kun addunyaa keessa jiruuf qabu dhiheessuun hawaasichi eenyu akka ta'e hubachiisu. Walcaalmaa jiruu addunyaa keessa jiru dhiheessuun.

AG-011. Oromoon akkuma saba biraa kan ittiin of ibsuufi ilaalu qaba. Karaa aadaa, meeshaalee, afaaniifi uffannaa isaa of ibsuu danda'a.

AG-011: Meeshaalee giddugala kana keessaa karaa dubbii afaanii hiikaa barbaachisu argatu. Akkasumattis eenyuummaa hawaasichaa ni agarsiisu. Fakkeenyaaf gundoowwan jira keessaa gundoo booree hariiroo warra soddaa ni dhiheessiti.

AG-012: Akka agarsiistuutti kan mul'atan afeewwan, mallattoolee hawaasa kana ibsan, meeshaalee adda addaa, sirna gadaafi bochawwan isaan walqabataniifi falaasama hawaasichaa mul'isan.

AG-011: Haati jilaa ciicoo baattee dhaabbatti. Oromoon yeroo jila bahu karaa dheeraa deemuu waan danda'uuf aannan ittiin qabattee baati. Aannan akka nyaataattis ni gargaara waan ta'eef fudhattee deemi. Kana haati jilaa Abbaa Gadaafi namoota isaan waliin jiraniif ni kenniti.

AG- 011: Kuusaan sadarkaa foolleeti. Dargaggoonni gulantaa kanarra jiran eeboo bodee qabatu; darbanna isaas ni shaakalu. Akka of baran godha.

AG-011: Bakki kun ofii dhumti isaa haala ittiin bakka Oromoo harkaa bahe deebisanidha. Waan keenya jalqaba irraa kaasnee deeffachuu keenya ni ibsa. Kan jalqaba harka isaa keessaa dhabe irratti deebisee galma ofii ijaare. Meeshaa eenyummaa, aadaafi falaasama isaa ittiin agarsiisu akka kunuunsatuuf jajjabina kenna. Ofta'uu isaa gabbisa.

AG-011: Meeshaaleen mana keessatti hawaasni kun itti fayyadamaa ture gulantaa jiru ni agarsiisu. Barcumni jaarsaafi ijoollee irraa jalummaa maatii keessa jiru ni dhiheessa

AG-012: Agarsiistuuwwan eenyummaa as keessatti mul'atan mallattoowwan sirna gadaa, meeshaalee qonnaa, muuziqaa, kan fardaa, aadaa uffannaa hawaasichaa, odaa, hora irreeffannaa, irreeffannaa maatii, yayyaba Oromoo fa'a.

AG-012: Cidha irratti gootummaan warra soddaa kan ittiin qoramu. Gundoo booree dhiistee galtamooree? Fuutuu eenyu abbaan gundoo fuutu? jechuun koortoo kaasu. Qaamni wal morkachuu kun koortoo kana naqatu. Mallattoo durbummaati;rakoo qaluu missirrichaaf abdiidha.

AG-012: Beekumsa hawaasa keessa jiru dhaloota hubachiisu. Sadarkaa irra gahanitti ni baratu.

AG12: Falaasama keessoo hawaasichaa dabarsa. Hubannoo beekumsa jiruu akka hawaasni kun qabaatu dhaama. Fakkeenyaaf, kallachi kan namoonni ittiin qoosaniifi qaana'an osoo hintaane, waaqa namaa uume dubartiifi dhiirarraa kan uume ta'uusaa barsiisa.

AG-012: Ummata Oromoo onnachiisuun akka inni meeshaalee isaa kunuunsu taasisa. Oromoon meeshaa ofii qabu akka hin ganneefi hin gubne godha.

AG-012: Sirna qeenxee ardaa jilaafi eenyummaa Oromoo makse mormuuf kan dhihaate ta'uu isaa ibsa.

AG-013: Meeshaalee inni qabu agarsiistuu eenyummaa isaati. Uffanni hawaasa kana keessatti uffataman agarsiistuudha.

AG-013: Uffata aadaa, godambaa, abbaa, haadha kanneen jedhan eenyummaa hawaasichaa ni agarsiisu.

AG-013: Irreecha, durba duudaa, ilma hangafaa, ilma quxisuu, caaccuu, siiqqee, gaammee isaan kunneen sa keessatti bakka adda addaatti barreeffamanii jiru. Beekumsa hawaasa kana keessa jiru dhiheessu. Falaasama ture agarsiisu.

AG-013: Mallattooleen giddugala kana keessatti mul'atan safuu, irraa jalummaafi kabaja hawaasicha keessa jiru dhaamu. Eenyu gulantaa kamitti maal akka hojjechuu qabu dhaama. Hojjechuun hawaasa isaaf dhaabachuu akka qabus ni hubaachiisa.

AG-013: Sirni gadaa akkaataa jireenya hawaasa Oromoo qajeelchaa ture. Abbaan Gadaan durfama. Abbaan Gadaa gorsitoota isaa kan yuuba 1ffaa hamma sadaffaatti jiranii waliin biyya bulcha. Sirni kun dhiibbaa siyaasaa jala ture. Sirna hin fayyadne jechuun ukkamsaa tura.

AG-013: Sirna gadaa keessa gulantaan aangoo nijira. Gulantaan kun mallattoowwan jiraniin dhihaatanii jiru. Sadarkaa sirna gadaa kam keessatti maaltu eeyyamama kan jedhu ittiin ni agarsiifama.

AG-014: Manneen citaa yayyaba Oromoo jiran mul'isan. Manneen kunneen eenyummaan Oromoo maal akka fakkaatu karaa baay'ee agarsiisanii jiru. Meeshaaleen godambaa keessaas agarsiituu eenyummaa hawaasa kanaa ni ta'u.

AG-014: Mallattoo tokkorraa eenyummaa hawaasa tokkoo guutummaan hubachuun ni rakkisa. Fakkeenyaaf, abbaa gadaa jedhee yoo jalatti barreeffame bokkuu, alangee, horooroo, marata mataa yoo hinqabanne hubachuun nama rakkisa. Nama kan biroo irraa waan kanneeniin adda baha. Mallattoowwan Abbaan Gadaafi Haati Golaa qabatee jiru isaan maal akka ta'an adda baasu.

Ag-014: Dooriin luba bahuu qabu. Horachuu sadarkaa kanaa eegalu. Jila bahuuf qophaa'aa waan jiraniif qabeenyi isaan barbaachisa. Lubas ni bahu. Sadarkaa kanatti horooroo ni qabatu. Arboora hinqaban.”

AG-014: Sirna Gadaa, meeshaalee godambaa keessaan eenyummaan hawaasa kanaa darbaa jira.

AG-014: Seenaa hawaasichaa ija gadaantummaan ilaalamaa har'a gahe dhiheessuun. Eenyummaa Oromoo karaa mul'ataafi hinmul'anneen miidhamaa ture dhiheessuun agarsiisu.

AG-015: Agarsiistuun eenyummaa Oromoo afaan isaa, seenaa, aadaafi seenaa ofii qabu fa'a.

AG-015: Oromoon yaa'ii ykn jila qabu geggeessuuf galma qopheeffatee osoo hintaane odaa dhuma jala taa'aa ture. Gosa ofii waamuun odaa jalatti marii ofii geggeeffata. Bakka Oromoo itti mari'achuun murtee geggeessu. Oromoon mana ba'e taanaan gaaddisa jala taa'a. Gaaddisni inni jala taa'u tokko odaadha.

AG-015: Jabanaan jiruu hawaasa kanaa keessatti kabaja qaba. Haadha manaatu jabaanaa abbaa manaaf dhaaba. Buna danfe waliin careen dhihaatu jira. Ciree kanas jabanaan jabaa hin qabu; yaa waaqa si jabaa; mandara nagaa godhi; goolii baasi jedhanii darbatu. Achi irrattis ni nyaatu.

AG-015: Afeewwan askeessatti dhihaatan fayyadama jechoota Oromoo tureefi jiruu akka hubatamu taasisu. Oromoon afaan tokko isaa taasisuufi ittiin wal hubachuu danda'u qaba. Jechoonni gadaan walqabachuun dhihaatan gumaacha abbootiin hawaasa isaaniif taasisan dabarsu. Jechoonni 'Haadha Jilaafi Haadha Golaa' kan jedhu ni mul'atu.

AG-015: Qoriin kanarratti lakkoofsa saddeetitu mul'ata. Yeroo turtii aangoo Abbaa Gadaa Oromoo agarsiisa. Daangaa aangoo sirna gadaa keessaa dhiheessa. Buna qalaafi dhangaa biroo itti naquun kaawwatu yookiin jila bahu.

AG-015: Mallattooleen jiran dhiibbaa hawaasicha irra ture dhiheessuun jiruufi jireenya akkamii keessa akka ture ibsu. Akkamitti akka hawaasichi ilaalcha ture irraa eenyummaa isaa hambifate ni agarsiisu.

AG-016: Akkaataa marsaan gadaa itti agarsiifame, Irreechi, malkaan, gulantaa guddinaa hamma sirna gadaafi sana boodaa mul'atanii jiran agarsiistuu hawaasichaati. Meeshaalee godinaa Oromiyaa adda addaa irraa walitti qabamuun as keessa jiran agarsiistuuwwan eenyummaati.

AG-016: Meeshaaleen godambaa keessatti dhihaatanii jiran eenyummaa hawaasa kanaa ibsaa jiru. Jabaanan eenyummaa hawaasa kanaa keessatti bakka guddaa qaba. Jiruu waliin hawaasichaa dhiheessa.

AG-016: Aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasichaa gareewwan biyya kana keessa jiran hubachiisu. Eenyummaan hawaasichaa gama sirna bulchiinsaan, hambaaleen, seenaa jiruun maal akka fakkaatu ibsu.

AG-016: Sirni gadaa waggaa saddeet saddeetiin aangoo dabarsa. Hirmaachisummaa isaa kan agarsiisudha. Hirmaachisummaan sirna gadaa sadarkaa dabballee irraa ka'a.

Sadarkaa kanarraa kaatee amalliifi ciminni ati agarsiisaa deemtu hirmaannaa aangoo sichiif ati taasistuu hinkoo guddaa qaba.

AG-016: Afeewwan dhihaatanii jiran aangoon hawaasicha keessaa akkamitti akka cehuufi ilaalchi adeemsa kanaan wal qabachuun ture maal akka fakkaatu ni agarsiisu. Sadarkaa hawaasa gidduu jiru ni dhiheessu.

AG-017: Eenyummaan hawaasa tokkoo kan ittiin dhihaatu keessaa tokko afaanidha. Afaan eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuuf humna qaba. Afaan maal akka ati taate, maal akka hojjettu, akka dhuftee kee kan ibsudha. Hambaan hawaasaas eenyummaa keenya ni agarsiisa.

AG-017: Yuubi 1ffaa kaasee kan jiran abbaa ijoollee gammeerraa kaasanii jiraniiti. Abbaa saanii yoo ta'uu baataniyyuu akka abbaatti ilaalamu. Sadarkaa dabballeerraa kaasee kan jiruufi abbaa Gadaa hamma jaarsa quluulluutti waliin deemu.

AG-017: Gabatee miilloo kan maatiin waliin ta'uu irratti nyaatu. Sarkaan maatii keessa jiruufi too'annoon waliin jireenyaa ittiin mul'ifama. Gabateen Oromoo safuu eeggatee itti nyaatamu qaba; maaddii irraa hin ka'amu; Waaqniifi maaddiin ulfina qabu. Yoo nyaatanii ka'an gabatee kana nuuf guddisaa, nyaataa hafa jedhu.

AG-017: Oromoofi Oromiyaan akka waliin jirtu hubachiisu. Waan Oromoon qabuufi Oromiyaan fakkaattutu as keessatti mul'ata. Yoo Giddugala Aadaa Oromoo ilaaltu eenyummaa sabichaafi Oromiyaa argita. Waan Oromoo biraa argattu hammi isaa xiqqaatullee asii ni argatta. Kutaa godambaas ta'e marsaa kana keessatti wanti dhihaatu hundinuu godanaalee Oromiyaa mara bakka bu'a.

AG-017: Sadarkaan sirna gadaa keessa jiru aangoo waliin walitti dhufeenya qaba. Hirmaannaan sirna kana keessatti raawwatamuufi afeewwan askeessa jiran walitti dhufeenya qabu.

AG-018: Calaaqisiistuuwwan eenyummaa Oromoo as keessaa godambaa, hadaarsa, mana kitaabaafaatu mul'ata. Akkaataan ijaarsa manichaa bifa odaa fakkaata. Ijaarsi giddugala kanaa ijaarsa mana Oromoo fakkaata. Gubbaarraa gadi yoo ilaaltu bifa geengoo qaba. Ijaarsi mana Oromoo bifa geengoo kan ijaaramudha. Innis agarsiistuudha.

AG-018: Odaa jala ta'uun gumaa hinbaafnu. Lafatti seerri tumamuufi dhugaan waaqayyoo itti dubbatamu. Gumaa lafa dabaa/dhooqaatti bahanii baasu. Dhugaatu dabe jechuuf kana godhu.

Meeshaaleen jiran eenyummaa hawaasa tokkoo karaa garaagaraa agarsiisu.

AG-018: Durbi heerumtu qodaa urgooftuu qabduufi boratii qabatee gara heerumaa deemti. Qodaan urgooftuu kun haala barbaadamuun haadha intalaan qophaa'a. Boraatis maatii dhuma heerumsiisutu qopheessa. Boraatiin rifeensi mataa akka hincaccabne, hirkisa mataa godhachuun fayyadamti. Birrii bisii- intala kaadhimamtetu naqata. Kana yoo ofirraa qabaatte kaadhima qabaachuu ishee agarsiisa.

AG-018: Masiinqoon Oromoo biratti beekamaafi jaallatamaadha. Yeroo cidhaa, ayyaanaa, gammachuu kan ittiin bohaaraniidha. Sagalee isaa mijeessuu keessatti utubduufi ixaanni iddoo qabu.

AG-018: Bocawwaan giddugala kana irratti dhihaataniin eenyummaan hawaasichaa agarsiifamuu yaaleera. Uffannaa jiruunis kan mul'ate jira.

AG-018: Mallattooleen jiran walitti dhufeenyi hawaasa keessaafi sirna inni qabu gidduu jiru maal akka fakkaatu ni mul'isu. Olaantummaafi wal qixxummaa jiru ni agarsiisu. Aangoo jirus bakka ni bu'u. Yaada jiru ni dhiheessu.

AG-19: Afaan Oromoon, meeshaaleen hawaasa kana keessatti argaman, uffannaa hawaasni kun durii kaasee uffatu eenyummaa isaa agarsiisu.

AG-019: 'Jaarsa qululluu' hundumaa keessaa fixate baheera kan jedhu ibsa. Akkamitti akka Oromoon sadarkaa umrii jiruun ijaaramee har'a gahe ibsa. Kun beekumsa guddaa hawaasa kana keessa jirudha.

AG-019: Giddugalli kuniifi wantootni as keessatti dhihaatan dhiibbaa yeroo dheeraa hawaasicha irra ture ifatti baasuuf hojjetame. Hawaasni kun bakka giddugalli kun itti ijaarame argachuuf aarsaa guddaa kaffaleera. Araddaa ofiirratti waan ofii hojjechuuf eeyyama qaama biroo gaafachuun hammam akka ulfaatu hawaasichi ni hubata.

AG-019: Horooroofti kan phaaphaasii waldaa Ortodooksii qabannaa /maqomiyaa inni qabatu walitti dhihaatu. Lamaanuu qaama aangoo olaanaa qabuun akka qabatamu agarsiisa.

AG-019: Mallattooleen askeessatti mul'atan dhiibbaa siyaasaafi ilaalcha sirna biyya kanaa maksuuf mul'atan. Adeemsa sirna tokkee yookiin aangoo garee tokkoon dhuunfatame leellisu jijjiiruuf dhihaate. Tulluu Barraaq irratti Odaan biqilee guddannaan gubaniiru.

AG-020: Akki ijaarsa mana kanaas akkaataa ijaarsa mana Oromoo irraa kan maddedha. Akkuma ijaarsa mana Oromoo bifa geengoo qaba. Kun hawaasichi akkamitti akka of ilaalu mul'isa.

AG-020: Keenyan kana irratti fardi, ululleen, kiraarri, gindiin, wanjoon jiru. Mallattooleen kunneen jiruufi jireenya hawaasichaan waan walqabataniif eenyummaa isaa nimul'isu.

AG-020: Gaachanni gogaa roobii irraa hojjetama. Eeboo diinaa ittiin qolachuu oola; nama jabaafi nyaata obsutu qabata. 'Diinni gaacha haphii hin beeku' jedhama. Jabaatanii ittiin of ittisuuf meeshaa waraanaa qophaa'edha. Hawaasni kun gama waraanaan akkamitti akka of ijaaree har'a akka gahe ibsa.

AG-020: Giddugalli Aadaa Oromoo bifa ittiin eenyummaan hawaasa kanaa Finfinnee keessatti ittiin mul'atedha. Bakki kun Oromiyaa xiqqoodha. Qe'ee Oromootti dhalate. Kana Oromoon akka lubbuu isaatti ilaaluu qaba.

AG-020: Eenyummaan Oromoo qabannaa mallattoolee jiraniin ni agarsiifama. Horooroon ulee eenyummaan hawaasa kanaa itti agarsiifamuu danda'udha.

AG-020: Magaalaa Finfinnee kana keessatti namni tokko uffata aadaa Oromoo uffatee yoo deemmu namni baay'een si mil'ata. Hiika guddaa godhata. Gadi aantummaafi olaantummaa akkasumas, ilaalchi jibbaa akka jiru mul'isa.

AG-021: Aadaan, Afaan Oromoo, sirni Gadaa, meesshaalee hawaasni kun durii kaasee itti fayyadamaa ture eenyummaa hawaasichaa agarsiisu. Sirnootni hawaasa kana keessatti argaman agarsiistuu eenyummaati.

AG-021: Akka agarsiistuu eenyummaa hawaasa kanaatti fuulduratti bahee kan mul'ate sirna Gadaati. Godambaa giddugala keessatti argamus akka agarsiistuu eenyummaatti ni tajaajilu. Oguma hawaasa kanaa isa kaleessaafi har'aa hammatee jira.

AG-021: Galma, uffannaa aadaa, utubaa kan jedhantu jiru. Haala hawaasicha keessa jiru waan mul'isaniif eenyummaa isaa ni agarsiisu.

AG-021: Irreechi qamaa sirna gadaa keessaa isa tokko. Kun bifa bocaan as keessatti dhihaate. Eenyummaa Oromoo agarsiisuuf humna qaba. Oromoon amantii musiliimaafi kiristaanaa osoo hinfudhatiin waaqa tokkichaana bulaa ture.

AG-021: Giddugalli balballi isaa gara Bahaafi Dhihaatti banamuun isaa agarsiistuu eenyummaa Oromoo ta'ee dhihaachuu isaati. Manni Oromoo akkaataa itti ijaaramu

qaba. Giddugalli Aadaa Oromoo bakka eenyummaan Oromoo itti mul'atu ta'ee tajaajila. As keessatti Eenyummaan Oromoo karaa Sirna Gadaa mul'atee jira. Kana ilaaluun Oromoon eenyu akka ta'eefi addunyaa keessa jiru akkamitti akka ilaalu hubachuu ni danda'ama.

AG-021. Manni hiiroofi utubaan kan marfamudha. Hiiroo abbaatu dhaabbata jedhama. Saagaan mana citaa jabeessee qaba. Manni Oromoo kutaa shanitti qoodama. Manneen citaa ijaaramanii mul'atan kunneen shani. Yayyaba shanan Oromoo mul'isuuf manneen mul'atanidha.

AG-021: Dhiibbaa gama hundumaan hawaasicharra ture mulqanii baasuun addunyaatti mul'isaniiru. Sirni falaasama guddaa of keessaa qabu qabaachuu hawaasa kanaa ni mul'isa.

AG-021: Alangaan seera mul'isti. Abbaan gadaa seeraan biyya geggeessa; warana hinqabatu. Alangaa qofaan biyya moo'a. Akkuma warri Kaabaa masqaliin walbulchu; Oromoonis halangaa xaaxessuun koottu dhufe jedhee seera tumee ittiin walbulcha.

AG-021: Mallattooleen sirna gadaa keessatti itti fayyadaman aangoofi yaada jiru ni agarsiisu. Sirni bulchiinsa kun falaasamaafi ilaalcha yaada tureefi jiru mul'isa. Sirna kana keessa hawaasummaa, dinagdeefi siyaasatu mul'ata.

AG-021: Afaan Oromoo sirna gadaa keessatti humnoomee jira. Mallattooleen hawaasa kana keessaa isaan hiika argatu. Abbaan Gadaa isaan eebbisa. Seerri tumamus afaaniin darba. Heeraafi seera gadaa eegdee kan ittiin biyya bulchitu afaanuma kana fayyadamteeti.

AG-021: Hirmaannaa sirna Gadaa keessa jiru agarsiisun. Mallattooleen sirna kana keessatti fayyadaman aangoo jiru waan dhiheessaniif bakka wal bu'uu akka danda'an mul'isun. Ilaalcha mallattooleen wal qabatanii jiran mormuun yaada barbaadamu dhiheessuuf dhimmuu isaaniin ta'uu danda'a.

Dabalee 9: Ragaalee Sakatta’a Dookumantiin Fudhataman

Irreechi ayyaana ganni darbee Birraan wayita seenu, logni boora’anii turan kan itti car jedhan (qulqullaa’an) abaaboon guutaman, namootni sababa lagni guuteef adda bahan ittiin wal arganiifi waaqayyoof galata dhiheessan, uumamnis ittiin yaadatamudha (SD, Turtii Hojii ogbarruu Giddugala Aadaa Oromiyaa Guddicha Keessatti, f. 24).

Waalinni afaanii tokkummaafi tajaajila hawaasa afaanicha dubbatuu cimsuu, akkasumas, eenyummaafi aadaa hawaasichaa calaqqisiisuufi guddina keessatti gahee olaanaa kan qabudha

Giddugalli Aadaa Oromoo bu’aa qabsoofi hojii uummata Oromoo bara dheeraati (Madda: Gumaata, 2018, 2018, f.2) jedhu.

Bu’uurri maatii lalistummaa uumama isaati. Egaa dhalachuu, achiiyis daa’ima horatanii guddifachuu, guddisuunis lammii gaariifi gaachana ofiif geessisuu hunda kan hordofsiisu bu’aa walquunnamtii lalsitummaa kanaati (Turtii Hojii ogbarruu Giddugala Aadaa Oromiyaa Guddicha Keessatti, 25).

Kallachi mallattoo abboomina, qulqullina, aangoofi dhiirummaatis (SD: Gumaata, 2019: 14).

Humnoonni Minilik Oromiyaa erga cabsanii booda namni isaan too’atu waan hin jirreef, Uummata Oromoo gosaafi amantiin adda qooduun walitti duulchisaa turan. ..., kana booda lafa qalaadiin safaranii hirachuu qaban. Oromoota lafa irra jiran kaan gabbaarii, kaan loolee, kaan immoo lafa irraa buqqisan (Sak. Gumaata, f. 10)

Afaan Oromoo waggoottan dheeraaf hakuuccaa jala kan tureefi Uummanni Oromoo Afaan isaatiin fayyadamuu akka hin dandeenye dhiibbaan sirnoota darbaniin irraan ga’amaa ture salphaa miti. ... afaan kun akka hin guddanneefi hin dagaagne gufuu guddaa itti ta’eera (Sak. Gumaata, f. 6)

Biiftuu barii taatee hundatti mul’attee

Wareegama hedduun mul’attee as baatee

Mullistuu aadaa koo yaa bakka beekumsaa

Si keessatti argamu seenaan dooriifi kuusaa

(SD. Gumaata, f. 17)

Giddugalli kun galii agarsiisa aadaa akkasumas, galmoota walga'ii adda adda of keessatti qabatee jiru irraa argamu cinatti, bakka gahiinsa hawwata tuuristii ta'uun tajaajila; kanneen qorannof fedhii qaban gara biyya keenyaatti harkisuun galii argamsiisa (Sak. Barruu Oromiyaa, f. 2)

Mootummaan abbaa irree gita bittaa Minilik lafa Oromoo uumaan bareeddee tolte, uummata afuura nageenyaafi dimokiraasiitiin gabbatee jiraataa ture waraanaan jeeqee tasgabbii dhowwatee aadaa boonsaa uummatni qabu dhiitee, afaan isaa balleessee, sabicha gabroomsee bulchuuf weerara itti baneen lubbuun nama hedduu wareegameera. ... aarsaa booree itti kaffaleera (Sak. Barruu Oromiyaa, f. 2)

Xinnaaf guddaan hunduu waa'ee kee odeessaa

Bakka ijaarsa kee ni dinqisiifataa

Dhugaatu si dhaabee teessoon kee achumaa

Ammayyuu jiraadhuu jaarraa kuma kumaa

(SD. Gumaata, f. 17)

Mucaan durbaa tun kan waggaa 14-15 argamtu yoo taatu, durba qarree (durba duudaa) jedhamti. Abbaan marga isheen laatteef eebbisee harkaa fudhata. Aadaa Oromoo keessatti kabajaa guddaa qabdi; qulqulluu, Waaqaa araara kan fiddu isheedha jedhamee waan amanamuuf filatamtee abbaa isheef marga kenniti (Gumaata: 2019: 14)

Irreechi ayyaana ganni darbee Birraan wayita seenu, logni boora'anii turan kan itti car jedhan(qulqullaa'an) abaaboon guutaman, namootni sababa lagni guuteef adda bahan ittiin wal arganiifi waaqayyoof galata dhiheessan, uumamnis ittiin yaadatamudha.

Godambaan GAO hambaalee eenyummaa saba Oromoo calaqqisiisan, ..., aadaa, seenaa, qarroomina, falaasamaafi dinagdee beeksisan jiru" (SD. Gumaata, f. 2).

Giddugalli Aadaa Oromoo aadaa, seenaafi Afaan Oromoo waggoota dhibbootaaf ukkaamfame sana bilisa baasa. Eenyummaa Oromoof haaromsa. Eenyummaan keenya sarbama jala ture. Jiruun hawaasa kanaa ifa bahuu qaba. Giddugalli kun akka waan Oromoon mana tokko keessa ta'ee waliin mari'atuufi hojjetuuti (SD: Kuusaa harshammee OBN)

Kallachi mallattoo abboomina, qulqullina, aangoofti dhiirummaatis. (SD: Gumaata, 2019: 14).

Damee qaama aangoo olaanaa qabuuti. Damee sirna abboomaatti; angafummaadha. (Gumaata, 2019: 15).

GAO kuusaa seenaafi aadaa
Walitti kan qabdu, gammoojjii baddaa
Si keessatti argamuu faayaan adda addaa
Mul'istuu aadaa koo yaa bakka qorannoo
Dirree Oromootaa goototaaf yaadannoo
(Dabalee 9, f, 303)

Hundaa walitti waamtee waliin mariisiftaa
Sabaaf sablammiidhaaf beekumsa kee hirtaa
Si keessattu argama seenaan sirna Gadaa
Jaarsaafi Gadamoojjii agarsiiftuu lubaa
Dhaabbatee mul'atee, diina garaa gubdaa
(SD. Gumaata, f. 17)

Si keessatti argamu seenaan dooriif kuusaa
Hundumaa nuuf laatee maal nutti waakkatee
Weellisaanis weelluun seenaa kee seenessaa
GAO yaa madda beekumsaa

Giddugalli kun ilaalcha Oromoo keessa jiru agarsiisa. Magaala araddaa
Oromootaarratti ijaaramte kana keessatti eenyummaa keenyatu mul'ate.
Eenyummaa Oromoo karaa hin barbaachisne dhokateefi seeneffame falmuun
qajeelchuuf dhaabbate. Finfinnee keessatti dhaloonna guddatan waan Oromoo
hubachuurratti ni danqamu (SD)

Dabalee 10: Ragaalee Marii Garee Xiyyeeffannoo Gara Barreeffamaatti Deebi'an

MGX-001: Bocawwan Abbaan Gadaafi Haadha Golaa fuuldura kanatti mul'atan Oromoo sirna ittiin hoogganamuu qabaachuu isaa mul'isu.

MGX-002: Jechoonni sadarkaa dabballee, gaammee, kuusaa jedhan Oromoon sirna ofii qabaachuu, aadaafi akkaataa jiruufi jireenyaa isaa agarsiisa. Kun eenyummaa isaati. Jaarsa quluulluu hundumaa keessaa fixate baheera kan jedhu ibsa. Mataa haaddatee buufateera jechuufidha. Waan hawaasaa keessaa gahee isaa bahuun fixateera jechuufidha. Gaafa kanarraa kaasee rifeensa buufata. Ulee mataan jallatte qabata. Gadi jechuu isaafi humni galgala dhumuu ishee mul'isa.

MGX-003: Raabni gaachana biyyaa jedhamuun beekamu. Kan isaan keessaa jabaatee diina biyya isaarraa kuffisuu itti fufe barsiisaa warra kaanii ta'a. Akkaataa itti lolee injifatuufi namusa achi keessa jiru barsiisa. Gurmuun walta'uun biyya ofii tiksu.

MGX-005: Sirna gadaan, afaaniin, aadaan, godambaan, aartiin dhihaachuu danda'eera. Waan hawaasicha keessa jiru gurmeessitee fiduun mataan isaa tarsiimoodha.

MGX-001: Afaaniin barreessanii kaahuun tarsiimoo ittiin eenyummaa agarsiisnudha.

MGX-004: Meeshaaleen muuziqaa akka agarsiistuu eenyummaa hawaasichaatti giddugala kanarratti bifa mallattoon mul'atanii jiru. Isaan gamoo kana irratti mul'atan falaasama Oromoo kan durii kaasee jiru ibsu.

MGX-003: Jechoonni akka horooroon, caaccuun, kallachaan, bokkuufaa kan mallattoolee bakka bu'an eenyummaa hawaasichaa ni agarsiisu.

MGX5: Gaachanni gogaa roobii irraa hojjetamu eenyummaa hawaasa kanaa ni agarsiisa. Gaachanni gaaddisa ibsa. Diinarraa eeboos ta'e goraadee darbamu gaachanaan qolatu; ittisu. Gaachana malee dirree lolaatti hinbaatu. Waaan hamaa ittiin ofirraa ittisuun gaaddisa mucaa namaa ta'a jechuudha. Gaachanni eenyummaa hawaasaan hammam akka walqabatu mul'isa.

MGX6: Ciicon migira irraa hojjetamee giddugala kana keessa jiru jiruu hawaasa kanaa agarsiisa. Durbattoonni Oromoo durii saawwan elmuuf ciicoo kana fudhatanii bahu. Isas qulqullina isaa eeganii ittiin qabatu.

MGX-005: Qe'ee irraa bittinnaa'etti deebi'uu hawaasa kanaa ibsa. Akka Oromoon deebi'ee magaalaa kanatti of ijaaru kan godhudha.

MGX-006: Qaroominni Oromoo kaleessaa kan har'aan hammam akka walgitullee nidhiheessa. Falaasama jiruu Oromoo kaleessaafi har'aa dhiheessa.

MGX-003: Manneen citaa ijaaramanii mul'atan shani. Manneen citaa giddugala kana keessatti mul'atan falaasama ijaarsa mana Oromoo mul'isa. Yayyaba shanan Oromoo mul'isuuf manneen mul'atanidha.

MGX-001: Alangaan seera mul'isti. Abbaan gadaa seeraan biyya geggeessa; warana hinqabatu. Alangaa qofaan biyya moo'a. Akkuma warri Kaabaa masqaliin walbulchu; Orooonis halangaa xaaxessuun koottu dhufe jedhee seera tumee ittiin walbulcha Alanmgaa dachaasanii seera tumu; gaafa lallabaniifi tuman dachaasanii sochoosu. Gaafa murtii garuu alangaa diriirsanii muru. Gaafa murtii diriirsuun dhukaasanii murtee kennu.

MGX-002: Kallachi ulfoodha; mallattoo aangooti. Mallattoo ilma dhiiraati. Caaccuun ulfina dubartiin qabdutti fakkeeffama.

MGX-2ffaa

MGX-008: Oromoon sirna dimokiraatawaa ta'e Gadaan buluu isaa ni mul'isa. Bu'uura dimokiraatawaa ta'uu isaati.

Bocni sagalee raabaa eenyummaa hawaasa kanaa ni agarsiisa. Kun boca saglee raabaati. Sadarkaan umrii sirna gadaa keessaa agarsiistuu eenyummaa hawaasichaati. Sadarkaaleen gadaa kun qaraafi ce'umsa qaba. Qarri kun dabballee hanga raabaatti.

Gaammeen jiruufi jireenya uummataaf waa gamaachanii hawaasatti makamu. Yeroo gaammee kanatti jabboota, looniifi bushaayee tiksu. Bishaan laga deemanii fidu. Qoraan coru; ergaa deemanii waan ajajaman raawwatu. Haala kanaan hawaasa isaaniitti makamaa deemu. Taaboree waliin kabajatu. Waliin gammadaas dabarsu

MGX-009: Jaarsi quluulluun abbaa abbaa Gadaati. Abbaa Gadaadhaaf abbaa gudeedaa ta'uu yoo baateyyuu akka abbaa isaatti ilaalama.

MGX11: Oromoon kuula uffannaarra jiruun eenyummaa isaa ni ibsa. Halluuwwan akka gurraachaa magariisaa, diimaa, gurraachaa nijaalata. Eenyummaa irratti hundaa'anii dhihaatu.

MGX-009: Haalluu Giddugala Aadaa Oromoo keessatti baay'inaan mulatu kan faajjii Abbaa Gaadaati. Halluun kun gurraacha, diimaafi adiidha. Gurraachi olaanaadha. Santu seera.

MGX-008: Gurraachi Oromoof qulqullina, waaqa jechuudha. Waaqni immoo iciitiin isaa hinbeekamu. Kanaaf dukkana ifaamiti. Iciitiin isaa hinbeekamu jechuun qulqullina fudhata. Gurraachi kun icciitii waaqaa waan bakka bu'uuf jaalatu.

MGX-009: Diimaa Wareega dhiiga jedha. Lubbu qabeeyyiidha kan lafarra deemu. Adiin Adiin fixannoodha. Daaraa, lafee, ekeraadhaa jedhu.

MGX-009: Eeboon meeshaa waraanaa sabichaati. Fakkeenyaaf, eeboon shaanfoo waraanaafis ta'e adamoof ni oola. Gaachana waliin qabataniidirree waraanaa ni deemu. Eeboon kun eeggannoo qabatama.

MGX-009: Kallachi addarra jiru waan akka urjii xixiqqaa shan ofirraa qaba. Isaan yayyaba shanan Oromoo agarsiisu. Lakkoofsi shan Oromoo biratti iddoo ofii isaa qaba Kallachi aangoo harkaa qaba jechuudha. Kallachiifi aangoon walitti dhufeenya qabu. Wayita gadooma keessa jiran. Yoo kallacha buufate yuuba ta'eera jechuudha.

MGX-0010: Magaalaan guddittii Oromiyaa eessa kan jedhuuf giddugalli kun ni dhaama. Bakka Oromoo irraa ari'ameefi cabetti humna deebii laatu ta'uu isaa mul'isa.

MGX-0011: Labata barsiisa. Gaammeen jiruufi jireenya uummataaf waa gamaachanii hawaasatti makamu. Yeroo gaammee kanatti jabboota, looniifi bushaayee tiksus. Bishaan laga deemanii fidu. Qoraan coru; ergaa deemanii waan ajajaman raawwatu. Haala kanaan hawaasa isaaniitti makamaa deemu. Taaboree waliin kabajatu. Waliin gammadaas dabarsu. Hubannoo hawaasa keessa ibsa.

MGX-0012: Oromoon qe'ee isaa fardeen qabuun tikfatee har'aan gahe. Tarsiimoo ittiin eenyummaa isaa tursedha. Fardi beellada humnaafi bifa qabu; ol jireessa. Oromoon fardaan beekama. Farda kan bittus ta'e guddistu xiiqiifidha. Fardi jiruu hawaasa kanaa keessatti iddoo guddaa qaba. Akka agarsiistuu eenyummaatti garagaara. Adeemsa gaa'elaa keessatti fardi gahee ofii isaa qaba. Oromoon farda lolaa ni qaba.

MGX-0013: Akkaataa teessuma jiruunis walcaalmaafi kabaja jiru mul'isuun ni danda'ama. Barcumni godambaa keessaa miilla sadii yookiin afuriin hojjetamanii jiru. Kabaja maatii ni agarsiisu. Bocni barcumawwan giddugala keessatti argaman ittiin qophaa'an garaagara. Barcumni as keessaa irra caalaan abbaa miilla sadiiti. Maatii keessatti teessumni abbaa warraafi kan haadha warraa ni jira.

MGX - 3ffaa

MGX-0014 Giddugalli kun tokkummaa hawaasichaa fida. Oromoon marti asitti akka ofilaalu taasisa. Hidhata waliinii saba kanaati. Sadarkaa hawaasichi irra tureefi jiru ni barsiisa.

MGX-0014: Ofitti amantummaa Oromoon magaala kana keessatti qabu akka dabalu godha. Yeroo sirna irreechaa Oromoonni galma kana keessa bulan akka waan mana ofii bulaniitti of ilaalu. Bakkeerraa nyaachuurraa askeessaa nyaachuu filatu.

MGX-0015: -Giddugalli kun waaltina Afaan Oromoof humna guddaa kan ta'edha. Afaan waaltessuun Oromoon looga qabuun akka waldagataa hindeemne taasisuu keessatti hinkoon isaa guddaadha.

MGX-0016: 'Kallachaafi caaccuu' Waaqa dhiiraafi dubartii, aduufi lafaa. Waaqa aduudhaa kan hunda uume. Laftimmoo haadha; kan waaqni siif kennu roobaan sanyii ati lafa buufte akka haadhaatti biqilchiti.

MGX-0015: Dhugeeffannaan sirna Oromoo afeewwan afeewwan akka 'durba duudaafi ilma hangaa' jedhuun agarsiifame eenyummaa hawaasichaa mul'isa.

MGX-0017: Bocni as keessatti dhihaate hubannoo jireenyaa maatii gidduutti ni uuma. Haati utubaa manaati. Abbaan gaaddisa. Hariiroo jireenyaati.

MGX-0014: Odaa ganamaa Oromootu asture. Kana deebisuuf askeessatti hojjenne. Odaan akka mallattoo eenyummaa Oromootti ilaalama.

MGX-0014: Odaa yoo argitu sabicha yaadatta. Odaan Oromootti adda bahee hin ilaalamu. Oromoon Odaa akka galma isaatti fudhata. Dhimma isaa as jalatti ilaala. Qe'ee Oromoo wajjin walitti dhufeenya waan qabuuf mul'ate.

MGX-0016: Beekamtii afaan, aadaa, seenaafi aartii ofii fayyadamuu hawaasichaaf kenna. Cimina Oromoon eenyummaa isaa eeggachuu irratti qabu ibsa.

Afaan ofiin maqaa moggaafachuu hawaasa magaala kana keessa jiraatuu cimsa. Aadaafi afaan ofii keenyaa qabaachuu hawaasichaa agarsiisa.

MGX-0017: Raabni gaachana biyyaa jedhamuun beekamu. Kan isaan keessaa jabaatee diina biyya isaarraa kuffisuu itti fufe barsiisaa warra kaanii ta'a. Akkaataa itti lolee injifatuufi namusa achi keessa jiru barsiisa. Gurmuun walta'uun biyya ofii tiksu.

Sadarkaan saglee kuusaa/foollee akka ittiisaatti hojjetu. Warra lubaatiif mataqaboo /qadaadduudha.

MGX-0017: Eebbi jabanaan walqabatee dhihaatu jira. Qaajabaa rabbi si jabaa. Hamaa gadi baasi; tolaa olseensi. Xinnaa nuuf guddisi; guddaa keenya eegi. Qilleensa nagaa qabu nuuf kenne; rooba hamaa nu baraari. Bubbee hamaa nu oolchi. ‘Haadha ilaalii intala fuudhi’

MGX: 0016: Fardi beellada humnaafi bifa qabu; ol jireessa. Oromoon fardaan beekama. Farda kan bittus ta’e guddistu xiiqiifidha. Fardi jiruu hawaasa kanaa keessatti iddoo guddaa qaba. Akka agarsiistuu eenyummaatti gargaara. Adeemsa gaa’elaa keessatti fardi gahee ofii isaa qaba. Oromoon farda lolaa ni qaba

MGX-0018: Farda kana abbaatu guddifata; shoorbaa garbuufi kan biroo dhuga. Shoorbaa re’ittii daakamee qophaa’ees ni dhuga.

MGX-0019: Karaa godambaan, mana kitaabaafi barreeffamoota jiraniin eenyummaan hawaasichaa mul’achuu yaalameera. Godambaa keessatti kan walitti qabamee jiru Oromiyaa guutummaarraa kan walitti qabamedha.

MGX16: Masiinqoon Oromoo biratti beekamaafi jaallatamaadha. Yeroo cidhaa, ayyaanaa, gammachuu kan ittiin bohaaraniidha. Sagalee isaa mijeessuu keessatti utubduufi ixaanni iddoo qabu.

MGX17: Yaada Oromoo kutaan qooduun aangoo argachuu dhuunfachuu biyya kanaa makseera. Kun tokkummaa cimsuun garaagarummaa gidduu keenya jiru maksa. Oromoon rakkoo tokko malee akka waldhagahu godhe. Garaagarummaa gidduu keenya jiru maksuun tokkummaan akka hojjennu godhe.

MGX-0019: Sirna mootii gonfoo keessatti mootonni gonfoo mataatti waan kaawwatan qabu. Sirna gadaa keessatti abbaan gadaa kallachaafi ruufa mataatti godhachuun adda bahee dhihaata. Akkaataa qabannaafi uffannaa isaaniin addummaa qabu.